

MOOJULII 2FFAA SEERA MAATII: SIRNA QOODINSA QABEENYA GAMTAA FI ABBUMMAA MIRKANEESSUU

QOPHEESSAAN: JAMAAL QUMBII

FOOYYESSITOONNI: MILIYOON TARRAFAA

ADDUNYAA AHIMAD

GULAALTOONNI:

1. **Obbo Ayyaanaa Toolinaa**
2. **Obbo Tafarii H/Maariyaam**

BARA 2014, ADAAMAA

Baafata Fuula

.....1

Seensa Waliigalaa 4

BOQONNAA TOKKO.....6

1. Bu’aa Diiggaa gaa’ilaa Akka Waliigalaa fi Sirna Qooddii Qabeenyaa.....6

Seensa 6

1.1. Maalummmaa fi yaad-rimeewwan hundeeffama sirna qoodinsa qabeenya gamtaa.....8

1.1.1. Sirna waliigaltee dhuunfaa walfuutotaa (spouses contractual freedom).....8

1.1.2. Sirna qajeeltoo heeraa fi imaammata hawaasummaa irratti hundaa’e (public policy matter) 10

1.1.3. Sirna heera, seera fi fedhii walfuutotaa giddu gala godhate (constitutional protection).....12

1.1.4. Sirna qoodiinsa qabeenyaa akka biyya Itiyoophiyaatti 14

1.2. Bu’aa Hiikkaan Hordofsiisu 15

1.2.1. Qooddii Qabeenya Abbaa Warraa fi Haadha Warraa 17

1.2.2. Qooda Qabeenya Abbaa Warraa fi Haadha Warraa Keessatti Haala Mirgi Garee 3ffaa Itti Ilaalamu.....25

1.3. Adeemsa Raawwii Sirna Qoodinsa Qabeenya Dhiirsaa fi Niitii 30

1.3.1. Qajeeltoowwan Qoodinsa qabeenyaa.....38

1.3.1.1. Haal-dureewwan adeemsaa 39

1.3.1.2. Qabeenya qulqulleessuu 41

A. Qabeenya dhuunfaa walfuutotaa adda baasuun murteessuu. 41

I. Qabeenya Raawwii Gaa’elaan Dura Horatame 43

II. Qabeenyaa Gaa’ela keessatti dhaalaan ykn kennaadhaan dhuunfaatti argame. 58

B. Qabeenya gamtaa dhiirsaa fi niitii murteessuu 67

I. Tilmaama waliigalaa fi raawwatiinsa isaa 68

II. Qabeenya uumamaan ykn seeraan kan gamtaa ta’uu hindandeenye 69

III. Qabiiyyee Lafa Baadiyyaa..... 75

1.3.1.3. Qabeenya tilmaamuu fi shalaguu..... 86

1.3.1.4. Qoodinsa raawwachuu..... 90

1.4. Gaa’ila gaa’ila irratti raawwatamu ilaalchisee rakkoo qoodinsa qabeenyaa jiru.....95

1.5. Raawwii Qoodinsa Qabiiyyee Lafaa Gaa’eelli Gaa’ila Irratti Raawwatamee Yeroo Jirutti 117

1.6. Idaa Dhuunfaa Fi Waliinii Abbaa Manaa Fi Haadha Manaa.....123

1.7. Beenyaa.....129

1.7.1. Beenyaa Garee Hiikkaaf Sababa Ta’e Fi Miidhaa Qabqqabsiise Irratti Murtaa’u 129

1.7.2. Bulchiinsa Qabeenya Waliinii Bulchuu Keessatti Badii Uumameef Beenyaa Murtaa'u 133
BOQONNAA LAMA 140
2. Sirna abbummaa mirkaneessuu: Seeraa fi qabatama 140
Seensa 140
2.1. Maalummaa fi barbaachisummaa sirna abbummaa mirkaneessuu 141
2.1.1. Maalummaa Sirna abbummaa mirakaneessuu 142
2.1.2. Barbaachisummaa 143
2.1.3. Maddaalee Bu'uuraa Abbummaa 147
2.2. Qajeeltoowwanii fi tooftaalee sirna abbummaa mirkaneessuu 148
2.2.1. Abbummaa Tilmaama Seeraan fudhatamu 149
2.2.1.1. Walqunnamtii beekumtii seeraa qabu keessatti kan ulfaa'ame ykn dhalate ilma abbaa warraa ykn dhiira walqunnamtichaati 150
2.2.1.2. Himanni Haaluu Eenyuun, Akkamitti Fi Yoom Akka Dhiyaatu 151
2.2.2. Ilmummaa fedhee kan fudhate abbaadha 169
2.2.3. Abbummaa Murtii Mana Murtiin Beekamu 170
2.2.3.1. Tooftaalee abbummaan murtiin beekuuf gargaaran 171
2.2.3.1.1. Gocha dogoggorsiisuu haadha mucaa irratti raawwatamu (SMO, kwt 160 (b) 171
2.2.3.1.2. Yeroo ulfaa seeraan kaa'ame keessatti walqunnamtii saalaa itti fuufinsaan raawwachuun (SMO kwt 160(d)) 172
2.2.3.1.3. Haallan abbummaa ibsan jiraachuu (SMO kwt 160(e)) 175
2.3. Abbummaa Murteessuu Irratti Walitti Bu'insa Seeraa Jiraatu Smo Kwt 163 180
MADDA 182

Seensa Waliigalaa

Hariiroo hawaasummaa keessaa maatiin isa bu'uraa yoo ta'u bu'urri maatii immoo gaa'elaan kan jalaqabu ta'uu Moojulii 1ffaa; Gaa'elaa fi hiikkaa jedhu seensa waliigalaa keessaatti ibsamee jiraa. Moojulii 2ffaa kana keessatti immoo, bu'aan diiggaa gaa'ilaa hordofsiisu maal akka ta'e iddoo itti ilaallu dha. Bu'aawwan kana keessaa inni guddaa fi walxaxaan bu'aa gama diingdee walfuutotaan diiggan gaa'elaa hordofsiisu yoo ta'u kunis kallattiidhaan qabeenya walfuutotaa addaa baasuun qooduufii ilaallata. Qoodinsa qabeenya walfuutotaa irrattis Seerri Maatii Oromiyaa (SMO) sirna adeemsaa fi muummee kan ofdanda'e diriirsuun yemmuu tumu diigamuu gaa'elaa hordofee bu'aan gama qabeenyaan dhufu bu'ura sirna qoodinsa qabeenyaa kanaan kan raawwatamu ykn murtaa'u ta'a.

Haaluma walfakkaatuun hariiroo maatii keessatti bu'aawwan biroo gaa'ela keessattis ta'ee gaa'elaan ala uumaman keessaa dhalachuun ijoollee ammas dhimma iddoo ol'aanaa fi xiyyeeffannaa addaa qabuudha. Kunis gaa'ela keessatti haa ta'uu ykn gaa'elaan alatti daa'imman dhalatan abbaa malee kan hin dhalanne akka ta'e yoo beekames qabatama jireenya hawaasummaa keessatti garuu abbaan eenyu akka ta'e ebaluudha jedhanii ykn anadha jedhamee beekamuun yeroo hunda salphaa hin ta'u, qabxiiwwan gurguddoon lamaan olii boqonnaa ijoo lama jalatti akka ilaalamanitti gurmaa'eera. Moojuliin 2ffaa kun boqonnaa lama akka qabutti kan caaseffame yoo ta'u;

Boqonnaan 1ffaa keessatti qabxiin ilaalamu bu'aawwan diiggaan gaa'ilaa hordofsiisu yoo ta'u, as keessatti gaa'illi akkuma raawwiin isaatii bu'aawwan adda addaa gama dhuunfaa fi diinagdeetiin hordofsiisu diiggaan isaatis bu'aawwan hordofsiisu kan qabu ta'uun ni beekama. Bu'aawwan kana keessaa inni guddaa fi walxaxaan bu'aa gama diinagdee walfuutotaan diiggan gaa'elaa hordofsiisu yoo ta'u kunis kallattiidhaan qabeenya walfuutotaa addaa baasuun qooduufii ilaallata. Qoodinsa qabeenya walfuutotaa irrattis Seerri Maatii Oromiyaa (SMO) sirna adeemsaa ofdanda'e diriirsuun yemmuu tumu diigamuu gaa'elaa hordofee bu'aan gama qabeenyaan dhufu bu'uura sirna qoodinsa qabeenyaa kanaan kan raawwatamu ykn murtaa'u ta'a. Haaluma walfakkaatuun hariiroo maatii keessatti bu'aawwan biroo gaa'ela keessattis ta'ee gaa'elaan ala wal qunnamtii seerichi beeku uumaman keessaa dhalachuun ijoollee ammas dhimma iddoo ol'aanaa fi xiyyeeffannaa addaa qabuudha. Keessattuu kabajamuu fi eegamuu mirgaa fi dantaa daa'immaniin walqabatee Heera Muutummaa Rippublika Dimokraatawa Federaalawa Itiyoophiyaa kwt 36 jalatti fi akkasumas

waliigalteewwan mirga daa'immannii irratti sanadoota Idil Addunyaa Itoophiyaan raggaasifte keessatti qajeeltoowwan diriirfaman dirqama addaa kan kaahan waan ta'eef dirqamni kunis akka biyyaa fi hawaasaatti haallan ittiin raawwatamu yoo qabaatellee kallattiidhaan gara namoota dhuunfaatti kan gadi bu'uudha. Kunis SMO keessatti diriiree argama waan ta'eef qabxii xiyyeeffannaa boqonnaa kanaa ta'a.

Kana malees, sirna qoodinsa qabeenyaa akka waliigalaatti, qabeenyaan gamtaa akkamiin akka hundeeffamu yaad rime isaa waliigalaa akkasumas adeemsa raawwii sirna qoodinsa qabeenya dhiirsaa fi niitii, sirna qoodinsa qabeenyaa fi qabiiyyee ittiin raawwatamu kan ilaallu yoo ta'u, as keessatti qabxiilee gurguddoo lama; qoodinsa qabeenyaa irratti kan qophaa'e yoo ta'u kanarrattis qabxiilee rakkoo qabatamaati jedhe filachuudhaan irratti xiyyeeffatee kan qophaa'eedha. Isaan keessaa muraasni; qoodinsa qabeenyaa ilaalchisee *rakkoo adeemsa falmiin qoodinsa* qabeenyaa ittiin raawwatamuun walqabatan kan akka osoo gaa'elli hin diigamin qabeenya qooduu ykn qoodinsa qabeenyaa osoo hin murteessiin/raawwatin galmee cufuu; qabeenya dhuunfaa adda baasuu irratti rakkoo gama qabeenya kennaa dhuunfaan walqabatee mul'atu, qabeenya waliinii adda baasuu irrattis rakkoo qabeenya lafaatiin walqabatu, rakkoo qodinsa qabeenya waliinii gaa'ela gaa'elarratti raawwatamuu irratti mul'atuu fi kkf xiyyeeffannaan kan itti kennameedha.

Boqonnaa 2ffaa keessatti abbummaa mirkaneessuun wal qabatee qabxiiwwan ilaallu, abbummaa mirkaneessuun walqabatee rakkoowwan qabatamaa jiran keessaa: qajeeltoowwan sirna abbummaa mirkaneessuu gosaa fi tartiiba isaanii adda baasuu dhabuu, kan seerri tilmaama fudhatu irratti ragaan murteessuu ykn kan murtiin beekamuu qabu tilmaama seeraan murteessuu, tumaalee seeraa irraa maquudhaan isa abbaa hin taane salphamatti murtiidhaan abbaa godhuu, isa dhuguma abbaa ta'uu qabu abbaa miti jechuu fi tooftaalee mirkanaa'ina abbummaa haalaan hubachuu dhabuudhaan beellama dheeressuu, murteessuuf rakkachuu fi kkf qabxiilee xiinxala moojulii kanaati.

BOQONNAA TOKKO

1. Bu'aa Diiggaa gaa'ilaa Akka Waliigalaa fi Sirna Qooddii Qabeenyaa

Seensa

Raawwiin fuudhaa fi heerumaa bu'aawwan hordofsiisu keessaa inni tokko hariiroo diinagdee ilaalchisee uumamu yoo ta'u, kunis qabeenya dhuunfaa fi kan waliinii walfuutotaa akka ta'e SMO boq. 5^{ffaa} kutaa 3^{ffaa} jalatti diriiree jira. Fuudhaa fi heerumni akkataa sirna raawwii gaa'eelaa seeraan beekaman isa kamiinuu yoo raawwatames bu'aa hordofsiisu irratti garaagarummaa kan hinqabne yoo ta'u, bu'aan gama diinagdeen uumamu kunis fuudhaa fi heeruma sirna hundaafuu tokkoodha.[1] Egaa akkuma raawwiin fuudhaa fi heerumaa bu'aa olitti ibsame kana hordofsiisu diiggaan gaa'elaatis akkaataa sirna raawwii isaatii fi sababii diiggaa isaatiin garaagarummaa osoo hin qabaatin bu'aa walfakkaatu kan hordofsiisu ta'uu isaa seerichi tumee jira.[2]

Gama kanaanis diiggamuu gaa'elaa hordofuudhaan sirni qoodinsa qabeenyaa kan dhufu yoo ta'u, akkaataa fi adeemsa raawwii sirna qoodinsaa kan bitan qajeeltoowwan waliiglaafi tumaaleen addaa seerichaan diriiranii jiru. Kunis SMO Boqo. 7^{ffaa} kutaa 4^{ffaa} fi 5^{ffaa} jalatti bal'inaan kan ibsamuniidha. Bu'uura kanaan diigamuu gaa'elaan walqabatee bu'aa gama diinagdeen dhufu akkaataa qajeeltoowwan sirna qooda qabeenyaa kanaan murteessuu irratti qabatamni hojii jiru rakkoo kan qabuudha. Rakkoowwan jiranis heddu yoo ta'an isaan keessaa kaayyoo fi qajeeltoo seerichaan faallaa diiggaa osoo hin mirkaneessin ykn hiikkaa hin murteessin qabeenya qooduu, hiikkaa murteessuu qofaan galmee cufuu, qoodinsa irrattis qabeenya dhuunfaa fi kan waliin adda baasuu dadhabuun duuchumatti karaa bulchiinsa gadaatin akka qoodaman ajajuu fi kkf bal'inaan mul'atu.

Boqonnaan kunis rakkoolee kana akkaataa maqsuu ykn dhiphisuun danda'amu irratti xiyyeeffachuudhaan qajeeltoowwan sirna qoodinsa qabeenyaa seeraan taa'anii fi qabatamaanis tooftaalee ittiin raawwataman adda baasee gadifageenyaan kan ilaaluudha. Bu'uura kanaanis, qajeeltoowwanii fi tooftaalee qabeenya dhuunfaa walfuutotaa addaan

[1]SMO, kwt. 56 akkasumas, Jamaal Qumbii Gaa'elaa fi hiikkaa; Moojulii leenjii Hojii irraa 92002), fuula 7-9 haailaalamu

[2]SMO kwt.96; Jamaal Q. Fuula 60: fuudhaa fi heerumni kan raawwte sirna siiviliin, Amantaan ykn Aadaan yoo ta'es akkasumas kan diigames du'a /badiinsaan, murtiin ykn hiikkaan yoo ta'es garfaagarummaan kun bu'aa hordofsiisan irratti hin jiru

qooduuf gargaaran, isaan qabeenya waliinii adda baasuu fi qooduuf dandeessisanii fi akkaataa raawwatiinsa daangaa yeroo bal'inaan xiinxaluun kan dhiyeesseedha.

Kanaaf, haala raawwii sirna seera maatii kana ilaalchisee tumaalee seerichaa rogummaa qabanii fi qabatama hojii jiru xiinxaluun dura maalummaa, yaad-rimeewwanii fi, kaayyoo addaa sirna kanaa akka waliigalaatti gabaabsanii gamanumaan ibsa itti kennuun barbaachisaa ta'ee mul'ata. Xumura irrattis boqonnaan kun kaayyoowwan armaan gadii akka argamsiisu ni amanama.

- ✓ Maalummaa sirna qoodinsa qabeenya gamtaa, yaada argamaa fi kaayyoo isaa waliin adda baasuun gadifageenyaan hubachuu.
- ✓ Walitti dhufeenya sirni qoodinsa qabeenyaa diiggaa gaa'ilaa waliin qabu bu'uura qajeeltoowwan heeraa walqixxummaa saalaa, mirga diinagdee fi dantaa daa'immanii hundeessaniitiin kaayyoon ijoon maal akka ta'e beekuu fi xiyyeeffannaa kan barbaadu ta'uu leenjifamtoonni ni hubannoo addaa ni gonfatu.
- ✓ Kallattiinis sirni qoodinsa qabeenyaa waliigaltee walfuutotaan raawwaachuun qajeeltoo isa bu'uuraa ta'uu fi manni murtii haalota addaa seeraan tumaman qofaan gidduu kan seenu ta'uu beekuun leenjifamtoonni qabatamaan hojii irra ni oolchu.
- ✓ Qajeeltoowwan sirna qoodinsa qabeenya dhiirsaa fi niitii irratti seera maatii Oromiyaan tumaman maal akka ta'anii fi adeemsa qajeelchan irratti beekumsa dabalataafi hubannoo addaa ni kenna.
- ✓ Tooftaalee bu'uura qajeeltoowwaniitiin sirna qoodinsa qabeenya qabatamaan raawwachuuf dandeessisan rogummaa isaanii waliin adda baasanii beekuun ittin hojjachuuf ga'uumsa ogummaa ni gonfachiisa.
- ✓ Walitti dhufeenya kaayyoo seeraa fi adeemsa raawwii isaa ilaalchisee gaa'ela hiikuu fi qabeenya qooduu gidduu jiru irratti hubannoo barbaachisu ni uuma.
- ✓ Diiggaa gaa'elaan walqabatee falmii qoodinsa qabeenyaa irratti ka'u kan bitan darbiiinsa yeroo rogummaa qaban maal fa'a akka ta'anii fi haala raawwii isaanii irratti beekumsaa fi hubannoo jiru ni sirreessa tooyyessa akkan sumas ni qabiisa.
- ✓ Walumaagalatti sirna qoodinsa qabeenya dhiirsaa fi niitii ilaalchisee rakkoolee qabatamaan jiran sirritti beekuudhaan furmaata bu'uura seeraa qabu kennuuf boqonnaan kun xumura irratti ni dandeessisa.

1.1. Maalummmaa fi yaad-rimeewwan hundeeffama sirna qoodinsa qabeenya gamtaa

Maalummaa fi hundeeffamni sirna qoodinsa qabeenya gamtaa yaad-rimeewwan gurguddoo sadii bu'ureeffata. Isaanis:

- ✓ Sirna waliigaltee dhuunfaa walfuutootaa ta'uu isaa
- ✓ Sirna qajeeltoo heeraa fi imaammataa irraa madde ta'uu isaa
- ✓ Sirna heera, seeraa fi fedhii walfuutotaa irraa hundeeffame ta'uu isaa, yoo ta'an tokkoo tokkoo isaanii irratti ibsi waliigalaa gabaabaan akka armaan gadiitti kennameera.

1.1.1. Sirna waliigaltee dhuunfaa walfuutotaa (spouses contractual freedom)

Akka yaad-rimee kanaatti sirni qoodinsa qabeenya gamtaa dantaa kamiiyyuu caalaa dhimma walfuutotni lameen akka fedhii isaaniitti waliigaltee isaaniitiin murteeffachuu qabaniifi waliigaltichis fedhii walfuutota lameenii ta'uun mirkanaa'uudhaan seera duratti beekumtii kan argatudha.[3] Seeras ta'ee manni murtii dhiggaa gaa'ilaa eega hubate ykn hiikkaa eega murteesse booda waliigaltee walfuutonni qoodinsa qabeenyaa irratti duursanii godhan, akkuma waliigaltee kamiiyyuu, gareewwan lamaan giddutti seera akka ta'etti kan ittiin beekumtii kennanii fi qoodinsas bu'uruma kanaan kan itti raawwachiisaan sirna mataa ofii danda'eedha.[4]

Namoonni walfuudhan sodaa gara fuulduraa yemmuu gaa'illi isaanii diigame ykn hiikame mirga qabeenya isaanii irratti miidhaa gahuu malu irratti qaban, mirga kanas kabachiifachuuf baasiifi ifaajee akkasumas dhamaatii isaan irra gahuu fi boora'uu nageenya walitti dhufeenya isaanii irratti dhaqqabu hambisuuf kan isaan dandeessisu gamanumaan fala ykn wabii kaahachuu barbaadu. Wabii kanas raawwii gaa'ilaa dura ykn gaa'ila keessatti ykn diiggaa

[3]Ronald B. Standler,**prenuptial and postnuptional contract law in the USA,(2009)** pp 18-19; see also Natasha Bahkt, Arbitration Using Sharia Law: Examining Ontario's Arbitration Act and its Impact on Women,**Muslims Journal of Human Right,** V.1, Issue 1(2004) pp 3-6: In a framework within which private parties are permitted to take personal responsibility for their financial well-being upon the dissolution of marriage, courts should be reluctant to second-guess the arrangements on which they reasonably expected to rely. Individuals may choose to structure their affairs in a number of different ways, and it is their prerogative to do so.

[4]Ibid

isaa irratti waliigaltee[5] gochuudhaan mirakneeffatu. Isa kanas hayyuun seera biyya USA tokko akkasitti ibsaniiru:

To prevent such waste of money, and years of emotional anguish, on a litigated divorce, people should consider having a formal, written contract that is commonly called a prenuptial agreement or antenuptial agreement, because these agreements are negotiated and signed before the marriage occurs. Such an agreement clearly specifies the assets that each person had prior to the marriage and how they wish their assets to be divided if divorce occurs.[6]

Qisaasama mallaqaa fi jireenya aarii fi gadaddoo yeroo falmii hiikkaa gaa'ilaa mudatu hambisuudhaaf namoonni waliigaltee barreeffamaa seera qabeessa ta'e kan akka waliigalaattis raawwii gaa'ilaan dura ykn booda hundeeffamuun beekamu qabaachuuf gamanumaan itti yaaduu qabu. Sababiinis waliigalteewwan kun gamanumaan walmari'achuun walfuutotni kan mallatteessan waan ta'aniif qabeenya walfuutonni gaa'ilaan dura dhuunfatti qaban (isa gamtaa irraa) ifaan adda baasuu fi akkasumas tarii hiikkaan kan mudatu yoo ta'e qabeenya qaban haala yaadaniin adda qoodachuuf kan isaan dandeessisuudha.(hiikni kan qopheessaati).

Haaluma walfakkaatuun jireenya hawaasummaa keessatti namni tokko hariiroo nama biroo waliin qabu ilaalchisee dantaa ykn dhimma isaa waliigaltee barreeffamaan raawwachuun aadaa baratamaa yoo ta'u, inni kunis seera waliigaltee keessatti ifaan kan hammatame bilisummaa fedhii gareewwanii bu'uura kan godhateedha. Dhimmi hariiroo kamiiyyuu haala kanaan waliigalteedhaan kan gareewwan murteeffatan waan ta'eef, manni murtiitis aangoon isaa waliigalticha kabajee raawwachiisuu qofaa ta'a. Kana irraa ka'uudhaan yaad-rimeen kun hariiroo dhiirsaafii niitii keessattis, akkuma hariiroo hawaasaa kan birootti, bilisummaan walfuutotaa bal'atee kabajamuudhaan waliigaltee dhuunfaa isaaniitiin hariiroo diinagdee isaanii akka murteeffatan aangeffamuu dhabuun sirna qoodinsa qabeenyaa irratti falmii walxaxaa fi hin barbaachifneef saaxilee jira.[7]

---

[5] Waliigalteen kunis "contract of marriage" ykn" agreement of property division" yoo ta'u isa duraatiin walfuutonni raawwii gaa'elaa dura ykn gaa'ela keessatti hariiroo gama qabeenyaa fi ijoolee isaaniitiin qaban kan murteessaniidha, Isa boodaatin immoo diiggaa gaa'elaa booda haala qoodinsa qabeenyaa kan itti murteesa niidha.

[6] Ronald B. Standler, miiljalaa lakk.1, fuula.2

[7] Ibid: Accordingly, a court should be loath to interfere with a pre-existing agreement unless it is convinced that the agreement does not comply substantially with the overall objectives of the Divorce law.

Kanaaf, mootummaas ta'ee manni murtii qoodinsa qabeenyaa ilaalchisee waliigaltee walfuutonni godhan akka sirna bu'uuraatti fudhachuun raawwachiisuu irraa kan hafe madaallii mataa ofii baasuufii hinqaban[8] yaada jedhuudha. Walumaagalatti, akka yaad-rimee kanaatti sirni qooda qabeenyaa 1ffaa, waliigaltee walfuutotaa irratti adda dureedhaan kan hundaa'u ta'ee, kanas walfuutonni osoo gaaffii hiikkaa mana murtiitti hindhiyeessin dursanii gamanumaan raawwachuun eega xumuran booda hiikkaa gaa'elaa qofaaf mana murtii deemuu akka danda'an kan akeeku yoo ta'u, 2ffaa akkaataa qoodaminsaa irratti waliigaluu yoo dadhaban ykn waliigalteen yoo jiraates raawwii isaa irratti yoo waldidan qofa iyyata qoodinsa qabeenyaa mana murtitti dhiyeeffachuu qabu[9]

1.1.2. Sirna qajeeltoo heeraa fi imaammata hawaasummaa irratti hundaa'e (public policy matter)

Yaad-rimeen kun argamni isaa sirna seera "common law" irratti kan hundaa'edha. Kunis, akka sirna seera "common law" tti dhiirsaa fi niitii gidduuttii waliigalteen raawwatamu ija seeraatiin hin jiru.[10] Sababiin isaatis jalqabumaayyuu eenyummaan garee lameenii raawwatamuu gaa'ilaatiin kan walitti makamee fi lama ta'uun hafee qaama tokko ta'eedha, waliigalteen qaamni tokko kophaa isaatti ofii isaa waliin raawwatu immoo seera duratti beekumtii hin qabu[11]. Kanaaf, waliigalteen dhiirsaa fi niitii giddutti godhamu kamuu sirna seera "common law" kanaan kan walfaallessu waan ta'eef sirni qoodinsa qabeenya dhiirsaa fi niitii qajeeltoo heeraafi imaammata hariiroo maatii biyya ilaallatuu irratti hundaa'uu akka qabu yaada falmuudha.[12]

Hanga walakkaa jaarraa 20ffaatti imaammanni sirna "common law" kun darbee darbee naannolee biyya Ameerikaa keessatti kan itti fuufe ta'us dhawaataan gonkumaa hafaa waan dhufeef yaad-rimeen kunis sababiiwwan biroo bu'uura gochuun yaada isaa cimsee dhiyeessa. Kunis akka waliigalaatti bilisummaan waliigaltee seenuu walfuutotaa beekumtii seeraa argatus, waliigalteen walfuutonni qoodinsa qabeenyaa ilaalchisuun diiggaa gaa'elaa dura gamanumaan raawwatan qajeeltoo heeraa fi imaammata hariiroo maatii kan gaa'ilaaf eegumsa mirkaneessuun walfaallessa jedhamee bu'aa seeraa akka hinqabaanne godhama.

---

[8], Seeraas ta'ee manni murtii waliigaltee walfuutotaa fedhii isaanii irratti kan hundaa'e ta'uu isaa mirkaneeffachuun alatti ulaagaalee biroo diriirsuudhaan kufaa gochuu ykn qoodinsa ofii isaaniitii raawwachuu hin qaban.

[9]Ruth Pilkinton, The Law Hand Book, your practical guide to the law in New south wales, Family law, 11th editon (2009) , P.659

[10]Ronald B. Standler, cited at note 1 above, p 3,

[11]Ibid

[12]Yaad-rimeen kun sirna "common law" kan waliigaltee dhiirsaa fi niitii giddutti raawwatamu dhoorku irratti kan hundaa'e yoo ta'ellee jaarraa 20 ffaa irraa eegalee sirnichi hafaa waan dhufeef yaad-rimeenis hafaa dhufeera.

Sababiin inni bu'uuraa, kaayyoon heeraa fi tarsiimoon hawaasummaa biyya tokkoo gaa'illi akkuma salphaa fi barbaadametti akka diigamu hin barbaadu. Hanga danda'ametti hawaasa tasgabbaa'aa fi nagaha qabu ijaaruuf maatiin gaa'ila tasgabbii fi umrii qabuun ijaaramu akka jiraatu barbaadama. Sababiin gaa'ilicha diiggaaf geessu osoo hin jiraatin ykn gaa'elichi diigamuun dura walfuutonni waa'ee qoodinsa qabeenya isaanii irratti waliigalteen gamanumaan godhan hiikkaa kan jajjabeessu waanta'eef, kaayyoo heerichaafi imaammata dantaa hawaasummaa kan faallessuudha.[13] Kana malees, waliigalteen diiggaa gaa'ilaan walqabatee qoodinsa qabeenyaa irratti walfuutotaan godhamu yoo hayyamames guutumatti walfuutota qofaaf kan dhiifamu ta'uu hin qabu.

Waan ta'eefis, sirni qoodinsa qabeenyaa kan ittiin bitamu adeemsi seeraa ifaa fi kallattummaa qabu bu'uura kaayyoo heeraa fi imaammata dantaa hawaasa bal'aatiin diriirfamee hundeeffamuu akka qabu yaad rimeen kun cimsee dhiyeessa. Akka yaad-rimee kanaatti walfuutonni qoodinsa qabeenya isaanii waliigalteedhaan murteeffachuun seeraan kan danda'amu yoo ta'eeyyuu, waliigaltichi akkaataa fedhii mataa isaanitti kan raawwatamu osoo hintaane sirna qoodinsa qabeenyaa seeraan hundeeffameen daangaa ta'e keessatti yoo raawwatame qofa[14] fudhatama qabaata. Haaluma kanaan:

1^{ffaa}, waliigaltichi adeemsaa fi ulaagaalee seera maatiin diriirfaman kan hordofee fi kan guute ta'uun dirqamaadha. Kunis mirga walfuutota lameenii, dantaa daa'immaanii, tasgabbii fi nageenya hariiroo diinagdee safuu hawaasaa fi seera kan eege ta'utu irraa eegama.

2^{ffaa}, haallan kunniin guutamuu isaanii waliigaltichi mana murtiitti dhiyaatee qoratamuun mirkanaa'uu qaba. Manni murtii qoodinsa qabeenya walfuutotaa bu'uura sirna seerichi kaa'een hordofee raawwachiisuu kan qabu yoo ta'u, kanas yeroo walfuutonni waliigaluu dadhaban qofaa osoo hin taane yeroo waliigalteen isaanii kaayyoo fi ulaagaalee seeraan kan walfaallessu ta'ee argames waliigalticha kufaa gochuudhaan sirna qoodinsaa seerichaan diriirfame hojiirra oolchuu qaba.

Akka waliigalaattis, leellistoonni yaad-rimee kanaa ejjannoon tarkaanfachiisan waliigalteen walfuutonni qoodinsa qabeenyaa irratti godhan bu'uura adeemsaa fi madaallii ulaagaalee

[13]Ronald B. Standler, cited above at note1 p. 6: Also Natasha Bahkt cited at note 1 above has noted that Indeed the progression of family law cases In many jurisdictions indicates that family law matters have become a matter of public law and policy.

[14]Ibid: waliigaltichi fedhii walfuutota lameenii ta'uun yoo mirkanaa'es ykn gareen mormu yoo hin jirreellee adeemsa seeraa ykn ulaagaalee madaallii seerichi kaa'e kan hin eegne yoo ta'e kufaa ta'uu qaba.

seeraa guutee raawwatamuun fudhatama kan qabaatu waldiddaan gaa'ilaa uumamuudhaan waliin jiraachuun kan hindanda'amne ta'uun ifaa fi qabatama yemmuu ta'etti ykn immoo gaa'ilichi diiggamuun mana murtiitti eega murtaa'e booda kan godhame yoo ta'e qofaadha. Kanaan alatti waliigalteen fuudhaa fi heerumaa walfuutotaan raawwii gaa'ilaa dura ykn yemmuu hariiroon isaanii tasgabbii fi nagayaan jiru raawwatan/ godhan fudhatama akka hinqabne ejjannoon yaad-rimee kanaa jala muree ibsa. Fkn, abbootin seeraa naannolee Ameerikaa hedduu murtiilee dhimmicharratti kennan keessatti xiinxala godhaniin akkas jedhu:

The marital status is the very basis of the social order and agreements that tend to destroy or impair that status by encouraging divorce will not be enforced (Howard's. Adams, cal.APP.1940) At last a majority, if not all of the courts which have considered the matter have held that any antenuptial (pre-marital) contract which provides for, facilitates, or tends to induce a separation or divorce of the parties after marriage, is contrary to public policy and is there fore void. Quite generally the courts have Said that the contract itself invites dispute encourages separation and incites divorce proceedings (cold well V, cold well,wis, 1958).[15]

Waliigalteen walfuutonni raawwii gaa'ilaa dura ykn gaa'ila keessatti qoodinsa qabeenyaa ilaalchisuun gamanumaan seenan diiggaa kan kakaasu, hiikkaaf haala kan mijeessu ykn hiikkaa kan affeeru waan ta'eef kaayyoo waliigalaa poolisii hawaasummaa kan faallessudha.

Bu'uura yaad-rimee kanaanis waliigalteen raawwii gaa'ilaan dura ykn gaa'ela keessatti godhamu kufaa yoo ta'u kunis mootummaalee Naannoo biyya Ameerikaa heddu keessatti bal'inaan itti hojjatama. Bilisummaa fedhii walfuutotaaf iddoon kennamus baay'ee dhiphaa fi innumtuu ulaagaalee seeraa fi toohannaa mana murtii keessatti kan daangeffame ta'ee mul'ata.

1.1.3. Sirna heera, seera fi fedhii walfuutotaa giddu gala godhate (constitutional protection)

Yaad-rimeen inni biroo maalummaa sirna qoodinsa qabeenya gamtaa ibsu yaadota lameen olitti ilaalaman walitti araarsuun yaada wixinameedha. Akka yaada kanaatti, sirna qooda

[15]Id p. 8:Even plainly illegal activities may occur unless state authorities find out about themin some way. Similarly, people may suffer from unjust private agreements unless they bring them to the attention of the courts.

qabeenya dhiirsaa fi niitii kaayyoo heeraafi imaammata hawaasummaa akkasumas adeemsa seeraa kaayyoo kana galmaan ga'uuf bal'inaan diriirfame irratti hundaa'uu akka qabu ejjannoo yaad-rimee 2ffaa olitti ibsameen waliigala. Haata'u malee heericha, imaammata hawaasummaa fi seerri bal'inaan bahus bilisummaa fedhii walfuutotaafis haala sababi qabeessa ta'een tilmaama keessa galchuu akka qabu[16] eeruudhaan yaad-rimee 1ffaa olitti ibsames yaada deeggaruudha.

Haala kanaan walfuutonni akkuma gaa'ila raawwachuuf fedhii bilisummaa isaaniitiin murteeffatan tarii gaa'elichi isaanii milkaa'uu yoo hafe diiggaan gaa'elichaa bu'aa hordofsiisuun walqabatee haala qabeenyaa fi hariiroo diinagdee akkasumas maatii horatan ittiin qoodamanii fi ittiin bulchaan gamanumaan waliigalteedhaan murteeffachuuf mirga kan qaban yoo ta'u, kanas raawwii gaa'ilichaan dura ykn raawwii isaa irratti, ykn eega raawwatan booda ykn immoo diiggaa gaa'elichaa booda yeroo fi akkaataa isaanii mijaa'etti raawwachuu akka danda'an yaadni kun ni hubachiisa.

Kana malees, walfuutonni bilisummaa akkasii qabaachuun isaanii diiggaa gaa'ilaa kan kakaasu ykn kan affeerru osoo hin taane sirumaayyuu walfuutonni sodaa tarii diinagdee isaanii irratti qaban waliigaltee godhamuun hanbisuu ykn xinneessuu waan danda'aniif sodaa malee caalatti gara gaa'ila raawwachuutti namoota kan onnachiisuudha. Akkasumas, walfuutonni hariiroo isaanii diiggaa gaa'ilaan booda dhufu gamanumaan waliigalteen murteeffachuu danda'uun isaanii jeequmsaa fi xiiqii malee nagayaan gargar akka deeman dandeessisuu irra darbee diiggaan boodas jiruu isaanii keessatti walitti dhufeenya gadaa'aa fi boora'aa irraa bilisa taasisuu irratti gumaachi qabu salphaa miti.[17]

Gama biraatiin waliigaltichi qabeenya jiru haala haqaa fi bu'a qabeessa ta'een addaan qooduu irrattis shoora ol'aanaa kan qabu yoo ta'u, kunis walfuutonni gosa qabeenyaa qaban, seenaa qabeenyichaa fi qabeenya isa kamtu eenyuuf caalatti faayidaa akka qabus gadifageenyaan kan beekan ta'uu fi alaa-mana isaanii eenyuuyyuu caalaa kan beekan ta'uun isaanii sirna qoodisaas isaanumti osoo murteeffatanii filatamaa ta'uu kan agarsiisuudha. Kana yemmuu jedhamu, waliigaltichi madaallii fi ulaagaa seeraa tokko malee akkasumatti caluma jedhamee bu'aa seeraa qabaata jechuu akka hin taane warroonni yaada kana tarkaanfachiisan ni hubachiisu.

---

[16]Ruth pilkinton, cited above at note 7, p.661:see also washinaton Courts; family law Hand Book, understanding the legal implications of marriage and divorce in Washington state (2009) pp. 13-14 at http://www. Courts wa. Gov/new in to/ content/pdf/farr

[17], Walfuutonni ija hammeenyaa fi diinummaan wali ilaaluu irratti rakkoo eega gaa'elli addaan cite booda uumamuu malu ni xinneessa.

Bu'uruma kanaan, waliigaltichi mana murtiitti dhiyaatee mirakanaa'uu akka qabu kan amanamu yoo ta'u, manni mrtichaas waliigalticha ija heeraafi seeraatiin ilaalee waan sirreeffamuu qabu ykn guutamuu qabu yoo jiraate ajaja barbaachisaa kennuudhaan walfuutonni akka fooyyessan gargaaruu qaba.[18] Kaayyoon madaallii waliigaltichaatis yaada walfuutotaa kufaa gochuuf osoo hintaane hanqina jiru akka guutamu godhuun deeggarsa gochuudha. Kanaaf, ajajni bu'uura kanaan kennamus bilisummaa fedhii walfuutotaa kan sarbu ykn kan dhiphisu osoo hintaane roga sirrii akka qabaatu kan taasisuudha.

Waan ta'eef manni murtii akkuma barbaade waliigaltee walfuutotaa kufaa gochuun, jijjiiruun ykn fooyyeessuun bilisummaa fedhii walfuutotaa akka hin dhiibne aangoon isaa seeraan daanga'ee seera maatii keessatti taa'uu akka qabu yaadni kun ni akeeka. Haala kanaan madaalliin manni murtii raawwatu qabxiilee ijoo ta'an qofa irratti xiyyeeffachuun yoo ta'u, kunis waliigaltichi; mirga diinagdee walfuutotaa haala bayeessa[19](fair) ta'een kabajuu isaa, dantaa, mirgaa fi kunuunsa guddina daa'immanii haala gaariin eeguu isaa, seeraa fi safuu kan hordofe ta'uu isaa fi dhuguma fedhii walfuutota lameenii kan ibsu ta'uu isaa qofarratti daanga'uu qaba.

1.1.4. Sirna qoodiinsa qabeenyaa akka biyya Itiyoophiyaatti

Akka biyya Itiyoophiyaa waliigalattis ta'ee akka Mootummaa Biyyooleessa Naannoo Oromiyaattis maalummaa sirna qoodinsa qabeenya gamtaa heera mootummaa fi seeroota biroo ragummaa qaban walitti xiinxaluun ibsuun ni danda'ama. Bu'uruma kanaan Heerri Mootummaa Ripaablika Dimokiraatawaa Federaalawa Itiyoophiyaa (HMRDFI) qajeeltoo bu'uraa dhimma kana ilaalchisee kaaheen walfuutonni raawwii gaa'ilaa irra eegalee hanga yeroo diiggaatti mirga walqixa[20] akka qaban eega ibse booda, itti aansee maatiin bu'uura hawwasaa waan ta'eef hawaasaa fi mootummaa irraallee eeguumsa argachuu akka qabu tumeera.[21]

Kanaaf, sirni qoodinsa qabeenyaa ykn bu'aa diiggaa gaa'ilaa qajeelchu ykn bitu qajeeltoowwan heerichaa kana bu'uura gochuun fedhii walfuutotaas ilaalcha keessa galchee diriiruu akka qabu ni hubatama. Diriirfamni sirna kanaatis seerota adda addaa keessatti kallattii adda addaan yoo jiraates seerota maatii keessatti bal'inaan taa'ee jira. Seera maatii

[18], Ruth pilkinton, cited above at note 7 p. 659
[19]Ibid p. 672: qabxiileen kunniin adda bahanii ifaan tarreeffamuun gama tokkoon angoo mana murtii daangaa seeraa itti gochuu yoo ta'u gama biraan immoo eegumsa bilisummaa fedhii walfuutotaa mirakaneessa.
[20]HMRDFI: kwt. 34(1); Heerri Mootummaa Biyyooleessa Naannoo Oromiyaatis kwt walfakkaatu jalatti kanuma tuma.
[21]Isuma kana kwt. 34(3)

Oromiyaa (SMO) keessatti boqonnaa 7ffaa jalatti tumaaleen sirna kana ilaallatanii fi walqabatan diriiranii jiru. Achi keessattis waa'een bu'aa hiikkaa gaa'ilaa to'annaa mana murtiitiin waliigaltee walfuutotaan murtaa'uu kan qabu ta'uu yoo agarsiisu yeroo walfuutonni waliigaluu dhabanitti immoo bu'uura tumaalee seerichaatiin qoodinsi qabeenyaa raawwatamuu akka qabus ni hubachiisa.

Gama biraatiin qoodinsa qabeenyaa fi haala guddina daa'immanii ilaalchisee walfuutonni waliigaltee fuudhaafi heerumaa yemmuu gaa'ela raawwatan ykn sana booda godhaniin murteessuu akka danda'an,[22] ykn immoo yeroo hiikkaatti waliigalteen qoodachuu ykn murteessuu akka danda'an, manni murtiis haala kana dursee yaaluu akka qabuu fi yoo milkaa'uu hafe ofii isaatii murteessuu akka qabus seerichi tumee jira.[23] Qoodinsi karaa kamiinuu kan raawwatamu ta'us qajeeltoo heerichi kaahe giddu gala gochuu akka qabu dagatamuu hinqabu. Kunis, dantaa fi nageenya maatii, mirgaa fi faayidaa walfuutotaa, keessattuu kan dubartootaa, dantaa fi mirga daa'immanii akkasumas safuu fi seera irratti hundaa'uun qoodinsi waliigalteen ykn M/murtiin raawwatama.

Qabxiilee marii

1. Sirni qoodinsa abeenya dhiirsaa fi nitii biyya (naannoo) keenyaa yaad-rimee isaa kam hordofa; maaliif?
2. Bilisummaa fedhii waliigaltee walfuutotaa fi dantaa hawaasummaa ykn tarsiimoo mootummaa akkamitti walsimsiisuun danda'ama? Kamtu dursa qaba?
3. Sirni qooda qabeenyaa nageenya maatii fi dantaa daa'immanii haala kamiin tuquu danda'a? Qabatamaan muxannoo qabdan waljijjiruun ibsaa!

1.2. Bu'aa Hiikkaan Hordofsiisu

Gama kanaan, tumaaleen seeraa yommuu xiinxalaman, akkuma haala gaa'ela diigamuutti bu'aan hordofamus garaagarummaa muraasa qabaachuun kan hubatamu ta'us, bu'aawwan gaa'ela diiggamu tokko bu'uruma SMO kutaa 4ffaatiin ilaalamuu akka qabu tumameera. Kunis, gaa'elli kan diigame hiikkaan ta'uu yoo baatellee qabeenya abbaa warraa fi haadha warraa qulquleessuuf boqonnaa 7 kutaa 4ffaan kan tumaman akkuma

[22] SMO,kwt,58
[23] SMO, kwtota. 110(2), 112(1),98,110(3) fi 112(2) walitti yemmuu xiinxalaman,

barbaachisummaa isaatti raawwatamaa ta'a jechuun seerichi kaa'eera[24]. Kanaaf, gaa'elichi kan diigame sababa kamiinuu haata'uu, gama bu'aa hordofsiisuun garaagarummaa bu'uuraa kan hinqabnee fi haaluma walfakkaatuun ilaalama jechuudha.

Diigamuun gaa'elaa bu'aawan hordofsiisu keessaa inni tokko waa'ee gama dhuunfaa walfuutotaan hariiroo dhiirsaa fi niitummaa addaan kutuu ykn hambisuu, gaa'elichi hiikkaan yoo diigame malee dirqama qallaba garee mirga qabuu kennuu, akkasumas akkuma haala dhimmichaatti beenyaa kanfaluu fi kkf yoo ta'u, gama qabeenyaatiin bu'aan jirus isa biraati. Kunis kan raawwatamu karaa lamaan yoo ta'u, karaan inni duraa bu'uura waliigaltee fuudhaafi heerumaa ykn bu'aa hiikkaa qofa ilaalchisee waliigaltee biroo walfuutonni godhaniin kan raawwatamu ta'uu isaa seerichi kwt.58, 110 (2) fi 112(1)n kan tume walitti dubbisuudhaan hubachuun ni danda'ama.

Karaan inni lammataa, yeroo waliiglteen fuudhaafi heerumaa hinjirre ykn hiikkaan booda walfuutonni qabeenya ilaalchisee waliigaluu yoo baatan, bu'aa qabeenyaa irratti manni murtii haala mijaa'aa itti amaneen kan murteessu akka ta'e seericha kwt. 98, 110 (3) fi 112 (2) walitti xiinxaluun ni danda'ama. Akkasumas waliigalteen fuudhaafi herumaa ykn kan birooarman olitti himame jiraatus seera duratti fudhatama hin qabu yoo ta'e karaan lammaffaan mana murtiin murtaa'u kun kan raawwatu ta'a.

Akkaataa amma ibsame kanaan bu'aan hiikichi gaa'elaa gama qabeenyaan hordofsiisu bu'uura waliigaltee fuudhaafi heerumaan ykn waliigaltee bu'aa hiikichaa irratti walfuutonni godhaniin qulqullaa'ee akka raawwatamu m/murtii yoo mirkaneesse ykn raggaase dhimmichi salphaa waan ta'uuf rakkoon hangas mara hin mudatu ta'a. Haata'u malee furmaanni karaa isa duraa kun hin jiru ykn hin hojjatu yoo ta'e dhimmichi bu'uura seericha kwt.113-127tiin mana murtiitti akka raawwatamu tumamus, qabatama hojii irratti rakkooleen bu'uuraa lama yeroo hedduu ni mul'atu.

Bu'uura kanaanis rakkoon inni tokko qabeenya dhiirsaa fi niitii kan dhuunfaa fi kan waliinii addaan baasuu irratti kan mudatuufi, kunis, hiikkaa man murtiitti raawwatamuufi kan mana murtiin ala raawwatamu keessatti jedhamee adda baasuun kan ilaalamuudha. Inni lamataa immoo, falmichi kan geggeeffamu dhiirsaafi niitii giddutti yoo ta'ellee, qabeenya falmamuun walqabatee akkaataa mirgi garee 3^{ffaa} itti dhiyaatuu fi ilaalamuun walqabata. Hubannoof akka

[24] SMO kwt. 122(2)

tolu, rakkoolee lameen kana dabaree dabareedhan tumaalee seerichaa fi murtiilee fakkeenyumma qabaniin walitti armaan gaditti ilaalamaniiru.

1.2.1. Qooddii Qabeenya Abbaa Warraa fi Haadha Warraa

Qooda qabeenya dhiirsaa fi niitii keessatti moojuliin kun kan xiyyeeffatu akkaataa qabeenyi dhuunfaa fi kan waliinii itti qoodamu yoo ta'u, kunis, SMO kwt. 113-120 jalatti diriirfameera. Akkaataa seericha kwt. 113 jalatti tumameenis jalqaba walfuutonni qabeenya dhuunfaa dhuunfaa isaanii ta'e addaan fudhaachuun niraawwatama. Itti aansuudhaanis, haaluma barbaachisummaa isaanitiin beenyaawwan bifa adabbiin keenamuu qabanii fi idaawwan jiran eega murtaa'an[25] booda, qabeenyi waliinii walfuutota lameeniif bu'uura kwt.118-120 qixxetti qoodama[26].

Egaa, qabeenyi dhuufaa fi kan waliinii akkamitti addaan bahuu danda'a gaaffii jedhuuf seerichi ibsa kennee jira. Akka waliigalaatti, qabeenyi gaa'elicha keessa jiru hundi(waliigalteen fuudhaa fi heerumaa yoo jiraate malee) qabeenya waliinii walfuutotaa akka ta'e seerichi kwt.79(1) jalatti tilmaama waan kaa'eef ibsa tarree qabeenyotaa dhiyeessuu qofaan qabeenya waliinii gaafachuun kan danda'amu dha. Qabeenya dhuunfaa ilaalchisee garuu abbaan warraa ykn haati warraa qabeenyichi kan waliinii ta'u morman kan dhuunfaa ta'uu isaa mana murtiif hubachiisuudhaan akka ta'e kwt.113, jalatti himameera. Kun immoo ragaadhaan deeggaruun tilmaama seerichi kaa'e diiguun akka barbaachisu agarsiisa.

Gaa'ela mana murtiin hiikamu keessatti rakkoon hojii irratti mudatus, qabeenya dhuunfaa kan waliinii iraa adda baasuun kan walqabatu dha. Kunis, seerichi qabeenyichi kan waliiniiti gareen jedhu kan dhuunfaa ta'uu isaa hubachiisuun fudhachuu akka danda'u kaayus, haala kamiin hubaachiisuu akka qabuufi ragaa bifa kamiin akka ta'e akkasumas yeroo kam ta'uu akka qabu ilaalchisee seerichi xiinxala addaa kan gaafatu ta'utu hubatama.

As irratti, "hubachiisuu" jechi jedhu ijoon qabeenyichi kan dhuunfaa ta'uu dhiyeessu ragaadhaan mirkanaa'uun kan irra jiru akka ta'e mul'isa. Maaliif yoo jedhame, bakka seerichi *"qabeenyi hunduu kan waliinii"* ta'uu tilmaama kaa'etti, falmii afaanii *qofaan "kan waliinii miti kan dhuunfaati"* jecchuun mana murtichaa hubachiisuun kan hin fakkaanne ta'uun alattis

[25] SMO kwt.114-116

[26] Qixxetti qoodama yemmuu jedhamu qabeenyichi bakka lamatti adda bahee walfuutotaaf carraadhaan kennama jechuu akka hin taane hubatamuu qaba. Qixxetti jechuun qabeenyi bifaan ta'ee akkaataa nama irra fayyaduutiin kennamaa bakka walcaalu qabeenya birootiin ykn tilmaama qarshiitiin walsimsiisaa qoodama jedhaafi.

tilmaama seerichaa kana kan diiguu danda'uu miti. Keessattuu, qabeenyichi kan galmaa'e maqaa walfuutota keessaa isa tokkoon ta'uun isa qofti tilmaama seerichaa kan hinfaallessine akka ta'e keew 79(1) jalatti kan tumames "qabeenyachi kan dhuunfaa ta'uu ragaan deeggaruun hubachiisuun irra jira" yaada jedhu kan deeggaruudha.

Gama biraatiin *ragaa bifa kam* kan jedhuuf seerichi haala adda ta'een gosa ragaa dhiyaachuu qabuu waan hin tumneef akkuma gosa qabeenyichaatti ragaa amansiisaa ta'e kamiiyyuu dhiyeessuun kan danda'amu fakkaata. Kunis, tumaaleen seerota biroo keessatti waa'ee mirkanaa'ina qabeenya socho'uu fi hinsochoone irratti kaa'aman ilaalcha keessa galuu akka qaban yaaduun ni danda'ama. Qabxiin inni biroo immoo qabeenyichi kan dhuunfaa ta'uu irratti ragaan dhiyaatu *firii dubbi akkamii mirkaneessuu qaba* kan jedhu ammas xiinxala barbaada. Asirrattis, ragaan kan agarsiisuu qabu, qabeenyichi kan dhuunfaati jedhamee haala ifaa fi kallattuummaa (clearly & specifically) qabuun galmaa'uu isaa akka ta'e yaadni himu ni jira. Haata'u malee tumaaleen seera maatiis yemmuu itti dhiyeenyaan ilaalaman firii dubbii biroo agarsiisu.

Bu'uura kanaan qabeenyi walfuutotni yemmuu gaa'ela raawwatan dhuunfatti qaban ykn sanaan booda dhaalaan ykn kennaadhaan argatan kanuma dhuunfaa isaanii ta'ee akka hafu/ittifufu seerichi tumeera[27]. Kana jechuunis, qabeenyi tokko guyyaa gaa'elli raawwatameen dura kan dhuunfatti dhiirsi ykn niitiin qabu/qabdu yoo ta'e, ykn guyyaa raawwii gaa'elaan booda kennaadhaan ykn dhaalaan walfuutota keessaa inni tokko dhuunfatti kan argate yoo ta'e, qabeenyi sun kanuma dhuunfaa isaa ta'ee ittifufa jechuudha[28]. Egaa, bu'uura SMO kwt.113n qabeenyichi kan dhuunfaa ta'uu isaa hubachiisuudhaaf ragaan dhiyaatu, qabeenyichi gaa'elaan dura horatamuu, ykn gaa'ela boodas taanaan, dhaalaan ykn kennaan dhuunfatti kan argame ta'uu isaa mirkaneessuu qaba jechuudha. Kanamalees,qabeenyi haala olitti ibsame kanaan raawwii gaa'elaa dura argamuun ykn sana booda dhaalaan ykn kennaan kan dhuunfaa ta'uun isaa ibsamee gaa'ela keessatti bittaa fi gurgurtaadhaan kan jijjiirame yoo ta'e, qabeenyi jijjiirraan argame kun kan dhuunfaa ta'uun isaa ibsamee kan galmaa'e ta'uu mirkaneessuudhaanis hubachiisuun akka irra jiru seerichi kwt.74(1) fi (2)jalatti himeera.

[27]SMO kwt.73
[28]SMO kwt.73

Qabeenya dhuunfaa mirkaneessuun walqabatee hojii irratti rakkoo jiru ibsuudhaaf murtii armaan gadii haa ilaalluu. Kunis,dhimma ol'iyyannoon MMO[29] Godina Addaa Adaamaatti ilaalame tokkoon, ol'iyyattuun Aadde Yatinnaayet Mulaatuu fi D/kennaa Obboo Gabayyoo Makonnan qabeenya dhiirsaa fi niitii irratti walfalmaniiru. Falmichi jalqaba MM Aanaatti kan dhiyaate yoo ta'u firiin isaatis gabaabumatti; ol'iyyattuu fi D/kennaan Gurraandhala 14 bara 1990 mana qopheessaa magaalaa Adaamaatti gaa'ela raawwataniiru. Sana booda waliinjiraachuudhaan ijoollee fi qabeenya adda addaa horatani jiru.

Ta'us, boodarratti waldiddaa uumameen gaa'elli isaanii MMtti diigamuun qooda qabeenyaa irrattis ibsa tarree qabeenyaa dhiyaate keessaa *"manni magaalaa Adaamaa Ganda 11 keessatti argamu qabeenya dhuunfaa kootii waan ta'eef D/kennaan akka gadinaaf lakkisu."* jechuun ol'iyyattuun firii dubbii ishee dhiyeessitee jirti. Manichi jedhames Sadaasa 30 bara 1990 Lakk. Kaartaa 166/90 ta'een maqaa ol'iyyattuutiin galmaa'eeargama.D/kennaan immoo*"manicha kaartaa fi plaanii anatu hojjachiise waanta'eef kan dhuunfaa ishee osoo hintaane qabeenya waliiti."* jechuun deebii kennee jira. Manni murtii Aanichaa immoo, *"manichi kan ijaarame fuudhaafi heeruma keessatti waanta'eef qabeenya waliiniiti."* jedhee murteessee jira. Oliyyattuun manichi fuudhaa fi heeruma dura maqaa isheetiin galmaa'ee jiraachuun osoo ifa ta'ee jiru qabeenya waliiniiti jedhamuun isaa sirrii akka hintaane ibsuudhaan komii ishii MM Ol'aanaaf dhiyeessiteerti. M/Murtii Ol'aanaan garuu komii dhiyaate kufaa godhuun murtii jalaa cimseera.

Gaafilee Marii

1. Murtii olii kana keessatti, manni falmii kaase gaa'elli raawwatamuun dura maqaa oliyyattuun kan galmeeffame ta'uu ragaan osoo mul'isu, MM Aaana manichi gaa'ela keessatti kan ijaarame waan ta'eef kan waliiniiti jedhee kan murteesse sirriidha jettuu? *Galmaa'uu manichaa* fi *ijaaramuu isaa* gidduu garaagarummaan bu'aa seeraa qabu jira? Yoom ijaarame jettu?
2. Bu'uura SMO kwt. 79(1) tiin, qabeenyi maqaa walfuutota keessaa isa tokkoon galmaa'uun qofaan qabeenyicha kan dhuunfaa hin taasisu jedhamee kan tumame qabeenyi yemmuu gaa'elli raawwatamu kan dhuunfaa ture kan dhuufaa ta'ee akka hafu kwt.73 jalatti kan tumame waliin akkamitti walsima? Qabeenyi kan dhuunfaa ta'uakkamitti hubachiisuun irra jiraata jettu?

[29]Galmee Ol'iyyannoo Lakk. (2000)

Ammaan dura manneen murtii keessatti waanti gaaffii kaasaa ture, gaa'elli tokko mana murtiin ala yemmuu diigamu, gaafa diiggaa irraa eegalee gaaffiin qooda qabeenyaa yeroo hangam keesatti akka dhiyaatuu qaba kan jedhu ture. Seerri maatiis gama kanaan waan ifaan kaa'e hin qabu. Haata'u malee, dhimmi akkanaa mana murtiitti hedduu kan dhiyaatu yoo ta'u innis walfuutonni eega addaan bahanii waggoota hanga 10 fi Sanaa olii turuudhaan gaaffii kan dhiyeessan ta'utuu mula'ata. Kanaaf, rakkoon mul'atus seerri maatii daangaa darbiinsa yeroo dhimmichaaf waan hin tuminiif, gaaffiin gama kanaan dhiyaatu akkaataa ilaalamuu qabu irratti garaagarummaan uumamu salphaa miti. Kanamalees, seerichi hiikkaa gaa'elaa fi bu'aa isaa irratti murtii kennuu kan danda'u mana murtii qofaadha waan jedheef, manneen murtii tokko tokkos bu'uruma kanaan gaa'ela walfuutonni gocha isaaniitiin m/murtiin ala diigan mana murtiin hin diiggamne jechuudhaan jiraachuu gaa'elaa mirkaneessanii hiikkaa isaa yemmuu murteessan ni argamu. Gama kaaniin immoo, bu'aa hiikkan hordofsiisu ilaalchisee bu'uura S/H/H kwt. 1845 tiin ilaaluun yemmuu daangessan ykn murteessan mul'atu. Kun immoo hiikkaa murteessanii bu'aa isaa daangessuun akkamitti walsimuuakka danda'u ifaa miti.

Kanas fakkeenyaan ibsuudhaaf dhimma Aadde Irkoo Unkuraa fi Obboo Tufaa Wareeroo giddutti MM Ol'aanaa Godina Baaleeetti oliyyannoon ilaalame, boqonnaa kana kutaa 3.2.3 jalatti kan dhiyaate asitti kaasuun gaarii ta'a. Dhimma kana irratti MM Aanaa jelaqaba ilaalee*gaa'elichi addaan bahuu walfuutota gidduu waggoota 20 oliif tureen kan hafe yoo ta'ellee, hiikkaan isaa akkaataa seerrichi jedhuun mana murtiitti waan hin raawwatamneef gaa'ellichi seera duratti kan hindiigamin ta'uu isaa hubaachiisuudhaan walfuutota falmisiisee hiikkaa gaa'elichaatis bara 2001 keessaa murteessee jira.*

Qooddii qabeenyaa ilaalchisee qabeenya waliiniiti jechuun oliyyattuun kan gafatte, MM Aanichaa garuu*"walfuutonni eega addaan bahanii waggoota 10n ol waan turaniif bu'uura seera hariiroo hawaasaa keew.1845 tiin gaaffiin oliyyattuun gama qabeenyaan dhiyeessite nidaangeffama."* jechuun kufaa godheera. Murtii kana komachuun oliyyattuun MMOl'aanaatti komii dhiyeessiteen "MM jalaa darbiinsa yeroo seera maatii keessa hintaa'in ofii isaatii uumuudhaan mirga qabeenya niitummaa koo daangessuun sirrii miti." jettee ibsiteerti. MMOl'aanaan garuu murtii kenneen, murtiin MMurtii Aanichaa gaaffii qabeenyaa irratti kenne sirrii ta'uu ibsee, gama kaaniin immoo gaa'ela walfuutonni bara 1986 addaan bahuudhaan gocha ofiitiin diigan m/murtii aanichaa *"mana murtiitti hin diigamne"* jechuun deebisee mirkaneessuuun isaa dogongora akka ta'e xiinxala godhe keessatti ibseera.

Karaa biraatiin dhimma kana keessatti, aadde Irkoo fi obboo Tufaan bara 1986 akkuma addaan bahaniin namoota biroo waliin gaa'ela biroo raawwatanii maatii haaraa hundeessuudhaan jireenya mataa mataa isaanii jiraachaa turaniiru. Haala kana keesatti gaaffiin qabeenya irratti isheen dhiyeessite darba yeroon osoo hindaangeffamne ta'ee ykn waggoota kudhan (10) hin guunne ta'ee, qoodinsi qabeenyaa akkamitti qulqullaa'uu akka qabu hedduu rakkisaa ta'a.

Haaluma walfakkaatuun, MMWF Dhaddachi ijibbaataa[30] dhimmaa Aadde Dinqee Tadlaa fi Obbo Abaata Caannee N-2 gidduu ture tokko irratti murtii kenneen, *walfuutonni mana murtiin ala yemmuu addaan bahan ykn gaa'elli isaanii sababa du'aan yemmuu diigamu, gaaffiin qooda qabeenya dhiirsaa fi niitis ta'ee dhaaltota isa du'ee kan dhiyaatuu qabu, eega addaan bahiinsaan ykn du'aan gaa'elli diigamee kaasee yeroo waggaa 10n keessatti dhiyaachuu akka ta'ee fi, sana booda kan dhiyaatuu yoo ta'e garuu bu'uura seera hariiroo hawaasaa keew.1845 (1) olitti eerameetiin daangeffamuu akka qabu* ibseera.

Manni Murtichaa murtii kana keessatti xiinxala godheen seerri maatii dhimma akkanaa irratti darba yeroo /daangaa kan hin kaayin ta'uu isaa yoo mirkanessu, kana jechuun garuu*walfuutonni gaaffiin dhiyeessan (qabeenya irratti) gonkumaa darbinsa yeroon hindaanga'u jechuu akka hin taane* hubachiisee jira. *Walfuutonni yeroo ofii fedhanitti akkuma barbaadan gaaffii qooda qabeenyaa dhiyeessuun tasgabbii maatii fi hariiroo diinagdee akka jeeqaniif hayyamuun kaayyoo seerichaa akka hin taanee fi manni murtiitis seeroota biroo dhiyeenya qaban sakatta'uudhaan daangaa darba yeroo haqa qabeessa ta'e dhimmicha irratti raawwachiisuu akka qabus* akeekee jira.

Akkaataa kanaanis, daangaan darba yeroo seera dhaalaa fi seera qabeenyaa keessa jiran akkuma barbaachisummaa isaanitti kan raawwataman yoo ta'es, gaaffiin qooda abeenya dhiirsaafi niitii irratti hundaa'u garuu, haala kamiinuu waggoota 10n oliin dhiyaachuu akka hin qabne S/H/H/kwt. 1845 raawwatamuu qaba.

Gaaffii Marii

Gaa'illi Mana Murtiitiin hiikkaan hin diigamne tokko yomiyyuu MM tti dhiyaatee hiikkaan mirkanaa'uu akka qabu hiikoo Manni Maree Federeeshiinii murtii dirqisiisaa MMWF Dh.IJ. tiin kennamaa ture raawwatinsa akka hin qabaanne murteesse jiru irraa kan hubatamu dha.

[30]Galmee Ijibbaataa Lakk.17937, (1999)

Bu'uura murtii Mana Maree Federeshinii kanaan bu'aan hiikkaan hordofsiisu qabeenya isaanii illee ilaalchisee qooddii qabeenyaa hin taasifamne **yoomiyyuu** gaafachuu danda'u jechuun kan danda'amu dhaa?

MMWF dh.Ij. yeroo dheeraaf hiikoo dirqisiisaa kennaa tureen qabatamaan gaa'illi yeroo MM tiin alatti diigamu (de facto divorce), darbinsi yeroo qooddii qabeenyaa immoo waggaa 10 keessatti dhiyaachuu akka qabu murtiiwwan ammaan dura kennaa ture ibsuun murtii kenneera.[31]

Manni Maree Federeshiinii murtii dabarseen, dhimma Falmii Ad. Qalamuwaa Tafarraa fi Waamamaa Ob. Fissahaa Damissee gidduutti hanga MMWF Dh/Ij tti murtii argaterraa hiikkoo heeraa irratti gaafatameen, lakk gal 50/10 Bara hojii Paarlaamaa 5ffaa wal gahii Idilee isaa 1ffaa irratti hiikoo kenneen, gaa'illi qabatamaan mana murtiin alatti hiikkaan haalli itti diigamu hin jiru jechuun murtii dabarse darbinsa yeroo qooddiin qabeenyaa yoom taasifamuu qaba kan jedhu illee walumatti qabnee yoo ilaalle hiikkoo dirqisiisaa darbinsa yeroo ilaalchisee MMWF Dh.Ij. kenne illee kan diigu ta'aa? Kan jedhu leenjifamtoonni caalatti mariidhaan kan bilcheessan ta'a?

Tarii darbinsi yeroo MMWF Dh.Ij. qooddii qabeenyaa gaa'illi hiikkaan taasifamee waggaa 10 keessatti gaafatamuu baannaan darbinsa yeroon daanggeffama jedhu kan hojiirra oolchuu dandeenyu yoo gaa'illi Mana Murtiidhaan hiikkaan diigame qofa raawwatinsa kan qabu dha jechuu dandeenya.

Yeroo ammaa erga hiikoo Mana Maree Federeshiniin kenneen booddee namoonni gaa'ila isaanii yeroo dheeraaf dhiisanii jireenya biraa keessa turan illee yeroo ammaa hiikkaan gaa'ilaa mana murtiin alaa hin jiru erga jedhameen booddee gaa'ila hafee turee jiru akka haaraatti akka diigamuuf hiikkaa gaafachuun qabeenyaas bifa haaraan gaafachuutu jira manneen murtii keessas bifuma gaafatamee kanaan murteessuutu mull'ata. Manneen Murtii qabatamaan darbinsa yeroo qabeenyaa gaa'ila keessaatti horatame yeroo itti gaafatamuu qabu akka darbinsa yeroo waggaa 10 jedhamee ammaan dura hiikoon itti kenname dhiisuun murteessuutu mull'ata. Mee dhimma qabxii kaafne kanaaf rogummaa qabu tokko akka armaan gdiitti dhiyaatee jiru haa ilaallu.

[31]Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 61357 ta'e irratti Iyyataa Ob. Fiqrasillaase Isheetee fi waamamtuu Ad. Waagaayee Gaayim gidduutti murtii kenne ilaallata. (jildii 13ffaa)

Dhimmi kun murtii MMWO Dhaddacha Dhaabbii Bahaa irraa fudhatame yoo ta'u[32]; MM Ol'aanaa Godina Arsii murtii manni murtii aanaa Sudee lakkoofsa galmee 21971 ta'e irratti kenne irraa komiin dhiyaateefii murtii kenneen; himannaa mana murtii jalaatti d/kennituun ammaa himannaa gaa'illi akka diigamuu fi qabeenyaan qabiiyyeen lafaa akka qoodamuuf gaafatteen, himatamaanis, himattuu waliin kan gargar bahan bara 1997 ta'uu, qabeenyaa fi qabiiyyee ibsuun dhiyeessite kan waliin hin qabne ta'uu, qooddachuufis mirga hin qabdu yoo jedhu. Manni Murtii aanaa Sudees ragaa bitaa mirgaa dhaggeeffatee mana jireenyaa, baargamoo fi qabiiyyee lafaa keessaa ¼ himattuuf akka qoodamuuf jechuun murteesseera. MMO Godinni Arsiis murtii kana irraa komiin dhiyaateefii murtii manni murtii aanaa kenne irraa hanqinni kan hin jirre ta'uu ibsee komii dhiyaateef kufaa gochuun murteesseera.

Ol-iyyataan murtii kanarraa itti fufee komachuun komii isaa MMWO Dh. Dhaabbii Bahaaf kan dhiyeesse yoo ta'u; Komiin ol'iyyataan dhiyeesse jirus gabaabumatti yoo ibsamu kan jedhu, ''d/kennituun amma kuni ana biraa erga baate booda abbaa warraa lama heerumtee kan jirtu fi **waggaa 18 oli** adda addaa baanee qabeenya qabnus jaarsaan qoddannee osoo jirruu manni murtii yeroo 2ffaadhaaf qabeenyaan ani dafqa kootiin horadhe akka qoddannuu murtiin kenne sirri miti. Kanaafuu murtiin mana murtii ol'aanaa fi mana murtii Aanaa naaf diggamee gaa'illii ana fi d/kennituu jidduu kan hin jirree fi qabeenya yeroo gaa'ilaan wajjiin turree qabdu qoddattee deemuun ishee hubatamee murtiiin mana murtii jala diggamee akka naaf murta'u kan jedhu dha.

Manni Murtii dhaddacha Bahaas, komii dhiyaate qorachuun xiinxala taasiseen gaa'illii ol'iyyataa fi d/kennituun qaban gaafa 21/08/2013 mana murtiitti kan diggamee fi bu'aa diggaan gaa'ilaa hordofisisuu qabiyyee fi qabeenya wajjiin qaban ragaan qulqulleesse akka addaan qoddatan murtii kan kenne ta'u waan hubanneef gama kanaan murtiin manneen murtii jalatiin kennamee hanq'inna kan qabu ta'ee waan hin argamneef akkaataa SDFHH keewwata 337 tiin d/kennituu waamuun osoo hin barbaachifnee komiin ol'iyyataa sagalee caalmaan hin dhiyeessisu jenne jirra jechuun yoo murteessu; **sagaleen yaada addaatiin** Abbaan seeraa tokko kaahan immoo, d/kennituun amma kun bara 1997 eegaltee qabiyyee lafa falmiif sababa ta'e kanatti kan hin fayyadamnee ta'uu fi kan hin kunuunisisinee ta'uun haala caalmaatti amanisisaa ta'een mirkana'ee osoo jiru komiin ol'iyyannoo kuni qulqulla'uu hin qabu jedhamuun sirri waan hin taaneef ni dhiyeessisa jedhe yaadan addaa baheera.

[32]Murtii MMWO Dhaddacha Dhaabbii Bahaa lakkoofsa galmee 382536 ta'e irratti Ol'iyyataan- Gannaa Mahammad- fi D/Kennituun:-Faaxumaa Aliyyii- gidduutti murtii argatee jiru dha. (bara 2014)

Akka waliigalaatti, gaa'illi mana murtiitiin ala hiikkaan diigamu kan seeraan beekumtiin kennameef jiraachuu baatu illee bu'aa hiikkaan hordofsiisu keessaa qabeenyaan gaa'ila keessatti horatame garuu daangaa yeroo waggaa 10 jedhamee hiikkoo dirqisiisaa ammaan dura kennameen ala ta'uu isaa murtii manneen murtii oliirraa kan hubatamu dha. Manneen murtii qabeenyaa gaa'ila keessaa qooduuf gaa'illi yoom akka diigame irratti hundaa'uun murtii kennaa kan jiran ta'uun kan hubatamu dha. Manni Maree Federeshinii hiikkoon darbinsa yeroo qabeenyaan yoom gaafatama jedhu ilaalchisee hiikkoon ykn murtiin kenne hin jiru waan ta'eef qabeenyaan gaa'ila keessatti horatame yoom gaafatama kan jedhu hiikkoo dirqisiisaa ammaan dura MMWF Dh. Ij kenne yoo hordofame caalatti kaayyoo Darbinsa yeroo mirgi tokko ittiin gaafatamu kan galma geenyu ta'a, haqumaas kan qabaatu yoo akkas ta'e fakkaata.

Qabxiilee Marii

1. Dhimma Aadde Irkoo fi Obbo Tufaa olitti dhiyaate irratti MM Aanaa gaa'ela addaan bahiinsa walfuutotaatiin waggoota 20 dura diigame mana murtiitti hindiigamne sababa jedhuun gaa'elicha mirkaneessee hiikkaa eega murteesse booda qabeenya ilaalchisee garuu darba yeroon ni daangeffama jedhee kan murteesse akkamitti ilaaltu? Gaa'elli murtii kana keessatti ilaalame yoom diigame? Darbi yeroo yoom irraa eegala? Murtii MMOl'aanaan dhimmicha irratti ol'iyyannoon kenne hoo seera qabeessa jettu? Murtii Manni Maree Federeshinii dabarse faana murtii kana akkamiin ilaaltu?
2. MMWF Dhaddachi ijibbaataa gaa'elli diigamuun walqabate gaaffiin qooda qabeenyaa battalumatti ittifufee ilaalamuu akka qabuufi yoo hangamis ture waggoota 10n booda akkataa S/H/H kwt.1845(1)n akka daangeffamu kan murteesse akkamitti ilaaltu? Hiikkaan seerichaa murtii kana keessatti kenname kun manneen murtii irratti gara fuulduraa bu'aa akkamii qaba jettu? Muxannoon qabdan hoo maalfakkaata?
3. Falmiin hiikkaa gaa'elaa fi kan qooda qabeenya dhiirsaa fi niitii gargaratti ilaalamuu danda'aa? Maaliif? Gaalmee tokko irratti moo galmee garagaraa irratti ilaalamuu qabu jettu? Muxannoo qabdanii fi sababii waliin deeggaruun mari'adhaa!
4. Aangoo Mana Maree Federeeshiniif Heera Mootummaan kennamerraa manni mare kun aangoo darbinsa yeroo labsiidhaan ykn seera biraatiin tumamee jiru irratti hiikkoo kennuuf aangoo qabaa? Dhimma darbinsa yeroo qabeenyaan gaa'ila keessatti

horatame gaafachuu dhimma mirga qabeenyaa gaa'ila keessatti wal fuutoonni qabanii fi eegumsa Heeraa qabu faana hidhata inni qabu irraa ka'ee manni maree hiikkoo kennuu danda'aa?

5. Manni Maree Federeeshinii gaa'illi mana murtiin alatti (de facto divorce) hin jiru jedhee hiikoo kenneen wal qabatee wal fuutoonni hanga fedhe adda bahanii turan illee hiikkaa mana murtii fidachuu akka danda'an hubachiisa waan ta'eef darbinsa yeroo qabeenyaan gaa'ila keessatti horatame yoomiyyuu gaafachuun akka danda'anitti hiikkoo itti kennuu dandeenyaa?

1.2.2. Qooda Qabeenya Abbaa Warraa fi Haadha Warraa Keessatti Haala Mirgi Garee 3^{ffaa} Itti Ilaalamu

Falmii bu'aa diiggaan gaa'elaa gama qabeenyaan hordofsiisu irratti ka'u keessatti akka waliigalaatti mirgi/dantaan qulqullaa'uu qabu kan walfuutotaa (garee lameenii) akka ta'e ni beekama. Haatu malee, yeroo hedduu gaaffiin /mirgi garee 3^{ffaa}tis falmii kana keessatti yemmuu ka'u ni mudata. Yemmuu kana mirgi garee 3^{ffaa} kun akkamitti ilaalamuu akka qabuun walqabatee rakkooleen qabatama hojii keessatti mul'atuun hin hafu. Rakkoolee gama kanaan jiran keessa asitti kan itti xiyyeeffaman lama qofa yoo ta'an, isaanis; Gaa'ela du'a walfuutota keessaa isa tokkoon diigamu keessatti dhaaltonni isa du'aadhaa qabeenya dhiirsaa fi niitii keessaa gahee du'aa yemmuu gaafatan qoodinsi akkamitti raawwatama kan jedhuufi, qabeenya walfuutota keessaa inni tokko "kan waliiti" jedhu irratti gareen 3^{ffaa}n "kan kooti" jechuun falmii ka'uudha.

Qabxii isa duraa keessatti gaa'elli du'a abbaa warraa ykn haadha warraatiin yemmuu diigamu dhaaltonni isa du'ee gaaffiin qooda qabeenyaa isaa yemmuu dhiyeessan gaafichi ilaalamuu kan qabu bu'uura seera maatiitiin moo bu'uura seera dhaalaan, kan jedhu irratti rakkoon hanqina hubannoo seeraa yemmuu mudatu mul'ata. Sababiin isaatis, gaafichi kan ilaallatu qabeenya dhiirsaa fi niitii kan addaan hin qoodamne waan ta'eef, dhaaltonni du'aadhaa gahee du'aa dhaaluuf dursa qabeenyichi dhiirsaa fi niitiif bu'uura seera maatiin qoodamuu akka qabu ni hubatama.

Akkasumas, dhaaltonni du'aadhaa **gaa'elichaaf garee 3^{ffaa}** waan ta'aniif gaaffiin isaanii bu'uura seera dhaalaan ilaalamuu qaba. Egaa, rakkoon seerota kana walsimsiisanii

raawwachuu irrattiidha kan mul'atu. Kana malees, du'aan haadha manaa lama ykn sanaa ol kan qabu yoo ta'e qabeenya waliinii addaan baasuu irrattis rakkoo ta'a. Innis, seerichi kan tilmaamuu fi beekus gaa'ela namoonni lama qofa dhiirsaa fi niitummaan kan hundeessan waan ta'eef gaaffiin haadha manaa du'aadhaa kan boodaa akka gaaffii garee 3^{ffaa}tti ilaalamuuf dirqama. Kanaaf, qooda qabeenya waliinii keessatti qabeenyichi bakka lama moo bakka saditti kan qixxee qoodamuu qabu, kan jedhu xiinxala barbaada. Qabxiiwwan kana raawwii qooddii ilaalchisee mata duree xiqqaa boqonnaa kana keessatti kan ilaallu ta'a..

Waa'ee dhaaltota du'aa ilaalchisee, qoodni qabeenya dhiirsaa fi niitiidhaa du'aan diigamuu gaa'elichaa booda osoo hin raawwatin yoo ture, gaaffiin dhaaltonni du'aadhaa gahee isaa irratti dhiyeessan bu'uura tumaalee seera dhaalaan moo bu'uura tumaalee seera maatii mirgaan fi dirqama walfuutotaa hundeessaniin ta'a, gaaffii jedhu jalatti fakkeenyaaf darba yeroo haa ilaallu. Asirrratti, gaaffiin qooda qabeenya dhaalaa garee biroo irraa fudhachuuf dhiyaatu bu'uura S/H/H keew. 1000n ilaalama. Gaaffiin addaan qoodamuu qabeenya dhiirsaa fi niitii irratti dhiyaatu immoo akka armaan olitti ibsameen waggoota 10n keessatti dhiyaatuu akka qabu seera maatii fi seera waliigaltee walitti fiduun eerameera.

Kanaaf, gaaffiin qabeenya dhaalaa kan ka'e dhaaltota giddutti yoo ta'e tumaaleen S/H/H/kwt.1000 jalatti jiran kan raawwatan yoo ta'an, gaafichi qooda qabeenya dhaalaa kan gaafatu ta'us, diigamuu gaa'elaan booda qabeenya waliinii irratti dhaaltota du'aa fi abbaa warraa/haadha warraa isa jiru giddutti yoo ta'e daangaan darba yeroo waggaa 10 jedhame kan raawwatu ta'a.

Egaa gama kanaan hojii qabatamaan jiru ilaaluuf murtiilee tokko tokko asitti dhiyeessuun ni barbaachisa. Dhimma MMOl'aanaa Godina Baaleetti ilaalame tokko keessatti himataan/ilmi du'aadhaa/ dhaaltuu du'aa Obbo Adunyaa Baqqala ta'uu isaa mirkaneeffachuudhaan qabeenya dhiirsaa fi niitii osoo addaan hin qoodamin niitii du'aa harkatti hafe keessaa gahaan abbaa isaa (du'aadhaa) akka kennamuuf himata dhiyeesseera. Du'aan bara 1994 kan du'e yoo ta'u himanni kun immoo kan dhiyaate bara 2001 keessa akka ta'e galmeen ni hubachiisa. Himatamtuun (niitiin du'aa) deebii kenniteen, himataan yeroo abbaan isaa du'e irraa jelqabee hanga ammaatti asuma kan jiruu fi mirga isaatis kan beeku ta'uu eeruudhaan himanni isaa bu'uura seera dhaalaa keew. 1000(2)n kan daangeffamu ta'uu isaa darba yeroo kaasuudhaan mormiteerti.

Manni Murtichaa garuu bitaa fi mirga falmisiisuun galmicha eega qorate booda murtii kenneen, *"himataan du'a abbaa isaa kan beekuufi mirga isaatis kan beeku ta'uun waan mirkanaa'eef, osoo beekus mirga isaa kabajchisiifachuuf gaaffii daangaa yeroo seeraan kaa'ameef keessatti osoo hindhiyeessin turuun isaa hubatameera. Kanaaf, himanni inni du'a abbaa isaafi mirga isaa eega beekee waggoota jaha (6) booda dhiyeesse bu'uura seera dhaalaa keew .1000 (2) n ni daangeffama."* jechuun ibseera.

Haaluma walfakkaatuun dhimma biroo MMWF Dhaddacha ijibbaataan ilaalame kan Aadde Dinqee Tadlaa fi Obboo Abaata Cannee gidduu ture armaan olitti kan ibsame keessatti dhaaltonni du'aa Obboo Caanne Yimiraxuu qabeenya dhiirsaa fi niitii keessaa gahaa abbaa isaanii akka kennituuf Aadde Dinqee irratti mana murtii jalaatti himata dhiyeessanii turan. Manni Murtii Aanaa fi Ol'aanaan Mootummaa Naannoo Amaaraa dhimmicha ilaalan *gaafichi bu'uura seera dhaala 1000(1)fi(2)n nidaangeffama.* jechuun yoo murteessan MMW Naannichaa immoo *"gaaffiin kun kan ka'e dhaaltota giddutti osoo hintaane dhaaltotaa fi garee 3^{ffaa} gidduutti waan ta'eef daangaan darba yeroo seera dhaalaa keew 1000 (1) fi (2) jalatti tumame raawwatamummaa hin qabu, akkasumas seera maatii keessatti daangaan darba yeroo dhimmichi ilaaluu kan hin jirreen alattis qabeenyi falmii kaase kun qabeenya maatii waan ta'eef bu'uura seera dhaalaa keew.1000 (3)n darba yeroon hin daangeffamu."* echuun murteessee jira.

Dhaddachi ijibbaataa MMWF garuu murtii asirratti kenneen, tumaaleen seera dhaalaa olitti tuqaman kunniin falmii dhaaltotaa fi garee 3^{ffaa} giddutti ka'u kan hinilaallanne ta'uu yoo mirkaneessu, gaama biraatiin *"gaaffiin qooda qabeenya dhiirsaa fi niitii irratti kan dhiyaate ta'uun gonkumaa darba yeroon akka hin daangeffamne kan godhuu miti."* jehuun seera waliigaltee keew.1845(1) jalatti kan tumame kaasuudhaan darba yeroo waggaa 10 (kudhan)n daangessee murteessee jira.

Qabxilee Marii

1. Murtiilee armaan olitti ilaallaman keessaa isa kamtu seera qabeessa jettu? Muxannoo keessaniin walbira qabaa mari'adhaa!
2. Seera dhaalaa kwt.1000 (3) jalaatti akka tumametti qabeenyi falmii kaase qabeenya maatii (family immovable) yoo ta'e darba yeroon hin daangeffamu jedha. M/M/W/Federaalaa dhaddachi ijibbaataa garuu gaaffii qabeenya akkasii irratti

dhiyaate bu'uura seera waliigaltee kwt. 1845(1)n ni daangeffama jedheera akkamitti ilaaltu? Sababii isaa xiinxalaa!

3. Qooda qabeenya dhiirsaa fi niitii ilaalchisee qabeenya qabeenya tokko kutaadhaan addaan qooduu akkamitti ilaaltu? Tilmaamaan qooduun hoo?

Dhumarrattis, rakkoolee gama mirga garee 3ffaan walqabatee mul'atan keessaa inni biroo falmii qabeenya dhiirsaa fi niitii keessaatti walfuutota keessaa inni tokko qabeenya waliinii karaa adda addaan maqaa garee sadaffatti yemmuu miliqsu, mirgi walfuutota keessaa isa kaanii kan garee 3ffa isa dhugaa ta'erraa akkamitti adda bahuu akka danda'uun kan walqabatudha. Asirratti, walfuutota keessaa inni mirgi isaa gocha isa kaaniin miidhameera jedhu haalumaa kana mana murtiif hubachiisuudhaan beenyaan akka kanfalamuuf gaafachuu akka qabu SMO kwt. 114 fi 115 jalatti ibseera.

Rakkoo akkasii kana ilaalchisee falmii dhiirsaa fi niitii aadde Badhaatuu fi aadde Daraartuu Qaabatoo N-2 giddutti MMOl'aanaa[33] Godina Shawaa Bahaatti oliyyannoon ilaalame tokko asitti dhiyeessuun gaarii ta'a.Dhimmichi jalqaba MM Aanaa Adamii Tulluutti kan dhiyaate yoo ta'u, aadde Darartuun D/kennaa 2ffaa waliin dhiirsaa fi niitummaan turuudhaan booddee sababa waldhabbii cimaa isaan giduu tureen gaa'elli ishii akka diigamuufi qabeenyi akka qoodamuuf himata dhiyeessiti. Haaluma kanaan gaa'elli diigameera.

Diiggamuu gaa'elichaan booda falmiin qooda qabeenyaa kan itti fufe yoo ta'u himattuun tarree qabeenya waliinii dhiyeessite keessatti manni jireenyaa magaalaa Baatuu ganda 02 keessatti argamu akka qoodamuuf gaafatteerti. Himatamaan immoo deebii yemmuu kennu, mannii kun kan isaanii osoo hintaane kan haadha isaa akka ta'ee fi walfuutonni (isaan) immoo haadha himatamaa irraa kireeffatanii keessa kan jiraatan ta'uu ibsee deebiseera. Manni murtichaa dhimmicha irratti ragaa bitaa fi mirgaan eega caqase booda waa'ee manichaa qulqulleessuudhaaf manichi maqaa eenyuun akkajiru adda baasee ibsa akka kennuuf Bulchiinsa Magaalaa Baatuu ajajeera. Bu'uura kanaanis, manichi maqaa haadha himatamaa, Aadde Badhaatuun kan jiru ta'uu ibsee bulchiinsi magaalatti deebiseera. Kanaan dura garuu manni murtichaa himatamaan haadha isaa bakka bu'ee falmuuf angoo waan hindhiyeessineef himata keessaa baasuudhaan haati isaa (Badhaatu) falmitti seentee akka falmattu godhee jira.

[33]Galmee Ol'iyyannoo Lakk. ,(2002)

Gama biraatiin ragoonni bitaa fi mirgaan dhiyaatan yemmuu caqafaman ragoonni himmattuudhaa manicha himattuun eega himatamaan walfuute booda maallaqa kennaadhaan haadha ishii irraa argatte Q. 6000.00 fi lafa m^2 800 bifa beenyaatiin kennameef keessaa ammas haatii ishee m^2 200 kan kenniteef ta'uu, lafa kana irratti Q. 6000.00 irrattis himatamaa waliin mallaqa dabaluudhaan mana amma falmii kaase kana sarvisii kutaa saddeeti (8) qabu ijaarachuu isaanii, kunis maqaa walfuutota lameeniin galmaa'uu isaa fi mana kanas kutaalee lama keesa walfuutonni jiraachuudhaan kan hafan kireeffatanii ittifayyadamuu isaanii raganii jiru.

Ragoonni giddu seentuu immoo, manichi kan eenyu akka ta'e kan hin beekneefi walfuutonni garuu mana kana keessa jiraachuu isaanii kan jiraatan kireeffatanii ta'uufi dhiisuu kan hinbeekne ta'uu, fi akka yaada isaaniitti manichi kanuma walfuutotaa ta'uu isaa kan ragan jechi isaanii galmicha keessaa ni argama. Kanamalees, lafti manichi irra jiru m^2 200 haadha himattuuf beenyaan yemmuu kennamuuf waliigaltee bulchiinsa waliin godhame irratti uunkaan guutames akka ragaa deeggarsaatti dhiyaatee jira. Jechi ragoota namaa dhimmicha haalaan qulqulleessuuf rakkisaa wan ta'eef m/murtiichaa manichi maqaa haadha himatamaatiin kan galmaa'e yoom irraa akka ta'eefi galmeeffamni biroos yoo jiraate adda baasee ibsa akka kennu irra deebi'uun bulchiinsa magaalatti ajajeera. Haaluma kanaan ibsa kennameen, manichi maqaa haadha himatamaan kan galmaa'e bara 1998 keessa akka ta'eefi sanaan dura garuu maqaa walfuutotaan galmaa'ee kan jiru ta'uun isaa ibsameera.

Haala jijjiiramuu galmee manichaa ilaalchisee himattuun mana murtiif ibsa kenniteen bara 1997 irraa eegalee himatamaa waliin hedduu kan waldhiban ta'uu, sababuma kanaan himatamaan bara 1997 keessa himattu tumuudhaan ibidda itti naqee miidhaa qaamaa cimaa irraan gahuudhaan isheenis ji'oota sadiif hospitala sheerii jedhamu ciiftee yaalama turuu ishii, sababa kanaan himatamaanis yakkaan himatamee dhiibbaadhaan adabbii maallaqaa adabamuu isaa, fi manichas maqaa kan jijjiire gidduu isheen ciiftee yaala irra turte sana keessa ta'uu akka hin oolle dubbatteerti.

Egaa, MM Aanichaa ragaalee kanneen eega madaale booda manichi qabeenya waliinii walfuutotaati jechuun murteessee ture. Ta'us Adde Badhaatu, haati himatamaa, murtii kana komachuudhaan MMOl'aanaa Godina Shawaa Bahaatti kan oliyyatte yoo ta'u, bu'urri komii isheetis kan jedhu mana ofii koo ijaaradhee walfuutonni sababa rakkataniif itti kireessee keessa jiraatan, kan abbaan qabeenyummaatis maqaa koon galmeeffamee argamu m/murtii jalaa qabeenya waliinii walfuutotaa jedhee kan murteesse dogongoraadha kan jedhuudha.

MMOl’aanaa immoo komii oliyyattuudhaa murtii jalaa fi ragaalee jalatti dhiyaatan garagalcha galmee jalaa keessaa walitti eega qorate booda murtii kenneera. Murtii kenneenis, *“manichi falmii kaase kun kan D/kennituu/ himattuu jalaa/ ti, lafti manichi irratti ijaarame immoo kan ol’iyyattuu ammaati.”* jechuudhaan D/kennituun tilmaama lafaaoliyyattuuf akka kaafaltu, yoo hin taane immoo mana irraa diiggattee lafa oliyyattuuf akka gadi lakkiftu ajajeera.

Murtii kana keessattis xiinxala godheen m/murtichaa kun sababiin inni kaa’e, manichi kan D/kennituu ta’uu isaa ragoonni afaanii fi kan barruu jalatti dhiyaatan yoo hubachiisanis, galmee manichaa ilaalchisee kaartaafi plaaniin maqaa ol-iyyattuun kan galmaa’e ta’uu isaa ragaan bulchiinsi magaalaa kenne kan mirkaneesse ta’uu ibsuudhaan murtii jalaatis diiguu isaahimee jira.

Qabxilee Marii

1. Manni Murtii Aanaa Adaamii Tulluu mana falmii kaase kana himatamaan kan isaa akka hin taane bakka deebii kenneen ibsee jirutti, manichi qabeenya waliinii walfuutotaa akka ta’e murteessuun isaa sirriidha jettuu? Manichi maqaa garee 3faan galmaa’ee kan jiru ta’uun bulchiinsa magaalaan osoo ibsamee jiru m/murtii aanichaa bira darbee kan Aadde Badhaatuu akka hin taane murteessuu isaa hoo akkamitti ilaaltu?
2. Manni Murtii Ol’aanaan kan murteesse deeggarsa seeraa fi haqaa qaba jettuu? Manaa fi lafa gargar baasee murteessuun isaa hoo akkamitti ilaalama?
3. Akkaataa ragaalee ilaallamaniitti manichi kan eenyuuti jettanii yaaddu? Maaliif?
4. Himattuun mirgi ishee gocha seeraan alaa himatamaan raawwateen kan sarbame ta’uu bu’uura SMO kwt. 114n himanni dhiyeessite osoo hinjiraanne m/murtii waa’ee manichaa irratti murtiin kenne sirriidha? Muxannoon qabdan hoo maal fakkaata?
5. Beenyaadhaan walqabatee bu’uura SMO kwt.111 fi 114 gidduu adda addummaan jiru maaliidha? Kwt.111 jalatti sababoonni beenyaa kanfalchiisuu danda’an maal fa’a jettu? Fakkeenyaan ibsaa.

1.3. Adeemsa Raawwii Sirna Qoodinsa Qabeenya Dhiirsaa fi Niitii

Gaa'illi kan raawwatame sirna kamiiniiyyuu ykn kan diiggame sababa kamiiniiyyuu yoo ta'es bu'aa hordofsiisu irratti garuu tokko ta'uu isaa seensa boqonnaa kanaa keessatti ibsamee jira. Diiggaa gaa'ilaa ilaalchisee immoo sababiiwwan seeraan ibsaman keessaa tokko hiikkaa akka ta'e SMO kwt 97(3) jalatti kan tumame irraa hubachuun ni danda'ama. Asirratti akka qajeeltoo tokkootti wanti hubatamuu qabu falmiin hiikkaa gaa'ilaatii fi bu'aa isaa bifaan gargar ta'us bu'uuraan tokko ta'uu isaati.[34]

Qajeeltoon kunis kan maddu yaad- rimee eegumsi gaa'ilaaf godhamu yeroo raawwii isaa irraa eegalee hanga diiggaa isaatti akka ta'e ibsu irraa yoo ta'u HMDRFI kwt. 34(2) jalattis kan mirkanaa'eedha. Diiggaanis hiikkaa M/Murtiin kennamu yoo ta'e M/Murtichaa bu'aa isaa irrattis murtii kennuuf angeffamuu isaa SMO kwt. 98 jalatti kan tumame irraa ni hubatama. Kaayyooon seerichaatis yemmuu xiinxalamu murtiin hiikkaa gaa'ilaa hariiroo dhuunfaa walfuutootaa qofa osoo hintaane hariiroo gama diinagdeen jirus bu'uura seeraatiin adaan kutuudhaan mirgaa fi dantaa gareewwanii eegsisuu[35] akka ta'e hubachuun nama hin rakkisu.

Kanaaf, qajeeltoon sirna qoodinsaaf karaa banu inni duraa falmiin hiikkaa gaa'ilaa dantaa daa'immanii fi qabeenyaa waliin ilaalamee haala kaayyoo seerichaa galmaan gahuu danda'uun murtaa'uu akka qabu kan agarsiisuudha. Qabatamaan garuu raawwiin jiru bal'aafi adda addummaa guddaa kan qabuudha. Akka waliigalaatti ejjannoowwan gama kanaan qabatamarratti jiran akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Ejjannoon inni duraa[36] himanni hiikkaa gaa'ilaa gaafachuun dhiyaatu himannoo bu'uura seeraa ofdanda'e qabuu fi adeemsa mataa isaan kan murtaa'u yoo ta'u, dhumarrattis araraan furamuu waan maluuf hiikkaa gaa'ilaatti geessuu dhiisuu danda'a yaada jedhu irraa kan maddeedha. Akkasumas, himanni qoodinsa qabeenyaa irratti dhiyaatus dantaa mataa ofii danda'e waan ta'eef gareen barbaadu gaaffii dhiyeessu irratti hundaa'uun kan ilaalamu akka ta'e ibsuudhaan falmiiwwan kun lameen gargaratti dhiyaachuu akka qaban abbootiin seeraa hedduun ni falmu. Kanaaf akka yaada ejjannoo kanaatti himanni hiikkaa gaa'ilaa fi kan

[34] Gaa'elli yemmuu diigamu ykn hiikkaan murtaa'u bu'aawwan raawwiin gaa'eliichaa uume walfuutota giddutti hariiroowwan jiran addaan kuta. Hariiroowwan kunis tokko gama dhuunfaa walfuutotaa yoo ta'u inni kuun immoo gama diinagdeetiin kan jaruudha.

[35]The Texas young lawyers Association Pro Se Divorce Hand Book, " Representing yourself in family coort", 2010, P.12

[36]Ejjannoo kun leenjii hojii iraa dheeraa bara 2002 kennamaa ture irratti ogeessota hirmaatan hedduun kan ka'aa turee fi qabatamaahis hanga yeroo dhihootti bal'inaan kan ittiin hojjatamaa ture yoo ta'u, ammas darbee darbee ittiin hojjatamaa jiraachuu isaa dhimmoonni ni agarsiisu.

qooda qabeenyaa dantaalee ofdanda'an (independent causes of action) ta'uu fi lameeniifuu kanfaltiin seerummaa kanfalamuun kophaatti galmee adda addaa irratti akka banamu ibsa.

Bu'uura yaada ejjannoo kanaatiinis qabatamaan gaa'illi murtii hiikkaa tiin diigamuun isaa eega murtaa'e booda galmeen dhimmichi itti ilaalamaa ture ni cufama. Itti aansuudhaan walfuutoota keessaa inni barbaade yeroo barbaadetti tarree qabeenyaa ibsuudhaan himata qoodinsa qabeenyaa kanfaltii seeraa raawwachuun galmee haaraa irratti ni dhiyeeffata. Haala kanaan akkuma falmii idilee isa birootti ragaan dhagahamuudhaan murtiin ni kennama. Ammas gareen barbaade galmee raawwii banachuun murtii kenname raawwachiifachuu danda'a.[37] Gareen ejjannoodhuma kana cimsan kanneen biroo, falmiin hiikaa gaa'ilaa fi qooddiin qabeenyaa galmeedhuma tokkorratti kan ilaalamu yoo ta'e iyyuu himanni tarree qabeenyaa dhiyaachuu kan qabu erga murtiin diiggaa gaa'ilaa kenname booda malee iyyata hiikaa gaa'ilaa fi tarree qabeenyaa jalqabarratti waliin dhiyeeffachuun wal-falmitoonni falmii qabeenyaarratti akka xiyyeeffatan waan godhuuf araara irratti dhiibbaa qaba gareen jedhus ni jira.

Gama biraatiin ejjannoon jiru immoo himanni hiikkaa gaa'ilaa fi kan qooda qabeenyaa gosaan gargar ta'us dhimma uumamaan walqabatu waan ta'eef bakka tokkotti murtaa'uu qaba kan jedhu dha. Kanas falmii dhiirsaa fi niitii ilaalchiisee himanni dhiyaatu galmee garaagaraa irratti osoo hintaane galmee tokko qofa irratti ta'uu qaba, murtiin kennamus tokko qofaadha jechuun abbootiin seeraa hojjatanis hedduudha. Bu'uura kanaan himanni hiikkaa gaa'ilaa yemmuu dhiyaatu himata gaaffii hikkaa qabate qofa osoo hintaane iyyannoo ibsa tarree qabeenyaatis waliin dabalatee dhiyaachuu akka qabuudha ejjannoon kun kan tarkaanfachiisu. Sababiin isaatis SMO kwt 98 fi 110(3) tiin manni murtii yeroo murtii hiikkaa gaa'ilaa kennu bu'aa walhiikinsaatis waliin murteessuu akka qabu tumuu isaa bu'uura godhatu. [38]

Garee ejjannoo kanaa jalatti hojmaatni biroo qabatamaan jiru akka agarsiisutti himanni hiikkaa gaa'ilaa fi kan qooda qabeenyaa galmee tokko irratti ilaalamuu akka qabu kan deeggaramu yoo ta'ellee, sadarkaan falmichi itti gaggeeffamu fi haalli murtiin itti kennamu adda adda ta'uu akka qabuudha. Kunis, falmii dhiirsaa fi niitii yemmuu ilaalu M/Murtii dursee waa'ee hiikkaa gaa'ilaa irratti murtii kennuun gara falmii qoodinsa qabeenyaatti darbuu qaba, murtiin qoodinsa qabeenyaa irratti kennus murtii hiikkaa gaa'ilaan addaa akka

[37]M/M/A/Liimmuu fi bilbilo, Galmee lakk. 15311/2003; M/M/A/Dadar almee lakk. 10472/2003 ilaaluun ni danda'ama

[38]ILQSO, Leenjiiwwan hojii irraa dheeraa bara 2002 fi 2003 marsaa 4[ffaa] dura kennamaa turen irratti yaada ogeessonni gartokkeen kaasaa turaniidha: Akkasumas M/M/ATokkoo kotaayee, Galme lakk. 87125/2003, M/M/A/Dandii, galme lakk. 14238,/ 2003 haa ilaalamu.

ta’e ejjannoo hubachiisuudha. Akka waliigalaatti hojmaata qabatamaan jiru irraa kan hubatamu murtiin falmii hiikkaa gaa’ilaa irratti kennamuu fi kan qooda qabeenyaa irratti kennaman bal’inaan kan jiru ta’uu isaati.

Darbee darbee gareen gaaffiin diiggaa gaa’elaa, qoodinsa qabeenyaa fi raawwinuu bakka tokkotti raawwatamuu qaba kan jedhanus ni jiru.

Ejjannoowwan gama kanaan qabatamaan mul’atan kun bu’uura seeraa qabaachuu fi ykn isa kamtu caalatti kaayyoo seerichaa waliin akka deemu ykn walsimu bal’inaan mariidhaan ilaalamee kallattiin kan irratti qabatamu yoo ta’es, seerichi immoo yoo ilaalamu durse falmii hiikkaa gaa’ilaa irratti murtiin eega kenname booda bu’aa hiikichaa kan ta’e qoodinsa qabeenyaa irratti itti aansuudhaan yeroo ji’a jaha (6) hincaalle keessatti murtiin kennamuu akka qabu ifaan agarsiisa[39].

SMO kwt 105(4) irraa akka hubatamutti iyyanni wal hiikinsaa akkuma dhiyaateen manni murtichaa battalumatti akkaataa bulmaata fi jireenya abbaawarraa fi haadha warraa eegumsa, iddoo jireenyaa ijoollee, akkasumas akkaataa bulchiinsa qabeenya isaanii ilaalchisee ajaja barbaachisaa fakkaate isatti mull’ate kennuu akka danda’u tumamee jiru irraa bakka tokkotti dhiyaachuu fi galmeedhuma tokko irratti keessummeeffamu akka danda’an kan hubachiisu dha. Tumaan biraa yaada kana cimsu SMO kwt 110 (1) jalatti murtii hiikkaa murteessee, bu’aa hiikkaa irratti immoo akka waliigalan taasisa, yoo waliigaluu baatan tooftaa mijataa isatti fakkaate fayyadamee bu’aa hiikkaa akka murteessu, haala dhimmichaarratti hundaa’ee murtii qabeenya ilaalchisee ji’a jaha yeroo hin caalleef tursuu akka danda’u tumamee jiru irraa akka waliigalaatti gaaffiin hiikkaa fi qooddiin qabeenyaa wal faana dhiyaachuu akka danda’an tumaalee akeekan kana irraa kan hubatamu dha.

Hiikka gaa’ila fi bu’aa isaa murteessuun walqabatee qabxiin biroo waliigalaa akka rakkootti qabatamaan mul’atu immoo gaa’illi eega diigame booda walfuutonni deebi’anii jaarsaan araaramuudhaan yeroo murtaa’eef waliin jiraachuudhaan ammas gaaffii hiikkaa gaa’ilaa fi qoodinsa qabeenyaa yemmuu dhiyeessan manni murtii haala kamiinii fi bu’uura seera kamiin murteessa kan jedhuudha. Asirratti qabatamni jiru kan agarsiisu murtiileen hedduu gargar fagaatan kennamaa kan jiran ta’uu irra darbee rakkoo walxaxaa uumaa jiraachuu isaati.

Akkuma fakkeenyaatti, manneen murtii gartokkeen gaa’ilicha jira jechuudhaan murtii hiikkaa ofii isaaniitii duraan kennan diiguudhaan ammas bifa haaradhaan hiikkaa murteessuun

[39]SMO, kwt 110(6): M/Murtii dursee hiikkaa murteessuudhaan bu’aa isaa ilaalchisee murtii kennu immoo akkuma haala dhimmichaatti walhiikkaan booda yeroo ji’a jaha (6) hincaalleef tursuu ni danda’a.

qabeenya yoo qoodan,[40] isaan kuun immoo murtima hiikkaa isa duraanii irratti hundaa'uun gaaffichi waggaa kudhan (10) keessatti kan dhiyaate yoo ta'e qoodinsa qabeenyaa murteessu.[41] Rakkoon gama kanaan uumamaa jiru bu'uura seeraatiin hiikuudhaaf hedduu walxaxaa ta'uu isaa qofa osoo hintaane furmaanni haala kana keessatti kennamus mirga qooda qabeenyaa irratti walfuutonni qabanis kan garmalee miidhu ta'ee mul'ata. Kunis, gama tokkoon eega hiikkaan murtaa'e booda walfuutonni gaabbuudhaan araaramanii jireenya waliinii deebisanii kan itti fuufani fi hariiroon fuudhaa fi heerumaa qabatamaan (factually) lafa irratti kan jiru yoo ta'e, dhugaa qabatamaan jiru kanaaf beekumtii kennuun murtii hiikkaa duraan laatame kaasuuf kan dandeessisu adeemsi seeraa waan hin jireef rakkisaa ta'a. [42]
Gama kaaniin immoo, walfuutonni qabatamaan walitti deebi'anii jiraachuu isaanii lafarratti yoo hubatames gaa'ila haaraa raawwachuun isaanii bakka hin mirkanaa'initti murtiin hiikkaa duraan kenname bu'a qabeessa waan ta'eef gaa'illi beekumtii seeraa qabu hin jiru kallattii jedhuun yoo deemame immoo eega murtiin hiikkaa kenname booda waliin jireenya qabatamaan uumame keessatti qabeenya waliin horatame irratti walfuutota keessaa inni gaaffii qoodinsaa dhiyeeffatu mirgi isaa kan sarbamu akka ta'e ifaadha.[43] Rakkoo kana caalatti ifaa fi qabatama gochuudhaaf akka tolu dhimmoota muraasa gama kanaan rogummaa qabanii fi, kallattii furmaataafis akeeka ta'uu kan malan muxannoo biyyoota birootis akka armaan gadiitti gabaabsanii ilaaluun ni filatama.

Dhimmi kun kan dhiyaatee murtaa'e Godina Harargee Lixaa Mana Murtii Aanaa Odaa bultumitti galmee lakk 15392 irratti bara 2003 ttii dha. Firiin dubbiitis gabaabumatti, himattuunii fi himatamaan bara 1999 akka sirna shari'aatti gaa'ila raawwachuun waggoota sadiif eega waliin jiraatan booda waldiddaa isaan giddutti uumameen M/M/Shari'aa Aanaa Odaa Bultumiitti himata hiikkaa himattuun dhiyeeffatteen M/M/Sh/Aanichaa dhaddacha gaafa 05/04/2002 ooleen galmee lakk. 00343 ta'e irratti gaa'illi isaanii hiikkaan diigamuu kan murteesse yoo ta'u, hiikkaa gaa'ilichaan walqabateetis qabeenya waliin qaban jimaa kataaraa afur (4) qixxetti qoodamuun adda bahaniiru.

Haa ta'u malee himata galmee lakk olitti ibsameen mana murtii Idilee Aanichaatti himattuun gaafa 14/06/2003 dhiyeessiteen himatamaa waliin gaa'illi isheen qabdu M/M/Sh/Aanichaatti

[40]M/M/Aanaa Sinaanaa, Galmee Lakk (2003), M/M/A/Liiban cuqqaalaa, Galmee lakk(.2003)
[41] M/M/Aanaa Odaa Bultum, Galmee lakk. 15392 (2003)
[42]Akka seeraa maatii biyya keenyaatti murtii hiikkaattiin gaa'elli eega diigame booda haala murtiin kun deebi'ee ittin deegamuu danda'u irratti tumaan diriirfame hin jiru. Kunis walfuutonni hiikkaan booda yoo kan araaraman ta'e bu'urri seeraa haala kanaaf carraa kennu waan hin jirreef qaawwa seeraa ta'ee mul'atu.
[43]Dhimma MMAanaa Liiban Cuqqaalaa olitti caqafame haa ilaalamu.

murtii hiikkaatiin eega diigame booda jaarsa firaatiin araaramuudhaan gaa'ila isaanii deebi'anii kan itti fufan ta'uu fi kanas baatii kudhanii (10) f waliin turuu isaanii ibsitee, yeroo ammaatis waliigaluu dhabuudhaan himatamaan waan manaa ishee ari'eef gaa'illi isaanii akka diigamuuf yoo gaafattu, qabeenya duraan eega qoodaman booda walitti deebisanii fi turtii baatii kudhanii keessattis waliin horanne jettes tarreessuudhaan qallaba ijoollee waliin M/Murtichaa akka murteessuuf gaafatte.

Haaluma knaan himatamaanis dhiyaatee deebii kenneen gaa'illi isaanii duraanuu M/M/Sh/Aanichaatii diigamuu fi qabeenya qabanis kan addaan qoodatanii gargar deeman ta'uu ibsee yeroo lammataaf himanni dhiyaate bu'uura seeraa hinqabu jechuun kufaa akka ta'u gaafate. MM Aanichaatis himataa fi deebii bitaa fi mirgaa eega ilaale booda gaa'illi walfalmitootaa M/M shari'aatti diigamuu fi qabeenyas addaan qoodachuu isaanii bitaa fi mirgi kan walamanan ta'uun alattis garagalchi murtii M/M shari'aa ragaa gahaa waan ta'eef gaaffiin hiikkaa gaa'ilaa fi qooda qabeenyaa kufaadha jechuun murteessee jira.

Dhimma kana irraa akka hubatamutti walfalmitoonni murtii hiikkaa M/M/shari'aan kenname booda jaarsaan araaramuufi walitti deebi'anii ji'oota kudhaniif waliin jiraachuu akkasumas qabeenya gamtaa dabalataan horachuu isaanii himattuun himata ishee M/M/ idilee Aanichaatti dhiyeessitee fi ijoo dubbii gaaffii isheef bu'uura godhatte ta'uu galmeen yoo agarsiises, qabxiilee ijoo kanneen ilaalchisee garuu himatamaanis deebiin kenne, M/M Aanichattis Wanti jedhe gonkumaa hinjiru. Gama biraatiin eega araaraman booda yeroo baatii kudhanii (10) waliin turan keessatti qabeenya waliin horanne jechuun himattuun akka qoodamuuf gaafatte keessaa inni ijoon tokko qabeenya mana jireenyaa tokkoo fi jimaa kataaraa sadii dabalataan waliin dhaabaniidha.

Egaa karaa jaarsa araaraatiin araaramuun gaa'ila isaanii kan deebisanii itti fufan ta'uu fi qabeenyi gamtaa waliin jireenya baatii kudhanii (10) keessatti horatame jettu jiraachuu isaa naaf mirkaneessan kan jettu ibsa tarree ragaa himattuun dhiyeeffachuu ishiitis galmeen kan hubachiisu yoo ta'u, M/Murtichaa haallan kan hundaa duuchumatti irra darbuudhaan himaticha kufaa godhuun murtii kenneef sababiin akka waliigalaatti kaahe dhimmichi dursee m/m/shari'aatti kan xumurame ta'uu isaati. Kanas (M/Murticha yoo caqasuu baates) tumaa SDFHH kwt.5 (resjudicata) bu'uura kan godhate fakkaata.

Garuu akka galmeen haala olitti ibsameen agarsiisutti himanni himattuudhaa " resjudicata"n kan daangegffamuudha? Jaarsummaan araaramuu fi waliin jireenyi yeroo ji'oota kudhanii (10) walfalmitoota kana gidduutti ture akkasumas bu'aan hordofsiise bu'uura seeraa ittiin ilaalamu gonkumaa seera maatii keessatti hinqabuu laata? Gama kanaan seerichi qaawwa qaba yoo jedhames, yeroo seerri ilaallatu dhimma dhiyaate ilaalchisee wanti jedhu hin jiru ta'e qajeeltoon kenna tajaajila abbaa seerummaa maal jedha laata, xiinxalamuu hin qabuu? Sadarkaa kanatti moojuliin kun gaaffilee kanneeniif deebiin kallattii kennu yoo hin jirreellee, yeroo dhimma dhiyaate ilaalchisee qaawwi seera mudatu manni murtii dhimmicha (himata) kufaa akka gochuu qabu qajeeltoo tajaajila abbaa seerummaas ta'ee bu'urrii seeraa biraa ajaju akka hin jirre gamanumaan jala muranii dubachuun ni danda'ama. Qabxii kanaan walqabatee dhimma walfakkaatu tokko irratti Manni Murtii Waliigala Federaalaa dhaddachi Ijibbaataa murtii[44] kenne tokko asitti ilaaluun kallattii agarsiisuudhaaf gumaachi qabu ol'aanaa ta'ee mul'ata.

Dhimma kana keessatti iyyattuun dhaddacha Ijibbaataa Mana murtii jalaatti abbaa warraa kiyya kan jettu eega du'e booda niitummaa mirkaneeffachuuf himata dhiyeeffatte waamamtuun niitii du'aa turte mormii dhiyeessiteen iyyattuunii fi du'aan gaa'illi isaanii murtii hiikkaatiin kan diigame ta'uu fi diiggaa booda du'aan waamamtuu waliin gaa'ila raawwattee osoo waliin jiraatan du'uu isaa ibsuudhaan iyyattuun niitii miti jettee falmii kaafteen manni murtii jalaa kun gaa'illi iyyattuu murtiin hiikkameera jedhee himata ishii kufaa godhee jira. M/Murtii ol'iyyata ilaales murtii jalaa cimseera.

Iyyattuun falmii jalaa keessattis ijoo dubbii kan godhattee falmaa turteen du'aa waliin gaa'illi isheen qabdu M/Murtiitti murtii hiikkaatiin diigamuus ta'ee sana boodas du'aan waamamtuu fuudhuu isaa hin waakkanne garuu gaa'illi ishee murtii hiikkaan eega diigame booda du'aa waliin jaarsaan araaramuudhaan gaa'ila isaanii qabatamaan kan ittifufan ta'uu isaanii ijoo gochuun falmaa turte. Dhaddachi ijibbaataatis murtiilee jalaa diigee niitummaa iyyattuu mirkaneessuun murtii kenne keessatti xiinxala godheen akkas jedheera.

Gaa'illi iyyattuu fi du'aadhaa murtii hiikkaatiin kan diigame ta'us booddee araaramanii walitti deebi'uun waliin jiraachuun isaanii dhugaa qabatamaan lafa jiru ta'uu ragaan mirkaneessee bakka jirutti gaa'ilichi hiikkaan diigamuu isaa irratti hundaa'uun dhugaa lafa jiru bu'aa seeraa dhabsiisuun murtii haqaa fi kaayyoo seeraa hordofe ta''ee hin mul'atu.

[44]MMWF dhaddacha Ijibbaataa, Galmee Ijibbaataa Lakk. 21740/2000; Murtiilee dhaddacha Ijibbaataa Jiildii 5[ffaa] (2001) fuula 174-179.

Dhaddachi ijibbaataa kun murtii kenneef seerri bu'uura godhate Seera Maatii Federaalaa kwt 96 haalli dhiirsaa fi niitummaa (possession of status) jiraachuu hubachuun gaa'ila mirkaneessuu tooftaa ittiin danda'amu yoo ta'u, hiikkaan booda du'aa fi iyyattuun gaa'ila isaanii kan ittifufan ta'uu araarri godhameefi haalli jireenyaa waliin turan ragaadhaan kan mirkanaa'e ta'uun haalli dhiirsaa fi niitummaa kun jiraachuu isaa kan hubachiisu akka ta'e madaallii ragaa M/M/jalaa godhan garagalcha galmee jalaa keessaa kan hubatamu akka ta'e ibsuudhaan murtiin jalaatis dogongora ijoo seeraa kwt 96 irratti raawwatame akka ta'e kaaheera.

Gama biraatiin muxannoon biyyoota biroo qabxii kana ilaalchisee akka agarsiisanitti gaa'illi hiikkaan yemmuu diigamu, keessattuu gaaffii hiikkaa gareen tokko dhiyeessu irratti kan hundaa'e yoo ta'e M/Murtii hiikkaa murteessuun dura ulaagaalee guutamuu isaanii mirkaneeffachuun irra jiru kan kaahan yoo ta'u, kanas ta'ee garuu murtiin hikkaa kennamu bu'aa seeraa kan hordofsiisuu eegalu daangaa yeroo mataa ofii danda'e kaahu.[45]

Bu'uura kanaan, gaa'ilichi haala gaabbii tokkollee hin qabneen kan diigamu ta'uu (irretrievable break down of marriage) isaa M/M dursee mirkaneeffachuun dirqama yoo ta'u, haala kanaan murtiin hiikkaa yemmuu kennamus guyyaa kenname irraa kaasee guyyoota 45 murtichi raawwatiinsaa malee akka turu ni ajajama. Kunis gidduu kanatti walfuutonni tarii araaramuu yoo barbaadan daangaa yeroo kaahame kana keessatti ol'iyyachuun murticha kaasisuu akka danda'an maddaaleen seerota maatii Naannolee Washingitanii fi Philaadalphia biyya Amerikaa ni agarsiisu. [46]

Waan ta'eefis, M/Murtii murtii hiikkaa kennuun dura walfuutonni miira aarii fi mufii keessaa bahuudhaan waldiddaa isaanii tasgabbiin araaraan fixachuu akka danda'an adeemsa seerri diriirse sirritti hordofuudhaan hojii irra oolchuun rakkoo kana hedduu dhiphisuun akka danda'amu hubachuun furmaata duursa qabu yoo ta'u, darbee garuu dhimmoonni rakkoo akkanaa kaasan yemmuu mudatan gaa'ila dura diigame deebisanii jira jechuun rakkisaa ta'us, gaa'ila akka haaraatti sirna sadan gaa'illi itti raaawwatamuun yoom eessatti akka raawwatame haala ibsuun ykn gaa'ila osoo hin raawwatiin akka abbaawarraa fi haadhawarraatti waliin jiraachuu jedhu hundeessuu danda'u kana jechuun garuu gaa'ila duraanii iddootti deebisan osoo hin taane akka haaraatti hundeessan jechuu dandeenya.

[45]Washington courts, Family law Hand Book, (2009), the final decree of divorce may not be given until 90 days lapse from the date of entery of the decree.

[46] Washington courts, P. 12, and also see Divorce in Philadapphia County, at htt:// WWW. Phil gov: Ruth Pilkiton, the law hand book, family law, 11th edt. 2009, P. 660, Texas young lowyers Association, pro se divorce hand book, 2010, P. 13, & chekman leving, Recognition

Kunis, gaa'illi duraa akka hin jirre kan hubachiisu dha. Kana malees, qoodinsa qabeenyaan walqabatee haala uumamu ilaalanii furuudhaaf bu'urri seeraa jiru bal'aadha.

Qabxiilee Marii

1. Murtii hiikkaa gaa'ilaa fi bu'aa hiikichi hordofsiisu gidduu walitti dhufeenya jiru bu'uura kaayyoo seera maatiin xiinxaluun ibsaa! Murtii hiikkaa kennuun bu'aa hiikichaatis walumaan murteessuu akka dirqamaatti ni dabalataa? Ni dabalata yoo ta'e sababii waliin dhiyeessaa! Qabatama jiru muxannoo qabdan kaasuun mari'adhaa!
2. Falmiin hiikkaa gaa'ilaa fi falmiin qooda qabeenyaa galmee tokko moo kan adda addaa irratti ilaalamuu qaba jettu? Murtiin kennamu hoo garaagara moo bakkuma tokkotti ta'uu qaba jettu? Qabatamaan hoo akkamitti hojjatamaa jira? Tumaa seeraa rogummaa qabu waliin qabatama jiru kaasaa mari'adhaa!
3. Murtiin hiikkaa eega kenname booda walfuutonni araaraan walitti deebi'anii jireenya waliinii yoo itti fufan hariiroon kun seera duratti bu'aa akkamii qabaata? Akkamittis ilaalama? Dhimma armaan oliin walqabatee murtii M/M/A/Odaa Bultum kenneefi kan M/M/W/F/Dha Ij. Kenne xiinxaluun bu'uura seeraa qaban adda baasaa! Murtiin dhadd. Ij. hangam kallattii fuula duraa akeeka jettu?
4. Gaa'illi diigamuun qoodinsa qabeenyaatiif haalduree dirqamaati jettuu? Gaa'illi osoo hin diigamin walfuutota keessaa inni tokko qabeenya dhuunfaa isaa/ishee ykn qabeenya gamtaa irraa gahee isaa/ishee gaafachuu danda'uu? Seeraa fi sababii waliin agarsiisaa!

1.3.1. Qajeeltoowwan Qoodinsa qabeenyaa

Diigamuu gaa'ilaa hordofuun falmiin qoodinsa qabeenyaa yemmuu ilaalamu qajeeltoowwan adeemsa sirna qoodinsaa bitanii fi tooftaaleen raawwii isaa mijeessan seeraan tumamanii jiru. Seera keenyaa fi muxannoowwan gaarii biyyoota biroo walitti xiinxaluudhaan kanneen armaan gadii hubannoo fi qabatamaan hojjachuuf akka tolanitti tarreeffamuun ibsamaniiru. Isaanis:

- *Haal dureewwan adeemsaa:* eegumsa bulchiinsa qabeenyaa fiwaliigaltee walfuuto taa
- *Qulqulleessa qabeenyaa* (liquidation of properties)
- *Qabeenyota adda baasuu* (classification/characterization of properties)
- *Qabeenyota tilmaamuu fi madaaluu* (valuation & specification)

- *Qoodinsa qabeenyaa raawwachuu* (partition) yoo ta'an tokko tokkoon ilaaluun gaariidha

1.3.1.1. Haal-dureewwan adeemsaa

Sirni qoodinsa qabeenya gamtaa adeemsa seeraa ittiin raawwatamu kan of danda'ee diriire akka qabu seensa booqanna kanaa keessatti eeruun keenya ni yaadatama. Adeemsa kanas hojii irra oolchuuf kan dandeesisan qajeeltoowwanii fi tooftaaleen adda addaa hedduun kan jiran yoo ta'u, akkaataa qajeeltoowwanii fi tooftaalee kanaanis sirna qoodiinsaa raawwachuun dura haaldureewwan gamanumaan manni murtii mijeessuu qabus Seera Maatii Oromiyaa keessatti tumamanii jiru.

Sirni qoodinsa qabeenyaa akkaataa haqaa fi kaayyoo seerichaa hordofeen akka raawwatamu dandeessisuudhaaf manni murtii falmii hiikkaa gaa'ilaa ilaaluun cinatti qabeenyi akka hinqisaasamne ykn hinmancaanee fi akkaasumas haala dantaa walfuutotaa fi daa'immanii irratti gamanumaan eegumsa barbaachisu gochuun haala mijeessuun haal duree isa ol'aanaa akka ta'es SMO kwt 105(4 fi 5) jalatti ifaan tumee argama. Kanas akkuma iyyanni hiikkaa dhiyaateen battalumatti raawwachuu akka qabu seerichi xiyyeeffannaa addaatiin ibseera.

Kana boodas manni murtii walfuutonni akka araaraman bu'uura adeemsa seerichi kaaheen yaaluudhaan yoo milkaa'uu baate hiikkaa gaa'elichaa irratti murtii eega kenne booda waa'ee qoodinsa qabeenyaa ilaalchisee walfuutonni waliigalteedhaan akka qoodatan carraaqqii gochuun dirqama dha. [47] Hojimaanni qabatamaan jiru garuu kan agarsiisu haaldureen kun osoo hin yaalamin manneen murtii hedduun akkuma murtii hiikkaa gaa'elichaa kennaniin bitaa fi mirgi tarree qabeenyaa akka dhiyeeffatan ajaju ykn falmii qoodinsa qabeenyaatti seenu.

[47]SMO kwt 103, 110 (2) fi 112 walitti xiinxaluun haalduree hubatamuudha; kunis qooda qabeenyaa fi haala guddina ijoollee walfuutonni ofii isaanii walii galuun akka murteeffatan dursi kennamuufii akka qabu yaada bu'uura godhateedha. See also Natasha Bakht, Family Arbitration Using Sharia Law: Examining Ontario's Arbitration Act and its Impact on Women, Muslim World Journal of Human Rights *Volume* 1, *Issue* 1 2004 *Article* 7 p.7: The Supreme Court of Canada has emphasized in several family law cases, its interest in upholding parties' private bargains:In a framework within which private parties are permitted to take personal responsibility for their financial well-being upon the dissolution of marriage, courts should be reluctant to second-guess the arrangements on which they reasonably expected to rely. Individuals may choose to structure their affairs in a number of different ways, and it is their prerogative to do so.

Kanaaf akka waliigalaatti jalqaba falmii hiikkaa gaa'elaa irraa eegalee manni murtii eegumsa nageenya qabeenyaa barbaachisu mijeessuu[48] fi murtii hiikkaan boodas haala qoodinsa qabeenyaa irratti waliigaltee walfuutotaaf duursa kennuun haaldureewwan raawwii qoodinsaa dura xiyyeeffannaan ilaalamuu qaban akka ta'an hubachuun qabxii dagatamuu hin qabneedha. Gama biraatiin akkaataa olitti ibsameen qoodinsi qabeenyaa waliigaltee walfuutotaan akka raawwatamu gochuuf yaalii fi carraaqqiin godhame yoo milkaa'uu baate manni murtichaa tooftaa mijataa ta'ee itti mul'ate kamittuu fayyadamuun qodiinsa qabeenyaa murteessuu akka danda'u SMO kwt. 110(3) jalatti ibsamee jira. Kunis akkuma haala dhimmichaatti jaarsoleen ykn ogeessa manni murtii muuduun ykn mana murtii mataa isaatiin fi kkf ta'uu danda'a.

Asirrattis manni murtii qoodinsa qabeenyaa ofii isaatii raawwachuun dura jaarsota firaa ykn namoota biroo walfuutonni eeran yoo jiraatan ykn dhaabbilee waldiddaa maatii irratti hojjataniin qoodinsi akka raawwatamu osoo yaalee filatamaa fi caalatti bu'a qabeessa akka ta'e muxannoon biyyoota biroo (fkn, Asustralia[49]) ni agarsiisa. Ta'us garuu, qoodinsi qaamolee kanneeniin raawwatame mana murtiitti dhiyaatee mirkanaa'uu qaba.

Inumaayyuu seerichi itti dhiyeenyaan yemmuu xiinxalamu boq, 7^{ffaa} kutaa 4^{ffaa} kwt 112-116 jalatti akka diriirsetti qabeenya walfuutotaa qulqulleessuun sirna of danda'e akka ta'ee fi qoodinsatti osoo hin seenin dura dursee raawwatamuu akka qabu agarsiisa. Karaa biraatiin akkuma qabeenyi dhaalaa dursa qulqulleessituu muuduudhaan qulqullaa'uu qabu qabeenyi dhiirsaa fi niitiitis haaluma kanaan eega qulqullaa'e booda qoodamuu kan qabu yoo ta'u kunis qulqulleessituu qabeenyaa muuduudhaan raawwachiisuuf manni murtii angoo akka

[48] Nageenya qabeenyaaf eegumsa barbaachisu gochuun qabeenyi manca'uun ykn miliqfamuun isaa haala sababa qabeessaan gareen shakkame yoo jiraate akka dhoorkamee ykn kabajamee turu bu'uura s/d/f/L/h kwt 154-159 tiin ajaja kennuu dabalachuu danda'a. Kunis hiikkaan booda falmii qoodinsa qabeenyaa irratti ka'u haala salphaafi saffisaan raawwiachuuf gargaaruu irra darbee mirga walfuutotaaf wabii dha. See also Ruth Pilkinton, The Law Hand Book cited above: If one party threatens to sell, give away or mortgage the home or any other property, the other party can seek a court order (an *injunction*) to stop them. The court may make an injunction to preserve the property until the final hearing and the making of property settlement orders.

[49]Ruth Pillkinton, p.670: Before the court makes a property order (except for *interim* or *consent* orders), the parties will usually have to attend a conference with a registrar of the court to discuss settlement options. Both parties must attend, and may bring a lawyer. The parties are required to make a genuine effort to settle the matter. They must usually exchange documents relating to their financial circumstances and the value of their assets before the conference.

qabus tumaan kwt 110(3) jalatti ifaan yoo tumames qabatamaan garuu manneen murtii itti fayyadamaa kan jiran hin fakkaatan.

1.3.1.2. Qabeenya qulqulleessuu

Egaa haallan olitti gabaabinaan ibsaman kun milkaa'uu dhabuun ykn jalqabumaayyuu mijataa ta'uu dhabuudhaan manni murtii qoodisa qabeenyaa ofii isaatii raawwachuuf kan filatu yoo ta'e qajeeltoowwanii fi tooftaalee SMO keessatti hammataman hordofuun barbaachisaa yoo ta'u isaanis qabeenya jira jedhamee dhiyaate qulqulleessuu, kan dhuunfaa fi kan waliinii adda baasuu, qabeenyota kanas mallaqaan ykn bifaan shalaguu fi tilmaamuu fi qoodinsa raawwachuu jalatti hiramuun geggeeffamu.

Kanneen keessaa qobxiilee qabatamaan akka biyya ykn naannoo keenyaatti rakkoon bal'inaan irratti mul'atu qofaa irratti xiyyeeffachuun ilaaluun daangaa fi kaayyoo moojulii kanaa waan ta'eef qabeenya dhuunfaa fi kan waliinii addaan baasuu ilaalchisee qajeeltoowwan tumaa seeraa fi rakkoo qabatamaa dhimmootaan deeggaruun akka armaan gadiitti haa ilaallu. Jalqaba qajeeltoowwan qabeenya dhuunfaa adda baasuu ilaalan xiinxalina.

A. Qabeenya dhuunfaa walfuutotaa adda baasuun murteessuu.

Qabeenyaan gaa'ilaan dura jiru kan dhuunfaa akka ta'etti seerichaan tilmaama fudhachuun isaa, wal fuutoota keessaa gareen qabeenya homaa hin qabaanne tokko nama qabeenya qabu tokko fuudhuun ykn heerumuun gaa'illi yeroo diigamutti qabeenya kana akka qooddatu gochuun haqummaas ta'e deeggarsa seeraa kan hin qabaanne waan ta'eefidha. Wal fuutoonni yeroo gaa'ila raawwatanitti dhuunfaatti qabeenyaan qaban ykn dhuunfaatti kennaadhaadhaan ykn dhaalaan argatan qabeenyuma dhuunfaa nama sanaa akka ta'u seerichaan tumameera. Tumaan kun heera mootummaa kwt 40 jalatti mirga abbaa qabeenyummaaf eegumsa taasifame sana mirkaneessuun akka danda'amuuf tumamee jiru dha jechuu dandeenya.[50]Gama biraatiin, wal fuutoonni yeroo gaa'ila raawwatanitti qabeenyaan gamiisaan kan dhuunfaa irraa bitatan, kanfaltiin kaan immoo gaa'ila keessatti yeroon raawwatamee qabeenyaan harka isaanii itti galu jiraachuu mala waan ta'eef seerichi rakkoo

[50]Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kwt. 40(2) jalatti, **qabeenya dhuunfaa jechuun**; jiraataa Naannichaafi Nannicha ala jiraatu lammiinsaa Itoophiyaa kan ta'ee kamiyyuu, yookiin qaamni seerummaa kan kennameef waldoonni guutuu biyyaa yookaan Naannoo, yookiin hawaasonni haallawwan barbachisaniin seeraan addaan bahee abbootii qabeenyaa gamtaa akka ta'an hayyamameef, **humna isaaniitiin**, **dandeettii uumuu isaaniitiin,** yookiin **kaappitaala isaaniitiin kan horatan**, argama qabatamaafi haala qabatamummaa otoo hin ta'in kan gatii qabaniidha.

akkasii yeroo mudatutti haala kamiin furmaata argata kan jedhu qabatamaanis manneen murtii keessatti akkamiin hiikkoon itti kennamaa jira kan jedhu booda irra kan ilaallu ta'a. Muuxannoon biyya biraa jiru, qabeenyaan tokko kan argame gamiisaan qabeenya dhuunfaa irraa fi gamiisaan immoo kanfaltii qabeenya waliinii irraa yeroo argamutti, hangi qabeenyaa waliinii ta'e kan hanga kan dhuunfaa waliin yeroo dorgomutti qabeenyaan hanga waliinii kan dhuunfaa sanarra kan gar malee xiqqaatu yoo ta'ee fi akka qabeenya dhuunfaatti akka fudhatamu yeroo ta'utti, inni tokko isa kaaniif hanga tilmaama qabeenya waliinii keessatti baase heerragamee walakkaan isaa akka kanfalamuuf akka ta'u agarsiisa, muuxannoon kun seera maatii biyya keenyaa keessatti tilmaama keessa akka galee jiru hubatama.[51] Murtiiwwan MMWF Dh.Ij. murtii dirqisiisaa kennaa jiru kan booda ilaallus yaada kana kan tilmaama keessa galchaa jiran ta'uutu hubatama.[52]

Ibsa tarree qabeenyaa bitaa fi mirgaan dhiyaate keessatti qabeenyi/wwan kan dhuunfaa ta'uu walfuutonni wal amanan yoo jiraate/tan gamanumaan falmii keessaa akka bahan gochuun tooftaa falmicha salphisuu fi gabaabsuuf gumaacha guddaa qabu akka ta'e hubatamuu qaba. Qabeenyi/wwan walfuutoota keessaa tokko kan dhuunfaa kooti jechuun dhiyeesse inni kuun immoo kan dhuunfaa kooti ykn kan waliiniiti jechuun mormuu ni mala. Qabatamaanis bal'inaan mul'ata. Yemmuu kana qajeeltoon qabeenya dhuunfaa adda baasuun murteessuu jedhu SMO boqonnaa 5^{ffaa} kutaa 3^{ffaa} jalatti tumaalee diriiran kwt. 73,74, 80 fi 86 tumaalee boqonnaa 7^{ffaa}, kutaa 4^{ffaa} jala jiraniin walitti ilaaluun kan raawwatamuu qabu dha.

Bu'uura tumaalee seerichaa kanneeniin tooftaalee qabeenya dhuunfaa adda baasuuf dandeessisan/ gargaaranitti fayyadamuun qabeenya/wwan kan dhuunfaa ta'uu fi dhiisuu isaanii ilaalchisee falmiin irratti ka'e murteessuun qajeeltoon qabeenya dhuunfaa adda baasuu dursee raawwatamuu qaba. Hunda dura qabxiin hubatamuu qabu wanti/qabeenyi fuudhaa fi heeruma/ gaa'ela keessatti argamu[53] kamiiyyuu qabeenya waliinii dhiirsaa fi niitii akka ta'e tilmaamni seeraa kan irratti fudhatamu ta'uun tumame kan jiru dha.[54] Waan ta'eef, tooftaaleen qabeenya dhuunfaa adda baasuuf gargaaran bu'uura tumaalee addaa tilmaama

[51] IBSA (Hatetaa) seera Maatii Ripaabliika Dimookraatawaa Federaala Itoophiyaa F.17

[52] ከፓብቻበፊትበአንደኛውተፓቢየተፈራቤትበፓብቻወቅትእድሳትየተካሄደለትመሆኑብቻንብረቱንየባልናሚስቱየፓራሃብትየ ማያደርገውስለመሆኑ (jildii 11ffaa, lakk galmee 45207)

[53] ,asirratti qabeenya fuudhaa fi heeruma keessatti argamu kamuu yemmuu jedhamu qabeenya gaa'ela keessatti horatame jechuu osoo hin taane 'any property existed in the institution of marriage at the time of divorce' jechuuf akka ta'e haa hubatamu, kan gaa'ela dura dhuunfaan horatames ta'ee gaa'ela keessatti horatame hunduma ilaala.

[54] SMO, kwt, 79(1) haa ilaalamu.

kana faallessuu akka danda'an seerichaan tumamaniitiin raawwatamuu akka qaban dagatamuun irraa hin jiru.

Haala kanaan walfuutota keessaa inni qabeenyi falmii kaase kan dhuunfaa kooti jedhu qabeenyichi kan dhuunfaa isaa ta'uu hubachiisuudhaan tilmaama waliigalaa seerichi kaa'e faalleessuun mirkaneessuu qaba. Kanas kan hubachiisuun irra jiru akka fedhii isaatti osoo hintaane bu'uura tumaalee addaa seerichi kaaheen ragaa rogummaa qabutti fayyadamuun qofa ta'a. Innis, 1ffaa qajjeeltoo qabeenya dhuunfaa adda baasuu jedhuuf bu'uura kan ta'e SMO kwt. 113(1) jalatti akkaataa tumameen abbaan warraa ykn haati warraa kan dhuunfaa isaa ta'uu hubachiisuudhaan qabeenya dhuunfaa isaa/ishee deebisanii fudhachuun mirga bu'uuraa walfuutota waan ta'eef manni murtii of-eeggannoon ilaaluutu irra jira.
2ffaa, akkaataa tumaa bu'uuraa kwt. 113(1)n qabeenyichi kan dhuunfaati jechuudhaaf immoo bu'uura SMO kwt. 73 fi 74 tiin tooftaalee tumaman irratti hundaa'uun qabeenyichi kan dhuunfaa ta'uun mirkanaa'uu ykn hubachiifamuu qaba. Kunis, bu'uura kwt. 73n Qabeenyichi raawwii fuudhaa fi heerumaan dura dhuunfatti kan horatame ykn sana booda dhaalaan ykn kennaadhaan dhuunfatti kan argame ta'uu isaa walfuudhaan ilaallatu yoo mirkaneesse dha.
Tooftaan kun raawwatamummaa kan qabaatu garuu qabeenya osoo hin jijjiiramin ykn kan waliiniitiin wal hin makiin akkuma jalqaba dhuunfaan horatametti[55] jiru qofa irratti dha. Qabeenya dhuunfaa jijjiiruun kan argame yoo ta'e immoo bu'uura SMO kwt.74(1) fi (2)n haallan tumaman hubachiisuun mirkanaa'uu qaba. Bu'uura kanaan qabeenya gaa'elaan dura horatamee fi qabeenya gaa'ela booda dhaalaan ykn kennaan kophaatti argame adda baasuu irratti rakkoo jiru walduraa duubaan haa xiinxallu.

I. Qabeenya Raawwii Gaa'elaan Dura Horatame

Egaa qabeenya dhuunfaa haala olitti ibsameen adda baasanii murteessuun walqabatee rakkoon qabatamaan jiru yemmuu qoratamu, 1ffaa qabeenyi tokko fuudhaa fi heerumaan dura argame (yemmuu gaa'elli raawwatamu dhuunfatti walfuudhaan kan qabuudha) jedhamee bu'uura kwt. 73n kan beekamuu danda'u akkamitti fi yoom, kan jedhu irratti hiikni tumaa kwt. 73f kennamaa jiru garaagarummaa qaba. Inni biraa immoo garaagarummaan kwt.73 fi

[55]Qabeenyichi yeroo falmiin irratti ka'u bifa ykn gosa jalqaba yemmuu argamu qabu irraa kan jijjirame yoo ta'e kan jedhu, fkn manni gaa'ela dura kan dhuunfa keessatti gurguramuun qarshitti yoo jijjiirama, ykn qarshii sanaan qabeenya biroo kan birame yoo ta'e fi kkf jechuu ilaallata.

74 gidduu jiru ifaan hubatamuu dhabuu, keessumaayyuu tumaalee kwt.73 fi kwt.74(2) jala jiran daangaa raawwatiinsa isaanii addaan baasaanii hiikuu irratti rakkoon jiru bal'aa dha.

Akka qabatamni jiru agarsiisutti manneen murtii tokko tokko tumaa kwt 73f hiikkaan kennan qabeenyichi rawwii fuudhaa fi heerumaa dura argamuun isaa battalumatti (automatically) kan dhuunfaa akka taasisutti kan hiikan yoo ta'u, haallan biroo kamiiyyuu ilaalcha keessa galchuun barbaachisaa akka hintaanetti hojjatamaa jiraachuu agrsiisa. Kanumaan walqabatee bu'uura tumaa kanaatiin qabeenya dhuunfaa ta'uu walfuudhaa gaafatu osoo hintaane walfuudhaa mormu ykn kan dhuunfaa miti kan waliiniiti jedhu irratti dirqamni hubachiisuu akka kufutti kan hiikamaa jiru akka ta'e dhimmoonni xiixalaman ni mul'isu. Fakkeenyaaf dhimma tokkoo asitti haa ilaallu. Dhimmi kun M/M/A/ Dandiitti kan dhiyaate yoo ta'u hiikka gaa'elaan booda himattuun ibsa tarree qabeenyaa dhiyeeffatteen qabeenya waliinii ta'uu ibsitee himatamaan akka qooduuf qabenya gaafatte keessaa tokko mana jireenyaa himatamaan gaa'ela dura qabu garuu gaa'ela booda waliin yemmuu keessaa jiraatan kan waliin haaromsan akka qoodamuuf gaaffatte. Himatamaan immoo manicha ilaalchisee deebii kennaan manicha fuudhaafi heerumaa himattuutin dura haadha warraa koo biroo waliin kan ijaarrate ta'uu ibsee niitiin duraa sun duute ta'uu fi manichis kan ijoollee ishee waan ta'eef himattuu hin ilaallatu kan dhuunfaa kootii jedhee falmeera. Manni murtii Aanichaatis raga bitaa fi mirgaa eega dhagahe booda murtii kenneen manni falmii kaase kan dhuunfaa himatamaa ta'uu isaa murteessee jira.

Murtii kenne kanaafis sababii kaaheen 1[ffaa] qabeenyi manaa kun kan waliinii ta'uu isaa ragaan himattuu wanti hubachiise hin jiru, akkasumas mana kana himatamaan dhuunfaa isaatti gaa'elaa himattuun dura kan horatee haadha warraa isaa duraa waliin itti fayyadamaa turee fi ijoollee niitii sana irraa kan dhalche ta'uu ibseera. Kun immoo manichi qabeenya ijoollee haati irraa duutee ta'a malee kan himattuu ta'uu hindanda'u. 2[ffaa], himatamaan waliigaltee gaafa 03/12/90 tti yemmuu himattuu fuudhu raawwatee keessatti qabeenyi lakka'eef qabeenya horii malee mana falmii kaase kana wanti ibse ykn lakkaa'eef hin jiru. Kanaaf, qabeenyi manaa kun kan dhuunfaa himatamaati jechuun murteesse.

Murtii kana komaachuun himattuun MM ol'aanaa godina Shawaa Lixaatti [56] kan oliyyatte yoo ta'u manni murtii kunis murtii mana murtii aanaa cimsuun komii oliyyattuu kufaa godhee jira. Itti aansuudhaan himattuun jalaa ammas MMWO tti [57] komii ishee kan dhiyeeffatte yoo ta'u, manni murtii waliigalaatis qoratee murtii kenneen, manni falmii kaase

[56]Galmee Oliyyannoo lakk. 26556, MMOG/Sh/Lixaa (2001)
[57]Galmee Oliyyannoo lakk 42922, MMWO (2002)

kun qabiyyummaan fuudhaa fi heeruma oliyyattuu dura D/kennaan kan horate ta'us manuma kanatti D/kennaan oliyyattuu tana fuudhee waggoota hedduuf waliin keessa jiraachaa turuun alattis manicha waliin kan fooyyessan ta'uun oliyyattuun ibsitee jirti, haalli sababa manichi fuudhaa fi heeruma dura horatame qofaan manichi kan dhuunfaa D/kennaati jechuun sirrii miti, Kanaaf, M/M/Aanaa manichi oliyyattuu Waliin kan fooyya'e ta'uu ragaadhaan irra deebi'ee qulquleessee haa murteessu jechuun bu'uura S/d/f/L/h kwt. 343n murtii jalaa diigee gadi deebiseera.

Murtileen armaan olii kun bu'uura SMO kwt.73 fi 113n yemmuu xiinxalaman, 1ffaa M/M/A/Dandii murtii kenne keessatti qabeenyi manaa falmii kaase kan dhuunfaa himatamaati Sababiiwwan ittiin jedhe keessaa tokko manichi qabeenya waliinii ta'uu himattuun ragaadhaan hin mirkaneessine kan jedhu bu'aa tilmaamni seeraa kwt.79(1) jalatti tumame falmii irratti hordofsiisu kan dagate fakkaata. Himattuun qabeenyichi kan waliiniiti jettee dhiyeeffachuun alatti dirqama hubachiisuu sadarkaa kanatti hin qabdu. Sababiinis, tilmaama seerichi kaahe kana irraa fayyadamoo waan taatuuf dirqamni hubachiisuu kan kufu bu'uura kwt.113 fi 73 tiin himatamaa irrattii dha[58], qabeenyi kan waliinii osoo hintaane kan dhuunfaati jechuun tilmaamicha kan mormaa jiru isa waan ta'eef.

Akkasumas manichi waliigaltee fuudhaa fi heerumaa keessatti kan waliiniiti jedhamee lakkaa'amuu dhabuunis manicha kan dhuunfaa kan taasisuu miti. Gama biraatiin akkuma manni murtii waliigalaa murtii kenne keessatti ibse manichi hundeedhaan kan himatamaan gaa'ela himattuutiin dura horate ta'uun yeroo hunda haal-duree tokko malee kan dhuunfaa hin taasisu. Himatamaan manicha gaa'elaan dura horachuun isaa yoo mirkanaa'eeyyuu tilmaama seeraa waliigalaa kan diigu malee battalumatti (absolute & conclusive) manichi kan dhuunfaati jechuuf gahaa miti. Sababiinis, himattuun gaa'ela keessatti manicha waliin kan fooyyessan ta'uu ibsuudhaan ragaan dhiyeeffatte dhagahamuu qaba Waan ta'eef.

---

[58]Akkaataa qajeeltoowwan seera ragaattis ijoowwan ykn firiilee dubbii ragaadhaan mirkaneessuun osoo hin barbaachisin manni murtii fudhachuu qabu keessaa ijoon ykn firiin tilmaama seeraan tumame isa tokkoodha. The court has to take judicial notice of the facts the law has made legal presumption with out asking the production of evidence to prove that facts. So the party relying his claim on that facts can simply make the mere allegation and the burdon to disprove such presumed facts by production of evidence automatically falls up on the party contesting the existence or inexistence of that facts. See also **Robert K. Kroney, Classification of Marital Property in Texas**; ***planning with the failed marriage in mind, where is my property?*****Dallace Estate Planning Councile,** 2006, p. 5: Notwithstanding the significance of the substantive rules of characterization, the importance of the community presumption cannot be ignored. Generally, all assets of the spouses on hand during the marriage and upon its termination are presumed to be community property thereby placing the burden of proof on the party (a spouse or that spouse's personal representative) asserting separate character to show by ***"clear and convincing evidence"*** that a particular asset is in fact separate.

Kanumaan walqabatee dhimma walfakkaatu biroo MMWF dhaddacha Ijibbaataatti ilaalamee murtaa'e tokkon qabeenyi falmii kaase qabeenya mana jireenyaa (**kondominiyeem**) yoo ta'u, iyyataan qabeenyichi kan dhuunfaa kootiiti sababiin isaatis carraa manichaa waamamtuu waliin gaa'ela osoo hin raawwatin dura maqaa kootiin bulchiinsa magaalaa Finfinnee itti kutaa magaalaa koflee Qaraaniyoo irraa argadhee sana booda bittaa rawwachuun kan mallatteesse ana qofaadhaa. Akkasumas kanfaltii bittaa manichaatis liqiidhaan waajjira itti hojjadhurra kan fudhadhe yoo ta'u gara fuulduraattis mindaa koo irraa muruudhaan kan kanfalmu waan ta'eef manichi kan dhuunfaa kooti jechuun himata waamamtuun qooda qabeenyaa irratti M/M/ jalaatti dhiyeeffatte mormuun hanga dhaddacha ijibbatee cimsee iyyateera.

M/M/Sad. Jalqabaa federaalaatis falmii bifaa fi mirgaa eega dhagahe booda murtii kenneen, walfalmitoonni gaa'ela kan raawwatan Eblaa, bara 1998 ta'uu fi murtiin hiikkaa immoo Fulbaana 30/2000 ta'uu ibsee manicha falmii keesaaf carraan kan bahe raawwii gaa'elaa dura ta'us **waliigalteen bittaafi gurgurtaa manicha garuu kan** mallattaa'e Adoolessa 4/1999 waan ta'eef manichi gaa'ela keessatti kan horatamee dha, Kanaaf qabeenya waliinii waan ta'eef qixxetti haqooddatan jechuun murteesse. MM ol'aanaa federaalaa dhimmicha oliyyannoon ilaales komii iyyataan ammaa dhiyeesse kufaa godheera. Murtii kana irratti iyyataa komii isaa dhaddacha ijibbaataa fi dhiyeeffatee dhaddachis fuudhee ilaalee manichi kan waliinii waan ta'eef murtiin jalaa dogongora hin qabu jechuun murteesse. Murtii kenne keessatti dhaddachi kun xiinxala kaaheen;

Dhimma kana keessatti qabxiin falmisiisaan manichi qabeenya gamtaati moo kan dhuunfaa iyyataati kan jedhu yoo ta'u, waa'ee qabeenya gamtaa dhiirsaa fi niitii kan tume tumaan (SMF kwt 62(2)) qabeenyi yeroo gaa'ilaatti bittaadhaan argame qabeenya gamtaa akka ta'e ibseera. Manichi amma falmii kaase kunis iyyataan kan galmaa'e gaa'ila dura yoo ta'u carraan kan bahe garuu gaa'illi isaanii yemmuu ragga'ee jirutti ta'uun falmii hin kaafne. Kana qofaa osoo hin taane iyyataan waliigaltee gurgurtaa manichaa bulchiinsa magaalaa waliin kan mallatteesses yeroo gaa'illi waamamtuu waliin qabu ragga'ee jiruttiidha. Kanaaf manicha argachuudhaaf iyyataan kan galmaa'e gaa'ilaan dura yoo ta'e iyyuu manicharratti abbaa mirgaa kan isa taasisu waliigalteen gurgurtaa manichaa kan godhame yeroo gaa'ilichi ragga'ee jirutti waan ta'eef kan ta'uu danda'u manichi qabeenya gamtaa dhiirsaa fi niitii ta'uu isaati. Waliigaltee manichaa iyyataan kophaa isaa mallatteessuu fi kanfaltii duraatis ofii

isaatii liqeeffatee kanfaluun isaa qofaan manicha kan dhuunfaa isaa hin taasisu.[59] jechuun komii isaa qeeqee jira,

Egaa murtii kana irrattis wantii ifaan hubatamu qabeenyi tokko kan horatame raawwii gaa'elaan duraadha jedhamee akka qabeenya dhuunfaatti kan lakka'amu shalaggii yeroo raawwii gaa'elchaa qofa irratti hundaa'uun gahaa akka hintaaneedha. Kanarra darbee haallii fi sadarkaan mirgi qabeenyaa sana irratti gonfatame keessa ture fi ykn gumaachi raawwii gaa'elichaa booda walfuudhaan inni kaanis qabeenyuicharratti taphate ykn godhe ilaalcha keessa kan galuu qaban akka ta'e hubatama. Tumaan seerichaa kwt 73(1) bu'uura olitti xiinxalameen haallan ibsaman madaaluudhaan hiikamuu akka qabu murtiilee[60] fi muxannoon biyyoota biroo walfakkaatani [61] kan mirkaneessaniidha.

Dhimma biraa qabxii olitti kaasneef rogummaa qabu kan biraa mana waliinii (Koondiminiiyeemii) ilaalchisee hanga MMWF Dh.Ij. tti gahee murtii dhumaa lakk galmee 153405 irratti jildii 24ffaa irratti kennames kaasnee ilaaluun gaarii ta'a.

Dhimmi kun MMSD Federaala Irraa kan ka'e yoo ta'u Iyyattuun ammaa himannaa dhiyeessiteen gaa'illi waamamaa ammaa waliin qabdu akka diigamu gaafatameen Mudde 2005 gaa'illi hiikkaan diiga'meera. Qabeenyaa mana kondimiiniiyeemii Blookii 6ffaa lakk 10 kutaa bulchiinsa Magaala Yakkaa keessaa waliigaltee bittaa gurgurtaa gaafa 20/03/2000 taasifameen bitatan ta'uu kaartaan manichaas Guraandhala 10, 2002 maqaa waamamaatiin kan kenname qabeenya gaa'ila keessatti horatan ta'uu kaastee akka qoodamuuf gaafatteetti.

Waamamaan gama isaatiin, mana koondimiiniiyeemii kan inni galmaahe, carraan kan inni baheef, kanfaltii waliigalaa kanfalee kan xumure iyyattuu waliin gaa'ila raawwachuun dura ta'uu isaa, kunis gaa'illi gaafa 19/03/2000 **waaree booda** sa'aatii 8:15tti kan raawwatame yoo ta'u, kanfaltiin koondoominiiyeemii garuu gaafa 19/03/2000 **ganama** ta'uu isaa iyyattuuni illee akka ragaatti kan mallatteessite ta'uu malee akka qabeenya waliiniitti akka hin taane kaasee falmeera.

Manni Murtii dhimmichi jalqaba dhiyaateefis falmisiisee, murtiiwwan dirqisiisaa MMWF Dh.Ij. duraan kenne lakk galmee 51893, 46606 fi 75562 wabeeffachuun abbaa qabeenyummaa mana koondoominiiyeemiif inni bu'uuraa carraan yoom baheefi kan jedhutu ilaalama sababa jedhu fudhatee carraan manichaa gaa'ilaan dura argame jechuun qabeenyaa

[59]Isuma kana fuula 84 Dhaddachi kun idaan iyyataan manicha bituuf liqeeffates idea waliiyii waan ta'eef waamamtuu fi iyyataanis walumaan kan itti gaafataman ta'uu dabilee murtii keessatti ibseera.

[60]Murtiilee M/M/F dhaddacha ijibbaataa fi kan Naannoo oromiyaatis dabalatee garri caalu kallatti kana kan agarsiisaniidha.

[61]Http://WWW.newj.Gov. doc: Land mark decision given by the Nerw jersey supreme court in 1974 has sit the criteria such as cohoribution of each apovse, balue of pro pertry, duration of the manage & etc

dhuunfaa waamamaa akka ta’e murteesseera. MMOF komiin dhiyaateefii komii dhiyaate kufaa taasiseera.

MMWF Dh.IJ komii dhiyaate erga ilaaleen booddee murtii isaatiif xiinxalli taasise, Waamamaan guyyaa tokkotti gocha bu’aa seeraa hordofsiisu lama ganamaa fi waaree booddee raawwachuu isaa kaasee falmu illee manneen murtii jalaatiin sadarkaa firii dubbiitti waanti mirkanaa’ee jiru kanfaltiin mana kondoominiiyeemii fi waliigalteen bittaa gurgurtaa manichaa gaa’ila keessatti ta’uu isaa hubachiisa. (guyyaa tokko, gaafa 19/03/2000 dha), sababiin MMSD kaahee jiru carraan gaa’ilaan dura ta’uu isaati, carraan gaa’ilaan dura bahuun isaa qabeenyaa dhuunfaa isaa hin taasisu, manichi kan argamu carraadhaan osoo hin taane bittaadhaani ykn kanfaltiidhaani, kun immoo yoom raawwatame kan jedhamutu ilaalama. Waamamaan kanfaltii manichaa maallaqa dhuunfaa isaa irraa kan kanfale ta’uu kaasee falmu illee firii dubbii kana dirqama ragaadhaan amansiisuu qabu hin bahanne. Manichis kaartaan gaafa 10/06/2002 gaa’ila keessa osoo jiranuu maqaa waamamaan qophaa’ee kennamuun walumatti sababoota olitti tarreeffame waliin qabeenyaa waliinii ta’uu isaa agarsiisa jechuun murtii ,manneen murtii jalaa diigeera.

Gaaffii Marii

1) Dhimma oliitiin Waliigalteen bittaa fi gurgurtaa gaa’ilaan dura ta’ee idaan manichaa miindaa irraa ji’a ji’aan kan kanfalamaa raawwatu osoo ta’e hoo qabeenyaa waliinii ta’a moo qabeenya dhuunfaa ta’a?
2) Waliigalteen Bittaa fi gurgurtaa fi gaa’illi Guyyaa tokkotti ganamaa fi waaree booda ta’uun guyyaa gaa’ilaan duraa akka qabeenyaan argametti lakkoofsisaa? Sa’aatii moo guyyaa isaa ilaalla? Waliigaltee bittaa fi gurgurtaa manichaa irratti Ragaa ta’uun Iyyattuu hoo qabeenyaan kan dhuunfaa Waamaa taasisuuf ragaa gahaa dhaa?

Qabeenyaa waliinii fi kan dhuunfaa adda baasuuf qabatamaan akkaataa seericha manneen murtii hojiirra oolchaa jiran ilaaluuf dhimma rogummaa qabu kan biraa haa ilaallu.

Ka’umsi dhimmichaa mana murtii aanaa irraa yoo ta’u, falmiin falmii diiggaa gaa’elaa hordofee qooddii qabeenya abbaa warraa fi haadha warraa yoo ta’u, iyyattuun ammaa tarree qabeenyaa fooyyeessitee gaafa 24/03/12 Mana Murtii Aanaa Jimmaa Gannatiitti waamamaa ammaa irratti dhiheessiteen, qabeenya waliin gaa’ela keessatti horatte gaheen ishee akka qoodamu jechuun tarreessitee dhiheessite keessaa Bulchiinsa Magaalaa Hoolotaa Ganda Burqaa Harbuu keessatti argamu mana lakk. kaartaa EMMLM/2810/0 ta’e gaafa 09/12/2009 lafa kaartaa irra jiru kaaree meetira 200 (dhibba lama) qorqorroo luukii 100 (dhibba) dhoqqee fi mukaan kan ijaarame kutaa 8(saddeet) kan qabuu fi lafa kaaree meetira 160 irra mana bilookeetiidhaan ijaarame kutaa sadii kan qabu qorqorroo baallee 60 walumaagala m2 360

irratti ijaaramee jiru tilmaamni isaa qarshii 1,600,000(miliyoona tokkoofi kuma dhibba jaha) kan baasu waliin qabaachuu ibsitee akka qixxeetti isaaniif qoodamu gaafattee jirti.

Himatamaan deebii kenneen, qabeenya waliin horanne osoo hin ta'iin qabeenya mootummaan kan bitameefi kaffaltiin mana kanaas waggoota diigdamii shan keessatti miindaa koo irraa kan kaffalamee xumuramu waan ta'eef qabeenya waliinii osoo hin ta'iin qabeenya dhuunfaa koo waan ta'eef iyyattuun mirga irraa hin qabdu jechuun deebii kenneera.

Manni murtii aanaa bitaa fi mirga falmisiisuun mana falmii kanaaf ka'umsa ta'e ilaalchisee waamamaan **hojjetaa baankii ta'uu isaatiin baankiin dhala xiqqaadhaan** kan isaaf biteefi miindaa waamamaan ji'a ji'aan argatu irraa walakkaan isaa muramee turtii waggaa digdamii shaniitti kaffalamee kan dhumu ta'uu waan mirkanaa'eef **qabeenya waamamaa kan ta'u waggaa digdamii shan booda** malee hangasitti qabeenya baankichaa waan ta'eef iyyattuun idaa kaffalee qooddanna kan jedhu fudhatama hin qabu jechuun kufaa taasisuun, yeroo waliin jiraatan keesati miindaan galii yoo ta'e illee qabeenya waliinii waan ta'eef miindaa waamamaa irraa muramee ji'a ji'aan idaa manaa kanaaf hanga ammaa kaffalamee jiru qarshii 19,588.66(kuma kudha sagaliifi dhibba shaniifi saddettamii saddeetiifi saantiima jaatamii jaha) ta'u baanikichi ibsee waan jiruuf walakkaa qarshii kanaa qarshii 9,794.33(kuma sagalii fi dhibba torbaa fi sagaltamii afurii fi saantiima soddomii sadii) waamamaan iyyattuuf akka kaffalu jechuun murteesseera.

Himattuun murtii kanarraa komchuun komii ishee MMO GoHO GU Wallaggaatti sana booda MMWO Dhaddacha Dhaabbii Lixaatti dhiyeeffattu illee komiin ishee kufaa ta'eera. Himattuun komii ishee MMWO Dh.Ij.'f[62] dhiyeessiteen dhaddachichi xiinxala taasiseen, Falmii bitaa fi mirgaa irraa hubachuun akka danda'ametti walfalmitootni gaa'elaan kan walfuudhan bara 2007 ta'uun hin haalamne. Manni jireenyaa falmii kanaaf ka'umsa ta'e idaan haa bitamu malee gaa'ela keessatti bara 2009 kan bitameefi maqaa waamamaatiin galmaa'ee kan jiru ta'uu firii dubbii manneen murtii jalaatiin mirkanaa'ee dha. Qabeenyi gaa'ela keessatti horatamu immoo akka Seera Maatii Oromiyaa kew.78 qabeenya waliin walfuutotaa akka ta'e tumameera. Waamamaan mana kana qarshii dhuunfaa isaatiin kan bite osoo hin ta'iin Baankiin Daldala Itoophiyaa inni keessa hojjetu idaa gara fuulduraa miindaa waamamaa irraa kaffalamee xumuramuun kan biteef ta'u illee mirkanaa'eera. Miindaan immoo yeroo waliin jiran keessatti galii waan ta'eef galiin qabeenya waliinii ti waan ta'eef akkaatuma kanaan bitaa fi mirgi irratti waliigalanii manicha gaa'ela isaanii keessatti bitanii

[62]Murtii MMWO Dh.Ij. lakk galmee 336902 ta'e irratti yyattuun: - Aadde Shaashituu Kuusaa fi Waamamaan: - Obbo Taarikuu Dhaabaa gidduutti murtii kenname ilaallata. (Murtiilee barsiisoo Jildii 9ffaa, bara 2013 maxxanfame)

miindaa isaanii kan waliinii kana irraa ji'a ji'aan kaffalaa turanii, booda waldhabdeen jidduu isaaniitti uumameen gaa'elli isaanii kan diigame ta'uu isaati. Gaa'elli yeroo diigamu qabeenya gaa'ela keessatti horatame kan waliinii waan ta'eef bu'uura seera maatii Oromiyaa **kew.117-119** jiraniin qixxeetti qoddachuuf mirga ni qabu. Manichi idaa gara fuulduraa kaffalamuun yoo bitame illee kan bitame gaa'ela keessatti ta'uu isaatiin idaan gaa'ela keessatti galmaa'e illee idaa waliinii walfuutotaa ta'ee osoo jiruu manicha falmii kaase kana **idaa isaa waliin bitaa fi mirgi qixxeetti qooddachuu osoo qabanii,** manneen murtii jalaa idaan manichaa gara fuulduraa waggaa digdamii shan booda kaffalamee xumurama; Hangasitti manichi kan waamamaa miti idaa baankiitiin qabamee harka baankii jira waan ta'eef iyyattuun mana kana qooddachuuf mirga hin qabdu jechuun murtiin kenname dogoggoora dha.

Gaaffii Marii

1) Murtii manneen murtii sadarkaan jiraniin kenname irratti ball'inaan marii taasisaa! Manni falmii kaase qabeenya waliinii ta'uu qaba moo kan dhuunfaati jettu?
2) Sababii MMA Jimmaa Gannatii ''waamamaan hojjetaa baankii ta'uu isaatiin baankiin dhala xiqqaadhaan kan isaaf biteefi miindaa waamamaan ji'a ji'aan argatu irraa walakkaan isaa muramee turtii waggaa digdamii shaniitti kaffalamee kan dhumu ta'uu waan mirkanaa'eef qabeenya waamamaa kan ta'u waggaa digdamii shan booda malee hangasitti qabeenya baankichaa waan ta'eef iyyattuun idaa kaffallee qooddanna kan jedhu fudhatama hin qabu'' jechuun kufaa taasise akkamiin madaaltu?
3) Yeroo amma mana baankiin hojjettoota isaaf bituu ilaalchisee ykn qaamni biraa Baankii waliin waliigalee liqaa baankiitiin hojjataa dhaabbata tokkoof bitamu ilaalchisee Mana hojjetaa isaaf baankiin gaa'ela dursee bituuf yoo tahu idaan garuu erga wal fuudhanii kaffalama. Kun qabeenya dhunfaati moo kan waliiniiti? Idaasaa hoo maal taha? Idaan hafe muraasa yoo ta'e hoo?

Tumaan SMO kwt. 73 isa SMF kwt 57 waliin tokko yoo ta'u, bu'uura kanaanis qabeenyi falmii kaase kan dhuunfaa ta'uu fi dhiisuu isaa adda baasuudhaaf hiikni tumaa kanaa hordofamuu qabu gaalee *"... qabeenyi yeroo fuudhaa fi heeruma raawwatan dhuunfatti qaban ...."* jedhu qabeenya raawwii fuudhaa heerumaan dura horatamaa ta'ee turtii fuudhaa fi heruma keessattis **jijjiiramni bu'uuraa** kan irratti hingodhamin ta'uu akka qabu murtiin MMWF dhad ijibbaataa bu'uura SMF kwt. 57 kenne kan birootis ni agarsiisa. Kanaaf, qabeenyichi kan dhuufaa ta'uu isaa hubachiisuuf hundeedhaan fuudhaafi heeruma dura argamuu isaa qofa agarsiisuun hiikkoo kwt 73 (SMO) ykn kwt. 57 (SMF) tiif ulaagaa tokko

ta'uu danda'a malee gahaa fi guutuu miti. Jechuudha. Ammas dhiomma tokko daballee haailaallu.

Dhimmi kunis MMSD Federaalaatti dhiyaatee hanga dhaddacha ijibbaataatti gahuun kan xumurame yoo ta'u falminis kan ture iyyattota dhaaltota du'aa fi niitii du'aa (waamamtu) gidduttiidha. Kunis, qoodinsa qabeenya dhaalaan walqabatee qabeeny dhaalaa du'aa yemmuu qulqullaa'u manni jireenyaa lakk. 084 ta'e qabeenya waliinii dhiirsaa fi niitii akka ta'etti ilaalamuun qulqullaa'e qulqulleessituu dhaalaatiin gabaasni MMSDtiif yemmuu dhiyaatu, dhaaltota du'aa kan ta'an (iyyattoonni) manichi fuudhaa fi heerumaan dura du'aan dhuunfatti kan ijaare waan fa'eef qabeemya waliinitti jedhamee dhiyaatuun isaa sirrii miti jechuun mormii kaasan manni murtichaa mormii isaanii kufaa godhee gabaasicha mirkaneesse.

Iyyatoonnis kana komachuun MM ol'aanaa Federaalaatti oliyyata kan dhiyeeffatan yoo ta'u, manni murtii ol'aanaa kun immoo bitaa fi mirga eega falmisiise booda, qulqulleessituun dhaalaa manichi kan waliiniiti kan jedhe waliigaltee fuudhaafi heerumaa bu'uura gochuun akka ta'e eeree, ta'us garuu waliigalteen kun qabeenya waliinii kan godhe manicha osoo hintaane galii manicha irraa argamu qofa akka ta'e ifaan kan hubatamu ta'uu ibsuudhaan murtii M/M jalaa diigee manichi qabeenya dhuunfaa abbaa iyyattootaa (dhaaltotaa) ti jechuun murteessee jira.

Waamamtuun dhaddacha ijibbaataatis murtii MM ol'aanaa kana komachuun MMWF tti oliyyata kan dhiyeeffatte yoo ta'u, MMWF tis bita fi mirgaa eega falmisiise booda ol'iyyataa fi dhaalchisaan d/kennitootaa yemmuu walfuudhan manni lakk, 084 ta'e dursee du'aadhaan kan ijaaramee ture yeroo sanatti mana kutaalee lama qofaa qabu kan ture yoo ta'u gaa'ila keessatti garuu manicha kana yeroo hedduu irra deddeebi'anii kan fooyyessan ta'uu akkasumas manni kun akka hin gurguramneef jecha mana biroo gurguruudhaan idaa isaan irra jiru kan kanfalan ta'uu fi manichis kutaalee lameen irratti dabalataan kutaaleen birootis kan ijaaraman ta'uun; manichis dura kan qubate kaare meetira 300 irra yoo ta'u amma dabaluun 578m^2 ta'uun isaa mirkanaa'ee jira. Kanaaf haala kana keessatti manichi kan dhuunfaa dhaalchisaa d/kennitootaati jechuun hin danda'amu[63] jechuudhaan murtii M/M/Ol'aanaa diigee manichi qabeenya waliinii dhiirsaa fi niitii ta'uu murteesse.

Dhumarrattis dhimmichi dhaddacha ijibaataatti kan dhiyaate murtii M/M/W/F kana komachuudhaan yemmuu ta'u dhaddachis manichi kan dhuunfaat moo kan waliiniiti qabxiin

[63]Galmee ol'iyyannoo lakk. 31335, MMWF (2001)

jedhu ijoo ilaalamuu qabu akka ta'e ibsuun qoratee murtii[64] dhumaa kennee jira. Murtii kenneenis, dhiirsaa fi niitiin yemmuu gaa'ela raawwatan qabeenyi dhuunfatti qaban kanuma dhuunfaa isaanii ta'ee kan itti fufu ta'uu SMF kwt. 57 jalatti tumamuu ibsuudhaan xiinxala jalqabee, manicha falmii kaases fuudhaa fi heeruma dura du'aan (abbaan iyyattootaa) dhuunfaa isaatti ijaaree maqaa isaan kan galmaa'ee fi yeroo sanattis kutaa lama qofa kan ture ta'uun isaa qabxii bitaa fi mirga wal hinfalmisiisin ta'uu hubate jira.

Haata'u malee waliigaltee fuudhaa fi heerumaa du'aa fi waamamtuun Ebla 13/1966 godhaniin manicha amma falmii kaase dabalatee qabeenyoota biroo maqaa du'aatiin galmaa'anii turan hundi kan waliinii akka ta'an waliigaluu isaanii akka waliiglaatti waliigalticha irra hubachuu isaatis dhaddachi kun ibsuun kanaan alattis gaa'elli du'aa fi waamamtuu ragga'ee yemmuu jirutti manicha irra deddeebi'uun yeroo adda addaatti haaromsuu fi sababii daldalaatiinis kanfaltii idaa gibiraa isaan irraa barbaadamu kanfaluudhaaf manicha kana oolchanii qabeenya biroo gurguruun kanfaluun, akkasumas manichi baay'ina kutaalee fi bal'ina lafa irra qubateenis dabaluun isaa haallan manicha gara qabeenya waliinii dhiirsaa fi niitiitti jijjiramuu isaa agarsiisan akka ta'an akkaatuma MMWF tiin dhaddachi kunis xiinxaluun ibsee jira. Dhumarratti yaada guduunfaa yemmuu kaahu *"yemmuu gaa'illi ragga'ee jirutti tajaajilli manichaa bu'uuraan kan jijjiirame waan ta'eef manni murtii waliigala federaalaa murtii mana murtii ol'aanaa diiguun qabeenyichi kan gamtaa ta'uu kan murteesse dogongora seeraa hin qabu"* jedhee kan murteessee hiikkoo kwt. 57 (SMF) ykn kwt 73 (SMO) tiif kallattii kan agarsiisu ta'ee mul'ata.

Qabxii xiinxalaa kana guduunfuu dura qabeenyichi **bu'uuraan jijjiiramuun** isaa kan xiyyeeffatame qabiyyummaa qabeenyicha madaaluuf osoo hintaane jijjiramni kun hirmaanaa fi gumaacha garee kanitis kan ibsu ta'u isaa hubachiisa. Kana jechuunis yeroo gaa'elichi ragga'ee ture keessatti jijjiiramni qabenyicharratti kan dhufe ta'uu isaa agarsiisuun hirmaannaafi gumaachi garee/ walfuudhaa isaa kaaniitis walfuudhaa / garee qabeenyicha jalqabe horateen qixxee akka ta'e tilmama seerri kan fudhatu waan ta'eef, jijjirama kan fiduu keessatti gaheen ykn hirmaannaan gareewwanii maal akka ta'e ragaan mirkaneessuun barbaachisaa miti.

Mee qabeenya gaa'ilaan dura ture tokko gaa'ila keessatti jijjiiramni bu'uuraa irratti taasifamuu isaa fi dhabuu isaa manneen murtii keessatti haala kamiin akka qulqullaa'aa jiru

[64]Galmee ijibbaataa lakk. 42766, MMWF dha. Ijib. (2002) murtiilee MMWF dhaddacha ijibbaataa ijiildii 10ffaa

ykn madaalamaa jiru qabatamaan dhimma biraa murtii argate akka rmaan gadiitti dhiyaatee jiru haa ilaallu.

Dhimmi Kun murtii MMWO Dhaddachi Dhaabbii Bahaa bara 2013 keessa kenne irraa kan fudhatame yoo ta'u[65]; Ka'umsi dhimma kanaa himannaa oliyyattuun ammaa d/kennituu ammaa irratti mana murtii Aanaa Lumeetti dhiyeessite yemmuu ta'u, himanni dhiyaates gabaabumatti; obboleessi kiyyaafi waamamtuun ammaa haadha warraafi abbaa warraa turanii booda obboleessi kiyya waan du'eef, ani immoo dhaaltummaa obboleessa kiyyaa waanan mirkaneeffadheef qabeenyota adda addaa tarreessuun gahee obboleessa kiyyaa d/kennituun akka naaf qooddu kan jedhudha. D/kennituun ammaa immoo deebii kenniteen; mana guddaa osoo obboleessa oliyyattuu waliin wal hin fuudhin dura eessuma kiyyaafi haadha manaa isaa irraa dhaalaafi kennaan kanan argadhe waan ta'eef qabeenya dhuunfaa kiyyadha jechuudhaan qabeenyota biroo ilaalchisees deebii kenniteetti.

Kana booda manni murtii Aanaa Lumee bitaafi mirga falmisiisee ragaadhanis qulqulleeffatee manni amma falmii kaase 608m^2 irra jiru kan dhuunfaa d/kennituuti, manni 70.95 m^2 irra jiru immoo kan waliinii obboleessa oliyyattuufi d/kennituu waan ta'eef qixxeetti akka qooddattan kan jedhe yemmuu ta'u, manni murtii ol'aanaa Shwaa Bahaa immoo oliyyannoodhaan ilaalee manni lafa 70.95m^2 ta'e irra jiru tilmaamamee oliyyattuun walakkaa isaa akka fudhattu, baasii manni ittiin suphame immoo walakkaa isaa qarshii 7500 oliyyattuu ammaatiif akka kaffaltu jechuun murteesseera. Itti fufuun dhimmichi mana murtii waliigalaa Dhaddacha Bahaa gahee manni murtichaas immoo oliyyattuun walakkaa tilmaama manaa haa fudhattu jechuun sirrii ta'ee dhimma baasii suphaa garuu d/kennituun oliyyattuudhaaf kaffaluu hin qabdu jedheera.

Kanatti aansuun oliyyattuun dhaddacha Ijibbaataa MMWOtti iyyattee dhaddachichis; d/kennituun mana falmiif sababa ta'e kennaa fi dhaalaan kan argatte bara 1977 ta'uu, obboleessa oliyyattuu waliin gaa'ilaan kan walitti dhufan immoo naannoo bara 1980 ta'uufi obboleessi oliyyattuu kan du'e bara 2008 ta'uu ibsuudhaan falmiiwwan bitaafi mirgaa kan xiyyeeffate manni duraan ture diigamee ijaarameera kan jedhuufi hin ijaaramne kan jedhu irratti waan ta'eef, jijjiiramni bu'uuraa manicha irratti raawwatamuufi dhabuun qulqullaa'uu akka qabu ibsee koreen naamoota waa'ee mana kanaa beekan lama, ogeessa Ejensii Misoomaafi Waajjira Konistiraakshinii Magaalaa Adaamaa nama tokko, tokko hundeessuun jijjiiramni gaa'ila keessatti mana guddaa irratti taasifame jiramoo hin jiru, jira yoo ta'e **jijjiiramni kun gosaan maalidha?** Jijjiiramni kun **bu'uuraan manicha kan jijjiiredhamoo**

[65]Murtii MMWO Dhaddacha Dhaabbii Bahaatti lakk galmee 275940 (bara 2013)

suphaadha? erga qulqulleessee booda akka murteessu jechuun qajeelfamaan mana murtii waliigalaa dhaddacha Dhaabbii Bahaa kanatti gadi deebiseera.

Kanumaan dhaddachi kunis koreewwan jedhaman hundeessee qabxiiwwan armaan olitti tarreeffaman qulqulleessanii akka gabaasan ajajee, waajjirri Bulchiinsafi Itti Fayyadama Lafa Magaalaa Adaamaa gabaasa gaafa 15/07/2012 xal.lakk.WBIFLMA/01/636 ta'een barreesseen; manni guddaan kan jijjiirame bu'uura irraa yoo ta'e tilmaamni isaa qarshii 436,800, yoo suphaa ta'e immoo qarshii 20,049.40 ta'uufi yaada jaarsotaa wayita lafa kaa'u immoo jaarsi oliyyattuun lakkawatte **manni duraan kan ijaarame dhoqqeefi mukaan ta'ee** guutummaa guutuutti diigamee akka haaratti **bolookeetiidhaan ijaaramuu,** jaarsi d/kennituu immoo manni bu'uurarraa diigamee hin ijaaramne, suphaatu taasifame kan jette ta'uu ibsee gabaaseera.

Manni Murtichaas ijoowwan dubbii Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa qabee qajeelfamaan gadi deebise keessaa ijoo 1ffaa-yeroo d/kennituufi abbaan warraa ishee gaa'ilaan waliin jiran keessatti jijjiiramni mana guddaa irratti raawwatame jiramoo hin jiru? Jedhu yoo xiinxalu namoonni keessa beekoo jedhamanii yaada kennanis ta'e jaarsoleen bitaafi mirgaa sadarkaa jijjiiramicha irratti yaada adda addaa haa kennaniyyuu malee jijjiiramni jiraachuu irratti yaada wal fakkaataa waan kennaniif, jijjiiramni jira jenneerra yoo jedhu. Ijoo dubbii 2ffaa-jijjiiramni gaa'ila keessatti taasifame maal fa'i? jijjiirama bu'uuratimoo suphaadha? Kan jedhu ilaalchisee garuu qabiyyeen qaboo yaa'ii gaafa 05/05/2012 qabamee akka ibsutti; Maanguddoota oliyyattuu lamaan bifa waliigalaatiin bu'uurri manaa kan duraanii **mana muka akka tureefi** gara bolokeetitti jijjiiramuu, **ulaa fi foddaan mukarraa** sibiilatti jijjiiramuu, mannis kan duraaniirra bal'achuu kan ibsan yemmuu ta'u, maanguddoo d/kennituu keessaa ishee 1ffaan manni guddaan bu'uura irraa hin jijjiiramne, sarvisiin kutaa shan ijaarameera, balballiifi foddaan gara sibiilaatti jijjiirameera, halluun manaa dibameera kan jette yemmuu ta'u, inni 2ffaan Damissee Kibrat jedhamu garuu manni duraan mukaan ijaaramee ture booda bilookeetiidhaan ijaaramee argamuu waan ibseef, haala kanaan jecha maanguddoota gama lamaanii wayita madaallu maanguddoota d/kennituu kessaa inni tokko jecha maanguddoota oliyyattuu deeggaruudhaan jijjiiramni bu'uuraa jira waan jedheef jijjiiramni bu'uuraa gaa'ila keessatti mana guddaa irratti uumamuun haala caalmaatti nama amansiisuun kan mirkanaa'e ta'uurrayyuu maanguddoon oliyyattuu gabaasa gaafa 15/07/2012 ta'e irratti yaada kennes seenaa ijaarsa manichaa ibsuudhaan haala maanguddoo d/kennituu caalaatti nama amansiisuun kan mirkaneesse waan ta'eef, ragoolee namaa mana murtii Aanaatti dhagahaman keessaa ragaan d/kennituu ishee 1ffaan (Imayit Ahmad) manni falmiif sababa ta'e bara 1983 ijaaramuun beeka waan jetteef, gama birootiin

ragooleen namaa oliyyattuu ammaa immoo manni diigamee ijaaramuu waan mirkaneessaniif, jechi ragaa d/kennituu ibsame kunis manni erga obboleessi oliyyattuufi d/kennaan waliin jiraachuu eegalanii kan ijaarame ta'uufi haala jecha ragaa namaa oliyyattuu deeggaruun firiiwwan dubbii mirkanaa'uu waan agarsiisuuf, madaallii ragaa waliigalaa taasifameenis manni duraanii diigamee haarayaan ijaaramuun caalmaatti amansiisadha jedheera.

Dabalataan, bu'uura Seera Maatii Oromiyaa, Labsii Lakk.69/1995fi 83/96 kwt 79(1)tiin wal fuutota keessaa inni kamiyyuu, qabeenya dhuunfaa isaa ta'uu yoo hubachiise malee, **qabeenyi kamiyyuu** yoo maqaa isa tokkoo qofaan galmaa'ee argamellee, akka qabeenya waliiniitti lakkawama waan ta'eef, kun immoo tilmaama seeraa obboleessa oliyyattuu (abbaa warraa d/kennituu) fayyaduufi dirqama kan dhuunfaa ta'uu hubachiisuu d/kennituutti naannessu waan ta'eef, D/kennituun bu'uura kwt 73tinis manni guddaan amma jiru kan gaa'ilaan dura ture ta'uu haala caalmaatti nama amansiisuufi tilmaama armaan olitti ibsame fashaleessuu danda'uun waan hin hubachiisneef, manni dhaalaafi kennaadhaan bara 1977 keessa d/kennituudhaaf kenname jedhames kan qabatamaatti amma jiru ta'uu ragaan kennaafi dhaalaa jiru waan hin hubachiisneef, gosa manaafi bal'ina lafaas waan hin ibsineef, manni kan waliinii obboleessa oliyyattuufi d/kennituuti jechuun murteessaniiru.

Jijjiiramni bu'uuraa mana guddaa irratti taasifameera yoo ta'e immoo haala murtii dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa keessatti ibsameen manni guddaan obboleessa oliyyattuufi d/kennituu gidduutti qixxeetti kan qoodamuu qabu waan ta'eef, oliyyattuun immoo dhaaltuu obboleessa ishee waan taateef oliyyattuufi d/kennituun mana lafa bal'inni isaa 608m^2 ta'e irratti argamu qixxeetti qooddachuu qabu jenneerra jechuun murtii kennaniiru.

Xiinxala MMWO Dh. Dhaabbii Bahaa taasise irraa mana falmiif sababa ta'e gaa'ila keessatti jijjiiramni bu'uuraa taasifamuu fi dhabuu ykn suphaa ta'uu fi dhabuu ragaa gama hundaan jiru madaaluun murtii kenne irraa akkaataan mirkaneessa ijoo kanaa haala amansiisuun xiinxaluu isaa hubachiisa. Manni Murtichaa bu'uura murtii isaatii kan ta'e ijoo MMWO Dh. Ij qabatee deebiseen ta'ee isa dura garuu haalli itti manneen murtii sadarkaa sadanittuu jijjiiramni bu'uuraa jiraachuu fi dhabuu osoo ragaa rogummaa qabuun hin qulqulleeffanne qabeenyaan gaa'ila dura jiraachuu qofa bu'uura gochuun kan murtii kennan ta'uu isaatu hubatama. Ogeessi manichi bu'uuraan jijjiiramni taasifameef maal akka ta'e akka ibsu gosaan hangamiin akka jijjiirame qaama manichaa keessaa maal akka jijjiirame, fkn bu'uuraan mana mukarraa ijaaramee ture ta'uu isaa seenaa manichaa kan beekan ragaa namaatiin qulqullaa'uu, ulaa fi foddaan muka irraa kan ijaarame garuu immoo booda sibiilatti kan

jijjiirame ta'uu isaa, ball'inni manichaas lafichaarratti kan duraa irra ball'achuu isaa seenaa manichaa duraan ragaa namaa beekanii fi ogeessaan deeggaramee ragaa bitaa mirgaan dhiyaate madaaluun jijjiiramni bu'uuraa jiraachuu isaa murtii isaatiif bu'uura taasifatee murtii kennerraa kan hubatamu dha. Ragaan namaa jijjiiramni bu'uuraa jira jedhee waan dubbateef qofa jecha ragaa fudhanna osoo hin taane jijjiirama bu'uuraa waanti jechisiisu maal faa akka ta'an tarreeffamee ibsamuu qaba, kana immoo ragaa namaa fi ogeessaan haala amansiisuun jijjjiiramni bu'uuraa jiraachuun isaa mirkanaa'uu qaba.

Qabxiilee marii

1. Dhimmoota armaan olii keessati murtii manni murtii anaa Dandii mana falmii kaase irratti kenne ilaalchisee manni murtichaa manichi fuudhaafi heeruma dura dhiirsi dhuunfaa isaatti kan horate ta'uu fi yeroo fuudhaa fi heerumaa raawwatanis waliigaltee fuudhaa fi heerumaa keessatti manichi akka qabeenya waliiniitti lakkaa'amuu dhabuun manicha kan dhuunfaa taasisa jechuun sababiin kaahe/ibse SMO kwt. 73 waliin walsima jettu? Murtii MMWO yoo akka mitti ilaaltu?
2. Murtiilee MMWF dha. Ijibaataa olitti dhiyaatan irraa akka hubatamutti qabeneyi tokko gaa'elaan dura argamuun kophaa isaatti madaallii hiikkoo kwt. 73 (SMO) ykn kwt 57 (SMF) akka hin guunne ifaadha. Haala kanaan haalawwan biroo ilaalcha keessa galuu qaban maalfa'a jettu? Muxannoo qabdan waliin murtiilee dhaddacha ijibbaataa kanniin madaalaa!
3. Qabeenyi falmii kaase jijjiirama bu'uuraa yoo qabaate kan jedhu qabeenyicha kan waliinii taasisuuf **akkamitti madaalama jettu?** Dhaamsa tumaa kwt. 73 keessaatti mul'ataa late? Jiijjiramni bu'uuraa yoo hin jirree hoo haalli biroo ilaalamuu qabu hin jiru jettu? Fkn, umrii gaa'elichaa, yeroo dheeraaf qabeenyicha waliinii itti fayyadamuun mataa isaatti bu'aa akkamii uuma?
4. Tilmaamni seeraa kwt. 79(1) jaltti tumama qabeenya gaa'ela keessatti horatame qofa moo kan gaa'ela keessatti argame (jiru) hunda ilaala?
5. Dhimma MM ol'aanaa Godina Shawaa Bahaatti ol iyyannoon ilaalme [66] tokkoon walfalmitoonni osoo gaa'ela hin raawwatin dura akka dhiirsaafi niitiitti waliin jiraataa kan turan yoo ta'u, yeroo kanatti mana falmii ka'umsa ta'e waliin bitataniiru. Kunis bara 1998 yemmuu ta'u, bara 1999 keessa gaa'ela sirna siiviliin waliin raawwataniiru. Yemmuu gaa'elli dhigamus ol'iyyattuun manichi kan waliiniiti jechuun yoo falmitu,

[66]Galmee ol'iyyannoo lakk. 28439 MM0 G/Sh/B, (2003)

D/kennaan immoo gaa'elaan dura manicha bitadhee maqaa koon kan galmaa'e waan ta'eef kan dhuufaa kootii jechuun falma. MM jalatis ta'ee kan ol'aanaa manichi gaa'elaan dura D/kennaan kan horate Waan ta'eef kan dhuufaa isaati jechuu murteessan. Gaa'elaa dura yeroo akka dhiirsaa fi niittitti waliin jiraatan keessa manichi bitamuu isaa waliin murtii kenname akkamitti ilaaltu?

6. Dhimma biroo MMWF dhaddacha Ijibbaataan murtaa'e[67] irratti iyyataan mana falmiif ka'uumsa ta'e niitii tiyya kan duuteen kan ijaarame yoo ta'es, manichi gaa'elaan dura isheen kan ijaartee biyyeedhaani, gaa'ela keessatti immoo anis baasii kootiin manicha liishoodhaan fooyyessee ijaaree jira waan ta'eef qabeenya waliinii ta'ee akka qoodamu falmii jedhu dhiyeesse Dhaaltonni duutuu (waamamtoonni) immoo manichi duutuun iyyata hin fuudhin dura kan ijaarratte ta'uu fi sana booda iyyataan kan fooyyesse ta'us ijjiirama bu'uuraa wantii fide hin jiru, kanaaf manichi kan dhuunfaa duutuuti jechuun falmu.

Manni murtii jalqabaa iyyataan manicha bifaanis qabiyyeenis kan gaa'ela keessatti an jijjire waan ta'eef haalli kun qabeeny gara qabeenya waliinitti kan jijjiiruudha jechuun murteessee jira. Murtii kanarratti oliyannoon kan dhiyaateef MMOF immoo bitaa fi mirga eega falmisiise booda, manicha falmii kaase duutuun gaa'elaan dura dhuunfaan kan horatte waanta'eef, iyyataan gaa'ela keessatti manicha fooyyessuun isaa qabeenya dhuunfaa duutuu ture gara qabeenya waliiniitti jijjiiruu hin danda'u, iyyataan yoo barbaade baasii ofii isaatii manicha fooyyessuuf baase tilmaamuudhaan M/M/aangoo qabutti dhiyeeffachuu qaba jedhee murtii M/M jalaa diiguun mariachi kan dhuunfaa duutuu ta'uu murteessee jira.

Murtii kana komachuun oliyyanni MMWF tti kan dhiyaate yoo ta'es manni murtichaa garuu murtiin MM ol'aanaa dogongora hin qbu jechuun komii dhiyaate kufaa waan godheef iyyataan ammas dogoggorri bu'uuraa raawwatameera jechuun komii isaa dhaddacha ijibbaataatti dhiyeeffate. Dhaddachi ijibbaataa immoo dhimmicha eega qoratee booda jijjiramni iyyataan manicha irratti godhe kan bu'uuraa fi manichi bifa haaraadhaan ijaarame jedhanii murteessuuf kan dandeessisu moo miti ijoon jedhu qulqullaa'uu akka qabu baasee falmisiiseera.

Dhumarratti dhaddachi kun murtii kenneen: manni murtii sadarkaa jalqabaa federaalaa qabxii kana akka ijootti qabatee murtii kan kenne yoo ta'eeyyuu manni murtichaa jijjiiramni mana irratti godhame qabiyyee fi bocaanis hangam akka ta'e ragaan ogeessaa akka

[67]Galmee Ijibb. Lakk 31833, MMWF dha. Ij. Jiildii 6(2000)

dhiyaatuuf hin goone. **Jijjiiramni kun kan bu'uuraa ta'uu fi dhiisuu isaa** manni murticha kan murteesse waa'ee ijaarsa manaa fi gamoo irratti namoota ogummaa addaa hin qabne akka ragaatti dhagahuudhaan. Kanaaf ragaa ogeessa rogummaa qabuu osoo hin ilaalin murtii manni murtii kun kenne manni murtii ol'iyyata dhagahe diiguun isaa sirriidha. Manni murtii jalqabaatis irra deebi'ee ragaa ogeessaatiin fooyya'inni godhame jijjiirama bu'uuraa ta'uu fi dhiisuu adda baasee haa murteessu jedhee murtiilee dhimmicha gadi deebise. Murtiin kun murtii galmee lakk 42766 irratti MMWF Dh.Ij olitti kenne jennee xiinxalame waliin akkamitti madaaltu? Murtii manneen murtii sadrkaan jiran kennan keessatti hirrina jiru irratti marii taasisaa!

II. Qabeenyaa Gaa'ela keessatti dhaalaan ykn kennaadhaan dhuunfaatti argame.

Karaan inni biraa bu'uura SMO kwt. 73 tiin qabeenya dhuunfaa ittiin hubachuun danda'amu qabeenyichi walfuutota keessaa isa tokkoof dhuunfatti dhaalaan ykn kennaadhaan kan darbe ta'uu mirkaneessuu dha. Gama kanaan tumaan seerichaa yemmuu ilaalamu / dubbifamu ifa yoo fakkaatellee gaafa dhimma qabatamaa irratti raawwatamu garuu hiikkoon adda addaa itti kennamaa jiraachuu isaatu hubatama. Kunis akka rakkootti qabxiin bal'inaan kennaan dhuunfatti kenname /argame kan jedhuun walqabata.

Rakkoon kunis qabxiilee gurguddoo lama bu'uura godhata. Isaanis, 1ffaa bu'uura kwt. 73n gaaleen *"... kennaadhaan dhuunfatti argame ..."* jedhu kennaa garee 3ffaa walfuutota keessaa isa tokkoof dhuunfatti kennu qofa ilaallata moo kennaa walfuudhaan tokko isa kaaniif kennus ni dabalata kan jedhu yoo ta'u, 2ffaa, gaa'ela akkaataa sirna fuudhaa fi heeruma shari'aatiin raawwatameen walqabatee mahaariin [68] tumaa kwt. 73 gaalee olitti caqafame keessatti hammatamaa laata kan jedhuudha.

Qabxii duraa ilaalchisee akka biyya keenyaattis ta'ee akka naannoo keenyaatti ejjannoon ykn qabatamni jiru ifaan hin mul'atu kunis qabeenyi kan dhuunfaa ture waliigalteedhaan gara qabeenya waliiniitti jijjiramuu akka danda'uu fi kunis bu'uura waligaltee walfuutotaan kan bitamu akka ta'eedha qabatamni akka biyyaatti mul'atu kan agarsiisu.[69] Kanaaf qabxii kana muxannoo biyya biroo waliin walbiratti xiinxaluun barbaachisaadha. Haala kanaan, qabxii

[68]Mahr/Mahari/ mehr: the goods and/or cash tobe given by the groom to the bride as a requisite of valid muslim marriage; **women living under muslim laws, knowing our Rights: women family, laws and customs in the muslim world, 3trd edt.(2006)** Glossary part P.10,

[69]Galmee II. Lakk. 38544,,42766,MMWF dha Ij, J.10(2002)

kana irratti muxannoo lama bal'inaan kan jiran yoo ta'u, inni tokko qabeenyi walfuutotni kennaadhaan qabeenya dhuunfaa ofii irraa walii dabarsan yeroo gaa'elli diigamu qabeenya waliinii akka ta'etti fudhatamuu akka qabu ejjannoo akeeku yoo ta'u, inni kuun immoo walfuutonni qabeenyadhuunfaa mataa mataatti qaban yeroo gaa'elli jiru kennaadhaan dhuunfatti walii dabarsuu kan danda'an ta'uu fi yeroo diiggaa gaa'elaatis qabeenyuma dhuunfaa walfuudhaa kennamee akka ta'u muxannoo jiruudha. Gama ejjannoo isa duration Biyya USA tti seerri matii Naannoo "New jersey" akkasitti tumeera:

All Property real, personal or other wise, legally or beneficially acquired during the marriage by either party by way of gift from third party, devise, or intestate succession is not subject to equitable distribution however, interspousal gifts are subject to equitable distribution.[70]

Akka seera biyya keenyaattis kannaan mirga diinagdee waliigalteedhaan darbu keessaa isa tokko yoo ta'u, walfuutonni waliigalteedhaan hariiroo qabeenya isaanii murteeffachuu kan danda'an ta'uu murtiilee MMWF/dh. Ijibbaataa olitti caqafaman irraa ilaalamee jira. Bu'uura kanaan walfuutonni waliigaltee kennaatiin qabeenya dhuunfaa isaanii walii dabarsanii kennuu seerri dhoorku kan jiru hinfakkaatu. Amalaa fi hundaa'ini sirna isaa kennaa seera maatii ykn waliigaltee biyya keenyaa irraa adda yoo ta'es raawwii qabatamaa jiru keessatti garuu kennaa walfuutota giddutti godhamuun walqabatee rakkoon bal'aa ta'ee kan mul'atu qabxii isa 2^{ffaa} kan ta'e waa'ee mahaarii yoo ta'u tumaa SMO kwt. 73 hiikuu jalatti kan ilaalamuu qabuudha.

Xiinxala rakkoo gama kanaan jiruutti osoo hin seenin dura hubannoof akka tolu mahaarii jechuun maal akka ta'e sirna rogummaa qabu wabii gochuun hiikkaa isaa gabaabinaan asitti kaahuun barbaachisaa ta'ee mul'ata. Haala kanaan *"mahaarii"* jechuun:

Mahr (dower) is the good(s) and /or cash to be given by the groom to the bride as a requisite of a valid Muslim marriage. It may be given at the time of the marriage ceremony (prompt), or promised at a later date or to be paid up on divorce or the death of the husband. As such it could also be known as proper dowr (mahrul mith) which is due when no specific amount of mahr was not made in the contract of marriage but the wife now seeks to recover it. In

[70]**Http:// WWW.sba.Orga**: What is yours what is mine? Luisiana state Bar Association.

such case it is then fixed by a court or similar authority as the amount due to the wife taking in to account the husband's means.[71]

"Mahaarii" jechuun qabeenya gosaan ykn bifa mallaqaan kennamu yoo ta'u fuudhaa fi heeruma akka sirna amantaa Islaamaatti raawwatamuuf ulaagaa isa bu'uuraa fi haalduree dirqamaati. Kunis yeroo gaa'ilichi raawwatamutti ykn sana booda turtii gaa'ilaa keessatti ykn yeroo diiggaa gaa'ilaatti kennamuun isaa dirqamaadha. Kan kennamus kaadhimaa isa dhiiraa /dhirsaan/ kaadhimamtuu dubartittiif /niitiif/ yoo ta'u, hanga kennaan kun hinraawwataminitti gaa'ilichi guutuudha jechuun kan hindanda'amne ta'uun alattis waliin jireenyi isaanii kan diigamu /hiikamu/ yoo ta'es niitiin qooda qabeenyaa keessaa dursa gaafachuuf mirga qabdi. Hangi isaatis humna dhiirsichaa ilaalcha keessa galchuudhaan mana murtiin ykn qaama biroo aangoo qabuun kan murtaa'uudha.

Egaa ibsa hiikkoo "mahaarii" kanarraa ka'uudhaan raakkoo qabatama biyya /Naannoo keenya keessatti gama kanaan jiru yoo xiinxallu, gaaffiin inni duraa kennaan mahaarii kun waliigalteedhaan kan raawwatamuudha moo haalduree seerri shari'aa gaafatuudha, kan jedhu adda bahuu barbaada. SMO jalatti karaalee fuudhaa fi heerumni seera duratti beekumtii qabu itti raawwatamuu danda'u keessaa tokko fuudhaa fi heeruma akka amantaatti[72] raawwatamu yoo ta'u, bu'uura kanaanis ulaagaalee sirnichi amantaa sanaa gaafatu guutuun barbaachisaadha. Ta'us, ulaagaalee bu'uuraa seerri maatii diriirseen walitti bu'uu akka hin qabne SMO kwt. 43(2) irraa ni hubatama.

Haala kanaan gaa'ila akka amantaa Islaamaatti raawwatamuuf " mahaariin" fedhii walfuutotaan kan murtaa'u osoo hintaane ragga'uu gaa'ilichaatiif ulaagaa dirqamaa shari'aan tumeedha. Waanta'eefis, falmiin gama kanaan yoo ka'e waliigalteen kennaa maharii jiraatuufi dhiisuun ijoo ta'uun isaa hafee gaa'ilichi akka sirna shari'aatti raawwatamuu isaa qofa hubachiisuun nitiin mirga mahaarii ishii tilmaama fudhachiifachuu dandeetti jechuudha. Waliigaltichi jiraachuun gosa ykn hanga qabeenya mahaariif kennamee murteessuuf kan fayyadu malee mirgi mahaarii jiraachuu fi dhiisuu isaa kan hundeessu ykn mirkaneessuu miti. Kanaas, kitaaba " knowing our Rights" jedhu gamtaa dubartoota adunyaa guutuu keessatti seera shari'aan bulaniin qophaa'e akkasitti kaaheera.

---

[71]Women living under muslim laws knowing our rights, cited above at not: P. 10: mahr and dower are terims inter changeably used with the mahr is the more appropriate lager term under sharia law.

[72]SMO kwt 21 fi 43 walitti yemmuu dubbifamu gaa'elichi akka sirna amantaatti kan raawwatamu ulaagaalee dirqisiisoo seera maatii jalatti ibsaman akkuma eegetti ta'ee akkaataa sirni amantichaa gaafatuun walfutoonni waliigalteen yoo raawwatan akka ta'e ifa

… mahr is considered essential and often listed as an essential part of valid marriage that must be mentioned in the marriage contract. Even if not specified at the time of marriage, it is presumed to exist in the event the marriage is dissolved.[73]

…mahariin wanta akka bu'uuraatti ilaalamuu fi seera qabeessummaa gaa'ila sirna shar'aan raawwatamuufis ulaagaa isa bu'uuraa waan ta'eef waliigaltee gaa'ilaa keessatti caqafamee baraa'uun taa'uu qaba. Yeroo raawwii gaa'ilaatti waliigalticha keessatti ifaan adda bahee ibsamuu yoo baates yemmuu gaa'ilichi diigamutti akka jirutti tilmaamni ni fudhatama.

Kanaaf, kennaan mahaariidhaa dirqama yoo ta'e seera maatii keenya keessatti hoo bu'uura kamiin ilaalamuu qaba kan jedhu gaaffii isa biroo deebii argachuu qabuudha. Kunis, falmii qooda qabeenyaa keessatti niitiin qabeenyi falmii kaase maharii koo waan ta'eef qabeenya dhuunfaa koo jedhamee naaf haa murtaa'u yoo jette dhimmichi bu'uura seera maatii oromiyaa moo seera shari'aan ilaalamuu qaba? Bu'uura SMOn ilaalamuu qaba yoo jedhame immoo akka sirna seera shari'atti mahaariin ragga'uu gaa'ilichaatiif dirqama ta'uun isaa tumaa SMO kwt. 25 jalatti fuudhaafi heeruma raawwachuudhaaf kaffaltii, gabbara ykn kennaa bifa kamuu gaafachuus ta'ee kennuun dhoorkaadha kan jedhu waliin akkamitti walsimuu danda'a, kan jedhu rakkoo cimaa qabatamaan mul'atu dha.

Himanni kan dhiyaate mana murtii idileetti yoo ta'e dhimmichi bu'uura SMOn ilaalamuu akka qabu SMO kwt. 96 fi 112 walitti dubbisuun hubachuun ni danda'ama. Kunis, gaa'illi kan raawwatame sirna kamiinuu yoo ta'es bu'aa hiikkaan hordofsiisu irratti garaagarummaa kan hin qabne ta'uu fi falmichis ilaalamee kan murtaa'u bu'uura SMO tiin ta'ee yemmuu barbaachise Seerri sirna deemsa falmii hariiroo hawaasaa raawwatiinsa akka qabu ifaan tumamee waan jiruuf M/M/ idilee[74]kana irraa maquudhaan seera shari'aa haalli itti hojii irra oolchan hin jiraatu, hin danda'amus.

Walumaagalatti *"mahaariin"* akka seera shari'aatti ragga'uu gaa'ilichaaf dirqama (validity requirement) ta'uu fi innis waliigalteen fuudhaafi heerumaa jiraatuu yoo baates manni murtii tilmaama fudhachuun maharii murteessuu akka qabu, akkasumas qabeenyi mahaariidha jedhames qabeenya dhuunfaa niitii (haadha warraa) akka ta'e maddaalee seera shari'aa irraa ifaan hubatama. Seera Maatii Oromiyaa keessatti immoo kennaan ykn kanfaltiin bifa kamiiyyuu gaa'ila ragga'u raawwachuuf akka haalduraatti gaafatamu dhoorkaa ta'uu fi

[73]Knowing our Rights cited at not abole P.179

[74]MM shari'aa fedhii walfuutotaa irratti hundaa'uun seera shari'aa kan raawwachiisan yoo ta'ellee adeemsa falmichaa ilaalchisee garuu seera maatii fi seera demsa falmii hariiroo hordofuu akka qaban labsii MM shari'aa lakk 188/91 kwt. 4(2) jalatti tumamera.

walfuutonni waliigalteedhaan yoo murteeffatan malee hiikkaan walqabatee falmiin qooda qabeenyaa irratti ka'u kan ilaalamu garaagarummaa tokko malee bu'uura SMO tiin akka ta'e tumaamuun isaa ifaadha. Kanaaf, haala kana keessatti falmiin qabeenya "mahaarii" irratti ka'u bu'uura SMO kwt. 73n ilaalama moo akkam kan jedhu qabatamni manneen murtii naannoo keenyaa maal akka fakkaatu dhimmoota muraasa asitti haa xiinxallu.

Dhimmi kun mana murtii Aanaa Dadaritti dhiyaatee kan murtaa'e [75] Yoo ta'u, himattuun tarree qooda qabeenyaa dhiyeessite keessatti qabeenya dhuunfaa ishii akka ta'e ibsuun himatamaan akka gadi lakkisuuf kan gaafatte qabeenya jimaa kataaraa 11 gaafa gaa'ila raawwatan himatamaan mahaarii isheef godhe akka ta'e galmeen ni agarsiisa. Himatamaan gama isaatiin jimaan kataaraa 11 jedhame kan jaartii isaa kan duraanii ta'uu fi himattuudhaaf mahaariin godhe kan hin jirre ta'uu ibsuun deebii isaa kenneera.

Manni murtii Aanichaatis qabeenyi jimaa kataaraa 11 jedhame kun kan mahaarii himattuuti moo kan himatamaan haadha warraa isaa duraanii waliin horateedha? Kan jedhu akka ijootti qabachuun ragaa bitaa fi mirgaa eega dhagahe booda galmee qoratee murtii kenneera. Murtii kenneenis jimaa kataaraa 11 falmii kaase kana himatamaan himattuudhaaf gaafa gaa'ila raawwatan mahaarii kan godheef ta'uu ragoonni himattuu kan mirkaneessan waan ta'eef kun immoo seeraan walitti yemmuu xiinxalamu qabeenya dhuunfaa himattuudhaa ta'uun mirkanaa'eera. Kanaaf, himatamaan akka gadi lakkisuuf jechuun murtii kennee jira. Asirratti manni murtichaa *"falmii fi ragaan bita fi mirgaa seeraan walitti yemmuu xiinxalamu"* jechuu malee seerri kun seera kam akka ta'e ifaan wanti ibse hin jiru. Haata'u malee haala waliigala murtichaa irraa hubachuun akka danda'amutti seerri manni murtii kun bu'uura godhate SMO kwt. 73 ta'uu isaa hubachuun nama hindhibu.

Karaa biraatiin dhimma walfakkaatu biroo mana murtii Aanaa Odaa Bultumitti dhiyaatee murtaa'e[76] tokko irratti immoo himattuun falmii qooda qabeenyaa irratti ibsa tarree qabeenyaa dhiyeessite keessatti buna kataaraa 8 gaafa gaa'ila raawwatan himatamaan mahaarii isheef kan kenneef ta'uu ibsuudhaan qabeenya dhuunfaa ishee jedhamee akka murta'uuf gaaffatteerti. Himatamaan waamichi yeroo adda addaatti godhameefii kan dhabame waanta'eef falmiin bakka inni hin jirretti kan ilaalame ta'uu M/Murtichaa ibsuudhaan, bunni kataaraa 8 himattuun mahaarii kootii jette kan dhuunfaa isheeti moo miti ijoo jedhu qabachuudhaan ragaa dhagaheera.

[75]Galmee lakk. 10472, MMA Dadar (2003)
[76] Galmee lakk. 14522, MMA Odaa Bultum (2002)

Ragoonni himattuu namoonni sadii dhiyaatanii jecha ragummaa kennaaniin himattuu fi himatamaan gaafa gaa'ila isaanii raawwatan himatamaan buna kataaraa 8 mahiirii godhuun isaa dhugaa ta'uu eeruudhaan garuu booda buna kataaraa 4 irratti kooti [77] jechuudhaan mormii haati himatamaa kaafteen jaarsonni ilaalanii buna kaataaraa 8 ture kataaraa 4tti deebisuudhaan bakka kataaraa 4 hir'ate immoo himattuuf raada tokko himatamaan kan bakka buuseef ta'uu raguu isaanii galmeen ni mulisaa.

Bu'uruma jecha ragootaa kanaan manni murtichaa galmee qoratee murtii kenneen; mahaarii himattuu ilaalchisee ragoonni bunni kataaraa 4 fi raaddi tokko kennamuufii kan mirkaneessan yoo ta'es qabeenyi mahaariidhaa qbeenya dhuunfaati jedhee SMO keessatti wanti tumame waan hin jirreef bu'uura SMO kwt. 110 fi 121 tiin raaddi bakka buna kataaraa 4 buuteefi bunni kataaraa 4 qabeenya gamtaa himattuu fi himatamaa waan ta'eef qixxetti haaqooddatan jechuun murteessee jira. Kanumatti aansuudhaan manni murtii kun xiinxala isaa ibseen "qabeenyi walinii waan hinjirreef bira darbee jira" jechuun waa'ee mashruufa (qallaba) ijoollee irratti ajaja kennee jira.

Murtii kanarraa kan hubatamu kennaan maharii bu'uura seera shri'aatiin raawwatamuu isaa ragaan kan mirkaneesse yoo ta'ee iyyuu, kennaan kun qabeenya dhuunfaa ta'uu fi dhiisuu isaa SMO kwt. 73 jalattis ta'ee tumaaleen biroo ifaan wanti jedhan waan hin jirreef qabeenyi mahaarii akka qabeenya gamtaatti ilaalamuu akka qabutti tumaa kwt. 73 jalatti *"... kennaa..."* kan jedhu mahaarii akka hin hammannetti hiikamuu isaati. Haaluma walfakkaatuun qabeenyi kennaa mahaarii SMO keessatti ifaan waan hintumaminiif kan dhuunfaati jechuun kan hindanda'amne ta'uu ibsuudhaan qabeenya waliinii dhiirsaafi niitii akka ta'etti kan murtaa'u ta'uu isaa qabatamni jiru gara caalu kan agarsiisu ta'uu isaatiif *manni murtii Aanaa Doobbaatis*[78] *Dhimaa fi ijoo* walfakkaatu irratti murtiin kenne kanuma kan cimsuudha.

Walumaagalatti qabatamni gama kanaan akka naannoo oromiyaatti jiru garri caalu kennaa " mahaarii" akka kennaa kwt. 73 jalatti tumameetti kan hin ilaalamne ta'uu kan agarsiisu yoo ta'u darbee darbee manneen murtii tokko tokko biratti gruu tumaan seerichaa kun kennaa

[77]Bunni kataaraa & faati himatamaa marmite kun kanaan dura yemmuu haadha himatuma kana abbaa himatamaa fuudhu mahaarii isheef kan godhe waan ta'eef maarii irratti mahaarii raawwachuun dherkkaadha sababii jedhuun hir'ifamuu isaa galmen kun ni ibsa.

[78]Galamee Lakk 5811 MMA Doobbaa (2003); dhimmoota xiinxalaman kanneen keessatti manneen murtii murtiilee kana kennan kennaa mahaarii akka waliigalteetti akn ilalan hinfakkaatu.

“mahaarii” tis kan hammatu akka ta’etti kan hiikan[79] ta’uu dhimmoonni xiinxalaman ni mirkaneessu. Egaa murtiileen olitti dhiyaatan kun bu’uura SMO tumaalee rogummaa qabaniin yemmuu ilaalaman:

1ffaa “mahaariin” kennaa ragga’uu gaa’ilaa akka sirna shari’aatti raawwatamuuf ulaagaa dirqamaa ta’uun isaa tumaa SMO kwt. 25 jalatti kennaan akkasii dhoorkaa ta’uu labse waliin yemmuu ilaalamu bu’aa akkamii akka hordofsiisu tasumaa kan hubatan hinfakkaatu.

2ffaa, murtiileen kun SMO kwt. 73 jalatti gaaleen *“... kennaa dhuunfaan ...”* jedhu walfuutota giddutti kennaa raawwatamu (mahaarii dabalatee) kan ilaallatu ta’uu fi dhiisuu isaa irrattis haaluma waliigalaatiin seerichi ifaan kaahuu dhabuu isaa akka sababiitti ibsuun kennaan akkasii yoo jiraates qabeeyicha kan dhuunfaa akka hin taasifnee fi qabeenya gamtaa akka ta’etti duuchumaan murteessuu irraan kan hafe seerichaaf hiikni kennan hin jiru.

Qabatamni jiru akkuma jirutti ta’ee mahaarii ilaalchisee wanti ifaan hubatamuu qabu raawwii fi ragga’iinsa gaa’ila akka sirna amantaa Islaamaatti raawwatuuf haalduree dirqamaa ta’uu isaa fi kennaan bu’uura kanaan raawwatamus kadhimamtuu (haadha warraa)f dhuunfaa isheetti kan kennamu malee jireenya gamtaa abbaa warraa fi haadha warraatiif faayidaa barbaachisuuf akka ooluuf akka hintaane hubatamuu qaba. Akka shari’aatti qabeenya bultii gaa’ilaaf barbaachisu guutuun dirqama abbaa warraa yoo ta’u kaanis mahaarii niitiif kenne osoo hintuqin raawwachuun isarraa kan eegamuudha. Bu’uura kannaan mahaariin waliigaltee kennaa ta’uu fi qabeenyi haala kanaan kennamus kandhuunfaa akka ta’e ifaadha.

Gaffii Marii

Gaa’illi akkaataa sirna amantaatiin raawwateef eegumsi taasifamuu isaa SMO beekkamtii eega kennee booda ulaagaa sirna amantichaa kan ta’e Mahaarii ilaalchisee garuu SMO beekkamtii hin kennine jechuun faallaa SMO kwt.21 fi Heera Mootummaa **kwt.34(4)** hin ta’uu? Seerri maatii Oromiyaa ulaagaa seeraa isa gad-aanaa kwt.25 fi itti aanee jiru kabajuu qaba yaada jedhuun ulaagaa sirna amantichi gaa’ila itti hundeessu kan dhorku yoo ta’e tumaa heerichaa armaan olii fi tumaa SMO Kwt 21 waliin akkamitti araarsina?

Xiinxala qajeeltoo qabeenya dhuunfaa adda baasuun fudhachuu jedhuun walqabatee qabxiin biroo akka hubannoo waliigalaatti eeramuun irra jiru tumaa SMO kwt. 74 jalatti tumame dha.

[79]Galmee lakk 10477,MMA Dadar, (2002): Dhimmoonni kunii fi kan walfakkaataan biroo moojulichi kun ilaale kenna “ mahaarii” qabeenya dhuunfaa haadha warra ta’uu isaa kan murteessan bu’uura seera kamiin akka ta’e wanti ifaan kaahan hin jiru. Akka seera shari’aatti mahaariin kan dhuunfaa yoo ta’es gaa’elli kan diigame baditti h/warraan yoo fe’e garuu raawwatiinsa hinqabu.

Kunis karaa isaa biroo qabeenyi dhuunfaa ittiin mirkanaa'u yoo ta'u, qabeenya bu'uura xiinxala armaan olitti godhameen raawwii gaa'ilaa dura dhuunfatti horatame ykn dhaala ykn kennaa dhuunfaan gaa'ila keessatti argame bittaa fi gurgurtaadhaan qabeenya birootti kan jijjiirame yemmuu ta'u, qabeenyi jijjiirraan argame kun kan dhuunfaa ta'uun isaa kan hubachiifamu bu'uura kwt. 73n osoo hin taane bu'uura kwt. 74niidha.

Haala ykn tooftaa kanas tooftaa kwt 73 jalatti tumame irraa adda kan isa godhu akkaataa mirkanaa'ina isaati. Innis bu'uura SMO kwt 73n qabeenyichi gaa'ilaan dura horatamuu isaa ykn immoo gaa'ila keessatti dhaalaan yk kennaan dhuunfatti kan argame ta'uu isaa hubachiisuun alatti haalli kun galmaa'uun hin barbaachisu. Gama kaaniin kwt 74(1) jalatti qabeenyichi bittaa fi gurgurtaa qabeenya dhuunfaan kan argame yoo ta'e immoo haala kana bu'uura kwt 74(2) tiin galmeeffamuu isaa hubachiisuudhaan ta'a. Kanaaf, qabatamaan darbee darbee akka mul'atutti qabeenya bu'uura kwt 73n kan dhuunfaa ta'uu hubachiisuun danda'amu bu'uura kwt. 74(2)n hingalmeessifne jechuun akka qabeenya gamtaatti yemmuu murtaa'u mul'ata. Mee dhimma tokko qabxii amma kaafneef rogummaa qabu tokko haa ilaallu. Dhimmichi dhimma MM Federaalaatti ilaalame ta'u illee tumaan seerichaa Seera Maatii Naannoo Oromiyaa waliin garaagarummaa waan hin qabneef ilaaluun barbaachisaa waan ta'eef dhimmichi fudhatameera.

Dhimmi kun murtii MMWF Dh.Ij. maxxansiise irraa kan fudhatame yoo ta'u,[80]dhimmi kun falmii qooddii qabeenya dhuunfaa fi kan waliinii jechuun abbaa warraa fi haadha warraa gidduutti ka'een yoo ta'u qabeenya irratti wal falman keessaa qabxii olitti kaafneef rogummaa qabu keessaa fudhachuun ilaalla. Manni murtii dhimmichi jalqaba dhiyaateef, qabeenyaan dhaalaan argamu illee mana murtiitiin kan dhuunfaati jedhee hin galmeessifne waan ta'eef kan waliiniiti jechuun murtii kenneera. Iyyataan komii isaa mana murtii sadarkaan jiraniif dhiyeessee MM ol'aanaa Federaalaa qabeenya muraasa qofa ilaalchisee komii dhiyeessisuun kaan murtii jalaa cimsera. MMWF Dh.Ij komii Iyyataan ammaa dhiyeesseen Manni murtichaa yoo xiinxalu, maallaqa baankii jiru qr. 276, 320 ilaalchisee Iyyataan mana murtii jalaa kaasee kan falmaa jiru maallaqa qabeenya dhaalaa irraa argame ta'uu isaati, maallaqa qabeenya dhaalaa sababa misoomaaf ka'ee beenyaa naaf kanfalame irraa kan argamee jiru dha jechuun kan falmu yoo ta'u; waamamtuun gama isheetiin maallaqni kun maallaqa waliiniiti, dura maqaa isheetiin dabtarri heerragaa banamu illee booda iyyataan sababa dhiibbaa irratti gochaa tureen mallattoo keenya lamaaniin akka

[80]Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 65708 ta'e irratti Iyyataan Ob. Arraagaaw Abbabaa fi Waamamtuu Ad. Raaheel Wubisheet gidduutti murtii argatee jiru dha. (jildii 13ffaa)

socho'uuf taasifamee jiru dha. Iyyataan maallaqni kun qabeenya dhaalaan argameen beenyaa kanfalameef ta'uu ragaa lakkaa'achuu isaa, manni murtii garuu qabeenyaa kana mana murtiin waan hin galmeessifneef sababiin ragaa dhageessifattuuf hin jiraatu, garaagarummaan fidu hin jiru jechuun qabeenya waliiniitti fudhachuu isaa galmeerraa hubachuu isaa ibseera. Manni murtichaas qabxii kana yoo xiinxalu: Iyyataan falmiin isaanii maallaqni baankiitti argamu kun kallattiin qabeenya dhaalaan argameen beenyaa kanfalame jechuun falmaa jiran waan ta'eef sababa mana murtiitiin hin galmoofneef ykn kan dhuunfaa naaf haata'u hin jechisiifneef ragaan sababiin dhimma kana qulqulleessinuuf hin jiru jechuun murtiin kenname dogoggora ta'uu isaa, maallaqa falmiif sababa ta'e bu'uura SMF kwt 58'n akka qabeenya gaa'ila keessatti bittaa fi gurgurtaan argametti fudhachuun mana murtiitti dursee **kan dhuunfaa hin jechisiifne** jechuun murtiin kenname dogoggora ta'uu isaa, falmiin iyyataan kaasan qabeenyaa karaa bittaa gurgurtaan jijjiiramee argamee osoo hin taane qabeenya kallattiin dhaalaan argameen beenyaa misoomaaf qabeenyichi ka'een isaaf kanfalamerratti waan ta'eef SMF kwt 58 dhimma kanaaf rogummaa kan qabu miti, falmii iyyataaf tumaan seeraa rogummaa qabu SMF kwt 57, qabeenyaan gaa'ila keessatti dhaalaan dhuunfaatti argame qabeenyuma dhuunfaa ta'ee itti fufa kan jedhuun kan bitamu dha. Kanaaf, manneen murtii jalaa tumaa seeraa dhimmichaaf rogummaa hin qabneen, maallaqa falmiin irratti ka'e qabeenya dhaalaan argame ta'uu fi dhabuu isaa mirga ragaadhaan mirkaneeffachuuf qabu sarbuun dogoggora ta'uu isaa ibsuun manni murtii jalaa irra deebiin qabeenya dhuunfaa ta'uu fi dhabuu isaa ragaa bitaa mirgaan dhiyaate dhaggeeffatee murtii akka kennu jechuun murteessera.

Gaaffii Marii

Dhimma olii keessatti maallaqni baankii jiru mallattoo abbaa warraa ykn haadha warraatiin ala akka hin baane taasifamuun qabeenyaa kana kan waliinii isaanii akka taasisanitti kan fudhachiisu ta'uu danda'aa?

Akka waliigalaatti dhimma olitti murtaa'e irraa manneen murtii qabeenya dhuunfaa fi kan waliinii adda baasuu irratti rakkoon jiraachuu isaa rakkoon kun qabatamaan naannoo keenya keessas kan jiru ta'uun murtii adda addaa kennamaa jiru irraayis kan hubatamu dha.[81] Qabeenyaa gaa'ila keessatti dhaalaan ykn kennaadhaan dhuunfaatti argame yoo jiraate, kan dhuunfaa naaf haata'u jechuun galmeessifachuu kan hin barbaanne ta'uu, qabeenya dhaalaan

[81]Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 95680 ta'e irratti Iyyattuu Ad. Yashii Tashoomaa fi Waamamaa Ob. Masfin Haayluu gidduutti murtii kenname irraa kan hubatamu dha. (jildii 17ffaa)

ykn kennaan argamuu isaa ragaa rogummaa qabuun mirkaneeffachuudhaan malee ulaagaa galmeessifachuu ykn kan dhuunfaa taasifachuuf mana murtiitti galmeessifachuu kan hin barbaanne ta'uu isaa; gama biraatiin qabeenyaan bittaa fi gurgurtaan gaa'ila keessatti argame yoo ta'e garuu ulaagaa galmeessisuu kan barbaadu ta'uu isaa adda baasuun tumaa seera maatii kwt 73 fi 74(2) hojiirra oolchuu akka qabnu kan hubachiisu dha.

Qabxiilee marii

1. Murtiilee armaan olitti manneen murtii Aanaalee Oromiyaa adda addaan murtaa'an "mahaarii" ilaalchisee qabeenya dhuunfaati kan jedhanii fi qabeenya gamtaati jechuun kan murteessan walbira qabuun bu'uura seera maatii oromiyaa kwt. 73n mari'adhaa!
2. "Mahaariin" bu'uura SMOn beekumti qaba jettuu? Akkamitti? SMO kwt. 25 walitti xiinxalaa
3. Bu'uura SMO kwt.73n "kennaa dhuunfaan qabeenya argame "gaaleen jedhu kennaa walfuutonni walii kennan ni dabalataa? Muxannoo qabdan waliiqooduun mari'adhaa!
4. Bi'ura SMO kwt 74 (2) tiin qabeenyi galmaa'uu qabu kan akkamiitii? Gaaffiin akkasii M/murtiitti kan dhiyaachuu qabu yoomiidha? Qabatamaan muxannoon jiru hoo?
5. Waliigaltee kennaa walfuutota giddutti godhamuufi mahaarii maaltu gargar godha jettu? Waliigalteen fuudhaa fi heerumaa jiraachuu dhabuun mirga mahaarii gaafachuu haadha warraa gaa'ila shari'aan raawwatame ni daangessa jettuu?
6. Mahaaris ta'ee kennaa biroo walfuutonni walii kennan qabeenya dhuunfaatii moo kan gamtaa ta'uu qaba jettu? Fkn qubee warqee Q.20,000n abbaan warraa haadha warraaf bite yemmuu hiikkaa kan dhuunfaa isheeti moo abbaa warraaf deebisuu qabdi moo, ykn akka qabeenya gamtaatti qixxetti qoodamu?

B. Qabeenya gamtaa dhiirsaa fi niitii murteessuu

Qajeeltoo qabeenya gaa'ila keessatti yeroo gaaffiin hiikka murtaa'utti jiru addaan baasuu (classification) jedhu jalatti tooftaawwan qabeenya dhuunfaa addaan baasuun ittiin murteessan armaan olitti ilaallee turre. Qaamuma qajeeltoo kanaa kan ta'e tooftaa qabeenyi gamtaa ittiin adda bahu asitti kan ilaallu ta'a. Asirratti akka qabeenya dhuunfaatti qabeenyi gamtaa bu'uura tumaalee addaatiin kan adda bahu osoo hintaane tumaa tilmaama waliigalaa seerichi kaaheen kan hunda'e akka ta'e ni hubatama. Kanaaf, qabeenya gamtaa adda baasuuf kan gargaaran tumaaleen waliigalaa raawwatiinsa qaban SMO keessatti kan diriiraan yoo ta'u

isaanis boqonna 5ffaa kutaa 3ffaa kwt.78-79 fi kutaa 4ffaa kwt.113 (2) (3) walitti dubbisuun kan raawwatamaniidha.

I. Tilmaama waliigalaa fi raawwatiinsa isaa

Qabeenya gamtaa ilaalchisee tilmaamni waliigalaa seerichi kaahe[82] qabeenyi kamiiyyuu yeroo hiikkaatti gaa'ilicha keessatti argamu maqaa walfuutota keessa isa tokkootiin galmaa'ee yoo argames kanuma waliinii akka ta'etti kan fudhatamu ta'uu isaa ni hubachiisa. Bal'ini raawwii tumaa tilmaama waliigalaa kanaatis SMO kwt.78 jalatti kan tumame yoo ta'u, bu'uura kanaanis 1ffaa walfuutonni carraqqii dhuunfaan godhaniin (gaa'ila keessatti) galiin argatan ykn qabeenya dhuunfaas ta'ee gamtaa irraa galii fi bu'aan argatan hundinuu qabeenya gamtaa akka ta'etti tilmaamama (kwt.78(1)). 2ffaa, fuudhaa fi heeruma keessatti qabeenyi bittaa fi gurgurtaadhaan argamu hundinuu ammas qabeenya gamtaa akka ta'etti kan tilmaamamu yoo ta'u, kunis qabeenya dhuunfaa gurguruudhaan mallaqa argamu, mallaqa kanaanis qabeenya biroo bitamu ykn qabeenya biroo qabeenya dhuunfaan jijjiiramu hundaa dabalata jechuudha. (SMO kwt.78 (2)). Akkasumas 3ffaa, waliigaltee kennaatiin ykn dhaalaan qabeenyi wal fuutoonni waliin argatan hundi ammas kanuma gamtaa akka ta'etti seerichi tilmaama fudhata (kwt. 78(3))

Egaa bu'uura tumaalee seeraa olitti ibsamaniitiin tilmaamni seeraa bu'uuraa qabeenya dhiirsaa fi niitii bitu qabeenyi fuudhaa fi heeruma keessa jiru hundi kan gamtaa (community) akka ta'etti kan hundeessuudha. Walfuutota keessaa ykn namoonni biroo mirga isaan irraa argatan[83] qabeenya kan dhuunfaati jechuun gaafatan yoo jiraatan tumaalee seerichaa kan addaa qabeenya dhuunfaa adda baasuuf gargaraan olitti ilaallaman irratti hunda'uudhaan kan dhuunfaa akka ta'e hubachiisuun tilmaama waliigalaa kana jalaa baasuu kan danda'an akka ta'e duraan ilaaluun keenya ni yaadatama.

Haala kanaan, tumaalee tilmamaa qabeenya gamtaa hundeessan kanneen jalaa bahuudhaaf qabeenyichi kan dhuunfaa ta'uu hubachuun kan danda'amu 1ffaa qabeenyichi falmii kaase raawwii fuudhaa fi heerumaa dura kan horatame ta'uu mirkaneessuudhaan ykn gaa'ila keessatti kennaan ykn dhaalaan dhuunfatti kan argame ta'uu hubachiisuun **(kwt.79,78 (3) fi 73 walitti dubbisuun)** ta'a. 2ffaa qabeenyichi bittaa fi gurgurtaa qabeenya dhuunfaan kan

[82]SMO kwt. 79 (1) : the general rule is that all properties found in the marriage institution at the time of divorce are presumed to be the common properties of the divorcing spovses and this rule is open for rebuttal by showing that aparticular property is personal so, community, property is the basicrule where as versonal property is an exception to this basic rule.

[83] Bu'uura Seera dhaalaatiin ykn seera biroo rogummaa qabuun namoota walfuutta irraa mirgi qabeenyaa darbeef fi walfuudhaa isa tokko gidduu falmiin qooda qabeenya dhiirsaa fi niitiin walqabatee ka'uu bu'uura tumaalee SMo kwt. 122 (1) h(2) jalatti ibsameera.

argame ta'uu mirkaneessuun **(kwt.78 (2) fi 74(2))** ta'a. Tooftaalee tumaalee addaa kanneeniin alatti qabeenyi gaa'ila keessa jiru kamiiyyuu kan gamtaa ta'uu tilmaama tumame kana bu'urri seeraa biroo diiguuf dandeessisu SMO keessatti kan jiru hinfakkaatu.

Bu'uura kanaan, qabeenya gamtaa adda baasuun walqabatee haallan tilmaama seeraa fi tumaalee addaa gabaabinaan olitti ibsaman kana hojii irra oolchuu irratti qabxiilee rakkoon qabatamaa irratti mul'atu keessaa ijoo kan ta'an muraasa kallattiin kaasuudhaan dhimmootaan deeggaruun akka armaan gadiitti xiinxaluuf haayaallu. Qabxiileen kunis 1ffaa akkaataa tilmaama qabeenya gamtaa seerichi hundeesseen fi tooftaalee tumaalee addaa qabeenya dhuunfaa hubachiisuuf dandeessisaniin alatti qabeenyaawwan biroo uumamaan ykn seeraan qabeenya gamtaa ta'uu hindandeenye jiran moo hin jiran? Yoo jiraatan fakkeenyaaf maal fa'adha,[84] akkamittis adda baasuun danda'ama kan jedhu qabxii ijoo xiyyeeffannaa barbaaduudha. Inni 2ffaan immoo qabeenyi dhuunfaa qabeenya gamtaan yemmuu walmaku[85] haala kamiin addaan baasuun akka danda'amu kan ilaallatuudha. Walduraa duubaan haa'ilaallu.

II. Qabeenya uumamaan ykn seeraan kan gamtaa ta'uu hindandeenye

Qabeenya uumamaan kan gamtaati jedhamee qooduun hindanda'amne yemmuu jedhamu qabeenya amala isaatiin diinagdetti shalagamuu hindandeenye ta'ee kan argame gaa'ila keessatti yoo ta'eyyuu walfuutota keessaa isa tokkoof akka mirgaatti ykn sadarkaatti dhuunfaan kennamu ykn bu'uura seera ilaallatuun humnaafi mallaqa ofii itti baasuun carraaqqii walfuutotaan kan oomishamuu hindandeenyeedha. Kunis mirga diinagdee ykn hamilee duwwaa kan gonfachiisuudha. Akka fakkeenyaatti waraqaa ragaa barnootaa (dip, digrii kkf), mirga abbaa kalaqummaa (copy or patent right), mirga beenyaa miidhaa hamilee, fi kkf eeruun ni danda'ama. Bu'aan gama diinagdeetiin mirgoota kana irraa argamu qabeenya gamtaa ta'uu waan danda'uuf sirna qoodinsaa keessa kan galuu qabu yoo ta'es mirgoonni kun ofii isaaniitii qabeenya gamtaa ta'uu hin danda'an.

Gama kanaan SMO kwt 79 (1) jalatti tilmaamni seeraa kaahe yemmuu ilaalamu qabeenyi kamiiyyuu[86] gaaleen jedhu qabeenyota armaan olitti ibsaman kanneen ni dabalata moo

---

[84] Qabxii kana jalatti kallattiidhaan mirga qabiyyee lafaa, kanfaltii sooramaa fi kanfaltii beenyaa akka fakkeenyaatti kaasa.

[85] Qabeenyi dhuunfaa tokko bu'uura tooftaalee tumaa addaatiin haala adda baasuu hin dandeenyeen qabeenya waliin kan walmake yoo ta'e bu'aa akkamii akka hordofsiisu fi akkamitti akka ilaalamu qabxii ilaallatuudha.

[86] Includes goods and chattels rights and credits, money and eggects, evidence of debts, choses in action and all written instruments by which any ritht to, interest in, or lich or encumbrance upon property or debt or financial

hindababalatu, gaaffii jedhu kaasisuun isaa ifaadha. Qabeenyi kunniin uumamaan kan gamtaa ta'uu kan hindandeenye ta'us, seeraan kan gamtaa akka ta'an tumamuu danda'u. Gaaleen kwt. 79(1) *"…. Qabeenyi kamiiyyuu…"* jedhus kanuma kan mirkaneessu ta'ee mul'ata. Bu'uura kanaanis, uumamni/amalli isaanii waan fedhe yoo ta'es qabeenyota kana kan dhuunfaa ta'uu ykn kan gamtaa akka hintaane hubachiisuun kan danda'amu akkaataa tumaalee addaa seerichi qabeenya dhuunfaa adda baasuuf kaaheen qofaadha. Akka fakkenyaatti qabeenyota kanneen keessaa muraasa ilaaluuf mirgi itti fayyadama lafa baadiyaa qabeenya yeroo hedduu falmii fi ejjannoon adda addaa irratti mul'atuu dha. Gama tokkoon qabeenyi lafaa mirga ittifayyadamaa duwwaadha malee carraaqqii dhuunfaa walfuutotaa ykn **humnaa fi mallaqa isaaniitiin kan oomishamu akka hintaane** ibsuudhaan bu'aa ykn firii irraa argamu qofa akka qabeenya gamtaatti kan ilaalamu ta'uu fi lafti akka qabiyyeetti namuma /namootuma mirgichi ittiin galmaa'e harkatti kan hafu akka ta'e ejjannoon agarsiisu ni jira.[87] Qabiiyyee lafaa haala kamiin kan waliinii ykn kan dhuunfaa ta'a kan jedhu ilaalchisee qobaatti ball'inaan kan ilaallu ta'a.

Qabxiin ijoon inni biraa immoo kanfaltiiwwan akka sooramaa fi beenyaa miidhaa qaamaa qabeenya dhiirsaa fi niitii addaan baasuu keessatti haala kamiin ilaalamu, kan jedhu yoo ta'u kanfaltii sooramaan waliin wal qabatee qabxii galii mindaa gaa'ila keessatti argamu irraa muramuun kan kuufamu ta'uun isaa kan beekamu dha. Ta'us wanti tarii falmii kaasuu danda'u kanfalatiin sooramaa kanfalmuu kan jalqabe eega gaa'illi diigame booda yoo ta'e walfuutota keessaa inni barbaadu akkamitti gaafachuu danda'a kan jedhu dha. Abbaan warraa fi haati warraa kanfaltii sooramaa itti fayyadamaa osoo jiranuu gaaffiin hiikkaa yoo dhiyaatee fi gaa'illi yoo diigame abbaa warraa ykn haadha warraa keessaa gareen kanfaltii sooromaa irraa fayyadamaa ta'e garee isa biraatiif qoodi jedhamuu akka hin qabne murtii dirqisiisoo MMWF Dh.Ij. labsii sooromaa hojjattoota mootummaa lakk 345/95 irratti hundaa'ee murteesse irraa kan hubatamu dha. Dhimmichas murtii manneen murtii sadarkaan kennan akka armaan gadiitti qindaa'ee dhiyaate haa ilaallu.

Dhimmi kun MMWF Dh.Ij.[88] murtii dirqisiisaa ta'ee kenname irraa kan fudhatame yoo ta'u, ka'umsi dhimmichaa Mana Murtii Aanaa Loomee irraa kan ka'e yoo ta'u, hiikkaa gaa'ilaan

---

obligation is created, acknowledged, exidenced transferred or discharged and all real properties: Analysis of the Ethiopian civil code arts – sea also see also the **New jersey family code on: http://WWW.newJ.Got.fam**

[87]Obbo Ahmad Umar, A/Seera MMWO akkasumas leenjii seera maati fi heera mootummaa mata duree jedhuun lenjifamtoota leenjii hojii irraa dheeraa marsaa 4ffaa gaafa 12/03 kenname irratti A/Seeraa fi A/Alangaa hedduun yaada kennan

[88] Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 113002 ta'e irratti Iyyataa Ob. Baalchaa Abbabaa fi waamamtuu Ad. Almaaz Alii gidduutti murtii kenname ilaallata (jildii 20ffaa)

booddee bu’aa kanfaltiin sooromaa hordofsiisu ilaalchisee falmii dhiyaate dha. Falmiin Iyyataa fi waamamtuu gidduu ture gaa’illi diigamee qooddiin qabeenyaa kan taasifamee jiru dha. Gaaffii seerummaa waamamtuun gaafatte keessaa tokko kanfaltiin sooromaa kanfalamu illee naaf haa qoodamu kan jedhu keessatti argama. Iyyataan ammaa gaaffii kanfaltiin sooromaa naaf haa qoodamu jedhamee waamamtuudhaan gaafatame ilaalchisee deebii yoo kennu, kanfaltii sooromaa narraa qooddachuuf mirga hin qabdu kan jedhu dha. Manni murtichaas kanfaltiin sooromaa iyyataa fi waamamtuun yeroo waliin jiraatanitti miindaa irraa citaa kuufamaa kan ture waan ta’eef akka qabeenya waliiniitti kan lakkaa’amu dha waan ta’eef haa qooddatan kan jedhuun murtii kenneera.

Manni murtii Shawaa bahaas komii dhiyaate irratti dhimmicha ol-iyyannoon ilaalee, Iyyataan sooromaan kan jiraatu dha, bu’uura SMO kwt 78 (1) tiin akka qabeenya waliiniitti kan fudhatamu kan waliin hojjatanii argataniin malee kanfaltii sooromaa kan dabalatu miti. Labsiin Sooroma Hojjattoota mootummaa lakk 345/95 kwt 44 irraayis kanfaltii sooromaa abbaan warraa fi haati warraa yeroo wal hiikanitti akka qixxee qooddachuu danda’an waanti hubachiisu hin qabu jechuun murtii Mana Murtii aanaa Loomee diigeera.

MMWO’s komii dhiyaate irratti bitaa mirgaan falmii dhaggeeffatee murtii kenneen, abbaan warraa fi haati warraa gaa’ila keessa osoo jiranuu qabeenyaa dhuunfaa irraayis ta’e kan waliinii irraa galiin argamu kamiyyuu akka qabeenya waliiniitti fudhatamu SMO kwt 78(1) jalatti tumamuu isaa ibsee, tattaaffii dhuunfaa irraa galii argamu keessaa tokko miindaa ta’uu isaa kaasuun, bu’uura labsii sooroma hojjattoota mootummaa lakk 345/19995 kwt 7 tiin sooromni miindaa irraa cite kan citu ta’uu isaa, wal fuutoota keessaa tokko yoo du’e bu’uura kwt 35 haati manaa walakkaa isaa argachuu akka dandeessu ibsee kanfaltiin sooromaa bara 1960 kaasee miindaa irraa ykn galii waliinii isaaniirraa citaa ture waan ta’eef qixxee qooddachuu qabdi jechuun murtii kenneera.

MMWF Dh.Ij. gama isaatiin, labsii yeroo falmichi taasifamu hojiirra tureen labsii lakk 345/95 maddi kanfaltii sooromaa hojjattoota mootummaa bu’uura kwt 5 jalatti tumamee jiruun, hojjachiisaa irraa %6 hojjataa mootummaa irraa %4 irraa walitti kuufameeti. Falmiin waamamtuu ammaa miindaa nuuf kanfalamaa ture irraa %4 citaa turuu isaa kaasuun galii waliinii isaaniirraa kan citaa ture ta’uu isaa kaasuun bu’uura SMOtiin qabeenyaa waliiniitti akka fudhatamutti kaasanii kanfaltii sooromaa qooddachuu akka qaban kaasu. Iyyataan gama isaatiin kan waamamtuun kanfaltii sooromaa isaaf qofa kan kanfalamu ta’uu isaa, waamamtuun kanfaltii sooromaa qooddachuu kan dandeessu gaa’ila keessa osoo jirruu yoon

ani du'e malee hiikkaan booddee kanfaltii sooromaa qooddachuuf mirga hin qabdu jechuun falmeera.

Kanfaltiin sooromaa hojjataa tokkoof kan kanfalamuuf, umuriin isaa yeroo deemetti akkasumas yeroo humni isaa dadhabetti akka ittiin gargaaramuuf, jiraachuuf baasiiwwan isa barbaachisan hanga ta'een akka uwwisuu danda'uuf, wabii nageenya hawaasummaa isaatiif kennuuf, imaammata mootummaan wabii nageenya hawaasummaaf qabuun kennamu irraa kan maddu waan ta'eef akka qabeenya kamittuu fudhatamee qabeenya waliiniiti jechuun akka hin danda'amne murtii dirqisiisoo ammaan dura lakk galmee 34384 irratti kennee turuu isaa ibsee, labsii sooromaa olitti ibsameen kwt 35 abbaan warraa fi haati warraa gaa'ila keessa osoo jiranuu gareen kanfaltii sooromaa argachuuf mirga qabu keessaa tokko yoo du'e gareen inni biraa mirga kanfaltii sooromaa argachuun kan wal qabatu malee abbaan warraa ykn haati warraa fayyadamaa kanfaltii sooromaa ta'anii osoo jiranuu gaa'illi osoo hiikkaan diigame kanfaltiin sooromaa garee isa kaaniif akka kanfalamuu danda'u waan tume miti waan ta'eef kanfaltii sooromaa qooddachuuf mirga hin qabdu jechuun murteessera.

Gaaffii Marii

Murtii Mana Murtii kamiin waliigaltu? Galii waliinii isaaniirraa %4 citaa ture ilaalchisee waamamtuun mirga sooroma qooddachuu hin dandeessu jedhame akkamiin ilaaltu? Dirqama qallaba kennuun wal qabatee labsiin kanfaltii sooromaa fooyya'ee jiru lakk 714/2003 kwt 51 yoo ilaalle haalli itti seeraan dhorkamu jiraachuun isaa, qaraxa ykn gibira kanfalamu ilaalchisee haalli itti kanfaltiin sooromaa seeraan itti dhorkamu jiraachuu waliin wal qabatee kaayyoo kanfaltii sooromaa jedhamee murtii MMWF Dh.Ij. ibse faana wal simaa?

Qabxiin biraa Kanfaltii beenyaa miidhaa ykn kaasaa miidhaa qaamaa ilaalchisee miidhaan kan dhaqqabe qabbeenya dhuunfaa ykn gamtaa irratti yoo ta'e beenyaan kanfalamus kan gamtaa akka ta'u ifaa dha. Garuu beenyichi miidhaa qaama irra gahe ykn hamilee yoo ta'e hoo kan jedhu falmisiisaadha.

Qabxiilee kanarratti dhimma mana murtii ol'aanaa G/Iluu Abbaa Booraatti ilaalamee murtaa'e[89] tokkoon qabeenya mana jireenyaa falmii kaase ol'iyyattuun qabeenya gamtaa waan ta'eef gaheen koo naaf murtaa'uu osoo qabuu kan dhuunfaa D/kennaati jedhamuun sirrii miti jechuun yoo falmitu D/Kennaan immoo manicha mallaqa beenyaa mootummaan miidhaa dirree warraanaatti narra gaheef naaf kanfaleen bitaadhe waan ta'eef kan gamtaa

[89]Galmee ol'iyyannoo lakk M/M/Ol'anaa G/I/A/Booraa (2001)

jedhamuu hindanda'u jechuun falmeera. Haaluma kanaan M/M/Aanaas ta'ee M/M/Ol'anaa qabeenyichi kan dhuunfati jechuun murteessaniiru.

Haaluma walfakkaatuun dhimma biroo Mana Murtii Waliigala Federaalaa Dhaddacha Ijibbaatan murtaa'e[90] tokkorratti murtii hiikkaa gaa'ilaa booda falmii qooda qabeenyaa irratti waamamaan (abbaa warraa) iyyattuu waliin gaa'ilaan osoo jiran raayyaa ittisaa ta'ee biyya Buruundiitti tajaajila yemmuu kennee deebi'u maalaqnii mootummaan bifa addaatiin akka deeggarsaatti kenneef qabeenya gamtaa jedhamuu danda'aa? qabxiin jedhu ijoo falmii ture . Manni murtii Aanaa jalqaba dhimmicha ilaalee fi MMOl'aa Mootummaa Naannoo Amaaraa qabeenyichi (mallaqni) kun gaa'ila keessatti kan argame ta'uun isaa bitaa fi mirga kan hinfalmisiisin ta'uu ibsuun mallaqichi mindaa ykn durgoo ta'uu dhabuun ykn haala addaatiin kennamuun isaa kan dhuunfaati jechuuf kan hin dandeessifne ta'uu bu'uura seeraa maatii naannichaa kwt. 73n (SMO kwt. 78(1) waliin tokkoodha) kan gamtaa akka ta'e murteessaniiru.

MMW Naannichaa immoo dhimmichi ol'iyyannoon yemmuu dhiyaatuuf qoratee murtii kenneen mallaqni falmii kaase kun qabeenya gamtaa hin ta'u jedhee kan murteesse yoo ta'u murtii kanaafis sababiin kaahe bu'uura seera maatii kwt. 73n qabeenyi kan gamtaati kan jedhamu abbaan warraa fi haati warraa gaa'ila keessatti yemmuu waliin jiraatan walgargaaruu fi waldeeggaruudhaan carraaqqii godhaniin kan argame yoo ta'eedha. Mallaqni amma falmii kaase immoo waamamaan (iyyataa MMW) tajaajila mootummaaf kenneen walqabatee dirqama itti kenname gahuumsaan xumuruu isaatiif mindaan alatti kabaja dhuunfaa isaaf jedhamee kan kenname waan ta'eef qabeenya gamtaati jedhamuu hindanda'u kan jedhuudha.

Manni Murtii Waliigala Federaalaa Dhaddachi Ijibbaataa immoo murtii dhimma kanarratti kenne keessatti tumaa seera maatii wa'ee maalummaa qabeenya gamtaa hundeessuuf hiikkaa kenneen:

Seerichi qabeenya gamtaadhaaf bu'uura akka ta'u wanti akka ijootti kaahe yeroo gaa'illi ragga'ee jirutti qabeenyichi kan argame ta'uudha. Abbaan warraa fi haati warraa gaa'ilaan yemmuu waliin jiraatanitti qabeenyi argamu walgargaarsa isaan lameeniitiin akka argametti lakkaa'amuu akka qabu seerichi tumeera. Kan jiraatan adda adda fagaatanii iddoo adda addaa yoo ta'ellee lameenuu gumaacha walqixa ta'e gaa'ila isaaniif akka godhanitti seerichi

[90]Galmee Ijibbaataa lakk. 31430 MMWF dhaddacha ijibbataa, murtiilee Dhaddacha Ijibbaataa, giildii 5(2000)

tilmaama fudhata. Waan ta'eefis akkaataa karaa rogummaa qabu seeraan fudhatamuutiin qabeenyi walfuutota keessaa kan dhuunfaa isa tokkoo ta'uun hanga hin mirkanaa'initti qabeenyi yeroo gaa'ilaa argame hundi qabeenya gamtaa dhiirsaa fi niitii ta'a.

Haala kanaan seericha hiikuun mallaqni falmii kaase qabeenya gamtaa ta'uu isaa dhaddachi ijibbaataa kun murteessee jira. Murtii kana irraa akka hubatamutti, qabeenya gamtaati jechuudhaaf madaalliin seerichi kaahe gaa'ila keessatti argamuu qabeenyichaa qofaa yoo ta'u, amalli addaa ykn uumamni qabeenyichaa waan fedhes yoo ta'e ilaalcha keessa kan galuu miti[91] jechuudha. Kanaaf akka murtii kanaatti tumaan seerichaa kwt 78 fi 79 (SMO) galii gaa'ila keessatti argamu kamiiyyuu qabeenya gamtaa kan taasisu yoo ta'u, walfuutota keessaa galicha haala kamiinuu kan fide isa tokko qofa yoo ta'es seerichi kan tilmaamu waldeeggarsaa fi walgargaarsa garee lameeniin akka ta'ettidha.

Muxannoon biyyoota birootis yemmuu ilaalamu biyyaa biyyatti garaagarummaan hangi ta'e kan mul'atu yoo ta'es gara caalu[92]yaaduma murtii dhaddacha ijibbaataa kanaan kan walfakkaatuudha. Tilmaama seeraa kana ilaalchisee qo'annoon seerota maatii Naannoolee biyya Ameerikaa (USA) irratti hojjatame tokko akkasitti ibseera.

The basic thrust of the community property law is that the aquisition of property by either spouse during marriage through the time energy, and skill of one or both spouses is trearted as a conribution to the community or marital property. The contributions may be direct, as one spouse earning a salary, and indirect as the other spouse taking care of the home. Although the system is in many ways treated as an economic partinership, the relative values of the contrubtions of each spouse are not an issue, and are presumed equal[93]

Bu'uura kanaanis qabeenyi uumama amala isaatiin qabeenya gamtaa ta'uu hindandeenye kamiiyyuu gaa'ila keessatti hanga argametti kanuma gamtaa akka ta'ee fi gumaachii fi hirmaannaan walfuutota lameeniitis walqixa akka ta'e tilmaamni seeraa tumame isa bu'uuraa ta'uu muxannoon biyyoota birootis kan mirkaneessuudha.

Qabxii Marii

---

[91] Uumamaan ykn amalaan qabeenyi tokko walfootota keessaa isa tokko dhuunfaan kan ilaalu ta'uun isaa uilaalcha gahee adda baasuuf ta'a.

[92] **Jerry A. kasneretal, An overview of community property law, 1999;** P.1 while the community property system of classifying property owned by ahusband and wife has been adopted by aminority of jurisdictions in the U.Sited states, if can fairly be said it is the predominant form of manital property ownership in alarge part of the world.

[93] Id, PP 5-6

1. Bu’uura tilmaama seeraa qabeenya gamtaa hundeessuutiiin galiin fuudhaa fi heeruma keessatti argamu kamiiyyuu kan waliiniiti yemmuu jedhamu galii waldeeggarsaa fi walgargaarsaan walfuutonni lameen argamsiisan qofa jechuudha? Murtii dhaddacha ijibbaataa olitti dhiyaate murtii manni murtii waliigala kenneen walbira qabuun tumaa SMO kwt. 79(1) irratti mari’adhaa
2. Dhimma olii keessatti hiikkoo kwt. 73 (Seera Maatii Naannoo Amaaraa) 78(1) SMO tiif dhaddachi ijibbaataa kenne akka mitti ilaaltu? Gosti qabeenyaa ykn galii tilmaamni seeraa kun hin ilaallanne jira jettuu? Fkn, kanfaltii beenyaa miidhaa qaamaa, kanfaltii sooramaa fi kkf qabeenya waliinii ta’uu? Kanfaltiin beenyaa miidhaa hamilee hoo?
3. Dhimma mana murtii ol’aanaa Godinaa Iluu Abbaa Booraatti ol’yyannoon ilaalame (fuula 57) irratti murtii MMAanaa kenne akkamitti madaaltu? Kan MM ol’aanaa kenne hoo? Muxannoo keessanis itti dabaluun ilaalaa.
4. Seeronni maatii biyyoota hedduu qabeenya gamtaa (community property) maal akka ta’e yemmuu tuman qabeenya kan dhuunfaa hintaane kamiiyyuu jechuun ibsu. Ibsi kun SMO kwt. 78 fi 79 waliin walbiratti yoo ilaalamu garaagarummaa qabuu?

III. Qabiiyyee Lafa Baadiyyaa

Qabeenya gamtaa fi dhuunfaa adda baasuu keessatti mirgi itti fayyadama lafa baadiyaa qabeenya yeroo hedduu falmii fi ejjannoon adda addaa irratti mul’atuu dha. Gama tokkoon qabeenyi lafaa mirga ittifayyadamaa duwwaadha malee carraaqqii dhuunfaa walfuutotaa ykn humnaa fi mallaqa isaaniitiin kan oomishamu akka hintaane ibsuudhaan bu’aa ykn firii irraa argamu qofa akka qabeenya gamtaatti kan ilaalamu ta’uu fi lafti akka qabiyyeetti namuma /namootuma mirgichi ittiin galmaa’e harkatti kan hafu akka ta’e ejjannoon agarsiisu ni jira.

Gama biraatiin qabeenyi lafaa akkuma qabeenya biroo kamiiyyuu gaa’ila keessatti kan argame yoo ta’e qabiiyyee gamtaa ta’a, carraaqqii walfuufotaan argamuu fi dhiisuu isaa seerichi akka madaalliitti wanti kaahe waan hin jirreef qabeenya gamtaati jedhamee qixa kan qoodamuudha ejjannoon jedhus qabatamaan kan jiruudha.[94] Dhimmoonni gama kanaan murtaa’anis ejjannoowwan kana lameen bal’inaan kan calanqisiisan yoo ta’u, muraasa isaanii fakkeenyaaf ilaaluun gaariidha.

[94]Obbo Haafiz, A/Seeraa MMWO akkasumas leenjii seera maattii fi heera mootummaa mata duree jedhuun leenjifamtoota leenjii hojii irraa dheera marsaa 4[ffaa] gaafa 12/03 kenname irratti A/Seeraa fi A/Alangaa hedduun yaada kennan

Dhimma armaan olitti qabeenya dhuunfa adda baasuun walqabsiifnee ilaalle keessaa kan mana murtii ol'aanaa G/Sh/Lixaatti dhiyaatee murtaa'e [95] tokko asirrattis rogummaa ol'aanaa kan qabu waan ta'eef gabaabinaan yemmuu ilaalamu oliyyattuun qabeenyota waliiniti jettee mana murtii jalaatti dhiyeessite keessaa inni tokko lafa qonnaati. Lafa kanas D/kennan deebii jalatti kenneen ol'iyyattuu waliin gaa'ela osoo hin raawwanne dura niitii isaa tan biroo waliin argatee kan itti fayyadamaa tureefi isheen sababa duuteef oliyyattuu kana kan fuudhe ta'uu ibsuudhaan qabeenyicha kan dhunfaa akka ta'e falme .

Manni murtii Aanaa dhimmichi jalqaba itti dhiyaate immoo ragaa bitaa fi mirgaa eega dhagahe booda madaalliin jecha ragootaa qabiyyeen lafaa kun kan dhuunfaa W/kennaa akka ta'e kan mul'isu ta'uu fi D/kennaan Ol'iyyattuu osoo hinfuudhin dura niitii biroo waliin itti fayyadamaa turuun isaa lafti kun qabeenya waliinii akka hintaane mirkaneessa jechuun kan murteesse yoo ta'u, murtii kana komachuun oliyyanni kan dhiyaatef M/M/Ol'aanaa immoo "qabiyyeen lafaa kun kan dhuunfaa D/kennaati kan nama jechisiisuu otuu ol'iyyattuu hin fuudhiin dura fudhachuu isaa qofa osoo hintaane akka qabiyyee isaatti galmeessisee[96] Yoo qabatee dha Eega oliyyattuu fuudhe booda akka qabiiyyee waliiniitti itti fayyadamaa jiraachuu isaa ragaan bitaa fi mirgaa otuu himaa jiran kan waliinii miti jechuun sirrii miti jedhee murtii jalaa diiguun lafa falmii kaase kana walfuutonni qixxetti akka qooddatan murteessee jira.

Murtii kana keessatti sababiin dhiyaate kan agarsiisu gama tokkoon qabeenyi lafaa kun gaa'ila dura argamuun akkuma qabeenya birootti kan dhuunfaa akka taasisu (murtii M/M /Aanaa) yoo ta'u gama kaaniin immoo lafa kana gaa'ilaan booda ol'iyyattuun waliin itti fayyadamaa turuun amala qabeenya waliinii akka uumatu taasisuu isaati (MM ol). Haata'u Dhimma walfakkaatu biroo MMWO dhaddacha Lixaatti oliyyannoon dhiyaatee murtaa'een[97] ol'iyyattuun qabiyyee lafaa D/kennaan osoo ishee hinfuudhin argate garuu eega walfuudhanii waggaa shaniif waliin itti fayyadamaa turan qabeenya waliiniiti jedhamee akka qoodamuuf murtaa'uufii osoo qabuu kan dhuunfaa D/kennaati jedhamee murtaa'uun sirrii miti jecuun komii dhiyeeffatte. M/M ol'aanaa dhimicha ol'iyyannoo duraatiin ilaalee ture murtii M/M/jalaa kan cimse yoo ta'u MMWO immoo murtiilee jalaa diiguun murtii kenneen;

[95]Galmee Oliyyannoo lakk. 26556, MMOG/Sh/Lixaa (2001)

[96]Galmeeffamni kun bu'uura seera kamiin akka ta'uu qabu murtichi ibsuu yoo baates SMO kwt. 74(2) ykn labsii itti fayyadama lafa baadiyaa oromiyaa kwt 16 6(13) fi 15 (9) ta'uu akka malu kan yaadamu yoo ta'u bu'uura SMO kwt. 74 (2) garuu raawwatiinsa hin qabu.

[97]Galmee oliyyannoo lakk 83227, MMWO, dhaddacha Lixaa (2002)

Ragoonni oliyyattuu mana murtii jalaatti dhagahaman bitaa fi mirgi lafa qonnaa hektaara afur (4) waliin waggaa shaniif (5) itti fayyadamuu ibsaniiru. Bu'uura labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyaa Oromiyaa kwt 2(10),(13) fi (16)tiin ammoo ol'iyyattuun waggaa shaniif miseensa maatii D/kennaa taatee galii laficharraa argamuun jiraachaa waan turteef bu'uura SMO kwt. 79(1) tiin lafa hektaara 4 irratti bitaa fi mirgi mirga itti fayyadamaa walqixa ta'e qabu jechuun murteesee jira.

Murtiin kun bu'uura tumaalee labsichaa murtichi irratti hundaa'ee fi SMO kwt.78 fi 79n yemmuu xiinxalamu, 1ffaa lafti qonnaa falmii kaase kun qabiiyyee waliinii dhiirsaa fi niitii ta'uu isaa irratti wanti murteesse hinjiru. Kun immoo lafti qabeenya mootummaa fi ummataa ta'uu heerri kan tumee fi qotee bulaan kan qabu mirga itti fayyadamaa qofa ta'uu labsichi kan tume waliin walbiratti yemmuu ilaalamu manni murtii kun qabiyyee lafaa osoo hin ta'in mirga itti fayyadamaa irratti qofa murtii kennuun isaa kaayyoo fi hiika sirrii seerichaa irratti kan hundaa'e ta'ee mul'ata.

2ffaa, haalli kun ta'us mirga itti fayyadama ol'iyyattuu (dubartii) bu'uura labsii lafaa kwt. 2(10), (13) fi (16)n akka miseensa maatii ykn hirkattoota D/kennaatti ilaaluun isaa kan seera maatii keessatti abbaan warraa fi haati warraa walqixa akka ta'an tumame waliin kan walsimu hin fakkaatu. Akka labsicha kwt 2(10), (13) fi (16)tti miseensa maatii [98]jechuun abbaa qabiyyee qabu jalatti namoota jiraatan yoo ta'an isaaniifis mirgi kun kan darbu **dhaalaan ykn kennaadhaan** malee qoodinsa mirgaatiin miti.

Mirgi itti fayadamaa kun abbaa warraan ykn haadhaa warraan dhuunfaa dhuunfaatti ykn waliin kennamuudhaan galmaa'uu akka danda'u labsichaa kwt. 15((8) fi (9)) jalatti tumamee jira. Akkasumas yeroo hiikkaa gaa'ilaattis mirga qabiyyee lafa maqaa isaaniitiin galmaa'ee waliin qaban addaan hirachuuf mirga walqixaa kan qaban ta'uun labsicha kwt. 6(3) jalatti tumamee jira. Akkaataa tumaalee kanaattis mirgi qabiyyee lafaa qixxetti qaban isa maqaa isaan lameeniin galmaa'e qofa akka ta'e hubachuun kan danda'amu yoo ta'u kan hin galmaa'in yoo ta'e ykn walfuutota keessaa maqaa isa tokkoo qofaan kan galmaa'e yoo ta'e hoo mal ta'a kan jedhu gaaffii qabatamaan rakkoo uumaa kan ture dha.

Asirratti 1ffaa mirgi abbaa qabiyyummaa lafaa mirga faayidaa diinagdee argamsiisu waan ta'eef qabeenyaa dha. Akka qabeenya ta'uu isaatti immoo bu'uura labsicha lafa baadiyaatiin

[98] Miseensa maatii jechuun ijoollee abbaan qabiyyee irraa dhalatan namoota biroo galii biraa hinqabneefi dhaabbataan abbaa qabiyyee waliin jiraatan" labsii itti fayyadama lafa baadiyaa Oro kwt. 2(16) namoonni kun abbaa qabiyyee wlaiin laficha irratti mirgi qaban qixxa miti.

abbaan warraa ykn haati warraa gaa'ilaan dura ykn gaa'ila keessatti argachuu malu. Bu'uura kanaan mirga itti fayyadama lafaa kun gaa'ila keessatti hanga argamee jirutti walfuutota keessaa maqaa isa tokkoo qofaan galmaa'ee kan argamu yoo ta'es akkaataa SMO kwt.79(1)tiin qabeenya gamtaa ta'a [99] jechuudha. Kunis walfuutotaaf walqixaadha. Kana jechuun immoo mirgi kun raawwii gaa'ilaan dura garee isa tokkoof dhuunfatti kan kenname ta'uun isaa qofti battalumatti kan dhunfaa garee sanaa kan hintaasisne ta'uun hubatamuu qaba.

Sababiin isaatis (haala qoodinsaa keessatti balinaan kan ilaallu ta'ee) qabiyyee lafaa abbaan warraa gaa'ela dura fudhate gaa'ela booda waggoota 10 fi sanaa ol haadha warraa waliin itti fayyadamaa turan yeroo hiikkaatti sababa mirgichi gaa'elaan dura argame qofaaf haati warraa mirga keessaa hinqabdu jechuun kaayyoo seeraa waliin hindeemu.

2[ffaa] haaluma walfakkaatuun fakkeenyumaaf gaa'elli raawwatamee waggaa lama keessatti kan hiikame yoo ta'e immoo mirga qabiyyee lafaa abbaan warraa gaa'ela dura argate qixxee haaqoodaman jechuunis seeraafi haqa qabeessa ta'ee hin mul'atu. Qabiiyyee lafaa waggaa lama keessatti kunuunsuun lafichi oomishaawaa akka ta'uuf waanti itti dabaltu jira jedhamee hin yaadamu. Haalli kun hanga murtii dirqisiisaa kallattii kanaan kennamutti akkatuma dhimmaatiin kan ilaalamu ta'ee akka waliigalaatti garuu qabiyyeen lafaa qabiiyyee dhiirsaa fi niitii ta'uu hindanda'u jechuun niitiin akka qoodachuu hindandeenyetti ejjannoo qabachuun sirrii akka hintaane jala muramee hubatamuu kan qabuudha (haallan ilaalcha keessa galuu qaban raawwii qoodinsaa keessatti bal'inaan ilaalla).

Ejjannoon akkasii kun walqixxumaa saalaa fi mirga dubartootaa irratti qajeeltoowwan heerri diriirseen walsimuu dhiisuu irra darbee galma ga'iinsa kaayyoo tarsiimoo misooma qonnaatis kan laamshessuudha. Keessattuu, lafa qonnaa kunuunsuu, gabbisuu fi sirritti qabuudhaan oomishaawaa taasisuu irratti gumaachi dubartoonni qaban isa dhiiraa kan caalu akka ta'e qo'annoowwan mirkaneessan hubannoo uumaniin yeroo ammaa biyyoonni mirga dubartoonni lafa qonnaa irratti qaban ilaalchisee seera lafa qonnaa isaanii fooyessanii fi fooyyessaa jiran[100] fakkeenya ta'u.

---

[99]Kwt 79 (1) waliin walitti yemmuu xiinxalamu: the lealse right is a property right in nature ard guld be acquired by one spouse and registered in his/ her name ykn the land use praclamtion. Howver, such use ritht is presumed to be common property of the spouded solongas found in the marriage regard lets of the facts of registration

[100]**H. Ray Liaw, women's land rights In rural china;** Transforming existing laws in to a source of property rights, 2008), PP 241-245: see also **Nancy Bara La, Family law reforms in Kenya,** an overview, 2009, Kenyan law Reform commission, pp.1-5

Dubartoonni mirga lafa argachuu, bulchuu fi dabarsuu irratti dhiira faana mirga wal-qixa akka qaban H/M kwt.35(7) jalatti tumameera. Akkasumas Labsii lafa baadiyyaa kan federaalaa kwt.5(1)(C) fi kan naannoo kwt.5(2) jalattis tumameera. Kunis, wal-qixxummaa mirkaneessuuf, hirmaannaa isaan misooma biyyaa keessaatti qaban mirkaneessuuf akkasumas sochii midhaan nyaataan of danda'uu isaanii mirkaneessuuf akka ta'e imammata(policy reason) duuba isaa jiru irraa kan hubatamuudha.

Haa ta'u malee, qabatama jiru waliin yeroo ilaalamu manneen murtii keessatti qabiiyyee lafaa gaa'illi yeroo hiikkaan diigamutti tumaaleedhuma Seera maatii qofa ilaaluun mirga itti fayyadamuu wal fuutotaa keessattuu kan dubartootaa haala miidhuu danda'uun yeroo hiikan mul'ata. Labsiin lafa baadiyyaa hangam mirga itti fayyadama qabiiyyee lafaa dubartootaa mirkaneessa qabxiin jedhu ilaalamuu qaba. Dhimma kana ilaalchisee manneen murtii keenya bira ejjennoon adda addaa lama akka jiru ilaaluun ni danda'ama.

Ejjennoo 1ffaa: Mirga dubartootaa hin mirkaneessine kanneen jedhanii dha. Sababa isaan kaasanis, yeroo ammaa kana lafti abbaa qabiyyee harka jiru baayyinaan dhaalaan ykn kennaan maatii irra kan argamee dha; kaan immoo abbaan warraa utuu gaa'ila hin hundeessin kennaa mootummaatiin kan argatee dha. Gaa'illi qabiyyee haala kanaan jiru irratti kan hundaa'u waan ta'eef harka caalaan qabiyyee gaa'ilicha dura kan argamee dha. Bu'uura SMO kwt 73 tiin immoo qabeenyi gaa'ila dura horatame, kanuma dhuunfaa ta'ee hafa jechuun tumamee waan jiruuf labsiin 130/99 mirga dubartoonni lafa irratti qaban qabatamaan hin kabachiifnee jedhu.

Ejjennoo 2ffaa: lafti qabeenya waliinii uummataati malee kan nama dhuunfaa kamiitiyyuu miti. Mirgi namni dhuunfaa lafa irratti qabu mirga abbaa qabeenyummaa waan hin taaneef tumaan seera maatii dhimma kana hin ilaallatu jedhu. Seera maatii kallattiin dhimma kana irratti kan raawwachiifnu yoo ta'e mirga heeraa fi labsiin dubartootaaf kenname karaan ittiin mirkanaa'u hin jiru jechuun falmu.

Ejjannoowwan kun qabatamaan manneen murtii naannoo biraas kan jiran yoo ta'u murtii dirqisiisaa MMWF Dh.Ij kenne akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Dhimmi kun MMWF Dh/Ij.[101] tiin dhumarratti murtii argate irraa kan fudhatameen, dhimma naannoo Amaaraa keessaa ka'een himattuun gaa'illi diigamee lafa qonnaa qaadaa 8 waliin

[101]Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 114279 ta'e irratti Iyyattuu Ad. Dastaa Taakkalaa fi waamamaa Ob. Tsaggaa Taadiyoos gidduutti murtii argate dha. (jildii 20ffaa)

qaban akka qoodamuuf gaafatteen; himatamaan lafa qonnaa himattuun gaafattu gaa'illi isaan gidduutti raawwatamuun dura kan argate kan dhuunfaa isaa ta'uu fi akka himattuun mirga irraa hin qabne kaasee falmeera. Manni murtii dhimmicha ragaadhaan qulqulleessee waliigaltee gaa'ilaa isaanirrattis kan galmaahee jiru lafa qonnaa qaadaa afur waan ta'eef akka qooddatan murteesseera. Murtii isaatiif sababa yoo kaahu seerri maatii naannoo Amaaraa lakk 79/1995 kwt 53/1/ tiin lafa qabiiyyee wal fuutoonni gaa'ilaan dura argatan waliigaltee gaa'ilaa keessatti kan waliinii taasifachuu danda'uu akka danda'an labsii lafa baadiyyaa lakk 133/1998 kwt 24/3/ jalatti tumameera jechuun qixxee akka qooddatan murteesseera. Himatamaan murtii kennamerraa ol-iyyachuun mana murtii ol'aanaatti iyyatu illee MM Ol'aanaa Naannichaa komii isaa kufaa gochuun murtii mana murtii jalaa cimseera. Himatamaan darbee MMW Naannichaa dhaddacha Ijibbaataatti komii isaa dhiyeesseen, dhaddachichis gaa'illi yeroo raawwatamutti waliigalteen gaa'ilaa lafa qabiiyyee falmii kaase kan waliin taasifachuuf irratti waliigalan hin jiru. Booda immoo gaa'ila haaromsuu keessatti waliigalteen gaa'ilaa taasifame mana murtiitiin waan mirkanaa'ee miti waan ta'eef qabiiyyee lafaa gaa'ilaan dura himatamaan qabu irraa himattuun duraa mirga hin qabdu jechuun murtii manneen murtii jalaa diigeera.

MMWF Dh.IJ. gama isaatiin, lafti qabiiyyee wal fuutoota keessaa isa tokkoon erga galmaaheen booddee illee, waliigaltee gaa'ilaa keessattis ta'e booda yeroo gaa'ila haaromsanitti qabiiyyee lafaa kan waliinii isaanii taasisuu akka danda'an labsii olitti eerame akkasumas labsicha raawwachiisuuf dambii bahe lakk 51/1999 kwt. 20/6/ irraa kan hubatamu dha. Kun immoo mana murtii jalaatiin mirkanaaheera. Qabiiyyee lafa baadiyyaa bulchuu fi itti fayyadamuu ilaalchisee amala addaa inni qabu irraa ka'ee of danda'ee seerri qobaatti baheefii kan jiru dha. Qabiiyyee lafa baadiyyaa akka qabeenya biraatti ilaaluun bu'uura seera maatiitiin kan ilaalamu dha jechuun kan hin danda'amu. Kanaaf, mana murtiidhaan waliigalteen gaa'ilaa hin mirkanoofne jechuudhaan tumaa seera maatii dhimma kanaaf rogummaa hin qabneen murtiin kenname dogoggora jechuun murtii kenneera.

Rakkoon qabatamaan jiru, waliigaltee gaa'ila keessatti qabiiyyee isaanii ilaalchisee wanti waliigalame jiraachuu yoo baate akkam ta'a? kan jedhus ilaaluun barbaachisaa dha. Abbaan qabiiyyee gaa'ilaan dura lafa qabiiyyee maqaa isaatti galmeeffatus, mirgi inni qabiiyyee lafaa sana irraa qabu mirga itti fayyadamaati, yoo kana ta'e immoo erga waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa lafaa argateen booddee gaa'illi yoo hundaa'e, mirga itti fayyadama qabiiyyee lafa kanaa kan waliin itti fayyadamuun hin oollee fi wal fuutoonni wal deeggaruun lafa kunuunsuu eeguu irratti oomishuun isaanii waan hin oolle ta'a, kuni immoo itti fayyadama

lafa baadiyyaa kan waliinii isaanii taasisuu isaanii hubachiisa. Mirgi qabiiyyee lafa baadiyyaa irraa namni tokko qabu mirga qabiiyyee sanaan itti fayyadamuuti, mirga qabeenyaa tokko irraa namni tokko qabu irraa adda ta'uun isaa kan hubatamu dha.

Gaaffiilee Marii

1. Wal fuutoonni yoo hangam waliin jiraatan lafa qabiiyyee waliin itti fayyadamuuf mirga qabu jenna ykn yeroo hangamii yoo waliin jiraatan qabiiyyeen lafaa kan waliinii isaanii ta'a?
2. Abbaan warraa Waliigaltee fuudhaa heerumaa keessatti lafa haadha warraa magaalaa keessaa jiraattuuf osoo lakkaa'e waggaa dheeraa irraa hin fayyadamnee qabiiyyee waliinii isaaniiti jechuu dandeenyaa? Lafti baadiyyaa naaf lakkaa'ameera yoo jette akkam ta'a?
3. Lafa baadiyyaa maatiin afaaniin ennaa gaa'elli raawwatamuu kenannii booda gaafa gaa'elli diigamuu fi qabeenyi qoodamuu dhufanii falmii jidduu galan ilaalchisee qabiiyyee waliinii abbaa warraa fi haadha warraa jenna moo kan garee gidduu seeneeti jenna? Haala kamiin adda baafna?

Kan biraa asitti kaasnee ilaaluu qabnu qabiiyyeen lafaa abbaan manaa fi haati manaa qabiiyyee isaanii taasifachuun itti fayyadamaa turan wal fuutoota keessaa kan gaa'illi diigame du'aan yoo ta'e qabiiyyeen lafaa gaheen inni tokkoo haalli itti dhaaltootatti itti darbu jiraachuu fi dhabuu ilaaluun barbaachisaa dha. Fkn'f, abbaan manaa yoo du'e haati manaa qabiiyyee lafaa guutummaan qabattee itti fufti moo sababa haati manaa abbaa manaa hin dhaalleef obbolaan du'aa gahee obboleessa isaanii dhaalaan isaan gahutti darbu kan jedhu kaasanii ilaaluun barbaachisaa dha. Labsiin lafa baadiyyaa qixa kanaan hangam mirga dubartoonni itti fayyadama qabiiyyee lafaa qabaniif hangam tokko wabii kenneera Kan jedhu faana kaasnee ilaalla. Heera mootummaa FDRI tiin mirga dubartootaaf mirkanaa'e keessaa tokko mirga qabiiyyee lafaatti itti fayyadamuu, dabarsuun, bulchuun, to'achuun dhiiroota faana mirga qixxee qabaachuun isaanii Kwt 35(7) jalatti tumameera. Mirga heeraan mirkanaa'e kana hojiirra oolchuuf immoo labsiin itti fayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa lakk 130/99 kwt 6(13) fi danbii lakk 151/2005 kwt 15(12) jalatti tumamerraa hubachuun ni danda'ama.

Labsiin lafa baadiyyaa naannoo Oromiyaa lakk 130/1999 kwt 15(8) fi(9) jalatti akka tumameen abbaan manaa fi haati manaa lafa qabiiyyee waliin qaban irratti waraqaa ragaa abbaa qabiiyyummaa waliin irratti akka argatan yoo tumu; lafa maqaa isaaniitiin galmaahe

mirga itti fayyadama qixxee ta'e ni qabaatu. Abbaan manaa ykn haati manaa dhuunfaa isaaniitiin waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa qabaachuus ni danda'u jechuun kan tumamee jiru dha.

Labsicha kwt 15 Kwt xiqqaa 8 jalatti abbaan manaa fi haati manaa qabiiyyee lafaa waliin qabaniif waraqaa ragaa qabiiyyee lafaa maqaa lamaaniin qophaa'e ni argatu. Itti fufee xiqqaa 9 jalatti tumaan kwt xiqqaa 8 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee hundinuu lafa maqaa isaaniitiin galmaaherratti mirga itti fayyadama wal qixa ta'e kan qabaatan yoo ta'u, abbaan manaa fi haati manaa dhuunfaa isaaniitiin waraqaa ragaa qabaachuu ni danda'u. Kana malees, Abbaan Warraa yookiin Haati Warraa yoo du'an waraqaan ragaa lamaan keessaa kan jiranii fi dhaaltotaan qabamee kan itti fufu yoo ta'u lamaan isaanii yoo du'an qabiyyichi maqaa dhaaltotaatiin waliin yookiin dhuunfaa isaaniitiin waraqaan ragaa ni kennamaaf, (danbii lakk 151/2005 kwt 15(12). Tumaalee kana irraa mirga dubartoonni itti fayyadama qabiiyyee lafaa qaban agarsiisan keessaa isa tokko dha. Qabxii olitti kaafneef wal fuutoota keessaa tokko yoo du'e mirgi itti fayyadama qabiiyyee lafaa isa lubbuun jirutti akkuma jiruun darba moo gaheen inni du'ee dhaaltootatti darba kan jedhu ilaalamuu qaba. Waraabbii afaan Oromoo irraa akkuma ifa jiru wal fuutoota keessaa tokko yoo du'ee fi gaa'illi du'aan yoo diigame, waraqaan ragaa qabiiyyee lafaa kan lubbuun jiru fi dhaaltootaan qabamee kan itti fufu ta'uun tumamee jira. Kana jechuun wal fuutoota keessaa kan lubbuun jirus mirga irraa qabaachuu dhaaltoonni du'aas mirga irraa qabaachuu kan hubachiisu dha. Tumaa afaan Ingiliffaa[102] irraa garuu dhaaltootatti kan darbu yoo lachuu du'an qofa akka ta'etti kan tumamee jiru fakkaata.

Waraabbii afaan isa Ingiliffaa kana qofa yoo ilaalle abbaan manaa fi haati manaa qabiiyyee lafaa waliin itti fayyadamaa turanii ykn waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa irratti qaban wal fuutoota keessaa tokko du'uun gaa'illi sababa kanaan yoo diigame wal fuutoota keessaa kan lubbuun jiru ragaa abbaa qabiiyyummaa kana qabatee mirgi itti fayyadama isaatii kan itti fufu ta'uu isaa hubachiisa. MMWF Dh.Ij. murtiin kennes tumaa waraabbii isa afaan Ingiliffaa irratti hundaa'ee kenname fakkata.[103] Kunis, amala qabiiyyeen lafa baadiyyaa qabeenya kaanirraa adda isa taasisu ta'uu isaa hubachuun kan danda'amu dha.

---

[102]Danbii lakk 151/2005 kwt. 15(12)jalatti Tumaa danbichaa waraabbii afaan Ingiliffaa yoo ilaalle akka armaan gadiitti teechifamee jira:
Where the husband or the wife is deceased the validity of the holding certificate shall be maintained for the one who is alive and where both are died the holding certificate shall be given in the name of the heirs individually or in common.

[103]Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 138286 ta'een Iyyattoota Caalumee Mulla'taa fi waamamaa Ad. Caalashii Qalbeessaa(Jildii 22ffaa)

Abbaan manaa fi haati manaa yeroo gaa'illi isaanii hiikkaan diigamutti, Sirna qooddii qabiiyyee lafaa ilaalchisee danbiidhuma olitti ibsameen ifaan waan taa'ee jiruuf labsii fi danbii hordofuun qooddiin isaa kan hojiirra ooluu qabu ta'a. Kan armaan olitti ibsaman qabatamaan hojiirratti kan mul'atan yoo ta'u, labsii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa naannoo ormiyaa lak.130/1999 keewwata 6(13) jalatti sirna qooddii qabiiyyee lafaa waliin irratti kan tumame yoo ilaalle, "Baay'ina ijoollee gargaarsa walfuutootaan guddatan tilmaama keessa galee haati manaa fi abbaan manaa yeroo wal hiikan qabiyyee lafaa kan maqaa isaaniin galmaa'ee waliin qaban addaan hirachuuf mirga walqixxee ta'e ni qabaatu.''jedha.

Kan olitti ibsame kun kan nutti agarsiisu lafa qabiyyee baadiyyaa maqaa haadha manaa fi abbaa manaan galmaa'ee jiru yeroo gaa'eelli isaanii diigamu ijoolleen bulchan tilmaama keessa galee qixxee akka qooddatani dha. Kunis walfuutota keessaa ijoollee jidduu isaaniitti dhalatan keessaa gareen tokko ijoollee baay'ee kan bulchu yoo ta'e lakkoofsa ijoollee bulchan irratti hundaa'ee lafti qabiyyee garri caalu qoodamuufii ni danda'a jechuu dha. Hojii irratti garuu dhimmi kun yeroo tilmaama keessa galu hin mul'atu. Haaluma wal fakkaatuun, dambiin labsicha raawwachiisuuf bahe danbii lakk 151/2005 sirna qooddii qabiiyyee lafaa fi kan qoodamuu hin dandeenya immoo sirna itti fayyadama isaa irratti ball'inaan diriiree jira waan ta'eef manneen murtii sirna qooddii qabiiyyee lafaa abbaa manaa fi haadha manaa gaa'illi isaanii hiikkaan diigame gidduutti yeroo qoodinsa taasisu sirna qooddii seerichaan diriire hordofuun dirqama dha.[104] Mee dhimma qabxii kaafne kanaaf rogummaa qabu kan akka rmaan gadiitti qindaa'ee dhiyaate haa ilaallu.

Ka'umsi dhimma kanaa himannaa himattoonni MM Aanaa Amboottii dhiyeessan yoo ta'u, lafa qabiiyyee abbaa fi haadha keenyaa, obboleessi keenya ykn abbaan manaa himatamtuu osoo hin du'iin dura abbaa fi haadha keenya waliin qabatee kan itti fayyadamaa ture dha. Obboleessi keenya erga du'een booddee himatamtuun mirga tokko osoo hin qabaanne bara 2005 kaasee lafa heektaara 1.5 qobaa ishee qabattee itti fayyadamaa kan jirtu akka gadi

[104]Danbii lakk 151/2005 kwt. 5(7, 8) ilaallata

7. Haati Warraa fi Abbaan Warraa yoo walhiikan qooda qabiyyee lafa nama tokkoo midhaan nyaataaf heektaara 0.5, biqiltuu dhaabbataaf heektaara 0.25, kan lafa jallisii heektaara 0.25 fi isaa gadi yoo ta'e laficha addaan qoodachuu hin danda'an.

8.Qabiyyee lafa baadiyaa addaan qoodamuu hindandeenye kana Abbaa Warraa fi Haati Warraa walhiikan akkaataa armaan gadiitiin itti fayyadamuu ni danda'u.

a.Bu'aa laficha irraa argamu shallaguun kan waggaa murtaa'ee yeroo tokko yookiin waggaa waggaan kaffaluun akka ittifayyadamu gochuun yookiin;

b.Abbaa Warraa fi Haati Warraa Ofi isaaniitii bifa kiraan waliigaluun yookiin Mallaqa kiraan laficha irraa argamu qoodachuudhaan yookiin;

c.Abbaan Warraa yookiin Haati Warraa dabare dabareen ittfayyadamuudhaan yookiin;

lakkistu akka murtaa'u kan jedhu dha. Himatamtuunis deebii kenniteen abbaan himattootaa erga du'anii waggaa 17 haati isaanii immoo waggaa 10 ta'eera himanni isaanii darbinsa yeroon kan daangeffamu dha, abbaa fi haati himattootaa lafa himannaaf sababa ta'e abbaa manaa koof kennaa kennanii hanga bara 2004 tti waliin itti fayyadamaa turre. Abbaan manaa koo erga du'ee immoo ragaa abbaa qabiiyyee maqaa koottii jijjiiramee qabadhee kanin jirudha, himattoonni mirgi isaan irraa qaban hin jiru kan jedhu dha.

Manni Murtii Aanaa Amboos dhimmicha erga dhaggeeffateen booddee, qabiiyyeen falmiif sababa ta'e siriin isaa qabiiyyee abbaa fi haadha himattootaa waan ta'eef, haati warraa abbaa warraa ishee dhaaluuf mirga hin qabdu waan ta'eef qabiiyyee himannaaf sababa ta'e himattootaaf akka gadi lakkistu jechuun murteesseera.

Manni Murtii ol'aanaas, komii dhiyaateef bitaa mirgaan erga dhaggeeffateen booddee, qabiiyyeen lafaa falmiif sababa ta'e siriin isaa kan abbaa fi haadha himattootaa ta'uu mirkanaa'uu isaaibsee, kennaan abbaa warraa himatamtuuf abbaa fi haadhaan taasifamuun isaa ragaadhaan hin mirkanoofne, haati warraa abbaa warraa ishee waliin itti fayyadamaa turuu ishee ibsuun murtii mana murtii jalaa fooyyessuun lafa qabiiyyee falmiif sababa ta'e 1/8 ffaa akka qoodamuuf murteesseera.

Himatamtuun duraa ammas murtii kanarraa komii ishee gara MMWO tti yoo dhiyeessitu, manni murtichaas bitaa mirgaan erga falmisiiseen booddee, lafa qabiiyyee falmiif sababa ta'e haatii fi abbaan himattootaa bara 1983 abbaa warraa himatamtuuf kennaadhaan kan dabarsanii kennan ta'uu, bara 1996 immoo lafti kun maqaa abbaa manaa himatamtuun galmaahee ragaan abbaa qabiiyyee kan kennameef ta'uu, abbaan warraa ishee kun du'ee jennaan ragaan abbaa qabiiyyee maqaa himatamtuutti kan galmaahee ragaan abbaa qabiiyyee kan kennameef ta'uun mirkanaa'uu isaa ibsee, lafti qabiiyyee kun lafa himatamtuu fi kan Qajeelaa Mull'ataa ta'eera. Kanaaf, bu'uura labsii lakk 130/99 kwt 9 fi danbii lakk 151/2005 kwt 10'n himatamtuun duraa abbaa mirgaa waan taateef lafti isheen gadi lakkistus ta'e isheen qooddu hin jiru jechuun murteesseera.

Himattoonni duraa murtii kana komachuun komii isaanii MMWO Dh.Ij. tti dhiyeessanu illee komiin isaanii fudhatama hin qabu jedhameera.

MMWF Dh.Ij.[105] gama isaaniitiin, sadarkaa firii dubbiitti lafa qabiiyyee falmiif sababa ta'e kennaadhaan abbaa fi haati himattootaa obboleessa isaaniif ykn abbaa manaa himatamtuu duraaf kennuu isaanii, lafichas yeroo dheeraaf himatamtuun kan abbaa manaa ishee waliin itti fayyadamaa turte ta'uun mirkanaa'eera jechuun MMWO mirkaneeffateera. Lafti kun siriin isaa kan abbaa fi haadha himatttoota duraa ta'uun qaama mootummaa irraa ragaan ibsu dhiyaatu illee, kennaadhaan abbaa warraa himatamtuu duraaf kennuu isaanii fi abbaa warraa ishee waliin yeroo dheeraaf waliin fayyadamaa turuu isaanii manni murtii mirkaneeffatteera. Abbaan warraa fi haati warraa qabiiyyee waliin itti fayyadamaa turaniin, abbaan warraa ykn obboleessi himattootaa waan du'eef, himatamtuun abbaa warraa ishee dhaaluu hin dandeessu falmiin jedhu labsii itti fayyadama baadiyyaatiinis ta'e Heera mootummaatiin fudhatama kan hin qabaanne dha.

Heera Mootummaatiin mirga wal qixxummaa dubartootaaf eegumsa taasisuuf heerichaan mirkanaa'e keessaa tokko, mirga itti fayyadama lafa qabiiyyeeti, mirga itti fayyadamaa dabarsuu, bulchuu fi to'achuu waliin wal qabatee dhiira faana mirga qixxee akka qaban kwt 35(7) jalatti kan beekamee jiru dha. Mirga heeraan beekame kana raawwachiisuuf labsiiwwan fi danbiiwwan bahan yoo ilaallu, labsiin lakk 130/99 kwt 6(13) fi danbii lakk 151/2005 kwt 15 jalatti tumame irraa kan hubatamuabbaan warraa fi haati warraa lafa qabiiyyee waliin itti fayyadamaa turan, gaa'illi isaanii wal fuutoota keessaa du'a isa tokkootiin yoo addaan cite, kan lubbuun jiru sababa biroo seeraan mirgicha hanbisu yoo jiraateen ala maqaa isa jiruun galmaahee ragaan kan kennamuu fi mirga itti fayyadamuu isaa kan itti fufu ta'uu isaatu hubatama.

Kanaaf, murtiin MMWO fi Dh.Ij isaa qabiiyyee lafaa falmiif sababa ta'e himatamtuun duraa gadi lakkisuu hin qabdu jechuun murtiin isaan kennan dogoggora bu'uura seeraa hin qabu jechuun murteesseera.

Gaaffii Marii

Garaagarummaan waraabbii afaan lamaan danbii lakk 151/2005 kwt 15(12) irraa maaltu hubatama. Waraabbii isa kamtu mirga itti fayyadama qabiiyyee lafaa abbaan warraa fi haati warraa qixxee qaban mirkaneessa? Dhimma Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 138286 ta'e irratti kenname faana akkamiin ilaaltu?

[105]Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 138286 ta'een Iyyattoota Caalumee Mulla'taa fi waamamaa Ad. Caalashii Qalbeessaa (Jildii 22ffaa)

Faallaa ejjannoo olitti qabamaa dhufeen qabiiyyeen lafaa akka qabeenya kaanii ilaalamee bu'uura seera maatii Naannoo oromiyaatiin gaa'ila dura argamuu isaatiin qabiiyyee dhuunfaa abbaa warraa ykn haadhawarraa jechuun akka hin danda'amne kaasnee ilaalleen adda ta'e caalaatti itti fayyadama qabiiyyee lafaa dubartootaaf Heeraan beekameef haala mirkaneessuun hiikamuu akka qabutti hiikkoo manni mare Federeeshinii kenne tokko akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Murtii Manni Maree Federeeshinii bara Paarlaamaa 4ffaa, Waggaa 5ffaa, yaa'ii idilee 2ffaa gaafa 18/10/2007 taa'een Haliimaa Mahaammad fi Adam Abdii gidduutti kenneen lafa qarxii saddeet iyyattuun abbaa warraa ishee kan du'e waliin gaa'ila 2ffaan dura horattee ijoollee du'aa wajjin qabattee waan jirtuuf, waamamaan immoo dhaalaan abbaa warraa haa ta'uyyuu malee lafa bakka biroodhaa fayyadamu waan qabuuf, murtii Dhaddachi ijibbaataa MMWO kenneefi kan Federaalaa cimse (ka'umsi isaa MMA cinaaksanidha), lafti akka qabeenya biroo gaa'ilaan dura yoo horatame qabeenya dhuunfaa hin ta'u jechuun kenne mirga qabeenya horachuu dubartootaa (Heera kwt 35), tarkaanfii dantaa daa'immanii ilaalchisee fudhatamuu qabu(The best interest of the child, kwt 36), mirga lafa isaaniirra fonqolfamuu dhabuu (40(4) kan ilaalcha keessa hin galchinedha waan ta'eef bu'uura Heera Kwt 9(1)tiin kan raawwatamu miti jedheera. Murtiin kun waggaa meeqaaf akka ta'e ibsuu baatus gaafa bifa dhaalaatiin itti galee eegalee waliin itti fayyadamaa turuu ni mirkaneessa.

Gaaffii Marii

Waamamaan bakka biroodhaa lafa qabiiyyee hin qabu osoo ta'ees hin qooddatuuyi? Osoo kan iyyate dhiira ta'ee hoo bu'aan isaa maal ta'uu danda'a?

1.3.1.3. Qabeenya tilmaamuu fi shalaguu

Akkaataa armaan olitti ibsameen sirni qabeenya qulqulleessuu raawwatamuun qabeenyi dhuunfaa, kan gamtaa fi kan walmake adda bahee eega beekame booda hojiin itti aanu qabeenya walmakee fi kan gamtaa addaa qooduudha. Kunis sirna qoodinsaa akkaataa SMO kwt 113 fi 118n raawwatamu ta'a. Haata'u malee ammas sirna qoodinsaatti otuu hinseenin dura qoodinsa bifa si'oomina qabuu fi haala salphaa ta'een raawwachuun akka danda'amu gamanumaan haalota mijeessuun barbaachisaa yoo ta'u kunis qabeenyi walmakee fi kan waliinii hundi tokko tokkoon mallaqatti tilmaamamuudhaan qabeenya walmake keessatti gaheen kan dhuunfaa ta'uu fi inni kan gamtaa ta'u akkasumas qabeenya gamtaa keessaa gaheen mataa mataa walfuutotaa hangam akka ta'e shalagamee adda bahuun beekamuutu irra

jira[106]. Haaluma walfakkaatuun idaawwan dhuunfaa fi kan waliinii adda bahuun tilmaamamani shalagamuun gaheen tokkoo tokkoo walfootaa qaban hangam akka ta'e beekamutu irra jiraata. Akkaataa kanaan tilmaamamee shalagamuun qabeenyi yoo qophaa'e gosan ykn mallaqaan qoodinsa raawwachuudhaaf haalli mijataa ta'u isa kam akka ta'e salphaatti beekuun waan danda'amuuf bu'uura kwt 112 fi 118n sirna qoodinsaa raawwachuun salphaadha.

Kunis tooftaa "characterization of properties" jedhamee beekamuun kan hojjatamuudha. Akka tooftaa kanaatti qabeenyonni kan gamtaa ta'uun isaanii adda bahee mirkanaa'e hundi akkuma barbaachisummaa isaatti eega tilmaamame booda walfuutota keessaa isa kamiif qabeenyi kum caalatti akka barbaachisu sirritti xiinxaluun adda bahee hirama. Tooftaa kanas caalatti ifa gochuuf mee fakkeenyaan haa ilaallu.

Gosa qabeenyaa	Baay'ina	Haala mirgaa	Tilm, maallaqaan	G/caalatti fayyadu
Mana jireenyaa	1	Kan gamtaa	80,000.00	Haala maatii[107]
Lafa qonnaa	Hektar 4	Kan walmake	Hin tilmaamamu	A/warraa
Dukk/daldalaa	1	Kan walmake	30,000.00	H/warraa
Saawwan	5	Kan gamtaa	8,000.00	G/lameenuu
Tiraaktra qonna	1	Kan gamtaa	60,000.00	A/warraa
Firiija	1	Kan gamtaa	8,000.00	H/warraa
Televizhiina	1	Kan gamtaa	4,000.00	G/lameenuu
Dimshaasha	8	Kan gamtaa=5 kan walmake=2	190,000.00 (Lafa hin dabalatu)	

Gabatee Lakk, 1: qabeenya qulqulleessuu, shalaguu fi tilmaamuu kan ibsuudha

Bu'uura gabatee armaan oliitiin raawwii qoodinsa qabeenya gamtaa irratti fakkeenya kenname gabaabinaan ibsa itti kennuun gaariidha. Kunis 1[ffaa] qajeeltoo qabeenya qulqulleessuu (liquidation of property) jedhuun qabeenyonni akka waliigalaatti walfuutonni

[106],http://www.philgov.famdoc.com, Equatable distribution and procedures: Value marital and divisible property and marital and divisible debt. Qabeenyi dhuunfaa kan waliin walmake yemmuu walmakutti gatiin inni qabuun tilmaamamuun sana booda gatiin waliigalaa yeroo qoodinsaatti qabeenyichi qabu ni tilmaamama. Qabeenya waliinii keessatti gumaachi walfuutonni mataa mataatti gudhan hanga danda'ametti mallaqaan osoo tilmaamamee ni filatama.

[107]haala waliigala maatii ilaacha keessa galchuun kan madaalamu yoo ta'u kunis ijoolleen umriin hin geenya yoo jiraatan akkasumas walfuutota keessaa inni kophaa bahee kireeffachuu hin dandeenye galii of danda'e kan hin qabne fi kkf xiinxaluun haala dantaa ijoolleetis ilaalcha keessa galcheen manichi kan kennamuuf ta'a.

qaban bifaan qabeenyota 8 yoo ta'an isaanis qabeenya mana jireenyaa, lafa qonnaa, dukkaana daldalaa, saawwan, tiraaktera qonnaa fi qabeenya elektironiksii mana keessaati. Egaa isaan kun idaawwan adda addaa irraa bilisa ta'uu fi qabeenya walfuutota lameenii falmii garee 3ffaa irraa bilisa ta'uun adda bahee kan qulqullaa'eedha. Akkasumas qabeenyi hanga guyyaa murtii hiikkaa gaa'ilichaatti walfuutota gidduu jiru isaan olitti tarreeffaman kanneen qofa ta'uu gareen lameenuu kan walamanan ta'uu fi ijoon falmii isaaniitis akkaataa qoodinsaa irratti walfuutonni waliigaluu kan hin dandeenye ta'uunis qulqullaa'ee xumuramee jira.

2ffaa qajeeltoo qabeenya adda baasuu (classification of property) jedhuun gosa mirga walfuutonni qabeenyicharratti qabaniitiin qabeenyi gosa lamaa adda baheera; kan gamtaa fi kan walmake. Qabeenya walmake jechuun qabeenya gumaacha qabeenya dhuunfaa fi kan gamtaa irraa hundaa'e ykn argame yoo ta'u fakkeenya kenname keessattis lafa qonnaa ilaalchisee mirga itti fayyadamaa jalqaba kan argate raawwii gaa'ilaan dura abbaa warraa ture. Garuu gaa'ila keessatti laficha walgargaarsaa fi waldeeggarsa walfuutota lameeniin kunuunsuun itti fayyadamaa kan turan waan ta'eef gonkumaa kan dhuunfaati jechuun haqa qabeessaa miti. Akkasumas dukkaanni daldalaatis mallaqa dhuunfaa abbaa warraan lafa haati warraa dhaalaan dhuunfatti argatte irratti kan ijaarame ta'uun alattis humnaa fi ogummaan hojii daldalichaa kan geggeessitu ishee waan taateef qabeenyicharratti mirgi qaban kan walmakeedha.

3ffaa qajeeltoo qabeenyota adda baasuu jalatti tooftaa qabeenya shalaguu fi tilmaamuu jedhuun qabeenyi mallaqaan shalagamuu danda'uu fi kan hin danda'amne adda bahuun taa'anii jiru. Bu'uura kanaanis qabeenyi lafaa shalagamee hektaara 4 ta'uun yoo mirkanaa'es mallaqaan waan hin tilmaamamneef bifuma shalagameen adda bahee kan dhiyaate akka ta'e gabatichi ni agarsiisa. Kanaan alatti qabeenyonni qulqullaa'an hundinuu bifaanis adda bahuun mallaqaanis tilmaamamanii taa'anii jiru. Walumaagalatti qabeenyi qulqullaa'ee dhiyaate bifaan 8, gosa mirgaatiin 2 lafa qonnaa osoo hin dabalatinis tilmaama mallaqaatiin qabeenya qarshii 190,000.00 ta'uu gabateen olii toora dimshaashaa jalatti kaahee jira.

Dhumarrattis qabeenyota kana walfuutotaaf addaan qooduudhaaf qajeeltoo qoodinsa raawwachuu jedhu hordofuun dirqamaadha. Akka qajeeltoo kanaattis qabeenyi gamtaa walfuutotaaf qixxetti kan hiramuu qabu yoo ta'u (SMO kwt 117) kan walmake immoo akkaataa gumaacha dhuunfaa isaaniitiin walfuutonni gahee mataa mataa isaanii fudhachuun hirama (SMO kwt 112(2)). Kana malees qajeeltoon kun qoodinsi qabeenya gamtaa hanga danda'ametti bifaan raawwatamuu akka qabu kan ajaju akka ta'ee dagatamuu hin qabu.

Bu’uura kanaan qoodinsa raawwachuuf kan gargaaru tooftaan “characterization of property” jedhamu akka akeekutti qabeenyonni hundinuu akkaataa barbaachisummaa walfuutotaaf qabaniitiin eeramanii gabaticha keessa kan taa’aniidha. Kunis kophaa isaatti gabatee armaan gadiitii kan taa’eedha.

Bifa qabeenyichaa	Garee caalatti fayyadu	Sababii
Mana jireenyaa (manichi kan magaalatti argamuu fi H/warraa ijoollee kan keessatti guddistuudha)	H/warraa	Gara fuulduraa galii of danda’e kan hin qabne, kireeffachuus kan hin dandeenye, daa’immanis ishee bira kan jiraatan ta’uu fi kkf
Lafa qonnaa hektra 4 (A/warraa kan irra jiru yoo ta’u H/warraa magaalatti kan daldaltuudha)	A/warraa	Baadiyaatti laficharra kan jiraatu, innumti kan qotuu fi gara fuula duraas jireenya isaa hojii qonnaa irratti kan hirkate ta’uu, jalqabas dhaalaan kan itti darbe ta’uu fi kkf
Dukkaana daldalaa (qabeenyi kun magaalaa iddoo H/warraa jirtutti kan argamu yoo ta’u A/warraa baadiyaa jiraata)	H/warraa	Humnaanis ta’ee ogummaan isheen kan itti hojjachaa turte ta’uu, jireenyi ishee gara fuulduraatis hojii kanarratti kan rarra’u ta’uu, qabeenyichis magaaluma iddoo jireenya ishee ta’uu fi kkf
Saawwan 5	G/lameenuu (H/warraatis ofii ishee fi daa’immaniifis aanan waan fayyadamaniif ni barbaaddi)	Saawwan horsiisuun hojii qonnaa A/warraa waliin deemuu fi firiin isaaniitis hojii qonnaaf kan barbaachisu ta’uu
Tiraaktra qonnaa	A/warraa	Hojii qonnaa inni ittiin jiraatuuf barbaachisummaan qabu ol’aanaadha.
	H/warraa	A/warraa kan jiraatu baadiyaa ta’uu fi barbaachisummaan

Firijaa fi televizhina		bu'uuraa jireenya isaaf qabeenyi kun qabu kan hin jirre ta'uu, caalatti H/warraaf kan fayyadu ta'uu

Gabatee Lkk, 2: walitti dhufeenya qabeenyaa fi walfuutotaa kan ibsu (characterization)

1.3.1.4. Qoodinsa raawwachuu

Qoodinsis kan raawwatamu bu'uura SMO kwt 113(1)n qabeenyi dhuunfaa walfuutotaa kan bifaan ykn gosaan adda bahee jiru abba ilaallatuuf ni kennama. Kan qabeenya gamtaan walmake yoo ta'e immoo akkaataa kwt 113(2)n tilmaamni qabeenyichaa fi shalaggiin gahee walfuutotaa walbiratti madaalamuudhaan yoo danda'ame qabeenyi walgitu gosaan/bifaan abbichi dhuunfaa sun ni fudhata. Haala kanaan qabeenyi dhuunfaa dursa abbaa abbaadhaaf kennamuun eega raawwate booda wanti hafe hundi qabeenya gamtaa waan ta'eef akka SMO kwt 118n walfuutotaaf hiramuun kan raawwatamu ta'a[108]. Raawwiin isaatiis walqixxetti yoo ta'u tarii haalonni addaa seericha kwt 111, 114 ykn 115 jalatti tumaman kan jiran yoo ta'e gaheen qooda walfuutotaa waldarbuu ni danda'a.

Asirratti qajeeltoon bu'uuraa hordofamuu qabu qabeenya gamtaa ilaalchisee walqixxetti qooduun raawwachuu yoo ta'ellee yeroo qabeenyi walmaku ykn qixxetti qooduun ifaan haqummaa kan hin qabne ta'ee mul'atu sirni qooda walqixxee qabatamaan hojii irra oolchuuf rakkisaa ta'uun isaa hin hafu. Haalli kun yemmuu mudatu tooftaa kamiin ykn qajeeltoon hordofamuu qabu maal akka ta'e seera keenya keessa ifaan yoo taa'uu baates muxannoon biyyoota biroo garuu qajeeltoo gara biraa hundeessuun ittiin hojjatu. Kunis sirna qoodinsa haqa madaaluun raawwatamu (equitable distribution)[109] kan jedhamuudha. Bu'uura sirna kanaatiinis manni murtii qoodinsa yemmuu raawwatu haqummaa madaaluuf qabxiiwwan bu'uura godhachuu qabu adda bahuun seeraan akeekamanii jiru. Fakkeenyaaf qabxiiwwan

[108]Isuma miil-jalee armaan olii irratti caqafame: Distribute marital and divisible property and marital and divisible debt and distribute marital and divisible property equally unless he or shedetermines that an equal division is not equitable because of the reasons stated in art 11, 114 or 115 of the Oromia family code and in such casesan equal division is not equitable,the court must divide the marital and divisible property equitably. Finallymake findings of fact sufficient to address the distributional factors and to support the division ordered.

[109]**Kenneth W. Kingma**,**Property Division at Divorce,(2009):**In many jurisdictions of USA community property was traditionally divided equally between spouses while separate property was traditionally divided based on legal title.However,the American law of divorce changed significantly in the 1960s and 1970s with the equitable distribution revolution. The authors stated that the inadequacyof permanent alimony and the growing economic equality of men and women significantly influenced the adoption of equitable distribution upon divorce.

kanneen keessaa gurguddoo fi biyyoota hedduu birattis haala walfakkaatuun kan beekaman[110]:

- *The contribution of each spouse to acquisition of the marital property, including the contribution of a spouse as homemaker;*
- *The value of the property set apart to each spouse;*
- *The duration of the marriage; and*
- *The economic circumstances of each spouse when the division of property is to become effective, including the desirability of awarding the family home or the right to live therein for a reasonable period of time to the spouse having custody of the children,*

fa'a yoo ta'an tarii yeroo barbaachisee fi roga qabeessa ta'ee argametti manneen murtii keenyas akka muxannoo gaariitti dhimma itti bahuu kan dandanda'aniidha.Keessumaayyuu qoodinsa qabeenya lafa baadiyaa ilaalchisee tumaalee seera maatii fi kan labsii lafa baadiyaa irraa osoo hin maqin qoodinsa madaalawaa ta'e raawwachuudhaaf gumaachi muxannoon olitti eerame kun qabu ol'aanaadha. Gama kanaanis fakkeenyuma olitti kaafne irratti hundaa'uun sirna raawwii qoodinsaa gabateedhaan akka armaan gadiitti ibsameera.

Gahee A/warraa		Qabeenya waliigalatti		Gahee H/warraa	
Mallaqaan	Bifaan	Tilmaama	Gosa	Bifaan	Mallaqaan
Kanhintimamne	Lafa qonnaa hektara 4	Bifaan waldandeessisuu	Kan walmake	Dukkaana daldalaa	Lafaan waldanda'e
Q.15,000	Saawwan 4	Q. 20,000	Kan gamtaa	Sa'a tokko,Firija fi televizhina	Q.7000

[110]**Lucy-Ann Buckley,**MATRIMONIAL PROPERTY AND IRISH LAW: A CASE FOR COMMUNITY,(2002): Here she has stated the most common factors in Europeon countries:**the contributions which each of the spouses has made or is likely in the foreseeable future to make to the welfare of the family, including the contribution made by each of them to the income, earning capacity, property and financial resources of the other spouse and any contribution made by either of them by looking after the home or caring for the family.**

Q. 60,000	Tiraaktera qonnaa	Q. 140,000	Kan gamtaa	Mana jireenya	Q.80,000
Q.75,000	3	Q. 160,000	2	3	Q. 87,000

Gabatee Lakk, 3: qabeenya gamtaa bifaa fi mallaqaan hiruu kan agarsiisu;

Gabatee kana keessatti agarsiisuuf akka yaalametti lafti waan hin tilmaamamneef lafti qonnaa fi dukkaanni daldalaa jireenya walfuutotaaf bu'uura waan ta'aniif bifaan walfuutotni akka fudhatan yoo ta'u, qabeenyonni hafan hundi bifaanis tilmaama mallaqaanis qixxetti hiramuuf yaalamee jira. Innis dimshaani qabeenyotaa Q. 160,000 yoo ta'u qixxetti yemmuu hiramus walfuutota mataa mataan Q.80,000 isaan gaha. Qoodinsi bifaan raawwatame immoo garaagarummaa Q.7000 waan agarsiisuuf Q. 7000 H/warraa A/warraaf akka kanfaltu gochuun walqixxeessuun qoodinsa raawwatame gabateen lakk, 3 kan agarsiisuudha.

Egaa bu'uura armaan olitti ibsameen qabeenya dhiirsaa fi niitii akkaataa tooftaalee adeemsaa taa'an kanneeniin qabeenya qulqulleessuu, tilmaamanii shalaguu fi qoodinsa raawwaachuu irratti qabatamaan raawwatamaa jira moo hin jiru, kan jedhu yemmuu ilaalamu rakkoon kan jalqabu gulantaa jalqabaa kan ta'e qabeenyicha qulqulleessuu irraayi. Kunis sirni qabeenya qulqulleessuu falmii qooda qabeenya gaa'elaa keessatti manneen murtii keenya biratti kan baratame ykn beekamu hin fakkaatu. Sababii kanarraa kan ka'es qoodinsi qabeenyaa haala salphaa fi gabaabaa ta'een raawwaachuun irratti rakkoon ol'aanaan kan mudatu ta'uu dhimmoonni qabatamaa kan mirkaneessaniidha. Akkuma fakkeenyaatti dhimmi armaan gadii kana ilaaluun ni danda'ama.

Dhimmi kun kan jalqabe MMAanaa Sinaanaatti yoo ta'u ol'iyyannoodhaan hanga MMWO dhaddacha ijibbaataatti[111] deemuun kan murtaa'eedha. Dhimma kana keessatti kan falmii kaase qabeenya mana jireenyaa magaalaa Roobeetti argamu tokko yoo ta'u manichas walfuutoonni amma walhiikan kun gaafa walfuudhan abbaan isa dhiirsichaa waliigaltee kennaatiin walfuutotaa kan kennee fi kunis waliigaltee fuudhaa fi heerumaa keessatti ibsamee jira. Haala kanaan waggoota kudhaniif manicha keessa waliin jiraataa eega turan booda kan walhiikan yoo ta'u yemmuu falmii qooda qabeenyaatis dhiirsichi qabeenyi manaa kun qabeenya waliiniitii miti kan nama birooti jechuun mormii kaaseen MMAanaadhaa ajaja Bulchiinsa Magaalaafi kenneen manichi maqaa eenyuun akka jiru kan gaafate yoo ta'u

[111]Galmee Ijibbaataa lakk, MMWO Dhaddacha Ijibbaataa (2003)

bu’aan dhiyaates manichi maqaa nama Atsada temesgen jedhamtuun kan jiru ta’uu fi kunis raawwii gaa’elaa walfuutotaan durarraa eegalee akka ta’e kan ibsu ture.

Kana malees abbaan dhiirsichaa himata g/lixummaa dhiyeesseen manicha kaniin kenneef akka keessa jiraachuun itti fayyadamaniif malee mirga abbaa qabeenyummaa manichaa kan hin kennine waan ta’eef manichi kan kooti malee qabeenya waliinii walfuutotatii miti jechuun kan falme yoo ta’u manni murtichaa garuu murtii dhumarra kenneen manichi walfuutotaaf waliigaltee kennaatiin kan darbe ta’uu isaa waliigalteen fuudhaa fi heerumaa ifaan kan mirkaneesse waan ta’eef qabeenya waliinii walfuutotaati jechuun himata g/lixaa kufaa godhee jira. Murtii kanarratti komii ka’een dhimmichi ol’iyyannoon kan dhiyaateef MMOl’aanaa G/Baalee immoo ragaalee jalatti dhiyaatan ega madaaleen booda murtii kenneen manichi raawwii gaa’ela walfuutotaan durarraa eegalee hanga ammaatti qabeenya walfuutotaa akka hin taane ragaan bulchiinsa magaalaa irraa dhiyaate ifaan osoo agarsiisu qabeenya waliinii walfuutotaati jedhamee akka addaan qoodatan jedhamuun sirrii miti jechuun murtii MM jalaa diiguun manicha falmii keessaa baase.

Itti aansuudhaan dhimmichi ammas ol’iyyannoon MMWO Dhaddacha Kibbaatti kan dhiyaate yoo ta’u falmii sadarkaa kanaa irratti immoo ilmi adde Atsada Temsgen iyyata dhiyeesseen falmiin osoo inni hin beekin manicha irratti gaggeeffamaa ture mirga isaa kan ilaallatu ta’uu ibsuudhaan bu’uura SDFS kwt 358n akka itti seenee dhimmichi irra deebi’amee ilaalamu yemmuu gaafatu dhaddachi kibbaa garuu iyyanni dhiyaate bu’uura SHH kwt, 1000(1) ni daangeffama jedhee kufaa gochuudhaan manichi qabeenya waliinii walfuutotaa akka hin taane murteessuudhaan bitaa fi mirgis dantaa kan irraa hinqabne ta’uu ibsuun alkallattiin murtii MMOl’aanaadhaa mirkaneessee jira.

Ammas murtii kana kana komachuudhaan ol’iyyattuu dhaddacha kibbaa kan turte niitiittiinii fi ilmi addeAtsada dhimmicha MMWO dhaddacha ijibbaataatti kan dhiyeeffatan yoo ta’u, dhaddachi ijibbaataa kunis waamamtoota waamuudhaan bitaa fi mirga eega dhagahe booda murtii dhumaa kenneen iyyanni ilma adde Atsadadhaa akkuma dhaddachi kibbaa jedhe darbiinsa yeroon kan daangeffamu ta’us bu’urri seeraa roggummaa qabu garuu SHH kwt 1000 osoo hin taane kwt 1845dha jechuun keewwaticha fooyyessee murticha cimseera.

Manicha falmiif bu’uura ta’e ilaalchisee immoo manichi waliigaltee kennaatiin walfuutotaaf yemmuu gaa’ela raawwatan akka qabeenya waliiniitti kan kenname ta’uun alattis kanumarratti hundaa’uudhaan walfuutonni hanga gaafa walhiikaniitti waggoota kudhaniif kan ofii godhatanii keessa jiraachuun isaanii yaaduma waliigaltee kennaa keessatti ibsame

cimsuun manichi qabeenya waliinii walfuutota lameenii ta'uu kan mirkaneessuudha, jechuun xiinxalee murtii jalaa diiguun walfuutota lameeniif qixxetti akka qoodamu murteesse.

Falmattuun haati warraatis murtii dhaddacha ijibbaataa kana bu'uura gochuun himata raawwii manicha keessa kan jiraatu abbaa warraa ishee irratti mana murtii jalaatti kan dhiyeeffatte yoo ta'u, manni murtichaatis bu'uruma kanaan ajaja raawwii raawwiin himatamaa irratti baasee akkaataa murtitiin raawwachuuf hayyamamaa ta'uu diduu isaa bu'aan yemmuu deebi'u, raawwiin himatamaan qaamaan dhiyaatee sababii akka ibsu ajaja dabarseef.

Raawwiin himatamaanis dhiyaatee sababii ibseen manichi kan isaa akka hin taanee fi bakka bu'ummaas kan hin qabne ta'uu ibsee qabeenya mirga irraa hin qabne irratti wanti raawwatu akka hin jirre kan deebise yoo ta'u murtiin kenname isaafis kan murtaa'e waan ta'eef gaheen isaa akka raawwatamuuf mana murtichaa gaafatee jira. Haala kanaan manni murtichaa ajajoota hedduu fi beellamoota heddu booda dhumarratti manicha caalbaasiin gurguruudhaan walfuutotaaf qixxetti hiruun qoodinsa raawwateera.

Qabxiilee marii

1, Dhimma armaan olii kana keessatti murtiilee jalqabaa hanga dhumaatti manneen murtii sadarkaa adda addaatiin kennaman akkamitti ilaaltu, isa kamtu dhama qabeessa jettu?

2, Haalli dhimma kana keessatti falmiin qooda qabeenyaa ittiin ilaalamee murtaa'e qajeeltoowwan armaan olitti ilaalaman waliin hangam walsima jettu, manichi qabeenya waliinii ta'uu fi dhiisuun sadarkaa kamii fi haala kamiin adda bahuun irra ture?

3, Sirni qabeenya qulqulleessuu dhimma kana keessatti raawwatamee jira jettu? Yoo hin raawwatamne ta'e raawwatamuu dhabuun isaa bu'aan hordofsiise jiraa, adda baasuun ibsaa.

4, Dhimma olii kana keessatti manni murtichaa manicha caalbaasiin kan gurgureef qaama raawwii murtii kennameen dirqamu waan dhabeefiidha. Adeemsi kun tumaa SMO kwt 118 fi 119 waliin hangam walsima jettu? Qabeenya mirgi abbaa qabeenyummaa maqaa nama biroon jiru caalbaasiidhaan gurguruu bu'urri seeraa dandeessisu ni jiraa?

5, Galmeewwan falmii dhiirsaa fi niitii hedduun yemmuu ilaalaman gaa'elli eega diigame (hiikkaan murtaa'e) booda ; *bitaa fi mirgi tarree qabeenyaa haa dhiyeeffatan,bu'uruma tarree qabeenyaa dhiyaateen bulchiinsi gandaa bitaa fi mirgaa fi walqixxetti qoodee bu'aa isaa haa gabaasu, ykn, bitaa fi mirgi qabeenya walitti qaban karaa jaarsa firaatiin haa*

qooddatan fi kkf ajajoota yeroo hedduu kennamaniidha. Ajajootni kun hangam bu'uura seeraa qabu, akkaataa seerichi jedhuun qabatamni raawwatamaa jira jechuun danda'amaa? Muxannoo qabdan kaasuudhaan sirritti ilaalaa.

1.4. Gaa'ila gaa'ila irratti raawwatamu ilaalchisee rakkoo qoodinsa qabeenyaa jiru

Gaa'illi gaa'ila irratti raawwatamu dhorkaa ta'uun seera maatii oromiyaa labsii fooyya'e kwt 30 jalatti kan tumame ta'us abbaan warraa tokko haadha warraa tokko ol fuudhee waliin jiraachuun qabatama lafa jiruudha. Qabatamaan gaa'illi gaa'ila irratti raawwatamu kunis himanni irratti dhiyaatee hanga tokko isaa seeraan al ta'uun hin murtaa'initti kan ragga'e akka ta'etti seerri tilmaama fudhachuu isaa moojula 1ffaa seeraa maatii Gaa'ilaafi hiikkaa isaa jedhu keessatti ilaalameera.

Haala kana keessatti yammuu gaa'illi haadha warraa isaa tokko waliin jiru hiikkamu ykn diiggamu qoodinsi qabeenyaa bu'uruma seera maatii boqonnaa 7[ffaa] jalatti tumaalee jiraniin kan bitamu ta'uu isaa jalqaba boqonnaa kanaa keessatti ilaalamee jira. Bu'uura tumaalee kanaanis qabeenyi gamtaa abbaa warraa fi haadha warraa qixxetti kan qoodamuuf ta'uun qajeeltoo isa bu'uuraati. Rakkoon qabatamaa kan mul'atus asirrattidha.

Rakkoon kunis 1[ffaa], bu'uura SMO kwt.117 tiin qabeenyi waliinii yemmuu qoodamu *garee lamaaniifuu qixxetti* kan jedhu gaa'ela gaa'ela irratti raawwatame yoo ta'e haatii warraa tokko ol waan ta'aniif qabeenyichi bakka meeqatti qoodamuu qaba kan jedhuu fi, 2[ffaa] gaa'elichi diigame kan haadha warraa ishii tokkoo qofa ta'ee isaan kuun immoo falmii qooda qabeenyaa keessa yemmuu galan gaa'elli isaan gidduu falmichaa galanii[112] osoo jiruu qooda qabeenyaa raawwachuun akkamitti danda'ama kan jedhuudha.

Qabxii isa duraa ilaalchisee seerichi gaa'elli gaa'elarratti raawwatamu dhoorkaa ta'uu durumaayyuu waan tumeef kan hiikkamus gaa'ila abbaa warraa tokkoo fi haadha warraa tokkoo gidduu jiru akka ta'etti tilmaamuun qabeenyi gamtaa qixxetti lameeniif akka qoodamu kaahe. Gaa'ila gaa'ila irratti raawwatame yoo ta'e immoo haati warraa tokkoo ol waan ta'aniif bu'uura tumaa seeraa kanaan haalli itti qoodinsi qabeenyaa ilaalamuu qabu ifa waan hintaaneef ejjannoo fi hojmaata adda addaa uumeera. Ejjannoo fi hojmaanni kunis,

[112]Gaa'ela isa diiggamee hordofuun falmiin qooda qabeenya ka'u haadha warraa ishee gaa'ela hindiigaminiitis waan hirmaachisuuf osoo gaa'elchi ishee jiru qabeenya qooduu hordofsiisa. Qoodinsi qabeenyaa immoo bu'aa diiggaa gaa'elaati waan ta'eef.

1ffaan gaa'ili dhaabbata seeraan beekumtiin kennameef kan dhirri tokkoo fi dubarri tokkoo qofa giddutti ijaaran waan ta'eef niitoleen tokkoo ol yoo jiraatanis qoodinsa qabeenyaa irratti akka niitii tokkootti ilaalamuun qabeenyi waliinii bakka lamatti hiramee walakkaan (1/2) tokko gahee abbaan warraa ta'uudhaan walakkaa (1/2) tokko hafe immoo niitoleen qixxetti qoodaman kan jedhudha[113].

Gaa'elli kun hedduudha osoo jedhameeyyuu abbaan warraa fakkeenyaaf niitolee lama kan qabu yoo ta'e hariiroon tokko tokkoo isaanii waliin qabu yemmuu ilaalamu gaa'ela ofdanda'e waan ta'uuf ishee tokko waliinis qixa qoodamee ishee biroo waliinis haaluma walfakkaatuun qixa waan qoodamuuf naanna'ee gaheen isaa harka walakkaadha. Kanaaf niitoleen hangamis yoo baay'atan gaheen isaanii walumatti harka walakkaa ta'a jechuun ejjannoon jiru bal'aadha[114]. Ejannoo kana kan calanqisiisan murtiilee tokko tokko asitti fakkeenyumaaf ilaaluun barbaachisaa waan ta'eef akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Dhimma oliyyannoon Mana murtii ol'aanaa G/Sh/Bahaatti [115] ilaalame tokkoon ol'iyyattuun qabeenya lafa qonnaa hektaara 6 ta'u D/kennaan 1ffaan D/kennituu 2ffaa osoo hinfuudhin dura kan waliin horanne waan ta'eef kan waliinii sadeen keenyaati jedhamuun sirrii miti jechuun murtii MMAanaa kenne komatteerti. M/M/Aanaa murtii komatame kana kennes qabeenyi kun kan waliinii sadeen isaanii (ol'iyyattuu, D/kennaa 1ffaa fi D/kennituu 2ffaa) waan ta'eef iddoo lamatti hiramee walakkaa tokko gahee abbaa warraa isa du'eeti walakkaa hafe immoo niitoleen lamaan qixxetti haa qoodatan kan jedhuudha. Manni murtii ol'aanaanis qabeenyi lafaa ol'iyyattuun D/kennaa 1ffaa waliin fuudhaa fi heeruma D/kennituu 2ffaa dura horatan

[113]marriage is a legally recognized institution and the law providing such recognition presumes and knows that it is formed/founded by two contracting parties personally and; these contracting parties are a man and a woman which means biletaral parties, not multilateral. So, the family laws in Ethiopia have known one institution of marriage established by one man and woman of marraigeble age and produces biletaral personal and pecuniary effects b/n them, pecuniary effects being presumed as community property with exceptional personal property effects to be established by proof.

[114]Murtiilee manneen murtii addaa addaa fi yaada Abbootii Seeraa tokko tokkoo walitti xiinxaluun kan argameedha: As the institution is in it is nature constituted by two opposite sexs as one,i.e, half part masculine gender and half part feminine gender, each of these parts of the institution is legally taken as one regardless of the number of male or female persons alleged to have existed in the institution with the status of spouses as far as all legal effects of the institution are concerned. Hence, the common property of the institution has to be divided in to two equal parts on the bases of the two gender parts up on which the formation of the institution legally stands, not on the basis of the number of physical persons living in the institution as spouses. As a result, half of the community property so divided should be for the masculine part and the other half for the feminine part of the institution at the divorce and, if there are physically more than one women in the institution as wivies they can each of them can claim their respective share from the one half of community property due to feminine gender only.

[115]Galmee ol'iyyannoo lakk. 28413, MMO/G/Sh/B (2003), Galmee lakk. 12165,MM ol/G/A Adaamaatis haa ilaala

keessaa bahuudhaan qabeenyaan hafe hundi iddoo lamatti hiramee walakkaa tokko niitoleen haa qoodaman jechuun murtii jalaa fooyyesseera.

MMOl'aanaa kun murtii kana keessatti yaadni gabaabinaan kaahe gaa'ela keessatti niitummaa fi dhiirsummaan (spousalship) tokko qofa malee baay'ini lakkoofsa niitolee hariiroo kana jijjiruuf bu'urri seeraa dandeessisu waan hin jirreef qabeenyichi walakkaan isaa gar-tokkee niitummaa gaa'elichaaf (feminine part of marriage) walakkaan isaa immoo gar-tokkee dhirsummaa gaa'elichaaf (masculine part of marriage) ta'uu qaba kan jedhu irratti kan hundaa'edha.

Dhimma biroo M/M/W/F/dhaddacha ijibbaataatti[116] dhiyaate tokkoon abbaan warraa niitolee lama qabu eega du'e booda qoodinsa qabeenyaa irratti niitoleen waldiddaa kaasaniin M/M/Aanaa dhimicha jalqaba ilaaletti himatni dhiyachuun murtaa'eera. Manni murtii Aanaa kunis dubartoonni lameenuu niitii du'aa ta'uu eega mirkaneesse booda qoodinsa qabeenyaa ilaalchisee Mana falmii kaase walakkaa isaa niitoleen lamaan qixxetti akka qoodatan walakkaa hafe immoo gahee dhiirsaa waan ta'eef dhaaltuun haa fudhatu jechuun murteesse.

M/M/Ol'aanaan ol'iyyannoon dhiyaateef immoo manichi kan bitame mallaqa du'aani fi kan niitii amma ol'iyyatte waliin horatan waan ta'eef niitiin booddee manicha irraa qoodamuu hin qabdu jedhee murtii jalaa diiguun kan murteesse yoo ta'u M/M/W/Mootummaa Naannoo Amaaraatis murtii kana cimseera. MWF dhaddachi ijibaataa immoo murtiilee MMW fi MMOl'aanaa diiguun murtii mana murtii Aanaa kan cimse yoo ta'u sababii kaaheenis:

… qabeenyichi du'aa fi waamamtuun mallaqa qabanin kan bitan yoo ta'ee iyyuu kun kan rawwatame yeroo gaa'elli du'aa fi iyyattuu ragga'ee jirutti waan ta'eef walfuutota hundaafuu qabeenya waliinii ta'a. Kanaaf, qabeenyichi iddoo lamatti hiramee walakkaa tokko (gahee dhiirsummaa) dhaltuun du'aa walakkaa tokko (gahee niitummaa) immoo niitooleen lameen qixa haa qodatan jechuun murtii M/M/Aanaa kenne cimseera.

Akkasuma dhimma biroo walfakkaatu MMOl'aanaa G/Sh/Bahaatti[117]ol'iyyannoon dhiyaatee murtaa'e tokkoon MM jalaatti ol'iyyataa fi D/kennitoonni hiikkaa gaa'elaa booda falmiin qooda qabeenyaa godhan ka'uumsa dhimmichaati. Kan falmii kaases mana jireenyaa tokko yoo ta'u ol'iyyataan niitii dura/jalqaba fuudhe (murtima jalaa kanarratti galmee birootiin kan ol'iyyatte) waliin kan horatanii fi hiikkaa boodas ijoolleen akka keessa jiraattuuf jedhamee

[116]Galmee ijibbaataa lakk. 24625, (2000) murtiilee MMW federalaa dhaddacha Ijibaataa Jiildii 5 ffaa
[117]Galmee ol'iyyannoo lakk, Mana Murtii Ol'aanaa G/Shawaa Bahaa (2001)

waliigaltee lameen isaaniitiin manichi osoo hin qoodamin akka turu gochuu isaanii waliigalticha dhiyeessuun falme. D/kennituun immoo qabeenyicha guyyaa walfuudhanii kaasee akka qabeenya waliiniitti kan keessa jiraatan ta'uu ibsuun akka qoodamuuf falmite.

MM jalaatis mormii ol'iyyataa ammaa kana kufaa gochuun manicha kan waliinii akka ta'e kan murteesse yoo ta'u ol'iyyataanis murtii kana komachuun yoo ol'iyyates komiin isaa hin dhiyeessisu jedhamee kufaa ta'eera. Gama biraatiin niitii durii isheen jedhamtes MM jalatti g/lixuuf iyyattus iyyanni ishee kufaa waan ta'eef murtii haadhoo irratti yeroma walfakkaatu ol'iyyattee komiin ishee fuudhamuudhaan murtii jalaa fooyyessuun kan murtaa'e yoo ta'u, sababii ibsameenis:

... manichi bu'uura waliigaltee godhameetiin kan D/kennaa (galmee dhimma ammaa irratti ol'iyyataa kan ture) fi kan ol'iyyattuu tanaa ta'uun isaa yoo hubatames hiikkaa gaa'ela ol'iyyattuu tanaa booda D/kennituun 2ffaa fi D/kennaan 1ffaa n akka qabeenya waliiniitti waliin keessa jiraachaa fi itti fayyadamaa kan turan ta'uun isaanii D/kennituun 2ffaanis manicha irraa mirga niitummaa qixa ta'e kan qabdu ta'uu ishii agarsiisa. Kanaaf, manichi qabeenya waliinii walfalmitoota sadeenii waan ta'eef bu'uura SMO kwt 117tiin harki 1/2ffaan manichaa gahee dhiirsaa (D/kennaa 1ffaa), harki 1/2ffaan hafe immoo gahee niitummaa waan ta'eef dubartoonni lameen qixxetti haa hiratan, jechuun MMOl'aanaan murteessee jira.

Dhimmootni olitti dhiyaatan kuniin walumatti bu'uura seeraatiin yemmuu xiinxalaman; 1ffaa qooda qabeenya waliinii ilaalchisee falmii gaa'ela gaa'elarratti raawwatameen walqabatee ka'u bu'uura seera kamiin akka ilaalamu, murtii kennaniifis tumaan seeraa irratti hundaa'an maal akka ta'e wanti ifaan agarsiisan ykn ibsan kan hin jirre ta'uun alattis gaa'elli seeraan beekamu tokko qofa akka ta'ee fi diiggaan isaatis bu'aawwan hordofsiisu keessaa qoodni qabeenya waliinii kan qoodamuu qabu dandeettii lameen gaa'ela hundeessan dhiirsummaa fi niitummaadhaaf iddoo lamatti qixxee hiramuun qoodamuu akka qabutti seericha hiikuudhaan niitoleen tokkoo ol yoo ta'anis gahee dandeettii niitummaa kan ta'e harka ½ qabeenya waliinii qofa addaan hirachuu akka qabanitti murtiin kennan falaasama duudhaa saayinsii seeraa argamaa fi barbaachisummaa gaa'elaa hundeessu duuba jiru irraa hedduu kan fagaate ta'ee mul'ata.

Akkasumas, 2ffaa heera mootummaa biyyattiis ta'ee kan Naannoo Oromiyaa kwt 34 fi 35 jalatti qajeeltoowwan bu'uuraa mirgoota maatii fi gaa'elaa diriirsan, walqixxummaa dhiirrii fi dubartiin gaa'ela hundeessuu fi bulchuu irratti qaban mirkaneessanii fi yeroo diiggaa gaa'elaa

irrattis mirga wiqixaa gama diinagdeetiin qabaniif eegumsa kaahan, akkasumas xiyyeeffannaa addaa itti kennuudhaan mirgaa fi dantaa dubartootaa eeguuf kwt 35 jalatti qajeeltoowwan tumamanii fi kaayyoo seera maatii akka waliigalaatti jiru gonkumaa kan dagatan fakkaatu. Mirgoota namummaa fi diinagdee heerichi dubartootaaf tume kanniin qaawwa seerichaa bu'uura qojeeltoowwan heerichaatiin guutuudhaan seericha heeraan walsimsiisanii raawwachiisuun murtii haqaa fi hundee seeraa qabu kennuun bu'uura HMRDFI kwt 13tiin dirqama tumame qabatamaan dhugoomsuu kan danda'an ta'anii hin mul'atan.

Kana malees 3ffaa gaa'ela keessattis ta'ee diiggaa irrattis walqunnamtii dhiirsaa fi niitii hanga danda'ametti waliigaltee mataa isaaniitiin walfuutonni akka murteeffatan seerichi dursa kan kenne yoo ta'es dhimmoota olii keessatti murtiiwwan ilaalaman garuu yaada bu'uuraa seerichi kaahe kanaaf xiyyeeffannaa kennuu dhiisuun akkuma laayyotti dhimma dhuunfaa walfuutotaa keessa galuu fi sanarras darbee waliigaltee walfuutotaa ifaan taa'ee fi qaama angoo qabu birattis galmaa'e kufaa gochuun akkaataa bilisummaa walfuutotaa sarbuun ifaan hubatamutti qabeenya isaanii harkaa fudhanii murtii irratti kan kennan ta'uun ifaan hubatama[118].

Haaluma walfakkaatuun, 4ffaa manneen murtii biyyattii hundaaf murtii kallattii hiikkoo seeraa dirqisiisaa ta'e kennuudhaan rakkoo akkanaa qabatamaan uumamaniif furmaata laatuuf dandeetti qaba kan jedhamu MMWF dhaddachi ijibbaataatis gama kanaan hanga yoonaa murtii adda addaa kenne kan fuulduratti ilaallu jiraatu illee murtii isaa jalqabaa oliiti ibsameen yoo ilaalamu murtii manneen murtii jalaa hanqinoota olitti 1ffaa- 3ffaa tarreeffaman waliin kennan isa tokko diigee isa kaan cimsuu irraa kan hafee murtiin kenne akka yaadame rakkoo gama kanaan jiru hundeedhaan furuuf kan dandeessisu osoo hin taane rakkinicha kan cimse ta'uu isaa *niitoleen lameen harka ½ qabeenya waliinii haa qooddatan, harki ½ n immoo gahee dhirsa du'ee waan ta'eef dhaaltuun haa fudhatu* jechuun murtii MMAanaa kennee ture cimsuun isaa ni mirkaneessa.

Gama biraatiin ejjannoo fi hojmaanni qabatamaa biroo mul'atu bu'uura kan godhatu, gaa'elli gaa'elarratti raawwatamu dhoorkaa ta'uun isaa seeraan kan tumame yoo ta'es ega

[118]Dhimma 3ffaa oliyyannoon MMOl'aanaa G/Shawaa Bahaatti murtaa'e keessatti mana falmiin irratti ka'e D/kennaan 1ffaa fi ol'iyyattuun g/lixxuu turte D/kennituu 2ffaa dura kan waliin horatan ta'uun alattis yemmuu gaa'elli isaanii diigamus manicha ilaalchisee waliigaltee addaa godhaniin hanga ijoolleen umrii gaa'elaa ga'anii of danda'anitti akka keessa jiraatan jechuudhaan manichi osoo hin qoodamin dantaa ijoolleef jecha akka qabeenya waliinii maatiitti (family immovable) akka turu kan murteeffatan yoo ta'u waliigaltee kanas bulchiinsa magaalaa waajjira waliigaltee fi ragaatti kan galmeessisan ta'uu galmeen ni mul'isa.

raawwatame booda dhoorkii kana bu'uura gochuun himata dhiyaatuun ykn gaaffii hiikkaatiin ykn sababii biroon gaa'elichi kan diigame yoo ta'e gosa sirna raawwii gaa'elichaa ykn sababii diiggaa isaatiin adda addummaan tokkooyyuu osoo hin godhamiin diiggaan isaa bu'aawwan tokko ta'an ykn walfakkaatan kan hordofsiisu akka ta'ee fi bu'aawwan kunis bu'uura SMO boq.7^{ffaa} kutaa 4^{ffaa} tiin ilaalamee kan murtaa'u akka ta'e SMO kwt 96 fi 122 jalatti kan tumameedha.

Haala kanaanis bu'aawwan kanneen keessaa qoodinsi qabeenyaa isa guddaa akka ta'e ejjannoon kun eeruudhaan kunis qoodinsa qabeenya waliinii ilaalchiseetis SMO kwt 117 fi 118 jalatti kan tumame falmii qooda qabeenya waliinii gaa'ela gaa'elarratti raawwatameen walqabatee ka'u irrattis raawwatamummaa kan qabu ta'uu isaa fi akkaataa kanaanis qoodinsi qabeenyichaa walfuutota hundaaf walqixxetti raawwatamuu akka qabu agarsiisu[119].

Akka ejjannoo kanaatti seerichi gaa'elaaf beekumtii kan kenne mirgaa fi dantaa namoota gaa'elichaan waliin jiraatanii eegsisuu fi dantaa daa'immannii mirkaneessuuf malee dhaabbata garee namoota saala adda addaa lama irraa ijaarame jechuun isaa kaayyoo waliigalaa heeraa fi seera maatiin akeekame irraa maquudhaan mirgaa fi dantaa eeggamuu qaban kana bifa sarbuun walqunnamtii uumamu seerichi yaadee miti. Kanaaf, gaa'elli dhaabbata garee saala lamaati malee baay'ina niitolee hin ilaalu yaadni jedhuu fi qabatamni kallattii kanaan jirus maalummaa gaa'elaa bu'uura kaayyoo heeraa fi seeraatiin kan hubatan akka hin taanee fi hafuura haqaa kan hin qabne akka ta'e ejjannoon kun cimsee morma.

Kanaaf, yeroo gaa'elli diigamu qabeenyi kan waliinii ta'uun isaa qulqullaa'e bu'uura SMO kwt 117n abbaa warraa fi haadha warraatiif qixxetti qoodama kan jedhames dhiirsaa fi niitii gaa'elicha keessa turan akka namummaa isaaniitti tilmaamuudhaan malee baay'ina isaanii saalaan adda baasuu irratti miti. Hiikkoo sirrii tumaa kwt 117tis kan ta'uu qabu gaa'ela gaa'elarratti raawwatamee tureen walqabatee falmii qooda qabeenyaa ka'u ilaalchisee sirna qoodinsa qabeenya waliinii irrattis raawwatiinsa akka qabaatutti hiikamuu yoo danda'eedha. Kunis, qabeenyicharratti mirga seeraa kan isaan gonfachiisu dandeettii dhiirsummaa ykn niitummaa (spousal status) yoo ta'ellee *qixxetti* qoodamuu qabu jechuun garuu namummaa

[119]Abbaa seeraa MMWO Dhaddacha Ijibbaataa fi ILQSOtti Dayrektar kan ta'an Obboo Misgaanuu Mul'ataa: Abbootii seeraa MMWO Dhaddacha Bahaa; Obboo Ahimad fi Obboo Muhaammad Aliyyii: Abbaa seeraa MMOl'aanaa G/Shawaa Bahaa Obboo Shuraa Bakaraa fa'a dhimma kanarratti yaada qabanii fi muxannoo qabatamaa isaan mudate akkaataa itti ilaalan kan ibsan.

isaanii irratti hundaa'amuun **gaheen tokkoo tokkoo isaanii adda bahee** murtaa'uu qaba hiikkoo jedhu kan agarsiisuudha[120].

Tumaa seerichaa kana haala olitti ibsameen hiikuun tarii akkaatuma baay'ina dubartoota niitummaadhaan gaa'elicha keessa jiranitti gaa'elli baay'een jira jechuudhaan gaa'ela gaa'ela irratti raawwatamuu seerichi dhoorkeef beekumtii kan kennisiisu akka ta'etti hubatamuu ni mala. Haata'u malee, bu'aan hiikkoo kun hordofsiisu gaa'ela gaa'elarratti uumuu osoo hin taane gaa'elli akkasii yemmuu diigamu haala qabatamaan hariiroo maatii keessatti uumamu akkaataa walqixxummaa saalaa, mirgaa fi dantaa dubartoonni niitummaa isaaniitiin qaban bu'uura seeraa fi haqaatiin murteessuuf kan dandeessisu waan ta'eef hiikkoo ejjannoon inni duraa qabate caalaa dhama qabeessaa fi amansiisaa ta'ee mul'ata.

Egaa akkuma olitti ibsuuf yaalame, sirna qooda qabeenya dhiirsaa fi niitiin walqabatee falmiin qooda qabeenya waliinii diiggaa gaa'ela gaa'elarratti raawwatame ilaalchisee ka'u qabatamaan akkamitti akka ilaalamaa jiruu fi akkamitti ilaalamuu akka qabu kan agarsiisan ejjannoowwanii fi qabatamni gurguddoon lama kan jiran ta'uun ni hubatama. Yaadotaa fi dhimmoota kunniinis bu'uura tumaa seeraa ilaallatun walitti xiinxaluun yaada gara fuulduraatti ejjannoowwan kana walitti dhiyeessuun rakkoo gama kanaan jiru dhiphisuuf gargaaruu malu akeekuun moojula kanarraa bu'aa eeggamu akka ta'e ni hubatama.

Bu'uruma kanaan gaa'elli gaa'elarratti raawwatamu Naannoo Oromiyaa keessatti baratama adaa ta'ee hawaasa naannichaa tokko tokko biratti kan raawwatamu yoo ta'es gara caalu hawaasa amantaa Islaamaa hordofu kan walqabatu waan ta'eef gama kanaan tarii falli akka muxannootti itti gargaaramuuf oolu yoo jiraate seera Shari'aa ilaaluun barbaachisaa ta'a. Haaluma kanaan odeeffannoon[121] seera kanarratti dhaqabamummaa qaban akka agarsiisanitti bu'uura seera shari'aatiin raawwiin gaa'elaa bu'aa qabeenya waliinii kan hin hordofsiifne waan ta'eef yaadni sirna qabeenya waliinii (community property regime) jedhamu hin beekamu.

Gama kanaanis hubachuun akka danda'amutti gaa'ela gaa'elarratti raawwatamu ilaalchisee qoodni qabeenya waliinii akkamitti akka raawwatamu Seera Shari'aa keessattis ifaan wanti beekamu waan hin jirreef falli akka muxannootti irraa fudhatamu kan hinjire ta'uu isaati. Maddi inni biroo furmaata ta'uu malu seeruma maatii Oromiyaa ta'ee waan mul'atuuf

[120]Yaada Abbootii seeraa armaan olitti miil-jalee lakk, 114 jalatti caqafamanii walitti cuunfuun xiinxala godhame.
[121]Women Living Under Muslim Laws; Knowing Our Rights, Women, Family, Laws and Customs In The Muslim World, 2006, pp, 324-340.

tumaalee seerichaa rogummaa qaban sirritti xiinxaluun hiikkoo furmaata ta'u argachuun dirqamaadha. Haaluma kanaan 1ffaa SMO kwt, 117 akkas jedha:

...qabeenyi gamtaa abbaa warraa fi haadha warraa lamaaniifuu qixumatti kan addaan hiramu ta'a.

Tumaan seerichaa kun yemmuu xiinxalamu qabeenyichi abbaa warraa fi haadha warraaf qixxetti akka hiramu ifaan tumamee jira. Abbaan warraa fi haati warraa eenyu akka ta'an yoo xiinxaline immoo SMO boq, 3ffaa jalatti gaa'ela akkaataa sirnoota sadeen ibsaman keessaa isa tokkootiin raawwachuun kan waliin jiraatan dhiiraa fi dubartii akka ta'an ifaan kan beekamu yemmuu ta'u, gaa'ela gaa'elarratti raawwachuun dhorkaa ta'uu seericha kan fooyya'e kwt 30 jalatti yoo tumames dhoorkii kana darbuudhaan kan raawwatame garuu hanga diigamutti bu'aa seeraa akka qabutti kan tilmaamamu ta'uu seericha boq. 4ffaa jalatti kan tumame irraa ni hubatama.

Sababii dhorkaa seerichi kaaheen ykn hiikkaadhaan ykn sababii diiggaa gaa'elaa isa birootiin gaa'elichi kan diigame yoo ta'e immoo bu'aan hordofsiisu akkuma gaa'ela isa kamiiyyuu tokko waan ta'eef (SMO kwt 96) bu'aawwan kana keessaa tokko walfuutonni hanga yeroo gaa'elichi diigamuutti qabeenyi waliin horatan yoo jiraate addaan qoodachuu yemmuu ta'u akkaataa kanaanis gaa'elli gaa'elarratti raawwatame kan diigame hiikkaadhaan yoo ta'e qoodni qabeenya waliinii bu'uura SMO kwt 117 fi 118n raawwatamuu akka danda'u kwt 122(1) jalatti kan tumame ni akeeka.

Haala kanaanis kwt 117 jalatti *abbaa warraa fi haadha warraa* gaalee jedhu keessattis haati warraa dubartii tokko qofa ta'uu akka qabdu kan agarsiisu yoo ta'ellee niitolii gaa'ela walirratti raawwatamee hiikkaan diigame keessa jiran hunda hammachuu haala danda'uun osoo hiikamee qabeenyi isaan abbaa warraa isaanii dabalatee walitti qaban qixxetti qoodamaaf bifa jedhuun ilaaluun caalatti haqa madaalawaa fakkaata. Gaaleen *qixxetti qoodamaaf* jedhus bu'uura kanaan gaheen dhiirsichaa fi kan tokkoo tokkoo nitolee walqixa akka ta'e kan hubachiisuudha (the share of each spouse is equal). Jecha biraatiin gaheen dhiirsichaa fi kan niitii tokkoo ykn niitii tokkoo fi ishee biroo wal hincaalu jechuudha. Hiikkoon kunis yaada ejjannoo isa 2ffaa kan deeggarameedha.

Gama biraatiin ammas kwt 117 raawwatiinsa hin qabu ykn hiikni olitti xiinxalame kun quubsaa miti yoo jedhame filannoon inni biroo fi kan dhumaa SMO kwt, 123 xiinxaluudha. Kunis sababii hir'achuu haallan fuudhaa fi heerumaa irraa kan ka'e diiggaan gaa'elaa kan

murtaa'e yoo ta'e manni murtii bu'aa diiggaan hordofsiisu haqummaa madaaluun murteessuu akka qabu kan qajeelchuudha. Akkaataa kanaanis gaa'ela gaa'elarratti raawwatame keessatti qoodni qabeenya waliinii walfutotaaf yemmuu hiramu harka ½ qabeenyichaa dhiirsichaaf kophaatti murteessuun ½ hafe niitoleen qixxetti addaan akka hiratan jechuun murtiin kennamu bu'uura tumaa kwt kanaatiinis madaallii haqummaa kan kaasu ta'ee gonkumaa hin mul'atu. Gama kanaanis yaadni ejjannoo 1ffaa kan hin deemsifne yoo ta'u ejjannoon 2ffaan ammas caalatti amansiisaa fi akka kallattiittis kan fudhatamuu qabu ta'ee argama.

Haata'u malee gaa'ilichi kan diiggame sababa gaa'ilarratti raawwatameef hir'ina ulaagaa bu'uuraa irratti hundaa'uun himata dhiyaateen yoo ta'e tumaan kwt 123 kallattiin kan ilaalu yemmuu ta'u qoodinsis walqixa ta'uu dhiisuu danda'a. Sababiin isaatis gareen badii qabu bu'uura kwt 116n akka adabbiitti qixa akka hin qooddanne ta'uu waan danda'uuf. Kana malees gaa'ilichi kan diiggame sababa hir'achuu ulaagaatiin yoo ta'uu baate ykn gaaffii hiikkaa bu'uura biroon dhiyaateen yoo ta'e qoodinsa bu'uura kwt 123n ilaaluun ammas rakkisaa waan ta'u fakkaata.

Qabxiin inni biroo akka rakkootti armaan olitti qabamee ture gaa'ela gaa'elarratti raawwatameen walqabatee kan diiggame walqunnamtii dhiirsichi niitii ishee tokko waliin qabu ta'ee falmii qooda qabeenyaa ishee waliin taasifamu irratti niitiin isheen gaa'elli jiru giddu lixummaan yemmuu dhuftee seentu qabeenyi kan waliinii isaan sadeenii ta'uun mirkanaa'uudhaan qoodinsi sadeeniifuu yemmuu raawwatamu gaa'elli ishee giddu lixummaan seentee osoo hin diigamin qoodni qabeenyaa raawwatamuun isaa sirrii miti kan jedhuudha.

Asirratti qabatamaan haala kana keessatti gaa'elli osoo jiruu qabeenya akka addaan qooddatan murtaa'aa kan jiru yoo ta'es seerichi rakkoo kan qabu hin fakkaatu. Sababiin isaatis giddu lixxuun gaa'elli ishee hin diigamin qabeenyichi abbaa warraa ishee irraa akka qoodamuuf ykn adda bahuuf kan gaafatu osoo hin taane qabeenya falmiin irratti ka'e irraa mirgi qabdu akka kabajamuuf ykn gaheen ishee akka beekamuuf waan ta'eef manni murtiitis gaheen ishee falmitoota isaan kan waliin qixxee ta'uu tilmaama keessa galchuudhaan gaheen niitii ishee gaa'elli diigamee adda bahee akka qoodamuuf murteessuu ni danda'a.

Fakkeenyaaf, abbaa warraa niitolee lama qabu ta'ee gaa'elli ishee tokkoo yoo diigame qabeenya sadeen isaanii walitti qaban keessaa gaheen tokkoo tokkoo isaanii yemmuu madaalamu harka 1/3 waan ta'uuf harki 2/3n qabeenyichaa gahee walfuutota lameen gaa'elli isaanii jiru yemmuu ta'uu qabeenya waliinii akka ta'etti tilmaamamee hark 1/3 qabeenyichaa

isheen gaa'elli duraa diigame akka qoodamu murteessuun hedduu kan rakkisuu miti. Kanaaf rakkoon gama kanaan jiru hanqina hubannoo seeraa waan ta'eef seerichi sirritti hubachuun hojirra oolchuun kan furamuudha.

Akkuma olitti ibsame MMWF Dh/Ij yeroo adda addaa hiikkoo adda addaa dhimma olitti kaasaa turreef kennaa ture ilaaluun barbaachisaa dha. Dhimmoota akkanaatiif murtii dirqisiisaa MMWF Dh.Ij. dhimma naannoo irratti hiikkoo dirqisiisaa ta'e kennuu danda'uuf dhabuun akka jirutti ta'ee, tumaaleen seera maatii hedduun isaanii wal fakkaataa ta'uu isaaniirraan kan ka'e hiikkoon Ijibbaati tumaa seera maatii wal fakkaatanirratti kenne ilaaluun barbaachisaa ta'a. Bu'uuruma kanaan xiinxala olitti kaasneen haala wal simuun qajeeltoo wal qixxummaa haala kabajuun hiikkoo kennuuf yaalee jiru akka armaan gadiitti ilaalla.

Gaa'illi gaa'ila irratti yeroo raawwatamuu fi gaa'illi yeroo diigamutti mirga qixxee qabu yeroo jedhamu qooddiin qabeenya niitolii lamaa fi abbaa manaa isaanii gidduutti yeroo hunda qixxee qoodama jechuu akka hin taane hubachuun barbaachisaa dha. Murtii dirqisiisaa MMWF Dh.Ij. dhimma qooddii qabeenya abbaa warraa fi haadha warraa yeroo gaa'illi gaa'ila irratti raawwatamutti tooftaa qooddii murtii isaa jalqabaa kenne keessatti hordofe irraa tooftaa addaatiin murtiin yeroo 2ffaaf kenne haa ilaallu.

Dhimmi murtii MMWF Dh.Ij.[122] murtii dirqisiisaa kennamerraa kan fudhatame yoo ta'u, ka'umsi dhimmichaa iyyannoo waamamtuun mana murtii sadarkaa duraa bulchiinsa naannoo Amaaraatiif dhiyeessite yoo ta'u, iyyanni ishee Ob. Mahaammad Huseen waliin bara 1987 waliin gaa'ila hundeessuun kan waliin jiraachaa turan ta'uu, jireenyaan kan waliigaluu hin dandeenye waan ta'eef gaa'illi akka diigamu fi qabeenyaan akka qoodamuuf gaafatte; iyyataan deebii kenneen, gaa'ila iyyattuu duraa waliin hin qabnu qabdu kan jedhamu osoo ta'e illee gidduu seentuu waliin ykn iyyattuu ammaa waliin gaa'ila lammaffaa waanin qabuuf qabeenyaan nu sadaniif akka qoodamu kan jedhu dha.

Gidduu seentuun ykn iyyattuun ammaa haati warraa himatamaa ishee qofa akka taate kaasuun dantaan ishee qabeenyaa waliinii abbaa warraa ishee waliin qabdu irratti murtiin kennamu kan ishee miidhu ta'uu ibsuun gidduu seentummaa gaafattee akka gidduu seentee falmitu haayyamameeraaf. MM Magaalaa Baahirdaar himattuunis ta'e gidduu seentuun lachuu haadha manaa Ob. Mahaammad Huseen ta'uu isaanii mirkaneeffataniiru erga jedheen

[122]Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 45548 ta'e irratti Iyyattuu Ad. Amiinaat Alii fi waamamtoota Ad. Faaxumaa Wubet N2 gidduutti dhimma murtii argatedha. (jildii 13ffaa)

booddee, Ad. Faaxumaa Wubet (waamamtuun) gaa'ila kan raawwatte bara 1987 yoo ta'u, Ad. Amiinaat Alii (iyyattuun ammaa) gaa'ila kan raawwatte bara 1990, gaa'illi booda raawwatame gaa'ila gaa'ila irratti waan ta'eef diigamaa dha jechuun falmiin qabeenyaas himattuu duraa fi himatamaa gidduutti akka itti fufu ajajeera.

Iyyattuun ammaas jal murtii manni murtichaa kenne komachuun komii ol-iyyannoo MM Ol'aanaa G/Gojjaam Dhiyaaf dhiyeessiteen manni murtichaas gaa'illi jalqabaa gaaffii haadha warraa ishee tokkoon hiikkaatiin diigamee osoo jiruu gaa'ila lammaffaa sababa gaa'ila gaa'ila irratti raawwatame jedhuun gaa'ila lachuu al tokkoon diiguun sirrii akka hin taane ibsee gaa'ilichi akka jirutti akka itti fufu murteesseera. Qabeenya ilaalchisee, **jalqaba** jarri sadanuu **qabeenya dhuunfaa isaanii** jedhamu adda akka baasan taasisee, gaa'illi lammaffaa raawwatamuun dura qabeenyaa jiru himattuu fi himatamaa gidduutti akka qoodamu ta'ee qabeenyaa waliinii isaanii sadan isaanii akka qixxeetti qoodamuufi qabeenyaa isaanii qulqulleessuun haala kanaan akka itti fufu jechuun murteesseera.

Waamamtuun ammaas ajaja manni murtii ol'aanaa Gojjaam Dhiyaa kenne komachuun MMW Naannoo Amaaraaf dhiyeessiteen Manni Murtichaas falmii bitaa mirgaan erga dhaggeeffateen booddee, gaa'illi lachuu jiraachuun erga mirkanaa'ee booddee seerichi gaa'ila gaa'ila irratti raawwatamu kan hin jajjabeessine ta'uun eegumsa gaa'ila jalqabaatiif taasisuu haala danda'amuun qabeenya irrattis murtii kennuu akka qabu iyyattuun qabeenyaa gaa'ila lammaffaan booddee horatame sadiitti qixxee haaqooddatan kan jedhu dantaa gaa'ila jalqabaa kan miidhu dha, tarreen qabeenyaa waamamtuun tarreeffamee dhiyaate keessaa kan dhuunfaa dha jedhamu erga adda baheen booddee kan hafe waamamtuu fi Ob Mahaammad Huseen akka qixxee qooddatan jechuun murtii kennee, qabeenyaa qulqulleessuun bu'uura kana akka hordofu jechuun murteesseera. Iyyattuun murtii kana komachuun MMW Naannoo Amaaraa Dh.Ij isaatti dhiyeessitu illee iyyanni ishee fudhatama hin arganne.

Iyyattuun gaa'illi jiraachuun mirkanaa'ee osoo jiruu qabeenyaa waliinii akka hin qabnetti murtiin kenname faallaa seera maatii Naannichaatiin ala ta'uu komatteetti. Manni Murtichaas gaa'illi bara 1990 kaasee jiraachuu isaa mirkanaa'ee osoo jiruu fi gaa'illi hiikkaan diigamee osoo jiruu qooddii qabeenyaa keessaa homaa gahee hin qabdu jedhamuun isaa sirrii ta'uu fi dhabuu isaa qabxii qabachuun falmii bitaa mirgaa dhaggeeffateera.

Gaaffiin seerummaa waamamtuu ammaa kan ture, iyyattuun ammaa **gaa'ila gaa'ila irratti waan raawwatteef gaa'illi haa diigamuu osoo hin taane,** jireenyaan himatamaa waliin waliigaluun waan dadhabameef gaa'illi akka diigamu kan gaafattee jirtuu fi bu'uura kanaan

gaa'illi waamamtuu ammaa kan diigamee fi gaa'illi iyyattuu ammaa immoo akka jirutti kan itti fufu kan ta'e dha. Haala gaa'ilaa kana keessatti qooddiin qabeenyaa qajeeltoo akkamii hordofuu qaba kan jedhu dhaddachichaan kan ilaalame dha.

Dhaddachichi gaa'illi gaa'ila irratti yeroo raawwatamutti qooddiin qabeenyaa haala kamiin raawwatamuu qaba kan jedhu seerichi gaa'ila akkasiif beekumtii waan hin kennineef seerichi ifaan haala akkasiitiif furmaata akka hin keenye ibseera. Haalli akkasii yeroo uumametti qooddiin qabeenyaa haala kamiin raawwata kan jedhu afuura seerichaa waliigalaa fi jireenya hawaasichaa tilmaama keessa galchuun murtii kennuun barbaachisaa akka ta'e ibseera. MM Ol'aanaa sababiin inni kenne, gaa'illi gaa'ila irratti raawwatame gaa'ila seera qabeessaa miti jedhamee yoo diigame illee gaa'illi hanga diigamutti bu'aa inni hordofsiisu ilaalamuu akka qabu bu'uura kanaan qabeenyaa horatan akka qooddatan yoo jedhu, MMW immoo hiikkoon akkanaa eegumsa seerichi gaa'ila jalqabaatiif taasise kan miidhu dha sababa jedhu kan murtii isaaniitiif sababa taasisan.

Seerri Maatii kan federaalaas ta'e kan naannichaa yaada waliigalaa isaatirraa kan hubatamu, haati manaa isheen tokko qabeenyaa haati manaa isheen biraa tattaaffii isheetiin horatame irratti badhaadhina hin malle akka argattu ykn haati warraa isheen kaan haala hin taaneen mirga ishee ykn bu'aa dadhabbii isheetii akka dhabdu taasisuu akka hin taane kan hubatamu dha. Gaa'ila keessatti qabeenyaa wal fuutootaan horatame ilaalchisee ragaa bitaa mirgaan qulqullaa'uun isaa akkuma eegametti ta'ee gamanumaan garuu haati manaa lammaffaa qabeenya ilaalchisee mirga hin qabdu jedhamee MMW naannichaatiin murtaa'e dogoggora ta'uu isaa ibseera.

Kanaaf, qajeeltoon qooddii gahee waamamtuus ta'e kan iyyattuuf **qajeeltoon hordofamu qabu bu'uura seerichaan ifatti taa'ee jiruun** jarri sadanuu qabeenya dhuunfaa ofiiti kan jedhan dursanii mirkaneeffachuun kan dhuunfaa isaanii fudhachuu qabu. Seerri maatii Naannichaa kwt 97(1) akkasumas seerri maatii Fooyya'e kwt 86 kanuma agarsiisa.

Qabeenyaan kanaa ala ta'e fi gaa'ila keessatti kan horatame qabeenyaa waliinii wal fuutootaa ta'uun isaa kan tilmaamamu dha. Akka qabeenya waliiniitti kan fudhatamu tattaaffii wal fuutootaan ykn qabeenyaa dhuunfaa isa tokkoo irraa kan horatames ta'uu akka danda'u, qabeenyaan kun maqaa isa tokkoon galmaahee jiraatu illee gaa'ila keessatti kan horatame ta'uun yoo mirkanaa'e fi haala addaatiin wal fuutoota keessaa inni tokko bu'uura seeraa rogummaa qabuun kan dhuunfaa isaa ta'uu yoo hubachiisuu baate qabeenya waliiniitti kan fudhatamu ta'uu Seera Maatii Fooyya'e kwt 62 (1) fi 63 (1) irraa kan hubatamu dha.

Iyyattuu fi waamamtuun lachuu haadha warraati yoo jedhame bu'uura seerichaatiin qabeenyaa abbaa warraa isaanii waliin horatan qixxee abbaa warraa isaanii qooddachuuf mirga qabu jechuu dha. Karaa biraatiin haati manaa isheen tokko ishee kaanirra haala addaatiin qabeenya horachuuf caalaatti gumaachuu ishee kan hubachiifte yoo ta'e, haati warraa kun haadha warraa ishee kaanirra **mirga fooyya'aa akka qabdu** hubachuun barbaachisaa dha. Waamamtuun gaa'ila himatamaa waliin bara 1987 hundeessiteen tattaaffii dhuunfaa isheetiin qabeenyaa abbaa manaa ishee waliin magaalaa Baahirdaritti horatte qixxee abbaa warraa ishee waliin qooddachuuf mirga qabdi. Iyyattuun garuu qabeenyaa maqaa abbaa manaa isheetiin magaalaa Baahirdaaritti horatame gahee abbaa manaa isheerraa qixxee argachuuf mirga kan qabdu dha.

Gama biraatiin Iyyattuun Ob. Mahaammad Huseen waliin gaa'ila bara 1990 tti hundeessuun magaala Finfinnee jiraachaa turuun ishee galmee keessaa kan hubatamu dha. Bu'uura kanaan tattaaffii Iyyattuutiin qabeenyaan magaala Finfinneetti abbaa manaa ishee waliin iyyattuun horatte jira kan jedhamu yoo ta'e, qabeenyaa kana irratti iyyattuun abbaa manaa ishee waliin qixxee kan qooddattu ta'a jechuun murteesseera.

Akka waliigalaatti murtii kanarraa waanti hubatamu tilmaamni seeraa qabeenyaan gaa'ila keessatti horatame kan waliiniiti tilmaamni jedhu kan gaa'ila baaqqeedhaaf seerichaan taa'ee jiru akka barbaachisummaa isaatti gaa'illi gaa'ila irratti yeroo raawwatamettis tilmaamni kun fudhatamuu akka danda'u eeree jira. Qabeenyaan tattaaffii haadha warraa isheen tokko abbaa manaa ishee waliin taasiftee qabeenyaan horatte isaanuma gidduutti qixxee erga qooddameen booddee, haati warraa isheen kaan immoo qabeenyaa gahee abbaan manaa ishee argatu akka qabeenya gaa'ila keessatti inni tokko tattaaffii dhuunfaa isaatiin galiin argatu qixxee ta'a jedhuun gahee abbaa manaa ishee %50 gaheenii jiru irraa walakkaa isaa fudhatti. Murtiin MMWF Dh.Ij. gahee Iyyattuu qabeenyaa magaala Finfinneetti horatanirraa %50 fi gahee qabeenyaa abbaan manaa ishee waamamtuu irraa Magaalaa Baahirdaaritti horatamee qooddatu irraayis walakkaa (%25) fudhattuun walumatti %75 yoo kan fudhattu ta'e; gama biraatiin waamamtuun qabeenyaa magaalaa Baahirdaaritti abbaa manaa ishee waliin horatte keessaa %50 akka qooddattu, qabeenyaa abbaan manaa ishee Iyyattuu waliin Magaala Finfinneetti horatee qooddatu irraammoo walakkaa gahee abbaa manaa ishee (%25) akka qooddatan murteesseera. Akkuma olitti jalqaba ibsine gaa'illi gaa'ila irratti yeroo raawwatamutti qooddiin qabeenyaa irratti yeroo hunda gareen hundi qixxee qooddatu jechuu akka hin taane kana irraa kan hubatamu dha. Kunis akkuma MMWF Dh.IJ. murtii keessatti

ibseen inni tokko dhamaatii isa kaaniin badhaadhina hin malle argachuu hin qabu waan ta'eefidha.

Mee akkaataa qooddii qabeenyaa gaa'illi gaa'ila irratti yeroo raawwatamutti sirni qooddii mana murtii Ijibbaata **naannoo keenyaatiin** hordofan maal akka fakkaatu dhimma armaan gadiitiin haa ilaallu.

Dhimmi kun murtii MMWO Dh.Ij.[123] irraa kan fudhatame yoo ta'u, ka'umsi dhimmichaa, mana murtii aanaa irratti himattuun jalqabaa ykn waamamtuu 3ffaan waamamtoota 1ffaa fi 2ffaa ammaa irratti himata waan dhiyeessiteef yoo ta'u, iyyattuun ammaa immoo falmii kana keessatti giddu seentuu turte. Iyyati giddu seentummaa iyyattuun ammaa dhiyeessitee turtes mana amma falmiif sababa ta'e, kan du'aa waliin horatte ta'uu ibsuun gaheen ishee akka murtaa'u waan gaafatteefi.

Waamamtoonni 1ffaa hanga 3ffaa jiran deebii kennaniin gabaabinaan iyyattuun ammaa qabeenyaa fi qabiyyee gahee ishee qooddattee kan deemtee fi mana falmii kaase kan anii fi du'aan bitne waan ta'eef, iyyattuun ammaa mana falmii kaase irraa mirga hin qabdu kan jedhu dha.Manni kun ergi gaa'elli du'aa fi iyyattuu diigamee qoodiinsi qabeenyaa raawwatee booda kan waamamtuu 3ffaa fi du'aan waliin horatan waan ta'eef, iyyattuun mana falmii kaase irraa mirga hin qabdu jechuun falmaniiru. Waliigalteen haaromes hin jiru, waliigalteen MM tti mirkanaa'es hin jiru jedhaniiru.

Manni murtii aanaa bitaa fi mirga falmisiisuun dhimmicha ragaan qulqulleeffadheera jedhee, gaa'elli iyyattuu ammaa fi du'aa gidduu ture yoo hin diigamne illee, iyyattuun qabeenya gahee ishee qooddattee deemteetti jechuun iyyata giddu seentummaa iyyattuun mana jireenyaa ilaalchisee dhiyeessite kufaa gochuun murteesseera. Mana falmii kaase walakkaa waamamtuu 3ffaan fudhattee walakkaa isaa immoo dhaaltotni du'aa haa qooddatan jechuun murteesseera.

Iyyattuun ammaa murtii mana murtii aanaa kana komachuun ol-iyyata ishee gara mana murtii ol-aanaatti kan dhiyeeffatte yoo ta'u, manni murtii ol-aanaa bitaa fi mirga falmisiisuun mana falmii kaase ilaalchisee du'aan abbaan manaa iyyattuu waliigaltee Waxabajjii 11/10/2010 taasifameen mana kana iyyattuuf waliin/ qixxeetti/ lakkaa'eefii jira waan ta'eef walakkaa

[123]Murtii MMMWO Dh.Ij. lakkoofsa galmee 320880 ta'een Iyyataan:- Ayyalachi Zallaqaa fi Waamamtootni:- Xaasoo Ayyaalewu N3 gidduutti murtii argatee jiru dha. (2012)

mana falmii kaasee waamamtuu 3ffaan fudhattee walakkaa hafe immoo iyyattuun ammaa % 25 akka qooddattu % 25 immoo dhaaltotni du'aa haa fudhatan jechuun murteesseera.

Waamamtootni 1ffaa fi 2ffaan ammaa murtii mana murtii ol-aanaa kana komachuun ol-iyyata isaanii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaatti kan dhiyeeffatan yoo ta'u, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaas, waliigalteen iyyattuu ammaa fi du'aa gidduutti taasifameera jedhame mana murtiitiin waan hin mirkanoofneef, fudhatama kan qabu miti jechuun iyyattuun mana falmii kaase irraa mirga waan hin qabneef, walakkaa mana kanaa waamamtuu 3ffaan fudhattee walakkaa hafe immoo dhaaltotni du'aa haa qooddatan jechuun murteesseera.

MMWO Dh.Ij. gaa'elli iyyattuu fi du'aa osoo hin diigamiin iyyattuu fi du'aan garuu qoodiinsa qabeenyaa raawwataniiru jechuun murtii mana murtii aanaa irratti kan galmaa'e irraa kan hubatamu, gaa'elli iyyattuu fi du'aa yeroo du'aan lubbuun jiru mana murtiin kan hin diigamne ta'uu fi sababa du'aan gaa'elli lameenuu kan diigame ta'uu kan hubachiisu dha. Manni falmii kaase kunis osoo gaa'elli' du'aa fi iyyattuu jiruu gaa'ela keessatti kan horatame ta'uun galmee keessaa ni hubatama.

Qabeenyaan haati manaa fi abbaa manaa gaa'ela keessatti horatame immoo hanga kan dhuunfaa ta'uun hin mirkanoofnetti kan waliinii haadha manaa fi abbaa manaa akka ta'u, Seera Maatii Oromiyaa keewwata 79/1/ jalatti tumamee jira. Akka qajeeltootti yeroo gaa'elli diigamu, qabeenyaan haadha manaa fi abbaa manaa kan qulqullaa'uu qabu bu'uura waliigaltee fuudhaa fi heerumaan ykn immoo bu'uura waliigaltee sana booda isaan gidduutti raawwateen akka ta'uu qabu, Seera Maatii Oromiyaa keewwata 112/1/ jalatti kan tumame irraa ni hubatama.

Waliigalteen yoo hin jiraanne ykn immoo waliigalteen seera duratti ragga'aa ta'e yoo hin jiraanne immoo qoodiinsi qabeenyaa haadha manaa fi abbaa manaa bu'uura seeraatiin taasifamuu akka qabu seeruma kana keewwata 112/2/ jalatti tumamee jira. Gaa'ela keessatti waliigalteen haadha manaa fi abbaa manaa gidduutti raawwate tokko mana murtiin yoo hin raggaane ta'e bu'aa akka hin qabaanne Seera Maatii Oromiyaa keewwata 89 jalatti tumamee jira. Waliigalteen kun fudhatama kan hin qabne erga ta'ee immoo qabeenyaan iyyattuu fi du'aa bu'uura tumaalee seera maatiin kan qulqullaa'uu fi qoodamu ta'a malee sababa waliigaltee ragga'aan hin jiru jedhuun qofa achuma irratti kan dhaabbatu miti. Manni falmii kaase yeroo gaa'elli lameenuu jiru keessatti kan horatame waan ta'eef, bu'uura tumaalee seeraa olitti ibsameen manicha irraa iyyattuun gahee haadha manummaa akka qabdu tilmaamni ni fudhatama.

Iyyattuun ammaa kan manni murtii ol'aanaa waamamtuu 3ffaan mana falmii kaase kana irraa %50 haa kennamuuf jedhee murteesse irraa kun ta'uu hin qabu jettee komii dhiyeessuu ishee galmeen kan agarsiisu miti. Haala kanaan immoo iyyattuun yoo xiqqaate bu'uura murtii mana murtii ol'aanaatiin mana falmii kaase kana keessaa %25 argachuuf mirga ni qabdi. Kana ta'ee osoo jiruu, manni murtii aanaa gama tokkoon gaa'elli du'aa fi iyyattuu yeroo du'aan lubbuun jiru kan hin diigamne ta'uu fi manni falmii kaases yeroo gaa'elli ture keessatti kan horatame ta'uu mirkaneeffadheera osoo jedhuu gama biroon immoo qabeenyaa gaa'ela keessatti horatame kana iyyattuun gahee ishee akka hin arganne taasisuun murtiin kenne murtii dogoggoora bu'uura seeraa qabu dha jenneerra jechuun murteesseera.

Akka waliigalaatti murtii MMWO Dh/Ij kenne irraa sirni qooddii yeroo gaa'illi gaa'ila irratti raawwatamee jirutti hordofe bu'uuraan isuma MMWF DhIj hordofeen kan wal fakkaatu dha. Dhaddachichi osoo Iyyattuun ammaa murtii MMO waamamtuun 3ffaan %50 haa qooddattu jechuun murteesse irraa komii ishee osoo dhiyeessiteetti ta'e ykn ol-iyyatteetti ta'e qajeeltoo seera maatii qabeenyaan gaa'ila keessatti horatame kan qixxee wal fuutootaati jedhu sanaan isaan sadan gidduutti tokkoo tokkoo isaaniitiif haraka 1/3 murteessuuf akka deemu xiinxala murtii isaatirraa kan hubatamu dha. Kana irraa kan hubatamu gaa'illi baaqqees ta'e gaa'illi gaa'ila irratti raawwatamee yeroo argamutti gaa'illi sababa ulaagaan bu'uuraa darbamuun osoo hin taane sababa biraatiiin hiikkaan kan hin diigame yeroo ta'utti qajeeltoo Seera Maatii tilmaama seeraa jiru keessattu qabeenyaa dhuunfaa ta'uu inni tokko hanga hin mirkaneeffannetti akka qabeenya waliiniitti tilmaamni seeraa tumamee jiru hojiirra oolchuu akka qabnu kan hubachiisu fi hiikkoo dhama qabeessa kan hordofe ta'uu isaa agarsiisa.

Gaaffiilee Marii

1. Wal fuutoota keessaa namni gaa'ila isaa dhiisee deeme yeroo gaa'ila isaa dhiisee deemetti qabeenyaa horatame irraa tilmaama seeraa qabeenyaa gaa'ila keessatti horatame kan waliiniiti jedhurraa fayyadamaa ta'uu hin danda'u/ hin dandeessu jedhamee murtii dirqisiisaa MMWF Dh.Ij. lakk galmee lakk galmee 43988 irratti kenne faana murtii kana akkamiin ilaaltu? Iyyattuun tilmaama seeraan fayyadamaa hin taatu yoo ta'e qabeenya waliinii isaanii ta'uu mirkaneessuutu isheerraa eegamaa?
2. Sirna qooddii qabeenyaa abbaa warraa fi haadha warraa Manneen Murtii sadarkaan jiran hordofan irratti hanqinni jiru maali jettanii yaaddu? MMA, MMO fi MMW

3. Iyyattuun du'aa waliin addaan deemaniiru kan jedhu akka falmiitti yoo ka'e deemtee yeroo turtetti maaltu horatame kan jedhu firii dubbii ragaan qulqullaa'uu isa barbaachisu hin turree? Mee yeroo addaan deemanii jiranitti qabeenyi falmii kaase horatame jennee haa fudhannuuti, sirni qooddii falmitoota gidduutti hordofuu qabnu fi hangam akka isaan gahu murteessaa!
4. Murtii MMWO dhaddachi ol-iyyata idilee dhaggeeffateen, waliigalteen MM tti mirkanaa'e waan hin jirreef Iyyattuun qabeenyaa falmiif sababa ta'e irraa mirga hin qabdu jechuun murteesse, gaa'elli iyyattuu fi du'aa yeroo du'aan lubbuun jiru mana murtiin hanga hiikkaan hin diigamnetti, wal fuutoonni carraaqqii dhuunfaan galiin argatan qabeenyaa waliinii abbaa manaa fi haadha manaa ta'a jedhamee SMO kwt 78(1) jalatti tumame faana murtii kana akkamitti ilaaltu?

Dhimma biraa sirna qooddii MMWF Dh.Ij. hordofe asitti kaasnee ilaaluun barbaachisaa waan ta'eef akka armaan gadiitti qindaa'ee dhiyaate haa ilaallu.

Dhimmi murtii MMWF Dh.Ij.[124] murtii dirqisiisaa kennamerraa kan fudhatame yoo ta'u, ka'umsi dhimmichaa, gaa'illi waamamtuu fi himatamaa Haaji Mahaammad Haliis gidduu jiru diigamuu isaatiin qooddiin qabeenya akka taasifamuuf waan gaafatameefidha. Iyyattuun ammaa immoo gaa'ila himatamaa waliin bara 1984 kaasee kan hundeessitee waliin jirtu ta'uu isheetiin falmichaan dantaan ishee kan tuqamu ta'uu isaa kaastee gidduu seentee akka falmituuf gaafattee falmiitti kan makamtee jirtu dha. Manni Murtii Magaalaa Halaabaa Qollittiis falmii bitaa mirgaa dhaggeeffatee qabeenyaan gidduu seentuun akka qoodamuuf gaafachaa jirtu harka waamamtuu kan jiru ta'uu isaa, qabeenyaa kana irratti gumaachi isheen taasifte, manicha ijaarsisuu ishee, baasii isheen itti baafte jiraachuu waan agarsiiftes hin qabdu waan ta'eef qabeenya kana irraa mirga hin qabdu jechuun qabeenyicha waamamtuu fi himatamaan jalqabaa akka qixxee qooddatan murteesseera.

Iyyattuun murtii Manni Murtichaa kennerraa komachuun komii ishee Mana Murtii Ol'aanaa adda Halaabaatti, achiin booda Mana Murtii Waliigala Naannichaatti dhiyeeffattu illee komiin ishee kufaa ta'eera.

Iyyattuun komii ishee MMWF Dh.Ij dhiyeessiteen, qabiiyyee komii ishee keessaa tokko murtii Manni Murtichaa xiinxala isaa keessatti ibseen, waamamtuun jireenyi ishee Saawud

[124] Murtii MMWF Dh.IJ. lakkoofsa galmee 50489 ta'e irratti Iyyattuu Ad. Zaynabaa Kaliifaa fi Waamamtuu Ad. Kadijjaa Siraaj gidduutti murtii argate dha. (jildii 11ffaa)

Arabiyaa ta'uurraan kan ka'e maallaqa erguudhaan masaanuu isheetiif mana ijaarsifti jedhamee hin yaadamu jechuun xiinxalli taasise dogoggora ta'uu, manichi kan ijaarame maallaqa himatamaan Saawud Arabiyaa taa'ee ergeen kan ijaarame ta'uu isaa, gaa'illi isaanii amma illee isaan gidduutti kan jiru ta'uu isaa, **qabeenyaan maqaa abbaa manaa isheetiin horatame qabeenyaa waliinii kan ta'u ta'uu isaa kaastee** murtiin manneen murtii jalaatiin murtaa'e akka sirreeffamuuf kan iyyatte dha.

Iyyattuun himatamaa Haaji Mahaammad Haalis waliin bara 1984 gaa'ila hundeessuun biyya Saawud Arabiyaa kan jiraatan yoo ta'u, waamamtuun immoo himatamaa waliin gaa'ila bara 1987 kan waliin hundeessan yoo ta'u sababiin hiikkaa akka gaafattu ishee kaases himatamaan biyya alaa yeroo dheeraaf kan jiraate yoo ta'u waamamtuudhaanis biyya alaa sin geessa jedhee hanga yoonaa ishee geessuu dhabuu isaarraan kan ka'e ta'uun galmee irraa akka hubatamu ibseera. Kanarraa waanti hubatamu Iyyattuunis ta'e waamamtuun himatamaa waliin gaa'ila kan qaban ta'uu isaati.

Gaa'illi gaa'ila irratti yeroo raawwatametti fi gaa'illi inni tokkoo gaaffii hiikkaa gaafatee jiruun gaa'illi yeroo diigamutti qooddiin qabeenyaa isaan gidduutti akkamitti raawwata kan jedhutu deebii argachuu qaba kan jedhu dha.

Manni murtichaas yoo xiinxalu, seerri maatii federaalaas ta'e kan naannoo kutaan qooddii qabeenya jalatti tumamee jiru gaa'ila tokko ykn gaa'illi baaqqee yeroo jirutti fi gaa'illi kun yeroo diigamu akkamitti akka qoodamu kan tumee jiru malee, gaa'illi gaa'ila irratti yeroo raawwatamutti qabeenyaan akkamiin isaan gidduutti akka qoodamu ilaalchisee waan tilmaama keessa gashe miti. Kun immoo dhorkaa seerri maatii gaa'ila gaa'ilarratti kaahe waan ta'eef kan uumame dha. Haata'u malee hawaasa keessatti gaa'illi gaa'ila irratti qabatamaan raawwachuutu jira waan ta'eef falmiin yeroo ka'utti murtiin kennamu jeeqama hawaasarraan akka hin qaqqabsiifneef of-eeggannoo barbaachisaa ta'e gochuun qaama abbaa seerummaa kennu irraa kan eegamu ta'uu isaa ibsee, kaayyoo seerichaa waliigalaa fi isa bu'uuraa akka milkeessuun danda'amutti akkasumas murtii haqummaa qabu kennuun akka danda'amutti seerichaaf hiikkoo kennuun barbaachisaa ta'uu addeesseera.

Falmitoonni bitaa mirgaan kan isaan irratti wal falman mana jireenyaa magaala Halaabaa Qollittiitti lafa m^2 1250 ta'erratti argamu irratti dha. Iyyattuun mana jireenyaa kana abbaa manaa ishee waliin maallaqa itti baasuun kan ijaarte ta'uu ibsuun qabeenyaa kana keessaa %50 gahee abbaa manaa isheetii, walakkaan hafe immoo ishee fi waamamtuun akka qooddatan kan gaafatte yoo ta'u; waamamtuun immoo gama isheetiin mana falmiif sababa

ta’e kan ijaarte tattaaffii ishee fi kan aabbaa manaa ishee qofaan ta’uu kan qoodamuu qabus isaan lamaan qofaaf ta’uu akka qabu kaasteetti. Manni Murtiis dhimmicha ragaa bitaa mirgaan erga dhaggeeffateen booddee Iyyattuu kallattiidhaan gumaacha abbaa mirgaa ishee taasisuu gochuu ishee hin mirkaneessine waan ta’eef mirga hin qabdu jechuun murteesseera. Inumaayyuu manichi kan ijaarame gaa’illi waamamtuu fi himatamaa waliin erga taasifameen booddee ijaaramuu fi manichis to’annoo waamamtuu jala jiraachuu isaa mirkaneeffachuun ishee caalaatti mirga qabaachuu ishee agarsiisa jedheera.

Akka qajeeltootti gaa’illi yeroo diigamutti qabeenyi waliinii abbaa warraa fi haadha warraa qixxee kan qoodamu ta’uun isaa seera maatii fooyya’ee fi kan naannootiin qajeeltoo fudhatamummaa argatee jiru dha. Sirni qulqulleessuu isaas walta’insaan ykn seerichaan murtaa’uu danda’a. Qabeenyaan yeroo qulqullaa’uutti dursanii qabeenya dhuunfaa isaanii ta’uun mirkanaa’e adda baafachuun fudhatu, sana booddee qabeenyaa waliinii irratti mirga qixxee kan qabaatan ta’uu seericha irraa kan hubatamu dha. Bu’uuruma kanaan mana falmiif sababa ta’e manni murtii jalaa qabeenyaa waliinii waamamtuu fi himatamaa Haajii Mahaammad Haaliis ta’uu murteesseera. Bu’uura Seera Maatii Fooyya’e kwt 62 (1) irraa kan hubatamu gaa’ila keessatti abbaan warraa fi haati warraa qabeenya dhuunfaa isaaniirraa galiin argatan qabeenyaa waliinii akka ta’e hubatama. Mana falmiif sababa ta’e kana Iyyattuun kallattiidhaan ykn al kallattiin horatamuu isaarratti gumaachi taasifte jiraachuu isaa hin mirkaneeffanne osoodhuma jedhame illee gumaacha abbaan manaa ishee taasiseen qabeenyaa horatame mirga qabeenyaa waliinii akka qabaattu kan taasisu dha. Sababiin isaa immoo gaa’ila keessatti qabeenyaan horatame qabeenyaa dhuunfaa ta’uu inni tokko hanga hin mirkaneeffannetti akka qabeenya waliiniitti tilmaamni seeraa kan fudhatamu waan ta’eefidha.

Kanaaf, qabeenyaa falmiif sababa ta’e irraa waamamtuun kallattiidhaan gumaacha taasisuu isheetiin kunis firii dubbii ragaadhaan mana murtii jalaatti mirkanaa’e ta’uu isaa ibsuun walakkaa manichaa %50 waamamtuuf akka qoodamu, walakkaa hafe irratti immoo iyyattuun gahee hin qabdu jechuun kan hin danda’amne dha, iyyattuun qabeenyaa abbaan manaa ishee horatu irraa mirga hin qabdu jechuun hin danda’amu waan ta’eef gahee abbaa manaa ishee irraa %25 qabaachuu ishee murteesseera. Iyyattuu fi himatamaa gidduutti gaa’illi waan hin diigamneef qabeenyicha ni qooddatu jechuu osoo hin taane qooddiin yeroo taasifamu gaheen iyyattuu tilmaama keessa galuun isaa akka hubatamuuf kan taasifame dha.

Gaaffii Marii

Sirna qooddii qabeenyaa yeroo gaa'illi gaa'ilarratti raawwatame jirutti gaaffii hiikkaa sababa biraatiin yeroo gaa'illi diigamutti qajeeltoo seera Maatii hordofuu akka qabnu MMWF Dh,Ij. Murtii isaa keessatti erga ibsee, akkaataan itti qooddii raawwatame immoo sirrii dha jettuu? Gaa'ila keessatti qabeenyaan horatame qabeenyaa waliinii wal fuutootaatti lakkaa'ama erga ta'ee, gareen inni biraa qabeenya dhuunfaa isaa ta'uu hanga hin mirkaneessinetti, qabeenyaan falmiif sababa ta'e hunda isaaniitiif qixxee qoodama moo akka olitti murtii keessatti ibsameen ta'a jettu?

Akka waliigalaatti murtiiwwan yeroo adda addaa MMWF Dh.Ij kennaa dhufeen tooftaa qooddii qabeenyaa gaa'illi gaa'ilarratti yeroo raawwatamuu fi gaa'illi inni tokko hiikkaadhaan yeroo diigamu sirni qooddii hordofamuu qabu dhimmoota olitti ilaallee irraa kan hubatamu yeroo hunda qabeenyaan wal fuutoota gidduutti qixxee qoodama jechuu akka hin taane, tilmaamni seeraa qabeenyaa waliinii ta'a jedhee seerichi tumee jiru akkuma akka isaatti gaa'ila baaqqee qofarratti osoo hin taane haala wal fakkaatuun gaa'illi gaa'ila irratti yeroo raawwatamuttis haalli itti hojiirra oolchuu qabnu kan hubachiisuu fi qabeenyaa waliinii gosa lama wal maddiitti ykn wal cinaatti haalli itti uumamuu danda'u jiraachuu isaa kan hubachiisu dha. Akka olitti kaasaa turreen sababii dhorkaa seerichi kaaheen ykn hiikkaadhaan ykn sababii diiggaa gaa'elaa isa birootiin gaa'elichi kan diigame yoo ta'e immoo bu'aan hordofsiisu akkuma gaa'ela isa kamiiyyuu tokko waan ta'eef (SMO kwt 96) bu'aawwan kana keessaa tokko walfuutonni hanga yeroo gaa'elichi diigamuutti qabeenyi waliin horatan yoo jiraate addaan qoodachuu yemmuu ta'u akkaataa kanaanis gaa'elli gaa'elarratti raawwatame kan diigame hiikkaadhaan yoo ta'e qoodni qabeenya waliinii bu'uura SMO kwt 117 fi 118n raawwatamuu akka danda'u kwt 122(1) jalatti kan tumame ni akeeka. Manni Murtiis haalli akkasii yeroo uumamutti inni tokko dhamaatii isa kan biraatiin badhaadhina hin malle akka hin arganneef dhimmoota akkasii of eeggannoon sirni qulqulleessa qabeenyaa seerichaan diriiree jiru hordofamuu akka qabu kan akeeku dha.

Gaa'illi gaa'ila irratti yeroo raawwatamee argamutti fi gaa'illi inni tokko hiikkaadhaan yeroo diigamutti sirni qooddii qabeenyichaa haala kamiin raawwatamuu akka qabu irratti Manni Maree Federeeshiniis tilmaama seeraa gaa'ila baaqqee keessatti raawwatinsa qabu akka haala isaatti gaa'illi gaa'ila irratti yeroo raawwatamee fi hiikkaadhaan gaa'illi tokko yeroo diigamu mirga qabeenya abbaa manaa argatu irraa gahee inni tokko qabu ilaalchisee qajeeltoodhuma qooddii qabeenyaa MMWF Dh Ij. Hordofaa tureen haala wal simuun murtiin dabarse yaaduma oliitti kaasaa turre kan cimsu dha. Dhimma kanas kaasanii ilaaluun barbaachisaa waan ta'eef akka armaan gadiitti ilaalameera.

Dhimmi kun hiikoo Heeraa **Mana Maree Federeeshiniin**[125] kenname irraa kan fudhatame yoo ta'u, hiikoo kennameen, Iyyattuu fi waamamtuun haadha manaa Ob. Alamaayyoo Taaddasaa ta'uun isaanii mana murtiidhaan mirkanaa'uu isaa. Manni Maree hiikoo kenne keessatti Heera Mootummaa FDRI kwt 34 eeruudhaan dubartoonni gaa'ila keessattis ta'e yeroo hiikkaa dhiira faana mirga qixxee qabaachuu isaanii Heera Mootummaan eegumsi taasifamuufii isaa, Heera Mootummaa kwt 40 jalatti immoo lammiin Ittoophiyaa kamuu qabeenyaa humna isaatiin, dandeettii kalaqa isaatiin, kaapitaala isaatiin qabeenyaa horate irratti abbaa qabeenyummaan isaa akka kabajamuuf wabii heeraa argachuun isaa tumaa Heeraa ibsamerraa kan hubatamu ta'uu isaa.

Manneen murtii qabeenyaa ibsame ragaadhaan qulqulleeffanne jedhan keessaa manni falmichaaf sababa ta'e waamamtuun abbaa manaa ishee du'e faana kan wal fuudhan bara 1985 ta'ee kan iyyattuu faana immoo wal fuudhan bara 1995 dha. Waamamtuu fi abbaan manaa ishee duraan mana kutaa 8 qabu kan waliin ijaaran ta'uu, erga waamamtuun hojiidhaaf biyya alaa deemteen booddee manni kutaa dabalataa erga iyyattuu bara 1995 fuudheen booddee kan ijaarame ta'uu. Manni murtii Sadarkaa duraa Federaalaa qabeenyaa ibsame ragaadhaan qulqulleeffanne jedhan keessaa manni kutaan dabalataa ijaarames maallaqa waamamtuun biyya alaatii ergiteen ijaaramuu isaa mirkaneeffadheera jechuun kan murtii kenne ta'uu murticharraa kan hubatamu dha. Gama biraatiin mana falmichaaf sababa ta'e tajaajilli ibsaa akka maqaa iyyattuutiin kennamuuf ittiin gaafattee fi ragaan sanadaa kaan mana murtiidhaaf dhiyaachuu isaa galmee keessaa kan hubatamu ta'uu isaa ibseera.

Manneen murtii murtii isaaniitiif sababa kan taasisan manni kutaan dabalataa ijaarame maallaqa alaa waamamtuun ergiteen ta'uu ragaa namaatiin yoo mirkaneeffattu; iyyattuun gama isheetiin ragaa namaa qabduun manicha kutaa dabalataa dhuunfaan ijaaruu ishee hin mirkaneessine yaada jedhuun ta'uu ibseera.

Manneen murtii mana kutaa dabalataa ijaarame ilaalchisee Iyyattuun humna ishee ykn kaapitaalaan akka hin gumaachine waan qulqulleeffate hin qabu. Kana malees waamamtuun mataan ishee manni kutaa dabalataa manichuma duraan jiru kireessuudhaan kiraa sana irraa argamuun kutaan dabalataa ijaaramuu isaa ibsitee jirti kun immoo gumaachi iyyattuu kaapitaalaa fi humni ishee keessa jiraachuu hubachiisa. SMF kwt 63 irraa akka ifaan tumametti, inni tokko qabeenyaa dhuunfaa isaa ta'uu yoo mirkaneessuu baate, qabeenyaan

[125] Hiikoo Manni Maree Federeeshinii bara Paarlaamaa 5ffaa waggaa 4ffaa yaa'ii 1ffaatiin gaafa 29/01/2011 iyyattuu Ad. Shawaayyee Mulaatuu fi waamamaa Ad. Araggaash Baadhii gidduutti hiikoo Heeraa kenname ilaallata.

gaa'ila keessatti horatame qabeenyaa waliinii abbaa manaa fi haadha manaa akka ta'e tilmaamni seeraa akka irratti fudhatamuu qabu tumee jira. **Tilmaamni seeraa kun sababa abbaan manaa tokko haadha manaa lama qabuuf waan hafu miti.** Abbaan manaa tokko haadha manaa tokkoo olitti yeroo qabutti, yeroo dheeraaf ykn yeroo hedduuf iddoo jiraatanitti qabeenyaa horatameef kallattiidhaan haadha manaa hirmaannaa qabduu fi haadha manaa ishee biraa gidduutti haala qabeenyaan seeraan itti qoodamu murteessuun furmaata kennuu malee haati manaa isheen tokko gumaacha hin taasifne jechuudhaan qooddii qabeenyaatiin ala gochuun kaayyoo seerichaan ala dha. Bu'uura seera maatiitiin gaa'ila keessatti abbaan manaa fi haati manaa qabeenyaa dhuunfaa isaaniirraa galiin argatan qabeenyaa waliinii isaanii akka ta'u tumamee jira. Haati manaa tokko qabeenyaa ibsame horachuu ishee **kallattiidhaanis ta'e al kallattiin** ragaadhaan hin mirkaneeffanne jedhamu illee dadhabbii abbaa manaa isheetiin qabeenyaan horatame irratti mirga itti fayyadamuu waliinii qabaachuun ishee seerichaan kan mirkanaa'ee jiru dha. Haadha manaa ta'uun ishee erga mirkanaa'ee gaaffiin qooddii qabeenyaa ishee kufaa ta'uu hin qabu. Bu'uura olitti ibsameen iyyattuun qabeenyaa qooddachuuf mirga Heeraa fi seeraan mirkanaa'eef qabdi. Bu'uuruma kanaan, murtiin manneen murtii kennan mirga Heeraan iyyattuun qabdu kan dhiibu ta'ee argameera. Kanaaf, murtiin manneen murtii kennan bu'uura HMDRFI kwt 9(1) tiin raawwatinsa kan hin qabne dha. Iyyattuun yeroo gaa'ila keessatti qabeenyaan isheen horatte qulqullaa'ee gahee ishee argachuu qabdi jechuun hiikoon kenneera.

Gaaffii Marii

Daangaa aangoo Mana Maree Federeeshinii waliin haalli itti murtii kana kennan madaallii ragaa keessa galuun ragaa madaalan akkamiin madaaltu?

Akka waliigalaatti hiikoo mana mare Federeeshiniidhaan kenname kana irraa kan hubatamu, qooddii qabeenyaa abbaa manaa fi haadha manaa yeroo gaa'illi tokkoo olitti jirutti fi hiikkaadhaan ykn du'aan gaa'illi yoo diigame qabeenyaan abbaan manaa fi haati manaa qooddatan dirqama qixxee ta'a jechuu akka hin taane hiikoo olitti kennamerraa kan hubachuun danda'amu dha. Haati manaa lama sababa ta'aniif isaan gidduuttis qabeenyaan qixxee qoodama jechuu akka hin taane hiikoo olitti kennamerraa kan hubatamu dha. Haati manaa dadhabbii abbaa manaa isheetiin qabeenyaa horatame irraa mirga qabaachuu ishee, kun immoo qabeenyaan erga qulqullaa'een booddee sirni qooddii qabeenyichaa isaan sadan gidduutti haalli itti qoodamu jiraachuu hubachiisa. Gaheen isaaniis qixxee ta'uus danda'a ykn

wal caaluu danda'a, inni tokko dadhabbii isan kaaniin badhaadhina hin malle akka hin arganneef jechuu dha.

1.5. Raawwii Qoodinsa Qabiiyyee Lafaa Gaa'eelli Gaa'ila Irratti Raawwatamee Yeroo Jirutti

Qabatamaan hawaasni baadiyyaa gaa'illi tokkoo olitti raawwatamee gaa'illi inni tokko hiikkaadhaan ykn du'aan yeroo diigamu sirna qooddii qabiiyyee lafaa isaan gidduutti taasifamu irratti rakkoon raawwii jiraachuu isaatu hubatama.

Karaa biraataan qabatamaan hojii keessatti falmisiisaa kan ta'e yeroo abbaan ijoollee haati manaa isaa duraa yommu duutu, haadha manaa biraa lafa qabiyyee isaa irratti yeroo fuudhu fi ijoolleen haadha duraa irraa dhalatan qooddii qabiiyyee lafaa gahee haadha isaanii duutee yeroo gaafatanitti sirni qooddii isaan gidduutti taasifamu qabatamaan rakkisaa ta'uu isaatu murtiiwwan manneen murtiidhaan kennaman irraa kan hubatamu dha. Yeroo tokko tokko immoo haati manaa boodanaa yeroo dheeraa gaa'ila keessa erga jiraatteen booddee hiikkaa gaafachuudhaan qabiiyyeen lafaa isaan gidduutti jechuunis, dhaaltoota haadha manaa ishee duutee, abbaa manaa fi haadha manaa ishee hiikkaa gaafatte gidduutti raawwiin sirna qooddii qabiiyyee lafaa jiru qabatamaan rakkisaa dha.Kunis dhimma qabatamaa asiin gaditti ilaallu yeroo kaasnee ilallu caalaatti kan kaasnee ilaallu ta'a. Murtiiwwan kennaman irraa ejjannoo wal fakkaataan ykn hiikoo wal fakkaataa ta'e fi murtii tilmaamawaa ta'e yeroo kennamu hin mull'atu. Rakkoon kun immoo sadarkaa MMWO tiin dhimmootaa fi seeroota falmisiisoo ta'an ta'uun adda bahee kan beekamu illee ta'uun MMWO tiin marii taasifame irraa kan hubatame dha.[126] Ammas qabatamaan manneen murtii keessatti gaa'illi gaa'ila irratti raawwatame yeroo jirutti fi hiikkaadhaan ykn du'aan gaa'illi yeroo diigamutti qooddiin qabiiyyee lafaa wal fuutoota gidduutti taasifamu amma harr'aatti ejjannoo adda addaa akka jiru ykn ejjannoowwan wal fakkaataa hin ta'iin jiraachuutu hubatama. Kanas dhimmoota armaan gadiitiin agarsiisuuf yaalla.

Dhimmi kun MMA Coollee irraa ka'e yoo ta'u, ka'umsi dhimmichaa himannaa himattuun himatamaa irratti hundeessiteen gaa'illi diigamee qabeenyi waliinii akka qoodamuuf kan gaafatte yoo ta'u, gidduu Lixxoonni gaheen haadha isaanii dhaaltummaan isaan gahu akka qoodamuuf kan gaafatan dha. Himattuun abbaa keenyatti kan heerumte bara 2007 ta'ee qabiyyeen lafaa immoo kan duutuun haadha keenyaa fi abbaa keenya ykn kan himatamaati.

[126]Fayyisaa Tolosaa (2013) Dhimmootaa fi Seerota Falmisiisoo Ta'an Tokko Tokko, Marii Abbootii Seeraa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaaf Qophaa'e. F. 9

MM Aanichaas dhimmicha erga dhaggeeffatee ragaa bitaa mirgaan erga dhaggeeffateen booddee Haati jidduu lixxootaa bara 2006 erga duutee asitti himattuun ammaa himatamaa ammaa waliin bara 2007 gaa'ila raawwattee waan itti fayyadamteef, haati gidduu lixxootaa fi himatamaa 2ffaanis waliin fayyadamaa waan turaniif, ragaan dabalataa waajjira lafaa irraa dhiyaates waliin fayyadamaa turuu waan mirkaneessuuf qabiyyee lafaa jidduu lixxoonni gaafatan bakka sadiitti qoodamuu qaba jechuun murteesseera. Murtii kanarraa gidduu lixxoonni kan ol-iyyatan yoo ta'u, Manni Murtii Ol'aanaa Godina Arsii dhaddacha gaafa 16/06/2012 ooleen Lakk.Ga.95063 ta'e irratti murtii Manni Murtii Aanaa Collee dhaddacha gaafa 22/04/2012 ooleen Lakk.Ga.22905 ta'e irratti kenne cimsuun murteesseera.

Jidduu Lixxoonni ammas murtii kana komachuun MMW Dhaddacha bahaatti ol-iyyataniiru. Dhaddachichis galmee lakk.330624 ta'e irratti, manneen murtii jalaatiin lafa qabiiyyee falmiif sababa ta'e iddoo sadiitti qixxee haa qoodamu jedhame yoo xiinxalu; d/kennituu 1ffaan ammaa erga haati oliyyattootaa bara 2006 keessa duutee booda bara 2007 abbaa oliyyattootaa (d/kennaa 2ffaatti) kan heerumte ta'uun waan mirkanaa'eef, qabiyyee lafaa oliyyattoonni gaa'ila d/kennituu 1ffaatiin dura haati keenya waggaa dheeraadhaaf itti fayyadamaa turte jechuun kaasanittis d/kennituu 1ffaan waggaa shaniif qofa kan fayyadamte waan ta'eef, haati oliyyattootaa immoo bara 2007 dura d/kennaa 2ffaa waliin waggaa dheeraadhaaf kan itti fayyadamte waan ta'eef haalli qoodinsa qabiyyee lafa kanaa turtii yeroo itti fayyadamaafi haala argannaa bu'uura godhatee ta'uu qaba jechuun xiinxalee, qabiyyee lafaa oliyyattoonni jiddu lixummaadhaan gaafatan haati oliyyattootaa gaa'ila d/kennituu 1ffaatiin dura kan argatte waan ta'eef, yeroo dheeraadhaafis kan itti fayyadame haadha oliyyattootaa waan ta'eef dursee gaheen haadha oliyyattootaa walakkaan keessaa bahee, d/kennituu 1ffaan ammaa walakkaa hafe d/kennaa 2ffaa irraa qooddachuu qabdi jechuun murteesseera.

Murtii kanarraa akka ejjannoo MMWO Dhaddacha Dhaabbiitti, qabiiyyeen lafaa haati warraa isheen jalqabaa yeroo dheeraaf lafichatti abbaa manaa ishee waliin qabattee itti fayyadamaa turuu ishee, laficha caalaatti kunuunsaa kan turse haadha manaa jalqabaa ta'uu isheerratti hundaa'e akkasumas argannaa lafaatiinis wal qabsiisuun haati warraa jalqabaa kan abbaawarraa waliin argatan faana haadha manaa ishee boodarraa dorgomsiisuun gumaacha isheen laficha kunuunsuu eeguu fi tursu waliin wal qabatee hanga haadha warraa ishee jalqabaa akka hin geenye xiinxaleera, inumaayyuu haatiwarraa isheen boodanaa yeroo gabaabaaf kan himatamaa waliin itti fayyadamaa turte ta'uu kaasuun gumaacha ishee laficha kunuunsuu waliin waan wal qabsiise fakkaata.

Gaaffii Marii

Himatamaan gaa'ila boodaa kan inni raawwate haati manaa jalqabaa waan jalaa duuteef yeroo ta'utti bifa adabbiitiin abbaa manaa gahee isaarratti qofa akka fuudhetti fudhachuun %25 qofa akka argatu taasisuun haqummaa qabaataa yoo inni ijoollee isaa waliin walitti bu'insi dantaa jiraate haala kanaan qooduun haqummaa qabaataa? Keessattuu gaa'ila boodaa kan inni raawwate ijoollee isaa akka kunuunfamtuuf yaada qabuun yeroo ta'u.

Akkaataan qooddii qabiiyyee lafaa gaa'illi gaa'ilarratti yeroo inni tokko diigamutti sirni qooddii MMWO Dh.IJ.tiin hordofamu kan biraa akka armaan gadiitti daballee haa ilaallu.

Dhimmichi MMWO Dh.Ij. Oromiyaarraa kan fudhatame yoo ta'u, ka'umsi dhimmichaa himattoonni jalqabaa qabeenyaa fi qabiiyyee lafaa gahee haadha isaanii himatamaa harka jiru akka qooduuf yoo gaafatan. Himatamaan deebii kenneen qabiiyyee lafa qonnaa haadha manaa ishee hangafaa (G/Lixxuu) waliin kan argate ta'uu, haadha himattootaa gaafan fuudhu qabiiyyee lafaa duraan qabu keessaa lafa sangaa shan adda baaseen irratti fuudheera malee qabiiyyee lafaa himannaa keessatti tarreeffame waliin kan qabnu miti jechuun yoo deebii kennu.

G/Lixxuunis iyyannoo gidduu lixxummaa dhiyeessiteen qabiiyyee himannaa keessatti tarreeffame haadha manaa hangafaa ta'uu isheetiin kan gaa'ilaan argatan ta'uu kaastee falmii keessaa akka bahuuf gaafatte.

Manni Murtii aanaas falmii bitaa mirgaa dhaggeeffatee, ragaa erga dhagaheen booddee qabiiyyee lafa qonnaa bakka adda addaa jiru adda baasanii kun gahee gidduu lixxuuti kaan immoo kan haadha manaa ishee duuteeti jechuun rakkisaa ta'uu isaa ibsee, qabiiyyee lafaa kana gidduu lixxuun fi himatamaan kan waliin argatan waan ta'eef, G/lixxuun % 50 gahee ishee akka ta'e, %50 hafe immoo himatamaan keessaa %25 kan hafe %25 immoo gahee haadha manaa duutee dhaaltoota isheetiif ykn himattootaaf, mana jireenyaa qorqoorroo baallee 70 gidduu lixxuunii fi himatamaan (abbaan manaa ishee) kan waliin ijaaran waan ta'eef himattoonni (dhaaltoonni duutuu) mirga irraa hin qaban, mana jireenyaa qorqqoorroo baallee 25 kan haadha himattoota duutee waan ta'eef kan himattootaa akka ta'u yoo murteessu.

MMO komii ol-iyyannoo dhiyaateefiin, qabiiyyeen lafaa maqaa himatamaa duraa fi maqaa haadha manaa lamaaniin kan galmaahe ta'uu fi waliin kan itti fayyadamaa turan ta'uu qulqulleeffatee qabiiyyeen lafaa **iddoo sadiitti qoodamuufii** qaba jechuun yoo murteessu.

Gidduu lixxuun mana murtii jalaa murtii kana irraa komachuun komii ishee MMWO Dhaddacha Dhaabbii lixaaf dhiyeessiteetti, manni murtichaas murtii mana murtii ol'aanaa cimsuun murteesseera. Komii isaanii ammas murtuma kana irraa MMWO Dh.Ij.[127] dhiyeessaniin, haadha manaa hangafaa ta'een qabeenyaa fi qabiiyyee lafaa waggaa 40'f qabadhee jiru ta'ee, haati manaa isheen 2ffaa waliigalteedhumaan qabiiyyee lafaa fi qabeenyaan keenya qoodamee adda bahee kan jiru dha, qabiiyyeen lafaa maqaa abbaa manaa keenyaan galmaahee jiraachuu qofa ilaalee **akkaataa itti fayyadama keenyaa osoo adda hin baafne,** qabiiyyee lafaa gama kootiin jiru haati manaa isheen duute yeroo lubbuun turte takkaa kan itti fayyadamtee hin beekne ta'ee osoo jiruu qixxee akka qoodamu murteessuun isaa nakomachiiseera jechuun murtiin mana murtii ol'aanaa fi waliigalaa akka diigamuuf gaafatteetti.

Dhaddachichis qabeenyaan gaa'ila keessatti argamu kanuma wal fuutootaati jedhamee tilmaamama. Gidduu lixxuun ykn iyyattuun ammaa qabeenyaa dhuunfaan kan qabdu ta'uu ragaan hubachiisuuf dirqama qabdi. Akka manni murtii jalaa qulqulleeffatetti qabiiyyee lafaa haati manaa lachuu ykn manni lachuu waloodhaan kan itti fayyadamaa turan ta'uun ragaa namaa fi ragaa Waajjira Bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa irraa qulqulleeffataniin mirkanaa'eera. Kanaaf, **iddoo sadiitti qixxee akka qoodamu** murtiin kenname mirga Heera mootummaatiin wal fuutoonni qixxee qaban kan mirkaneessu dha. Adda addatti itti fayyadamaa turre haa jettu malee ragaa mana murtii jalaatti dhagahamerraa fuula fuula isaaniitiin adda addatti itti fayyadamaa turuun isaanii hin mirkanoofne jechuun murtii kenneera.

Gaaffii Marii

1. Qabeenyaan gaa'ila keessatti horatame qabeenyaa waliinii wal fuutootaa akka ta'e ni tilmaamama. Erga qabeenyaa gaa'ila keessatti horatamuun erga mirkanaa'e gidduu lixxuun mirga ishee kabachiisuu kan gidduu seente ta'u illee manni murtii erga qabeenyaa wal fuutootaa qulqulleessuutti erga galee mana qorqoorroo baallee 25 irraa gidduu seentuun mirga hin qabdu turee? Qixa kanaan murtii manni murtii aanaa kenne akkamiin madaaltu? Akkaataan qabiiyyee lafaa manni murtii aanaa ittiin qoode hanqinni isaa maali jettu?

[127]MMWO Dh.Ij. lakkoofsa galmee 333726 ta'e irratti iyyattoota Ad. Sinqee Hedataa N[3] fi Waamamaa Dammalaash Dinqiisaa N [6] gidduutti murtii argate dha. (2013)

2. MM Aanaa qabiiyyee lafaa haati manaa jalqabaa kan abbaawarraa ishee waliin argatte dha jechuun sirna argannaa isaa keessatti jiraachuu ishee fi yeroo dheeraaf qabachuu ishee haadha manaa ishee 2ffaa waliin dorgomsiisuu yaalee jira qooddii irratti wal caalsisuuf, sirna qooddii raawwachuuf safartuuwwan akkasii tilmaama keessa galchuun haqummaa isaa irratti marii taasisaa!
3. Abbaan manaa haadha manaa lama qabuuf qabiiyyee lafa qonna baadiyyaa qoba qobaa akka itti jiraataniif beeksisee haaluma kanaan itti fayyadaman bu'aa waliigaltee gaa'ilaatiin haala bulchiinsa qabeenya isaanii irratti waliigalan sanaan tokko jennee fudhachuu dandeenyaa?

Akka waliigalaatti murtiiwwan manneen murtii Oromiyaa keessatti kennamanii fi kan MMWF dh.Ij. irra caalaa akkaataan qooddii qabiiyyee lafaa gaa'illi gaa'ila irratti yeroo raawwatamuufi sababa gaa'illi diigameen qooddiin isaa yoom akka lafti argame irratti kan hundaa'e osoo hin taane waliin mirga itti fayyadamuu argachuu fi kaan irratti kan hundaa'ee fala argachaa jiru ta'uu isaatu hubatama. Lafti qabiyyee akka qabeenya kaanii osoo hin taane itti fayyadamuu qofaan mirgi kan gonfatamu waan ta'eef qooddii isaas bu'uura seera rogummaa qabuun labsii lafa baadiyyaa 130/99 fi danbii labsicha raawwachiisuuf bahe lakk 151/2005 irratti hundoofnee kan qooddii isaa raawwannu ta'uun hubatama.

Qabxiin biraa asitti ka'ee ilaalamuu qabu, qabiiyyee lafaa gaa'illi gaa'ilarratti raawwatamee yeroo jirutti itti fayyadamni qabiiyyee lafa isaanii kan mana lamaanii qoba qophaa fayyadamaa turuun isaanii yoo mirkanaa'e raawwiin qooddii qabiiyyee kanaa haala kamiin raawwatama kan jedhus kaasuun barbaachisaa dhaa. Waliigalteedhaan qabiiyyee lafaa itti fayyadama isaa fi kunuunsa isaa qoba qobaatti manni lamaan kan fayyadamaa jiran ta'uun ragaadhaan yoo beekame dursee walitti bu'insi osoo hin uumamiin wal fuutoonni waan furaniif manni murtii illee akkaatuma waliigalamee jiraatamaa tureen osoo fala kenne gaarii ta'a. Qooddii qabiiyyee lafa baadiyyaa irratti walta'insa isaaniitu ilaalamuu qaba. Kunis, akka seerri maatiin jedhutti waliigalteen akkaataa itti fayyadama isaanii manni lamaan itti waliigale akka qabeenya kaaniitti ilaaluun waliigalticha galmeessifachuu qabu kan jedhu qabiiyyee lafaa irratti raawwatinsa hin qabaatu, seerri dhimma kana hoogganu labsiidhuma lafa baadiyyaati akkamiin kan waliinii isaanii taasifatu kan jedhu sirna diriiree jirutu ilaalamuu qaba. Kallattii kanaan murtii dirqisiisaa MMWF Dh.Ij kennames yaaduma kana kan cimsu dha.[128]

[128]Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 114279 irratti murtii argate (jildii 20ffaa)

Dhimmi kun murtii MMWF Dh.Ij. irraa kan fudhatame yoo ta'u,[129] qabiiyyeen lafa gaa'illi gaa'ila irratti raawwatame yeroo jirutti fi gaa'illi inni tokko hiikkaan yeroo diigamutti qooddiin qabiiyyee lafaa haala kamiin akka qoodamuu qabu kan akeeku yoo ta'u; ka'umsi dhimmichaa, himattuun jalqabaa gaa'illi himatamaa waliin qabdu hiikkaadhaan erga diigameen booddee qooddii qabeenyaa akka taasifamuuf himattuun duraa kan gaafatte yoo ta'u, gidduu lixxummaan haati manaa 2ffaa gidduu galuun falmiin taasifameera. Manni Murtii sadarkaa jalqabaa Naannichaas falmii bitaa mirgaa erga taasiseen booddee qabiiyyee lafaa iddoo afur daangaan isaa ibsame himattuun duraa fi himatamaan akka qixxee qooddatan; gidduu lixxuun ykn haati manaa 2ffaan immoo gahee himatamaa (abbaa manaa) gahu irraa qixxee akka ishee gahu jechuun murtii kenneera.

Murtii qabiiyyee lafaa fi qabeenya kaani irratti kennamerraa qoba qobaa oliyyannoo gara mana murtii ol'aanaatti iyyataniiru. MMOL Naannichaas komii qoba qobaa dhiyaateef iddoo tokkotti fiduun falmisiisee murtii kenneen, himattuun jalqabaa gaa'illi himatamaa duraa fi gidduu lixxuu waliin yeroo raawwatamu osoo hin mormiin waggaa 21'f waliin itti fayyadamaa turan waan ta'eef, qabiiyyee lafaa komii kaase sadan isaanii gidduutti qixxee tokkoo isaaniitiif (1/3) akka qoodamu jechuun murtii jalaa diigee murtii kenneera.

Murtii kana irraa himattuun duraa komachuun komii ishee MMW Naannoo uummattoota kibbaatti dhiyeeffattu illee komiin ishee kufaa ta'eera. Darbuun gara MMW Naannichaa dhaddacha Ijibbaataatti iyyatteen, dhaddachichi komii dhiyaate irratti falmii erga dhagaheen booddee murtiin MMOL kenne mirga qabiiyyee himattuun qabdu kan miidhu waan ta'eef qabiiyyee komiin irratti ka'e kana himattuun duraa fi himatamaan duraa akka qixxee qooddatan jechuun manni murtii sadarkaa jalqabaa kenne sana cimsuun murtii kenneera.

Iyyattoonni ammaas komii qoba qobaa dhiyeessaniin MMWF Dh.Ij. iddoo tokkotti fiduun komii dhiyaate irratti falmii bitaa mirgaa dhaggeeffateen, iyyattoonni qabiiyyeen lafaa komiif sababa ta'e waamamtuun gaa'illi lammaffaa bara 1985 yeroo raawwatamu osoo hin mormiin, gaa'illi lammaffaa yeroo raawwatamutti qabiiyyeen lafaa amma komiif sababa ta'e kennaa haati himatamaa yeroo gidduu lixxuu waliin wal fuunu mana bahiif kan nuuf kenname ta'uu, qabiiyyeen kun maqaa koo fi gidduu lixxuudhaan kan galmaahee jiru ta'uu booda immoo bara 1997 waraqaa ragaa abbaa qabiiyyees maqaa gidduu lixxuun kan kenname ta'uu ragaan waajjira qonnaa irraa dhiyaatee kan jiru dha jechuun falman dhaddachichi akka jirutti falmiin

[129]Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 120844 ta'e irratti iyyattoota Ob. Handegbaa Shukuur fi waamamtuu A/d Alemtee Ibraahiim gidduutti murtii kenname kan ilaallatu dha. (jildii 20ffaa)

kun mana murtii jalaatti waan hin kaaneef kufaa taasiseera. Kana malees, lafa qonnaa himattuu duraa fi himatamaa duraa mirritiidhaan gaa'illi lammaffaa osoo hin raawwatamiin dura kan kennameef ta'uu iyyattoonni duraan hin haalle. Qabiiyyee gaa'illi lammaffaa osoo hin raawwatamiin waggootaa dura himattuu fi himatamaan duraa mirritiidhaan kan waliin argatan waan ta'eef, himattuun haayyama ishee ykn osoo irratti walii hin galiin qabiiyyee amma komiif sababa ta'e gidduu lixxuun ykn haati manaa boodaa qabiiyyee kana qixxee akka qooddattuuf sababiin itti ta'u hin jiraatu, deeggarsa seeraas hin qabu, himattuun duraa gaa'ila lammaffaa mormuu dhabuun ishee qabeenya ishee irrattis haayyama kenniteetti kan jechisiisu miti jechuun murtii MM sadarkaa jalqabaa kenne cimsuun murteesseera.

Gaaffii Marii

MMWF Dh.Ij. qabiiyyee lafa qonnaa akka qabeenya kaaniitti ilaaluun, qabiiyyee gaa'ila lammaaffaan dura jiru gidduu lixxuun ykn haati manaa boodanaa qixxee qooddachuuf hin dandeessu jechuun xiinxalli gaggeesse akkamiin hubattu?

Qooddii qabiiyyee lafaa gaa'illi gaa'ila irratti raawwatame yeroo jirutti fi gaa'illi hiikkaan yeroo diigamutti akka waliigalteen qabiiyyee qoba qobaa akka itti fayyadamaniif yoo waliigalaniin ala qabiiyyeen lafaa gaa'iila isa lammaffaan dura waan argameef qofa haati manaa boodaa hin qooddattu ykn qixxee hin qooddattu jechuun rakkisaa ta'a. Qonnaan bulaan mirgi qabiiyyee lafaa irratti qabu mirga itti fayyadamaa waan ta'eef akka qabeenya kaaniitti fudhachuun qabiiyyeen lafaa yoom akka argame irratti hundaa'uun murtii kennuun mirga itti fayyadamaa qixxee qabiiyyee lafaa irratti wal fuutoonni Heera Mootummaatiin eegameef kan dhiibu ta'a. Dhaddachumti kun dhimma biraatiin[130] qabiiyyeen lafaa gaa'iilaan dura argamus mirgi qonnaan bulaan qabu mirga itti fayyadamaa waan ta'eef akka qabeenya kaaniitti ilaalamuu akka hin qabne hiikoo kenname faana dhimma olitti murtii argate haala kamiin ilaaltu?

1.6. Idaa Dhuunfaa Fi Waliinii Abbaa Manaa Fi Haadha Manaa

Haati warraa fi abbaan warraa qabeenyaa gamtaa akkuma waliin qaban, iddanis kan gamtaas ta'e kan dhuunfaa jiraachuun isaa waan hin oolle dha. Seerichis kanumarraa ka'uun idaan dhuunfaa ykn idaa waliiniitti fudhataman idaawwan akkamiiti haala kamiin kanfalamu kan jedhu sirna isaa hanga ta'e diriirsee jira. Idaawwan jireenya guyyaa guyyaa ijoollee isaaniitiif

[130]Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 114279 ta'e irratti Iyyattuu Ad. Dastaa Taakkalaa fi waamamaa Ob. Tsaggaa Taadiyoos gidduutti murtii argate dha. (jildii 20ffaa)

barbaachisaa waan ta’e guutuudhaaf idaan seename idaa waliiniitti kan lakkaa’amu dha. Iyyata mana murtiitti abbaa warraa ykn haadha warraa keessaa tokkoo isaaniitiin mana murtiitti dhiyaatuun ykn nama idaa gaafatuun iyyata mana murtiitti dhiyaatuun faayidaa jireenyaatiif kan ooledha jedhee manni murtii fudhatu kan biraa illee idaa waliinii ta’uu akka danda’u. Abbaan warraa ykn haatiwarraa dirqama qallaba keennuu qabanirraa baasiiwwan isaan baasan idaa waliiniitti akka lakkaa’amu SMO kwt 87 jalatti kan tumamee jiru dha. Qabatamaan hojii keessattis rakkoo kan ta’ee jiru idaa waliiniiti moo kan dhuunfaa abbaa warraa ykn haadha warraati kan jedhu mana murtii keessatti kan rakkisu ta’uun isaa beekamaadha. Murtiiwwan hedduu MMWF Dh.Ij. murtii dirqisiisaa jedhee maxxanserraayis rakkoon kun jiraachuun kan hubatamu dha. Idaan kan dhuunfaa fi kan waliinii adda baasuun faaydaan isaa idaan abbaadhuma idaarraa akka kanfalamuufidha.Idaan waliinii ta’uu fi dhabuun akkamiin mirkanaaha, eenyuutu mirkaneessuuf dirqama qaba kan jedhuun wal qabatee, tilmaama seera maatiin taa’ee jiru hojiitti hiikuun wal qabatee qabatamaan manneen murtii keessa rakkoon jira. Yeroo hedduu abbaan warraa fi haati warraa gaa’illi erga diigamee qooddiin qabeenyaatti yeroo galamu falmiin akkasii kan ka’u. Qabatama manneen murtii keessa jiru kallattii kanaan dhimmoota gaditti yeroo ilaallu kan ilaallu ta’a.

Idaan qabeenyaan dhuunfaa ykn qabeenya waliinii wal fuutoota irraa akka kanfalamuu danda’a. Qabeenyaan dhuunfaa abbaa idaa dhuunfaa sanaa idaa sana uwwisuu yoo dhabe qofa gara qabeenya isa kaaniitti kan ce’amu. SMO kwt 86(1) abbaan warraa ykn haatiwarraa idaan dhuunfaadhaan gaafatamu qabeenya dhuunfaa abbaa idichaarraa, qabeenyi dhuunfaa isaa idicha guutummaan kanfaluuf gahaa ta’uu yoo baate, qabeenya walii isaaniitirraa kaffalama jechuun tumamee jira. Akkasumas Idichi kan dhufe faaydaa bultii isaaniitiif yoo ta’e qabeenya walii isaaniitirraa; qabeenyi walii isaanii idicha uwwisuuf gahaa ta’uu yoo baate qabeenya dhuunfaa abbaawarraa ykn haadhawarraa irraa akka kanfalamu tumamee jira.

Asirratti gaaffii kan kaasu idichi kan dhuunfaa gaafa ta’u qabeenya dhuunfaa abbaawarraa ykn haadha warraa irraa akka kanfalamu, qabeenyaan kun idaa kana uwwisuu hin danda’u taanaan ‘‘qabeenyaa waliinii irraa’’ gaaleen jedhu qabeenya waliinii hunda isaa haala hammatuun moo hanga gahee wal fuutootaa qabeenyaa waliinii isaan qabaniin ta’a kan jedhu iftoomina dhabuu isatirraan kan ka’e falmii yeroo kaasutu jira. Abbaan warraa fi haati warraa gaa’ila keessa yeroo jiranitti qabeenyaan waliinii isaanii qoodamee ykn hanga gahee isaanii adda bahee hin taa’u waan ta’eef idaan dhuunfaa qabeenyaa waliinii hanga gahee isa tokkoo irraa jedhamee waan gaafachuun danda’amu miti. Idaan dhuunfaa abbaawarraa ykn haadha warraa qabeenyaa abbaa idaa dhuunfaa sanarraa gaafatamuu fi kan kanfalamu ta’a. Abbaan

idaa sun qabeenya dhuunfaa yoo hin qabaanne qabeenyaa waliinii abbaa warraa fi haadha warraa irraa kan kanfalamu ta'a. Tarii booda gaa'illi yeroo diigamutti abbaan warraa ykn haati warraa idaa dhuunfaaf qabeenyaa waliinii isaaniirraa kanfalamee jiru **bifa beenyaatiin** inni tokko isa kaanirraa hanga idaa gahee isaarraa kanfalame gaafachuu akka danda'uuf seerichi fala kaahee jira. Kanarraa waanti hubatamu qabeenya waliinii irraa gaaleen jedhu qabeenya hanga gahee isa tokkoo qofa irratti osoo hin taane qabeenyaa waliinii hunda isaa irratti idaan gaafatamuu fi kanfalamuu akka danda'u akeeka.[131]

Ogeeyyiin tokko tokko idaan qabeenya waliinii keessaa kanfalamu daangaa qaba jedhu, sababa isaanii yoo ibsan, tumaa olii qobaa isaa (86(1) yoo ilaalle gaaffii amma kaasne kanaaf deebii argachuu hin dandeenyu. Tumaadhuma kana kwt. 86(2)) yoo ilaalle, idaan faaydaa bultiif yoo ta'e dha hanga qabeenya dhuunfaa wal fuutootaatti kan inni deemuu danda'u, kanarraa waanti hubatamu idaa dhuunfaadhaaf qabeenyaa waliinii irraa yeroo kanfaltiin raawwatamu gahee dhuunfaa isa kaanii haala miidhuun ta'uu akka hin dandeenye hubachiisa jedhu.

Yeroo hedduu idaawwan dhuunfaa abbaa warraa ykn haadha warraa ta'ee kan mudatu dhorkaa seerri maatii kaahe darbuun waliigaltee raawwatamu waliin wal qabata. Seerichi ifaan wal ta'insa muraasa seerichaan tarreeffaman yeroo garee 3ffaa waliin taasifaman haayyama isa kaanii osoo hin argatiin taasifaman waliin wal qabata. SMO kwt. 84 dhimmoota kan akka qabeenya walii kan hin sochoone gurguruuf, jijjiiruuf, kireessuuf, qabdiidhaan ykn wabiidhaan kennuuf, ykn *haala biroo kamiiniyyuu qabeenya akkasiirratti namoonni biroo mirga akka argatan gochuuf* haayyama wal fuutootaa barbaada. Kan haayyama wal fuutootaa barbaadu yeroof gochoonni hin ibsamiin ykn hin tarreeffamiin jiran haala hammachuu danda'uun gaalee haala biroo kamiiniyyuu qabeenya akkasii irratti namoonni biroo mirga akka argatan gochuuf kan jedhuun seera baastuun gaalee kana fayyadameera. Qabeenyaa hin sochoone yeroo wabiin qabsiisanii waliigaltee liqaatiif liqaan sun kanfalamuu isaatiif wabii akka ta'u yeroo waliigalteen taasifamu haayyama isa kaanii akka barbaadu ifaan tumamee jira. Wal fuutoota keessaa gareen haayyama isaa hin kennine waliigalticha mormuudhaan waliigaltichi raawwatamuu erga beekee baatii jaha keessatti haala kamiinuu waggaa lama osoo hin dabarre akka diigamuuf gaafachuu akka dandeessu furmaata seerichi kaahee jiru qabdi. Bu'uuruma kanaan akka afuura seerichaarraa hubatamu

[131](Ibsa)Hateta Seera Maatii Federaalaa fooyya'e irratti F.21

waliigalteen haayyama wal fuutootaa isa kaanii osoo hin arganne taasifamuu isaatiin qofa waliigaltichi jalqabuma gatii kan hin qabnedha jedhamuu hin danda'u.

Qabeenya waliinii socho'aa gatiin isaa qr. 500 ol ta'e ykn harshammeewwan maallaqaa gurguruuf, jijjiiruuf, qabsiisuuf, ykn wabiidhaan kennuuf ykn haala biroo kamiiniyyuu dabarsuuf; gatii qr. 100 ol kan qabu qabeenya ykn maallaqa waliinii nama biraatiif kennaadhaan dabarsuuf; qr. 500 olitti liqeeffachuuf ykn liqeessuuf ykn nama biroof wabii ta'uuf haayyamni wal fuutootaa akka barbaachisu seerichaan taa'ee jira.[132] Egaa akkuma olitti ibsine yeroo hedduu idaa haaluun kan dhufu idaa sana wal fuutoota keessaa inni tokko yoo beekuu baate ykn haayyama isaa yeroo kennuu dhabetti kan uumamu dha. Gama biraatiin waliigaltee abbaan manaa ykn haati manaa garee biraa waliin waliigalteen taasisan haayyama isa kaanii dirqama barbaachisa jedhamee olitti tumamee jiru Seeroota biroo keessatti haala addaatiin waanti tumame yoo jiraate akka barbaachisummaa isaatti ilaaluun barbaachisaa dha. Kunis kan mudatu abbaan warraa ykn haati warraa hojii ogummaa daldalaa keessatti kan argaman yeroo ta'utti waliigalteen inni tokko nama biraa waliin taasisu yeroo hunda haayyama isa kaanii barbaadaa? kan jedhu seera daldalaa[133] ykn seera biraa rogummaa qabu ilaaluun barbaachisaa dha. Seerri daldalaa fooyya'e kwt 15, abbaan warraa ykn haati warraa hojiin daldalaa hojjatan inni tokko yoo mormeen alatti hojii daldalaa waliinii kan abbaawarraa fi haadha warraa akka ta'etti fudhatamuu akka qabu seerichaan tumameera. Hojii daldalaa kana keessatti waliigalteen abbaan warraa ykn haati warraa hojii daldalaa keessatti nama biraa waliin taasisuun idaan dhufu idaa waliinii abbaa warraa fi haadha warraa akka ta'u tumamee jira.[134] Haala addaatiin idaan qabeenya dhuunfaa abbaa warraa ykn haadha warraa qofa irraa kan gaafatamuu fi kanfalamu ta'uu haalli itti danda'u hojii daldalaa inni tokko hojjatu inni biraa yoo haale ta'uu akka danda'u seeruma kanarraa kan hubatamu dha.

Gaaffii Marii

Gaa'illi yeroo jirutti idaan dhuunfaa qabeenyaa waliinii irraa kanfalama yeroo jedhu gahee isa kaaniitti illee haala darbuu danda'uun ykn gahee isa kaaniirrattis ni raawwataa?

Qabxii olitti kaafneef dhimma rogummaa qabu tokko kaafnee ilaaluun barbaachisaa waan ta'eef akka armaan gadiitti dhiyaateera.

---

[132]SMO kwt 84(a –d)
[133]Seera Daldalaa Federaala Dimookraatawaa Ripaabliika Itoophiyaa fooyya'e lakk. 1243/2013, kwt. 15 hanga 20 jiran ilaallata
[134] Kanuma olii kwt 18 ilaallata.

Dhimmi kun murtii Mana Murtii Federaalaa Dh.Ij.[135] irraa kan fudhatame yoo ta'u, dhimmichi abbaan warraa fi haati warraa yeroo gaa'ilaan jiranitti isaan keessaa inni tokko haayyama isa kaanii osoo hin argatiin liqii liqeeffatame idaa waliinii ta'uu fi dhabuu ilaalchiseeti, ka'umsi dhimmichaa, gaa'illi akka diigamuuf gaafatameeti, manni murtii dhimmichi dhiyaateefis, hiikkaan akka gaa'illi diigamu ta'ee bu'aa hiikkaan hordofsiisu qallaba ijoollee murteessee ka'ee qabeenya ilaalchisee idaan himatamaan baankiidhaa liqeeffate hangi kanfalamaa ture heerragamee idaan hafe lamaaniif qixxee qoodamee dursee qabeenyaa waliinii irraa hirr'atee akka qabeenyi qoodamu jechuun murteesseera.

Idaan kan waliiniiti jedhame murtaa'e ilaalchisee himattuun komii ishee mana murtii aanaatti dhiyeessitee, manni murtichaas komii dhiyaate kufaa gochuun yoo murteessu. Komiin sana booddee MMWNT Dh.Ij.'f dhiyaateen komii dhiyaate erga dhaggeeffateen booddee, waliigaltee liqii waamamaan ammaa iyyattuutti kan hin beeksifneefi iyyattuun kan haayyama ishee irratti hin kennine ta'uu, maallaqni liqeeffatames kan faaydaa gaa'ilichaaf kan oole ta'uu ragaadhaan hin mirkaneessine, akkasumas maallaqa kana baankiirraa yeroo liqeeffatan mana jireenyaa waliinii akka wabiitti yeroo qabsiisan haayyama waamamtuu ammaa hin arganne waan ta'eef idaa waliiniti jedhamee murtiin kenname sirrii miti jechuun diigeera.

Iyyataan ammaas komii isaa MMWF Dh.Ij.'f dhiyeeffateen liqii ykn idaa kana baatii saddeetii oliif kan waliin kanfalaa turre ta'ee osoo jiruu, hojii daldalaan kan bullu ta'ee waliigaltee kana waamamtuun haayyama ishee kennuu baattu illee idaa waliiniitti fudhatamuu osoo qabuu, faaydaa waliiniitiif ooluun hin mirkanoofne idaa dhuunfaati jedhamee murtaa'uu isaa komateera. Komii dhiyaateef ilaalee, deemsa falmii manneen murtii jalaa irraa kan hubatame iyyataan hojii daldalaan kan bulu ta'uu isaa, yeroo liqeeffatanitti haayyama waamamtuu argachuu qabu kan hin jedhamne ta'uu Seera daldalaa kwt 16 irraa kan hubatamu ta'uu isaa, waamamtuun idaa kana kan beektu ta'uun idaa waliin kanfalaa turan irraa kan hubatamu dha. Kana yoo ta'e immoo haayyamni waamamtuu keessa hin jiru jechuun kan danda'amu dha. Seera maatiitiin qabeenyaa hin sochoone yeroo wabiin qabsiisanii waliigaltee liqaatiif liqaan sun kanfalamuu isaatiif wabii akka ta'u yeroo waliigalteen taasifamu haayyama isa kaanii akka barbaadu ifaan tumamee jira. Wal fuutoota keessaa gareen haayyama isaa hin kennine waliigalticha mormuudhaan waliigaltichi raawwatamuu erga beekee baatii jaha keessatti haala kamiinuu waggaa lama osoo hin dabarre akka diigamuuf gaafachuu akka dandeessu furmaata seerichi kaahee jiru qabdi. Bu'uuruma

[135]Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 51295 ta'e irratti Iyyataa Ob. Yohaannis Xuummaay fi waamamtuu Ad. Mihiret Gabruu gidduutti murtii argatedha. (Jildii 10ffaa)

kanaan akka afuura seerichaarraa hubatamu waliigalteen haayyama wal fuutootaa isa kaanii osoo hin arganne taasifamuu isaatiin qofa waliigaltichi **jalqabuma gatii kan hin qabnedha jedhamuu hin danda'u.**Falli gareen haayyama isaa hin kenniin waliigaltichi akka diigamuuf yeroo seerichaan taa'e keessatti gaafachuu dha, yoo kana hin goone waliigaltichi bu'aa seeraa kan qabaatu ta'a. Kanaaf, liqaan kun jiraachuu isaa waamamtuun beekuun ishee, waliin kanfalaa turuu ishee, sana booddee waliigaltichi akka diigamu taasisuu dhabuun ishee haayyama kennuu ishee agarsiisa waan ta'eef idaa waliiniiti jechuun murtii kenneera. Liqaan gaa'ila keessatti kan liqeeffatame yoo ta'e, faaydaa gaa'ilaaf akka ooletti seerichi tilmaama fudhata. Faaydaa gaa'ilaa ykn kan waliiniif ooluu dhabuu isaa mirkaneessuuf kan dirqama qabu garee faaydaa waliiniif hin oolle jedhu dha.

Gama biraatiin idaan gaa'ila keessatti ykn liqaan gaa'ila keessatti liqeeffatame faaydaa gaa'ilichaaf kan oole ta'uu tilmaama seerichaan fudhatamu yeroo hunda akka hin taane dhimma biraatiin MMWF Dh.Ij.[136] dhimma idaa waliinii fi kan dhuunfaati jedhu ilaalchisee murtii kenneen, gaa'ila keessatti maallaqni baankiidhaa bahee jiru tilmaama seeraatiin akka faaydaa waliiniif ykn gaa'ilichaaf ooletti kan fudhatamu yeroo hunda akka hin taane maallqni baankii bahee nama biraatiif kenname ilaalchisee, tilmaama seeraa faaydaa waliiniif ooletti fudhatamuu akka hin qabne murtii kennerraa kan hubatamu dha.

Akka waliigalaatti manni murtii idaa tilmaama seeraatiin akka idaa waliiniitti ykn faaydaa gaa'ilichaaf ta'uu isaa yeroo gaafatamutti bu'uura SMO kwt. 87 tiin, tilmaama seeraan akka faaydaa waliiniitti akka ooletti lakkaa'ama jedhamee seerichaan adda bahee taa'e faaydaa waliiniif ykn gaa'ilichaaf akka hin ooliin gareen mirkaneessuu qabu eenyu kan jedhu adda baafatee ilaaluu akka qabu kan hubatamuu qabu dha.

Gaaffii Marii

Erga gaa'elli diigamee ykn immoo wal dhabdeen mana keessaa yoo eegalu wal fuutoota keessaa inni tokko deemee fira ykn hiriyyaa isaaf waliigaltee liqii qarshii guddaa guyyaa isaa duubatti deebisuun mallaatteessuutu jira. Kana booda gaa'ela keessattin liqeeffadhee jechuutu dhufa haalli akkasii yeroo qunnamu idaa waliiniiti ykn idaa dhuunfaati kan jedhu haala kamiin adda baasnee murteessuu dandeenya kan jedhu irratti marii taasisaa! Dhiibbaan mirga wal fuutootaa qabeenya ofii qooddachuuf mirga qaban irratti dhiibbaan gama kanaan jiru kaasuun mari'adhaa!

[136]MUrtii MMWF Dh.IJ. lakkoofsa galmee 70442 ta'e irratti Iyyataa Baqqalaa Tufaa fi Ad. Baayyuush Isheetee gidduutti murtii argate dha. (jildii 13ffaa)

1.7. Beenyaa

Seera maatii fooyya'e kan ''Federaalaas'' ta'e kan naannoo keenyaa haala beenyaan itti murtaa'uu danda'u tumaalee adda addaa keessatti hammatee kan jiru dha. Beenyaa seerri maatii of keessatti hammatee jiru keessaa tokko beenyaa garee hiikkaaf sababa ta'eefi sababab kanaan miidhaa qaqqabeef beenyaa murtaa'u yoo ta'u inni kan biraa beenyaa bulchiinsa qabeenya waliinii bulchuu keessatti miidhaa gareen tokko isa kaanirratti qaqqabsiisuuf murtaa'u isaan gurguddaa lama akka armaan gadiitti tokko tokkoon haa ilaallu.

1.7.1. Beenyaa Garee Hiikkaaf Sababa Ta'e Fi Miidhaa Qabqqabsiise Irratti Murtaa'u

Wal fuutoonni hiikkaa gaafachuudhaaf sababa ibsuuf hin dirqamani.[137] Dursanii kana kaasuunis tarii yaada isaanii jijjiiruun yoo araaramaniif waliin jiraachuu irratti rakkachuu danda'u ykn gaa'illi isaanii dhaabbata akka hin qabaanne taasisuu danda'a waan ta'eef hiikkaan yeroo gaafatamu sababa isaa ibsuudhaaf hin dirqamani. Haata'u malee gaaffiin hiikkaa mana murtiidhaaf wal fuutoota keessaa tokkoon dhiyaachuu isaatiin, sababii hiikkaaf isaan affeere ibsuu waanti isaan dhorku akka hin jiraanne SMO kwt 104(2) irraa kan hubatamu dha.

Bu'uuraan qabeenyaan waliinii abbaa manaa fi haadha manaa yeroo hiikkaan adda bahanitti qixxee kan qoodamu ta'uun SMO kwt 117 irraa hubachuun kan danda'amu dha. Haala addaatiin sababoota seerichaan taa'een qabeenyaan waliinii qixxee haalli itti hin qoodamne seerichaan tumamee kan jiru dha. Manni murtii bu'aa wal hiikkaan hordofsiisu yeroo murteessu, wal fuutoota keessaa balleessaa isa tokkoon kan ta'e sababiin cimaan jiraachuu isaa tilmaama keessa galchuu akka qabu SMNO kwt 110(4) jalatti tumameera. Bu'aan hiikkaan hordofsiisu immoo guddisa ijoollee isaanii fi qabeenya isaanii ilaalchisee akka ta'e kan hubatamu dha. Abbaa warraa fi haadha warraa keessaa tokkoo isaaniitiin gochi raawwatamee fi hiikkaadhaaf sababa ta'e isa biraa irratti miidhaa hordofsiisee yoo argame manni murtichaa garee miidhaan irra gaheef inni miidhe beenyaa miidhaa qaqqabeen wal madaalu qabeenyaa waliinii isaanii yeroo qoodamutti, gahee isa balleessaa qabu iirraa akka kanfalamuuf ni murteessa. Asirratti waanti hubatamuu qabu, nama hiikkaaf sababa ta'e gaafa jennu garee hiikkaa gaafate sana irratti kan hundaa'u osoo hin taane, wal fuutoota keessaa inni tokko isa kaanirratti badii hojjateen abbaa badii qabu mirkaneessuudhaan ta'a. Seerichi

[137] Aschalew Ashagrie & Martha Belete,(2009) Law of Family Teaching Material. 106
In the twentieth century, the discussion changed from consensual divorce to no-fault divorce. 'No-fault goes beyond consensual divorce. Either partner can end a marriage simply by asserting that the marriage has broken down.In Similar way, the regional codes follow the nofault divorce approach.

manni murtii beenyaa akka murteessuu qabu haala dirqisiisaa ta'een kan tumee jiru yoo ta'u; hanga beenyaa murteeffamu qofa irratti aangoo mana murtichaaf kan dhiisee jiru dha. Hangi beenyaa kanaa immoo qabeenyaa gahee abbaa sababa ta'ee sana irraa hanga walakkaatti ykn hanga gahee isaa guutummaatti bifa beenyaatiin murteessuun akka danda'amu SMO kwt 111(2) irraa kan hubatamu dha. Kaayyoon seerichaa abbaa balleessaa ta'e ykn gareen hiikkaaf sababa ta'eef miidhaa qaqqabsiise bifa adabbiitiin kan taa'ee jiru ta'uun tumaa seerichaa irraa kan hubatamu dha. Beenyaan murtaa'u kun beenyaa gosa kamiiti kan jedhu ka'uu mala ta'a, seerichaan bifa waliigalaatiin ''beenyaa'' jechuun taa'e waan ta'eef beenya gosa lachuu akka dabalatu, kunis beenyaa miidhaa fi beenyaa haamilee ta'uu akka danda'u ogeeyyiin dhimma kana irratti barreessaniin kan irratti waliigallu ta'a.[138] Wal fuutoonni balleessaa hin qaban ykn hiikkaadhaaf sababa hin taane yoo ta'e immoo adabbiin olitti bifa beenyaatiin tumamee jiru raawwatinsa hin qabaatu jechuu dha.

Manneen murtii keessatti beenyaa bifa oliitiin yeroo murteessan kan hin mul'anne yoo ta'e illee darbee darbee haalli itti bifa beenyaatiin qabeenyaa waliinii wal fuutootaa irraa abbaa hiikkaadhaaf sababa ta'e gahee isaa irraa bifa beenyaatiin akka isa miidhameef kennamu haalli itti murtaa'aa jiru jira. Qabatamaan rakkoon asi jiru gahee abbaa hiikkaaf sababa ta'e irraa walakkaa hanga guutummaatti manni murtii bifa beenyaan murteessuu akka danda'u seerichaan tumamee jiru kana safartuun itti qabeenyaa gahee isa badii qabuu irraa % 10, % 20 ykn % 100 haa kennamuuf jechuudhaaf safartuun keenya maali kan jedhu ifa miti. Beenyaan murtaa'u tokko seera waliigalteen ala te'e jalatti bu'uura tumameen miidhaa qaqqabeen kan wal madaalu ta'uu akka qabu tumamee jira. Seera Waliigalteen osoo hin jiraanne itti gaafatamummaa dhufuun, sababa badii nama tokkoon hanga miidhaa gahe mirkaneessuun nama miidhaan isarra gaheen ta'a. Haala wal fakkaatuun, wal fuutoota keessaa sababa badii isa tokkoon gaaffii hiikkaa gaafatameen hanga miidhaa isarra/isheerra gahee agarsiisuu qaba. Miidhaan gahuu isaa amanamee hanga miidhaa gahee tilmaamuun yoo rakkisetti manni murtichaa haala naannoo jiru tilmaama keessa galchuun hanga beenyaa haqummaa tilmaama sammuu irratti hundaa'ee hanga beenyaa murteessuu akka qabnu SHH kwt 2102 jalatti tumamee jiru dhimma kanaafis rogummaa kan qabu dha jechuu dandeenya.[139]

[138]Mehaarii Redaa'I (1995) Seera Maatii Federaalaa Fooyya'e irratti barreeffama dhiyaate,jildii 1ffaa F. 99
[139]SHH kwt 2102(1)Art. 2102. Difficulty of assessment.
U) Where the exact amount of the damage cannot be calculated, the court shall fix it equitably, taking into acconnt the ordinary course of events and the measures taken by the injured party.

Akkuma gosa ykn cimina badii wal fuutootaa ilaaluudhaan manni murtii hanga beenyaa akka murteessuu danda'uuf seera baastuun aangoo abbaa seeraaf dhiise ta'uutu tumaa seerichaa irraa hubatama. Sadarkaan badii ykn miidhaa wal fuutoota keessaa tokko irratti gahe isa SMO kwt 110(4) jalatti ibsame badii cimaa jedhamee taa'e sana fudhachuun miidhaa madaaluu qabna moo miidhaa gosa kamuu akka badiitti ykn akka sababaatti fudhannee beenyaa murteessina kan jedhus seerichaan ifatti hin teenye. Beenyaa madaalawaa hanga gahee isa badii qabuu walakkaa irraa hanga guutummaatti bifa beenyaatiin murteessuuf beenyaa isa xiqqaa kaasee hanga ol'aanaa jiru seerichi kaahe jiru irraa waanti hubatamu akkuma cimina miidhaa gaheetiin ilaalamee beenyaan kan murtaa'u ta'u isaa hubachiisa. SMO kwt 110(4) jalatti manni murtii bu'aa wal hiikkaan hordofsiisu yemmuu murteessu wal fuutoota keessaa balleessaa kan tokkoo kan ta'e sababiin cimaan jiraachuu isaa tilmaama keessa galchuun akka ta'e tumee jiru kana haaluma wal fakkaatuun beenyaas yammuu murteessinu kana osoo hordofne dhama qabeessa ta'a. Badiin wal fuutoota keessaa tokkoo isaaniitiin raawwatame sadarkaan isaa miidhaan inni garee wal fuudhaa kaanirratti qaqqabsiise ilaalamee murtii argachuu qaba.

Abbaa sababa ta'eef ykn badii garee qabuuf qabeenyaa waliinii gahee isaarraa hanga seerichaan ibsame walakkaa ykn hanga guutummaa gahutti adabbiin jiraachuun isaa hanga ta'e badiin garee isa tokkoon akka hin raawwatamne ala kallattiidhaan immoo gaa'illi akka turu gochuu keessatti gahee mataa isaa qabaachuu danda'a waan ta'eef bifa kanaan seerri baastuu tumuun isaa waan dansaa dha. Sababoota gaa'illi itti diigaman irratti hundoofnee beenyaa bifa kanaan kan murteessinu yoo ta'e hanga ta'e wal fuutoonni badiiwwan hiikkaa hordofsiisan irraa of qusachuu danda'u, of qusatanii jennaan immoo gaa'illi al kallattiin akka turu gochuu keessatti gahee mataa isaa qabaata jechuu dandeenya.

Qabxiin biraa asitti kaasuu qabnu beenyaan murtaa'u miidhaa hiikkaan wal qabatee gahe moo sababa hiikkaa sanaan miidhaa qaqqabuu danda'utu ilaalama kan jedhuuf, SMO kwt 111 (1) irraa kan hubatamu, ''….tokkoo isaaniitiin gocha raawwatamee fi hiikkaadhaaf sababa ta'e isa biraa irratti miidhaa hordofsiisee yoo argame manni murtichaa garee miidhaan irra gaheef inni miidhe beenyaa miidhaa qaqqabeen …..'' jechuun kan tumee jiru irraa badiin raawwatame sun hiikkaa hordofsiiseera ykn hiikkaaf sababa ta'eera kan jedhu qofa yoo ilaalle miidhaadhuma sababa badii sanaatiin yeroodhuma sana qaqqabe sana ta'uutu hubatama. Miidhaan kunis miidhaa fuulduratti sababa hiikkaadhaan qaqqabu osoo hin taane miidhaadhuma gocha hiikkaaf sababa ta'e sana kan ta'u malee kan fuuldura qaqqabu akka hin taane hubatamuu qaba. Qabatamaan manneen murtii keessatti murtaa'aa jirus beenyaa

miidhaa gocha badii hiikkaa sanaaf ka'umsa ta'e sana madaaluudhaan ta'uutu hubatama. **Qabatamaan manneen murtii** keessatti beenyaan haala kamiin murtaa'aa jira kan jedhu dhimmoota gaditti yeroo ilaallu kan ilaallu ta'a.

Seerri maatii Naannoo Oromiyaa beenyaa murteessuun wal qabatee seera maatii Federaalaa Irraa adda ta'uun isaas hubatamuu qaba. Leenjifamtoonni seera maatii Federaalaan baratanii dhufan seera maatii naannolee waliin wal biratti ilaaluun isaanii dirqama akka ta'e moojulicha kutaa 1ffaa jalatti kaafnee jirra waan ta'eef garaagarummaa tumaalee lamaanii ilaaluun barbaachisaa dha.

Akka seera Maatii Federaalaatti wal fuutoota keessaa hiikkaa gaa'ilaaf sababa ta'e haqaaf barbaachisaa ta'ee yeroo argamutti manni murtii bifa beenyaatiin gahee qabeenyaa waliinii qoodameef irraa garee wal fuudhaa isa kaaniif murteessuu danda'a jechuun tumee jira.[140] Tumaan kun 1ffaa haala dirqisiisaa ta'een manni murtii beenyaa murteessuu akka qabutti hin keenye, haqaaf barbaachisaa yeroo ta'etti yaada sammuu abbaa seeraa irratti hundaa'ee kan murtaa'uu danda'u ta'uu isaa hubachiisa. Inni lammataa hanga beenyaa murtaa'u illee beenyaa madaalawaa jedha malee guutummaatti hanga gahee wal fuudhaa isa badii qabuu murteessuu akka danda'u ifaan waan kaahe hin qabu. Hanga beenyaa murtaa'u irratti Seerri Maatii Naannoo oromiyaa kwt 111(2) haala haayyamaa ta'een tumame waan ta'eef abbaan seeraa beenyaa isa xiqqaa tumaa seerichaan taa'een gadi illee murteessuu akka danda'u hubachiisa.

Gaaffiin biraa tumaa kanaan wal qabatee beenyaan bifa kanaan murtaa'u qobaatti gaaffii seerummaa gaafatamuun keessummeeffama moo bu'aan hiikkaan hordofsiisu yeroo murtaa'utti waluma faana ilaalamuu qabaa? Kan jedhu ni ka'a. Dhimma kana caalaatti leenjifamtoonni kan mariin gabbisan ta'uun akkuma jirutti ta'ee; tumaan beenyaa murteessuu jedhu qobaatti of danda'ee kwt. 111 jalatti kan tumame ta'u illee; bu'aa hiikkaan hordofsiisu murteessuun immoo kwt 110 jalatti tarreeffamanii jiru. Bu'aa hiikkaan hordofsiisu yeroo murteessinu abbaa hiikkaaf sababa ta'e tilmaama keessa galchuun murtii kennuu akka qabnu kwt 110(4) jalatti tumameera, tumaaleen kun walitti hidhati isaanii seerichaan agarsiifamuu baatu illee walitti aananii jiraachuu fi kutaa tokko jalatti gurmaa'uun isaanii waluma faana akka furmaata argachuu qaban waan akeeku dha.

Gaaffiilee Marii

[140]Seera Maatii Federaalaa lakk 213/92 kwt. 81/2/, 84

1. Beenyaan akka murtaa'uuf gareen gaafatu yoom gaafachuu qaba? Yeroo hiikkaan gaafatamu dhaa? bu'aan hiikkaan hordofsiisu akka murtaa'uuf gaaffiin yeroo dhiyaatutti? Galmee qobaa dhiyeessa moo, galmeedhuma falmii dhirsaa fi niitii irratti dhiyaachuu qaba jettu?
2. SMNO kwt 135(1) jalatti fuudhaa heeruma osoo hin raawwatiin akka abbaawarraa fi haadhawarraatti kan wajjiin jiraatan dhiirri fi dubartiin tokko, yeroo kamiyyuu qunnamtiin isaanii addaan akka citu taasisuu akka danda'an tumamee jira. Qunnamtiin kun akka addaan cituuf gareen balleessaa raawwate beenyaa akka kanfaluuf dirqama. Beenyaan akka kanfaluuf dirqamu hangami? Safartuun isaa hanga kana ittiin jechuu dandeenyu ifatti hin teenye haala kamiin raawwatama?

1.7.2. Bulchiinsa Qabeenya Waliinii Bulchuu Keessatti Badii Uumameef Beenyaa Murtaa'u

Walfuutoota keessaa inni tokko aangoo bakka bu'ummaa kennameefiin qabeenyaa dhuunfaa garee isa kaanii yeroo bulchutti, ykn bu'uura seera maatii kanaan qabeenyaa waliinii bulchu tokko, sababa gochoota aangoo kennameefiin ala raawwachuun ykn bulchiinsa gadhee ta'erraa kan ka'een ykn mirga beenyaa gaafataa gocha gowwamsuutiin yoo miidhe, manni murtichaa ennaa gaaffiin miidhamaadhaan dhiyaateef beenyaa barbaachisaan akka kaffalamuuf ajajuu ni danda'a. Gaaffii beenyaa akkasii gareen inni tokko isa kaanirratti akka murtaa'uuf kan gaafachuu danda'u gochoonni gowwamsuu ykn kanneen biroo olitti ibsamaniin beenyaa gaafachuun kan danda'amu fuudhaa heerumni diigamuun gochoota waggaa sadiin dura raawwatamaniif gaaffii beenyaa akkasii gaafachuu kan hin dandeenye ta'uu kwt 114(2) jalatti tumamee jira. Kana malees, bu'uura SMO kwt 115 tiin abbaanwarraa fi haatiwarraa waliigaltee yoo godhan malee, isaan keessaa tokko, qabeenyi dhuunfaa isa kaanii ykn qabeenyi waliinii qabeenya dhuunfaa isaarraa seeraan ala badhaadhuu isaa yoo hubachiise, manni murtichaa beenyaan gahaan akka kanfalamuuf ajajuu ni danda'a.

Tumaalee kanneen yoo ilaalle manni murtii beenyaa murteessuu akka danda'u aangoon mana murtichaaf kennamuu isaati. Tumaaleen kun haala haayyamaa ta'een tumamuun isaa, beenyaa olitti miidhaa sababa badii isa tokkoon gaa'illi yeroo diigamu beenyaa kanfalamu jedhamee taa'e faana yoo ilaalle adda ta'uu isaati.

Gaaffii Marii

Beenyaa bu'uura SMO kwt 114 jalatti tumamee jiru gaaffiin beenyaan naaf haa kanfalamuun yeroo dhiyaatutti fi miidhaan qaqqabuun yoo hubachiifame haaloota kamiin Manni Murtii gaaffii seerummaa dhiyaateef kana murteessuu dhiisuu danda'a jettu?

Qabxiiwwan olitti kaafne kana qabatamaan dhimmootaan deeggarree ilaaluun barbaachisaa waan ta'eef dhimmoota armaan gaditti qindaa'anii dhiyaatan haa ilaallu.

Dhimmi kun Mana Murtii Aanaa Shaashamannee irraa kan ka'e yoo ta'u,[141] ka'umsi dhimmichaa himataan gaa'illi akka diigamu bu'uura gaafateen, gaa'illi erga diigameen booddee seerummaa himataan beenyaa ilaalchisee gaafate ragaadhaan hin deeggaramne kan jedhuun beenyaa ilaalchisee gaaffii ka'e waan kufaa godheef, murtii kanarraa himataan komachuun komii isaa Mana Murtii Ol'aanaatti dhiyeesseen, Manni Murtichaa gaaffii beenyaa gaafatame miidhaan qaqqabuu fi dhabuu isaa miidhaan akka hawaasa naannootti cimina isaa fi kana ta'uu dhabuu tilmaama keessa galchuun ragaa barreeffamaa fi kan namaatiin qulqulleessee murtii itti fakkaate akka kennuuf gara Mana murtii aanaatti kan deebise yoo ta'u[142]; Manni Murtii aanaa bu'uura galmeen gadi deebi'een ragaa bitaa mirgaa dhaggeeffateera.

Manni murtichaas, himatamtuun gaa'ila keessatti abbaa manaa isheetiif amanamaa ta'uuf dirqama bakka qabdutti, dirqama kana bahuu dhabuudhaan gocha sagaagalummaa raawwatte jedhameen, bakka abbaan manaa ishee hin jirretti (mana sirreessaa yeroo jirutti) dhiira firooma isheerraa hin qabne faana kan bultu ta'uu, akka dhiistu gorfamtee illee kan dhiisuu hin dandeenye ta'uu, dhiisi jedhamtee illee dhiisuu diduun ishee amanamaa ta'uuf fedhii kan hin qabne ta'uu kan hubachiisu ta'uu, dhiira firooma hin qabne faana sababiin bultuuf immoo amanamaa ta'uu dhabuurraan kan ka'e ta'uu isaa fi gocha sagaagalummaa raawwachuu ishee xiinxalee sababa kanaan kan abbaa manaa ishee waliin wal dhabde fi kan gaa'illi diigame ta'uu ibsee, dabalataan qabeenyas sirnaan akka hin bulchine kan qisaaste ta'uu ibseera. Kun immoo miidhaa cimaa himataarraan kan qaqqabsiisu ta'uu isaa ibsee himatamtuun himataaf beenyaa kanfaluuf dirqamti. Himatamtuun beenyaa miidhaa himataarraan geesseef qabeenya gahee ishee gahu irraa walakkaa isaa bifa beenyaatiin akk kanfaltu murteesseera. Booda dhimmi kun sadarkaa Mana Murtii hundattuu komiin himatamtuu fudhatama hin argatiin kan hafee jiru dha.

---

[141]Murtii Manni Murtii Aanaa Shaashamannee lakkoofsa galmee 38484 ta'e irratti Himataa Ob. 'X' fi Himatamtuu Ad. 'Z' gidduutti murtii argatee jiru dha. (Nageenyaa fi haamilee namoota dhuunfaaf maqaan osoo hin ibsamiin hafe dha.)

[142]MM Ol'naalaa G/Arsii Lixaa lakk galmee 16798 ta'e irratti murtii kenne ilaallata.

Gaaffiilee Marii

1. Gochi yakka Sagaagalummaa raawwatamuun isaa himatamtuun yakkaan himatamtee itti murtaa'uun dirqama dhaa beenyaa murteessuuf?
2. Beenyaan murtaa'u miidhaa qaqqabe faana qixxee ta'uu akka qabu seerri waliigalteen alaa keessatti akka qajeeltootti tumamee jira(kwt. 2090). Hanga Beenyaa gahee himatamtuu irraa walakkaa isaa himataaf akka kennamu kan murtaa'e beenyaan qaqqabe hangam akka ta'e Manni Murtii mirkaneeffateeraa?

Akka waliigalaatti, dhimma oliitirraa kan hubatamu, himataan miidhaan isarra gahe hangam akka ta'e agarsiisuuf dirqama kan qabu ta'uu olitti mata duree beenyaa keessatti kan ilaallee jiru dha. Gama kanaan manni murtichaa miidhaa haalli itti adda baasee hubate, miidhaa qabatamaan himataarra gahe kan qaamaa kan dinagdee kan haamilee haa ta'uu adda waan baase hin qabu. Manni murtichaa miidhaa qaqqabe tilmaamuun akka isa rakkisettis waanti kaase hin jiru, osoo kana ta'e seerichi rakkoo kanaaf furmaata kan kaahee jiru ta'uu isaa olitti kaasnee kan ilaalle SHH **kwt 2102 (in case Difficult to assess**) haqa tilmaama sammuutiin murteessuu isaa waan ifa godhe hin qabu. Haata'u malee murticha irraa kan hubatamu manni murtichaa tooftaa kanaan kan deeme ta'uu hubachuun nama hin dhibu. Manni murtichaa miidhaa bulchiinsa qabeenya inni tokko yeroo dandeetti dhabutti aangoo qabeenya bulchuu keessatti badii inni kaan raawwatuuf bifa beenyaatiin murtii kenne moo gocha amanamaa ta'uu dhabuu irraan kan ka'e sababa badii himatamtuun kallattii kanaan raawwatteef miidhaa gaheef beenyaa murteesse kan jedhu illee murticha irraa adda adda baasee waan xiinxale hin qabu. Isa boodaatiif yoo ta'e akka waliigalaatti, sadarkaa firii dubbiitti garuu beenyaa murteessuuf miidhaan qaqqabe garee beenyaan akka isaa murtaa'uuf gaafatamuun hubachiifamu qaba, hanga isaa yoo tilmaamuun rakkise manni murtii kana ibsuun haqa tilmaama sammuutiin beenyaa murteessuun dirqama ta'a.

Dhimma biraa mana murtii naannoo oromiyaarraa ka'e hanga MMWF Dh Ij ol-iyyannoon deemee murtii dhumaa argate kan biraa akka armaan gadiitti dhiyaatee jiru haa ilaallu.

Dhimmi kun MMWF Dh. Ij.[143] Irraa kan fudhatame yoo ta'u, ka'umsi dhimmichaa mana murtii naannoo Oromiyaa keessaayi, himattuun duraa hiikkaa yeroo gaafattu sababa ibsuuf dirqamuu baattu illee sababa himatamaan ishee reebuuf, arrabsuuf, salphisuuf, kana malees

[143]MMWF Dh. Ij. Lakkoofsa galmee 152968 ta'een Iyyattuu Sister Haamziyaa Suleemaan fi waamamaa Ob. Ayyaalew Baqqalaa gidduutti murtii argate dha. (Jildii 23ffaa)

himatamaan gaa'ilaan osoo jiruu **dubartii biraa waliin wal qunnamtii saalaa raawwachuu** fi mucaa akka dhalchee jiru ibsuun gaa'illi akka diigamu gaafatteerti.

Himatamaan gama isaatiin sababa himattuu fi fedhii isheetiin gaa'illi diigamuuf ta'a waan ta'eef beenyaan haamilee akka naaf murtaa'u jechuun deebii kenneera.

Manni Murtiis gaa'illi akka hiikkaadhaan diigamuuf murteessee, sababa gaa'illi diigamuudhaaf sababa kan ta'e himatamaa waan ta'eef qabeenyaa waliinii isaaniirraa **gahee himatamaa irraa hanga %20** ta'u himattuuf bifa beenyaatiin murteesseera.

Himatamaan murtii kana irraa komachuun komii isaa gara MMGA Adaamaatti ol-iyyatulle komiin isaa kufaa ta'ee murtiin MM Aanaa cimee jira. MMW Oromiyaa Dhaddachi Ijibbaataa komii dhiyaateef ilaalee sababa badii himatamaatiin gaa'illi akka diigamuuf sababa ta'e jechuun %20 qabeenyaa isa gahu irraa bifa beenyaatiin himattuuf murtaa'e dogoggora qaba jechuun murteesseera.

MMWF Dh.Ij gama isaatiin bu'uura seera maatii Naannoo Oromiyaatiin hiikkaadhaaf sababa ibsuun barbaachisuu baatu illee, qabeenya ilaalchisee garuu sababiin hiikkaa tilmaama keessa galuu akka danda'u seerichaan tumamuu isaa ibsee, sababiin hiikkaa sababa reebichaatiin, ykn immoo gaa'illi osoo jiruu wal qunnamtii saalaa nama gara biraa waliin raawwachuu irraan kan ka'e gaa'illi yoo hiikkaan diigame, qabeenyaan isaanii qixxee qoodamuun isaa hafee badii raawwatame tilmaama keessa galchuun qooddiin qabeenyaa akka taasifamu eeruudhaan, badiiwwan kun immoo manneen murtii ragaa madaalaniin mirkanaa'uu isaa ibsee murtii mana murtii jalaa gahee himatamaa irraa %20 gahu akka himattuuf murtaa'e dogoggora bu'uura seeraa kan hin qabne dha jechuun murteesseera.

Akka waliigalaatti, murtii kanaa fi tumaa seerichaa olitti kaafnee ilaalleen, abbaa manaa fi haadha manaa keessaa sababa inni tokko isa biraa irratti miidhaa ykn cubbuu irratti raawwateef hiikkaan gaa'illi diigame yoo ta'e manni murtii beenyaa murteessuu akka qabuu fi sadarkaa miidhaa inni tokko isa kaanirraan gahe ilaalee **bifa beenyaatiin** qabeenyaan akka wal caalee qoodamu murteessuu akka qabuu fi danda'uuf aangoo mana murtiif kenname ta'uu isaa hubanna.

Gaaffii Marii

Beenyaan akka murtaa'uuf garee wal fuutootaan yoo gaafatamu dha moo manni murtii kaka'umsa mataa isaatiin murtii kenna? Kan jedhu irratti marii taasisaa!

Dhimma biraatiin beenyaan qooddii qabeenyaa waliin dhiyaata moo qobaatti gaaffii seerummaa galmee biraatiin gaafatamu dha kan jedhu hubachuuf waan gargaaruuf dhimma akka armaan gadiitti dhiyaate haa ilaallu. Dhimmichi MMWF Dh.Ij.[144] irraa kan fuudhame yoo ta'u, hiikkaa gaa'ilaa hordofee gaaffii qooddii qabeenyaa dhiyaate ilaallata. Ka'umsi dhimmichaa MMSD Federaalaa yoo ta'u, Iyyattuun ammaa himannaa ishee MM jalaatti dhiyeessiteen ''himatamaan na reebee miidhaa kan narraan gahe fi manaa kan na ari'e ta'uu, qabeenyaan mana jireenyaa gaa'ilaan dura ijaarsi isaa jalqabame booda gaa'ila keessatti diignee saarvisii 4 ijaarranne qabna, gaa'ila irratti gaa'ila sababa raawwateef hiikkaadhaaf sababa kan ta'e himatamaa ta'ee osoo jiruu hiikkaa waanin gaafadheef qofa na reebee miidhaa cimaa waan narraan gaheef qabeenyaa waliinii keenya akka naaf qoodamu beenyaa qr. 50,000 akka naaf murtaa'u'' jechuun dhiyaatee jirudha.

Himatamaan deebii kenneen, ''waliigaltee gaa'ilaa yeroo gaa'ila raawwannutti taasifne qabeenyaan amma gaafachaa jirtu gaa'ilaan duran waanin qabuuf kan dhuunfaa koo ta'uu naaf mirkaneessa. Beenyaan qr. 50, 000 gaafatte immoo ragaan kan deeggarame miti, kana malees maal irratti hundaa'ee akka heerragame illee ifa miti'' waan ta'eef kufaa akka naaf ta'u jechuun deebii isaa kenneera.

Manni Murtichaas nama haadha manaa himatamaati jettu kan biraa dhimma kana irratti Jidduu Lixxuu taatee dhiyaatte keessummeessee murtii kenneen, waliigaltee gaa'ilaa dhiyaate xiinxaluun 'waliigalteen gaa'ilaa qabeenyaa isaanii ilaalchisee ''habtish be habtee'' jedhuun qabeenyaa waliinii isaanii taasisaniiru jedhu hiikoo kennee manni falmiif sababa ta'e bitaa mirgaan akka qooddatan, mana haaromfame ilaalchisee MMSD Federaalaa kenne manicha keessa jiraachaa kan turan waliin wal haa danda'u; beenyaa gaafatame ilaalchisee dhimma bu'aa hiikkaa faana dhiyaatu miti jechuun kufaa godhee murteesseera. Manni Murtii Ol'aanaa dhimmicha ol-iyyannoon ilaalee qabxii tilmaama baasii mana haaromsuuf bahe jedhu qofa irratti ogeessaan tilmaamamee murtiin akka kennamu qabxiin gadi deebiseera.

Iyyattuun ammas murtii kanarraa komachuun qabeenyaan falmiif sababa ta'e waamamtuu 2ffaa kan ilaallatu bakka hin taanetti akka sadiittii qooddannuuf murtaa'uun isaa, beenyaan akka naaf murtaa'uuf gaafadhu illee osoo hin murteessiin bira darbuun isaanii dogoggora bu'uura seeraa ta'uu kaastee komii ishee dhiyeessiteetti. MMWF Dh. Ij. Dhimma jalatti ragaadhaan madaalamee furmaata argate kaasee qabeenyaan falmiif sababa ta'e gaa'illi

[144]Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 135902 irratti Iyyattuu A/d Maskaram Caakkaa fi waamamaa Ob. Akliiluu Shifarraaw gidduutti murtii kenne ilaallata. (Jildii 22ffaa)

iyyattuu fi waamamaa 1ffaa gidduutti osoo hin raawwatamiin dura illee kan jiru ta'uu booda kan haaromsan ta'uun, gaa'illi waamamtoota gidduu illee jiraachuu dhimma ragaan qulqullaa'e fi madaalame ta'uu kaasee, waamamtoota gidduutti gaa'illi yeroo turetti qabeenyaan jiru immoo kan waliinii isaanii akka ta'e tilmaamni seeraa kan fudhatamu ta'uu kaasee, gama waamamaa 1ffaatiin qabeenyaan falmiif sababa ta'e kan dhuunfaa kooti jedhee waan falme hin qabu, kana malees waliigaltee gaa'ilaatiin qabeenyaa waliinii taasisuun kan danda'amu dha, kana malees qabeenya falmiif sababa ta'e irratti haaromsa gaggeessaniiru bu'uuruma kanaan qabeenyaa waliinii isaan gidduutti hundaa'era jechuu dandeenya. Kanaaf, qabeenyaa falmiif sababa ta'e irratti mirga abbaa qabeenyummaa qabu. Iyyattuun gaa'illi waamamtoota gidduu jiraachuu osoo hin beekiin, akkasumas waamamtuun 2ffaa iyyattuu fi waamamaa 1ffaa gidduutti gaa'illi raawwatamuu isaa hin beektu, gocha seeraan dhorkame kana jechuunis gaa'ila gaa'ilarratti kan raawwate waamamaa 1ffaa dha waan ta'eef qabeenyaa kana irraa % 25 waamamaan 1ffaa fudhatee, %75 iyyattuu fi waamamtuun 2ffaa qixxee haa qooddatan jechuun yoo murteessu; beenyaa ilaalchisee bu'aa hiikkaan hordofsiisu waliin dhiyaachuu hin qabu jechuun kan MMSD Federaalaa murteesse kan manni murtii ol'aanaa osoo waa hin jedhiin bira darbe dogoggora bu'uura seeraa ta'uu yoo kaasu, beenyaan gaafatame miidhaa hiikkaan wal qabatee dhiyaate dha, seerri maatii illee beenyaa murteessuu akka danda'u ifaan tumamee bakka jirutti dhimma bu'aa hiikkaa waliin dhiyaatu miti jedhamee murtaa'ee fi MMOL Federaalaatiin dogoggorri kun osoo hin sirreeffamiin bira darbame sirrii miti jechuun akka irra deebi'ee MM jalaa beenyaa qulqulleessee akka murteessu jechuun gadi deebiseeraaf.

Gaaffii Marii

Hangi miidhaa irra gahe qulqullaa'ee maallaqa hanga kanaa jedhamee murtaa'uu qaba moo qabeenyaa waliinii irraa yeroo qooddii kan shalagamee qooddiin taasifamu ta'a? garaagarummaan Seera Maatii Federaalaa fi Kan Seera Maatii Naannoo Oromiyaa gidduu kallattii kanaan jiru addaan baasuun ibsaa?

Dhimmi kun immoo MMWF Dh.Ij.[145] irraa kan fuudhame yoo ta'u, hiikkaa gaa'ilaa hordofee gaaffii qooddii qabeenyaa fi beenyaa gaafatamee kufaa ta'e ilaalchisee dhimma murtii argatee jiru dha.

[145]MMWF Dh/Ij. Lakkoofsa galmee 101552 Iyyattuu Ad/ Tirungoo Mokonniin fi waamamaa Ob. Mulugeetaa Mekuaanint gidduutti murtii argatee jiru dha. (Jildii 18ffaa)

Ka’umsi dhimmichaa MMSD Federaalaatti Iyyattuu fi waamamaa ammaa gidduutti gaa’illi hiikkaan akka diigamu erga murtaa’een booddee, iyyattuun bu’aa hiikkaan hordofsiisu irratti murtiin akka kennamuuf qabeenya tarreessiteetti, akkasumas hiikkaaf sababa kan ta’e gocha sagaagalummaa waamamaan raawwateen ta’uu kaasuun beenyaan akka kanfalamuuf gaafatteetti. Waamamaan bu’aa hiikkaan hordofsiisu qabeenyaa tarreeffamee dhiyaate ilaalchisee deebii erga kenneen booddee Manni Murtichaa qabeenyaa fi qallaba daa’imaa irratti murtii kennee, beenyaa ilaalchisee yeroo hiikkaan murtaa’utti gaaffii hin kaane waan ta’eef gaaffiin beenyaa boodarra dhiyaate fudhatama hin qabu jechuun murtii kenneera.

Iyyattuun ammaa murtii MMSDF kenne komachuun komii ishee MMOF tti dhiyeessitu illee, Manni Murtichaa komii konkolaataa ilaalchisee dhiyaate qofa fudhachuun murtii MM jalaa foyyessuun murtii kenneera.

Iyyattuun ammas murtii kanarraa komachuun komii ishee MMWF Dh. Ij. Tti dhiyeessiteen, murtiin Mana ilaalchisee kennamee fi beenyaa ilaalchisee gaaffii seerummaa kufaa ta’e irratti komii dhiyeessiteef, Manni Murtichaa mana Jireenyaa ilaalchisee waliigalteedhaan hanga lubbuun jirrutti ijoollee qabadhee akkan keessa taa’u jennee furree osoo jiruu akka qoodamuuf osoo hin gaafatiin haa qoodamu jechuun murtii kenname komattee jirtu, waliigaltichi Mana Murtiidhaan hin mirkanoofne waan ta’eef akka qoodamuuf murtiin kenname hanqina kan hin qabaanne ta’uu kaaseera. Dabalataan komii gama beenyaatiin ka’e ilaalchisee Manni Murtichaa yoo xiinxalu, dhugumatti Iyyattuun yeroo hiikkaan murtaa’u ykn hiikkaan gaafatamu beenyaan isheen gaafatte hin jiru. Haata’u malee, yeroo hiikkaa gaafatan waantoota hiikkaaf sababa ta’an ibsuuf akka hin dirqamne Seerri maatii Federaalaa kwt 81 irraa kan hubatamu ta’u illee, beenyaa ilaalchisee yeroo qooddii qabeenyaa gaafachuu akka danda’an tumaadhuma seeraa kana tumaa seeraa kwt 84 waliin ilaaluun hubachuun kan danda’amu dha. Iyyattuun waantoota ykn miidhaa (cubbuu) hiikkaaf sababa ta’e ibsuuf seerichaan kan hin dirqamne yoo ta’e illee, beenyaan kan murtaa’u manni murtii haqaaf barbaachisaa dha jedhee yeroo itti amanu qofa kan murteessu dha. Kana ta’uu immoo, manneen murtii keessattu MM ol-iyyata dhaggeeffate waan itti hin amanneef bira darbani waan ta’eef dogoggorri bu’uura seeraa raawwatameera waanti jechisiisu hin jiru jechuun murtii kenneera.

BOQONNAA LAMA

2. Sirna abbummaa mirkaneessuu: Seeraa fi qabatama

Seensa

Sirnoota seera maatiin diriirfaman keessaa sirni abbummaa mirkaneessuu isa tokko akka ta'e boqonnaa 1ffaa keessatti ibsa walii gala kennameen eeramuun isaa ni yaadatama. Bu'uura sirna kanaaniitis mucaa ulfaa'ame ykn dhalate tokkoof abbaan eenyu akka ta'e adda ni baafama. Kunis daa'imni tokko gaa'ela keessatti ykn gaa'ilaan alatti dhalachuu haalli itti danda'u qabatama jireenya hawaasummaa keessatti kanuma baratame yoo ta'u, ga'ela keessatti ulfaa'amuun ykn dhalachuun isaa yeroo hunda battalumatti abbaa isaa beekuuf kan dandeessisu akka hin taane dhimmoonni qabatamaa agarsiisanii fi haalan seerichaanis tumaman ni jiru. Kana malees, osoo gaa'ela hin raawwatin akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuu keessatti ykn walqunnamtii seeraan beekamu kamiiyyuun alattis qunnamtii saalaa raawwatamuun daa'imman ni ulfaa'amu ykn ni dhalatu. Haallan kanneen keessatti abbaan daa'imaa/mucaadhaa eenyu kan jedhu dhimmoota manneen murtii dhiphisan keessaa isaan tokkoodha. Kanaaf, yemmuu falmiin akkasii ka'u sirni abbummaa mirkaneessuu akkamitti qabatamaan raawwachuu akka qabuu fi qajeeltoowwan sirnichaan diriirfaman akkamitti adda bahuudhaan dhimma ilaallatu irratti akka raawwatan gamanumaan ogummaa fi hubannoo gahaa horachuun dirqamaadha.

Kun ta'uu dhabuudhaan rakkoowwan qabatamaan mul'achaa jiran keessaa isaan ijoon, 1ffaa qajeeltoowwanii fi tooftaalee sirnichaa seerichi diriirse gidduu garaagarummaa jiruu fi yoom qajeeltoo isa kamiin fayyadamuu akka qabnu irratti adda baasuun hubachuu dhabuurraan kan ka'e murtiin bu'uura seeraa hin qabneef wal fakkaataa hin taane kennuutu mull'ata. Murtiileen kunniinis mana murtii tokkoo isa biraatti addaan fageenya bal'aa qabaachuu fi sirna hojmaata haqaa seeraan bitamu walfakkaataa hordofuu dhabuu, 2ffaa raawwatiinsa qojeeltoo seerichaa tokkoof firiiwwan dubbii fi ijoowwan dhimmaa qulqullaa'uu qaban maal fa'a akka ta'an, raga bifa kamiin akka mirkanaa'anii fi mormii akkamiitiin akka ittifamuu danda'an ifaa fi shakkiin alatti hubachuu dhabuudhaan isa abbaa ta'uu hin dandeenye abbaadha ykn isa abbaa ta'u abbaa miti jechuun murteessuun rakkoolee bal'inaan hubatamaniidha.

Kan biraa tilmaama seeraatiin namni abbaa dha jedhamu tokko himannaa haaluu dhiyeessuudhaan abbummaa isaa mormuun kan danda'amu dha. Bu'uuraan namni tokko

abbaa ykn haadha tokko irraa dhalachuu isaatiif Mana Murtiidhaan akka mirkanaa'uuf himannaa dhiyaatu mormuun kan danda'amu sirna diriiree jiruun qofa dha. Karaa abbaa waan jiru mormuun kan danda'amu himannaa haaluu ykn falmiin yeroo ka'utti ta'uu isaa tumaalee **SMO kwt 184 hanga 196** tti jiranirraa kan hubatamu dha. Gaaffii himannaa haaluu eenyutu dhiyeessa, yoom dhiyaata fi haala kamiin dhiyaata kan jedhu dhimmoota qabatamaa waliin kaasuun kan ilaalamu ta'a**.**

Akka waliigallaattis rakkoolee olitti eeraman kana dhimmoota qabatamaa fi seeraan walitti xiinxaluudhaan hubannoo furmaata ta'uu qabu uumuun kaayyoo boqonnaa kanaa yoo ta'u, kallattiinis xumura boqonnaa kanaa irratti leenjifamtoonni:

- ✓ Abbummaa mirakneessuun walqabatee sirna seeraa jiru fi qajeeltoo heeraa kan daa'imni tokko mirga abbaa ofii beekuu akka qabu tumee gidduu walitti dhufeenyi jiru maal akka fakkaatu hubachuun sirnicha haala kaayyoo heerichaa kana dhugu'oomsuu danda'uun hojii irra ni oolchu.
- ✓ Tooftaalee fi haallan sirna abbummaa mirkaneessuu raawwachiisuuf gargaaran kanneen adda addaa filannoo isaanii irratti hubannoo ifaa fi bu'uura ta'e horachuun gahumsa ogummaa gama kanaan qaban cimsuudhaan falmiiwwan abbummaa irratti dhiyaatan haala salphaa ta'een yeroo gabaabaa keessatti furuudhaaf ni danda'u.
- ✓ Abbummaa mirkaneessuu irratti rakkoowwan qabatamaan yeroo hedduu mudatan hundeedhaan hubachuun seerota, muxannoowwanii fi tooftaalee haaraa rakkinicha furuuf isaan dandeessisan dabalataan baruudhaan beekumsa ni haaromfatu.
- ✓ Himannaa haaluun yoom, eenyuun fi haala kamiin akka dhiyaatu adda baasuun rakkoo raawwii gama kanaan jiru akka hubatan isaan dandeessisa.

2.1. Maalummaa fi barbaachisummaa sirna abbummaa mirkaneessuu

Mata duree kana jalatti sirni abbummaa sirna hariiroon firummaa abbummaa fi ilmummaa giddutti ittiin hundeeffamu, dirqamaa fi mirga abbummaa ykn ilmummaa murteessuudhaaf sirna barbaachisummaa ol'aanaa qabuu fi burqaalee abbummaan irraa madduu sirna seeraan diriirsu akka ta'e qabxiilee ilaalamaniidha.

2.1.1. Maalummaa Sirna abbummaa mirakaneessuu

Walitti dhufeenya walqunamtii saalaa dhiiraa fi dubartii giddutti godhamuun bu'aawwan hordofan keessaa inni tokko ijoollee ulfaa'aman ykn dhalataniidha. Ijoolleen dhalatan immoo haadha irraa dhalatani fi abbaa isaan dhalche ni qabaatu. Firooma haadhummaa ilaalchisee namni tokko haadha tokko qofaa akka qabaatu akka firii ijoo dubbiitti yoo beekames firoomni abbummaa garuu firii ijoo dubbii fi seeraati. Namni tokko abbaa tokko irraa akka dhalatu yoo beekames qabatamaan garuun abbaan tokkichi sun eenyu akka ta'e dhibbaa fi dhibbatti beekuun hin danda'amu. Kanaaf, sirni abbummaa mirkaneessuu sirna adeemsa seeraan nama abbaa mucaa tokkoo ta'u ittiin adda bahee mirkanaa'uu dha. [146]

Akka waliigalaattis maalummaa sirna abbummaa mirkaneessuu ilaalchisee yaadota bu'uuraa gurguddoo saditu bal'inaan mul'ata. Isaan keessaa inni duraafi ijoon kan xiyyeeffatu dantaa fi mirga daa'ima/ijoollee dhalatanii irratti yoo ta'u, kanaas daa'immaan dhalatan hundinuu abbaa fi haadha irraa dhalatan beekun mirga bu'uuraa akka ta'eefi sirni abbummaa mirakaneessuus adeemsa seeraa eegumsa mirga kanaa mirkaneessu akka ta'e kan hubachiisuudha. Yaadni kunis akka qajeeltoo mirkaneessa abbummaa isa tokkootti fudhatamuun heeraa fi seerota biyyoota addunyaa keessatti hammatameera [147]

Gama biraatiin sirni abbummaadhaa abbummaa daa'imaa mirakneessuu keessatti abbaa fi haati ija walfakkaataa fi waalta'aa ta'een akka ilaalaman adeemsa seeraa dandeessisu akka ta'e yaadni inni biroo ni dhiyeessa. Kunis, seerota turan hedduu biratti haati daa'imaa nama abbaa ilma isheeti jettu irratti abbummaa akkuma salphaatti mirkaneessuuf kan ishee dandeessisan yoo ta'an namni abbaadha jedhame garuu abbummaa isaa mirakneessuufis ta'ee ykn haaluudhaaf fedhii ykn yaada haadhaaf iddoon guddaan waan kennameef gar malee kan itti ulfaatuudha. Kanaaf sirnichi garee lamaanuu walqixa kan ilaalu ta'uu akka qabu yaadni kun ni akeeka. [148]

Yaadni inni 3ffaan immoo sirna abbummaa mirakaneessuu eegumsa mirga dubartootaan kan walqabsiisuudha. Akka yaada kanaatti, adunyaa ol'aantummaan saala dhiiraa irratti dagaage keessatti dubartoonni akka meeshaatti ilaalamuun fedhii dhiiraa qofa gammachiisuuf akka jiraatan dirqamaniiru. Dhiirri ol'aantummaa saala dhiira sirni hawaasummaa uumetti

---

[146] http://WWW.chromosomal labs. Com; understanding DNA, paternity

[147] http://www maxim.org.nz, maxim institute policy paper, paternity testing in new Zealand. P.1; Konveenshinii Mirga Daa'immanii Kwt 3, 7, 9 fi 12

[148] Isuma oliil jalee olii currently the law makes it very esy for amother to insist that afather takes apaternity test to establish whether he is the father of a child but yers difficult for afather, to insist that amother consants to testing of child to establish e= this same tack.

fayyadamuun dubartoota ulfeessee ykn itti dhalchee akkuma barbaade dhiisee deemuun baratamaadha. Daa'ima ulfaa'ame ykn dhalate kophaa ishii abbaa malee guddisuuf dubartiin gar malee yemmuu dararamtu mul'ata. Waan ta'eef sirni abbummaa mirkaneessuudhaa yeroo abbaan daa'imaa hinbeekamin daa'imichaaf abbaa murteessuun dirqama akka ta'u yaadni kun cimsee falma. [149]

Keessattuu, gocha saalli dhiiraa raawwatuun dubartiin gama diinagdee, hawaasummaa fi xiinsammuutiinis miidhamanii daa'imnis abbaa malee hafuu irra abbummaan daa'imichaa dirqamni abbummaa irraa maddu dhiira tokkoof kennamuu qaba, namni kun qabatamaan abbaa daaimicha dhalche (biological father) yoo ta'uu baates. Kana jechuun sababa abbaa sirnii beekuun hindanda'amneef jedhamee dirqamni abbummaa haadha/dubartii irratti gatamuun haqa qabeessa akka hintaane yaada hubachiisuudha.

Walumaagalatti, Sirni abbummaa mirkaneessuu akkuma olitti gabaabinaan ibsamuu yaalame karaa ykn bifa addaa addaa kallattii xiyyeeffannaa garaagaraatiin ha hiikamu malee akka sirnaatti maalummaan isaa waan tokkoodha. Innis. Adeemsa seeraa maddaalee abbummaan irraa burqu diriirsuun, tooftaalee ittiin mirkanaa'u hundeessuu fi eenyutu yoom akka mirkaneessu akeekuudhaan namni abbaadha jedhamee tokko abbaa ta'uu fi dhiisuu isaa addaa baasanii beekuuf kan dandeessisu akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

2.1.2. Barbaachisummaa

Sirni abbummaa mirkaneessuu hariiroo maatii keessatti barbaachisummaan qabu baay'ee ol'aanaadha. Sababiin isaatis 1[ffaa], daa'imni kamiiyyuu mirga abbaa ofii beekuu akka qabu ifaadha. Kunis daa'imni hamilee ofii isaatiif, eenyummaa hidda irraa dhufee fi akkasumas jireenya isaa gama diinagdee fi hawaasummaan qabuuf abbaa ofii beekuun hedduu murteessaadha.[150]

Kanas hayyoonni Seera abbummaa irratti ogummaa addaa qaban barbaachisummaa sirna abbummaa mirkaneessuu akka ijoo bu'uuraatti kan ibsan yoo ta'u fakkeenyaaf ibsa hayyuun tokkoo kenne miidhaaginaa fi dhama inni qabu eeguun akkuma jirutti akkaasitti kaahameera.

A child is entitled to the sense of belonging and identify that comes from knowing both parents. Establishing paternity has an important emotional and psychological benefit for the

[149] http://www don't make harmad. Com; feminism & families.
[150] htpt://www. Maxim. Org. n2 it is vital that all children know who both of their biological perents are and are provided with this oportinity; Konveenshinii Mirga Daa'immanii kwt 3

child. Also, Untill there is a determination a biological father is the legal father, the child has no right to recieve financial support from the father, to inherit from the father or to obtain insurance, beterans, social security or other benefits through the father.[151]

Akka ibsa yaada kana irraa hubatamutti abbaan dhiigaa (biological father) daa'imaa yoo jiraates abbummaan isaa dhimma falmii yoo ta'e, karaalee ykn tooftaalee sirna abbummaa mirkaneessuutiin hanga adda bahee murtaa'utti abbummaan daa'imichaa seeraan beekumtii hin qabu jechuudha. Kun immoo bu'aan seeraa hordofsiisu kan hin jirre ta'uu yoo mul'isu, daaimichis akka mirgaatti, abbaanis akka mirgaattis ta'ee dirqamaatti hariiroon walirraa qaban ykn gaafatan seera duratti kan hin jirre ta'uu agarsiisa. Haala kanaan immoo isa abbaa jedhamu caalaa daaimicha miidhaa ol'aanaaf saaxila waan ta'eef sirni abbummaan isaa seeraan itti murtaa'u jiraachuun kan barbaachisu qofa osoo hin taane dirqamaadha.

Barbaachisummaan sirnichaa inni 2^{ffaa}n mirgaa fi dantaa bilisummaa abbummaatiin kan walqabatuudha. Kunis gama tokkoon abbummaan daa'imaa bu'uura seeraatiin hanga mirkanaa'utti namni abbaadha (biological father) ofiin jedhu mirga abbummaa daa'imicha irratti hin qaabaatu. Waan ta'eefis, Namichi kun mirga daa'imicha ilmummaan beeksifachuu fi guddifachuus ta'ee dhimmoota guddina daa'imichaa irrattis murtiilee kennuu keessatti mirga hirmaachuu ykn qooda fudhachuu seera duratti hin qabu jechuudha.[152] Gama biraatiin, qabatamaan akka mul'atuttis namoonni hedduun osoo dhuguma abbaa dhiigaa (biological fathers) daa'imaa hin ta'in daa'ima nama birootiif dogongoraan abbaa akka ta'an yeroo dirqaman hubatama. Kunis abbummaa mirkaneessuun dhiira caala dubartootaaf baay'ee salphaa haala ta'een waan hojjatamuuf akka ta'e hayyoonni hedduun ni mirkaneessu.

Kana malees, manneen murtiitis yeroo haalli isaa walxaxaa fi rakkisaa ta'e abbummaan daa'imaa dirqama nama ta'e tokkoof akka kennamuu qabutti yaaduudhaan namuma haati daa'imaa abbaadha jechuun quba itti qabde irratti abbaadha jedhanii murteessuun baratameera. Kun immoo mirga daa'imichi abbaa isaa isa dhugaan dhalche beekuuf qabu sarbuu fi nama daa'imicha hindhalchin dirqamaan abbaa taasisuun mirgaa fi bilisummaa isaa dhibuu irra darbee dubartoonni daa'imman akka meeshaa daldalaa madda galiitti ilaaluun dhiira irratti daa'immaniin akka daldalan gargaaree jira. Kanaaf, qabatamni jiru yemmuu xiinxalamu abbummaan daa'imaa dubartootaaf akka sirna abbaa daa'imaa isa dhugaa ittiin

[151] Chromosomal laboratories, Inc, Understandirs DNA, paternity Testing & the law. P.3.

[152] Isuma olii miil jalee 30: until paternity is legally established the biological father has no legal rights to the child; such as parenting time with the child, participating in major decisions about the child like medical treatment, education or religious training.

mirkaneessuutti osoo hintaane akka ragaa mirga sooramaa argamsiisuutti ykn daldalaa (bussinessable matter) itti fudhatamuu isaatu bal'inaan hubatama, aadaa ta'eetis jira.[153]

Haala kanaan dhiirri hedduun fedhii isaan ala daa'ima namni biroo dhalcheef abbaa akka ta'an yoo dirqaman, Sababa kanaanis qabeenyi isaanii guddinaa fi kunuunsa daa'imichaaf jedhamee dubartiidhaan fudhatamuuf akkasumas daa'ima hin beeknee fi firooma irraa hin qabneen dhaalamuuf saaxilamee mul'ata. Kauma kan mirkaneessu odeeffannoo maddaalee adda addaa irraa argame hanga tokkoo ilaaluun gaariidha. Barbaachisummaa sirna abbummaa mirakaneessuu irratti xiinxala gochuudhaan seerri maatii gama kanaan foyya'uu akka qabu yaada furmaataa kan dhiyeesse hayyuun biyya "New Zealand" tokko yaada armaan gadii qorannoo irratti hundaa'uun akkasitti ibsee jira;

Approximately seven percent of all children in Newzealand have no named father on their birth certificate and these children therefore lack crucial knowledge of their culture, biological and social heritage. In many ways, they have an incomplete picture of who they are. Likewise, in the year 2000 out of more than 310,000 DNA tests for paternity, the men who were figured as the fathers were not the biological/ netural fathers in 29% of cases. So, does not it make you wonder what the percentage will be if DNA testing for paternity is mandatory at the birth of every child?[154]

Haaluma walfakkaatuun qorannoo biyyaa Ameerikaatti yeroo dhihoo keessa geggeeffameen rakkoon abbummaa sobaa babal'achaa dhufuun kan miraknaa'ee yoo ta'u, kana xiyeeffannaaf akka tolu akkuma jirutti akka itti aanutti kaanameera.

Paternity fraud or the false indentification of a man as the father of achild forces thousands of men each year to pay for children fathered by other man … The LA chapter of the national coalition of free men estimates that there are over 7 million children in the USA that are unknowingly calling the wrong person, Dad.[155]

Odeeffannoowwan kanneen irraa akka hubatamutti rakkoon abbummaa daa'immaniin walqabatee mul'atu bal'aa ta'uufi daa'imman irra darbeetis dogongoraan ykn sobaan namoota hedduu abba ta'uuf saaxilaa kan jiru ta'uunis mirga abbummaa fi bilisummaa dhiiraa kan hubaa jiru ta'uun isaa hubatamuudhaan biyyoonni hedduu barbaachisummaa sirnichaa irratti xiyyeeffannaa godhaniin seerota isaanii fooyyessaa akka jiran hubatama.

---

[153] Rich Zubaty, Feminism and family, Advice to men, in http://www.Courts.Phila.Gov/family/dese/index. cgt
[154] Rich Zubaty isuma olii, and cromosumal laboratory inc. miil jalee 30, fuula.3.
[155] Cromosoranal Lab. Inc, miiljalee 30, fuula 4.

Sababiin inni biroo ijoon barbaachisummaa sirna abbummaa cimsu abbaafis ta'ee daa'imaaf yeroo sirrii ta'e keessatti abbummaa mirkaneessuun faayidaa qabu irratti xiyyeeffata. Kunis, sirnichi barbaachisaa ta'uu qofa osoo hintaane yeroo guddina daa'imaatiif murteessaa ta'e keessatti raawwatamuu akka qabu hubachiisa. Abbummaan eega daa'imni umrii waggaa 3 fi kanaa ol ta'e booda mirkanaa'u namni abbaadha jedhame sun daa'imicha waliin walsimuudhaaf ykn walfudhachuudhaaf baay'ee ulfaataadha.

It is important that a child knows who his biological father is, and that a father has the ability to have in put in to his child's life, from the earliest possible age. Establishing paternity when a child is 3 or 4 years old makes it more difficult for a father to integrate himself in to that child's life and robs both father and child of relationship in those formative years. Therefore, it is critical that any new process to establish paternity reduces delays as much as possible.[156]

Kana malees, abbummaa yeroo isaa waytaawaa keessatti mirkaneessuun dhibeewwan uumamaan abbaa irraa ilmatti darbuu danda'anis gamanumaan beekuudhaan falaa fi yaala barbaachisu gochuufis hedduu barbaachisaadha.

Akka biyya Itiyoophiyaattis ta'ee akka naannoo Oromiyaattis barbaachisummaan sirna abbuummaa mirkaneessuu olitti bal'inaan ibsame kun kutaalee seerota adda addaa keessatti cuunfamee kan hammatame ta'uu isaa tumaalee seerota kanneen irraa ni hubatama. Bu'uruma kanaan Heerri RDFI fi HMBNO tis kwt. 36 jalatti mirgoota daa'immanii beekaman keessaa inni tokko mirga abbaa fi haadha ofii beekuu fi kunuunsa argachuu (kwt 36(1)) yoo ta'u, qabatamaanis mirga kana hojii irra oolchuudhaaf kan dandeessisu sirna abbummaan ittiin mirkanaa'u seeraan diriirsuun barbaachisaa akka ta'e qajeeltoon heerichaa kun ni agarsiisa.

Haaluma kanaan Seerri Maatii Federaalaa seensa isaa irratti kaayyoowwan isaa tarreesse keessaa tokko seera maatii dantaa fi mirgoota daa'immanii haala waliigalteewwan adunyaa gama kanaan jiran kan biyyattiin mallatteessiteen walsimuun eegumsa sadarkaa isaa eeggate mirkaneessu labsuun barbaachisaa akka ta'e kaahee jira. SMO keessattis labsii lakk 69/95 seensa irratti kaayyoon kun ibsamee jira. Ibsa seensaa seeronni kun gama mirga daa'immanii ilaalchisee tuman kana galmaan ga'uuf sirnoota barbaachisan keessaa tokko sirna abbummaa mirkaneessuu akka ta'e yoo hubatamu, kunis qajeeltoowwan heeraa dhimma kana ilaallatan kan hordofedha.

[156] Isuma olii, ful a 2

Kaayyoo barbaachisummaa sirnichaa kana bu'uura gochuunis seeronni maatii sadarkaa federaalawaafi naannootti jiran hudinuu sirna abbummaan ittin mirkanaa'u haaluma walfakkaatuun diriirsanii jiru. Fakkeenyaaf SMF fi SMO yoo ilaalle, SMF boq. 9ffaa jalatti sirna abbummaan ittin miraknaa'u kutaalee gurguddoo afuriitti hiruun kan hundeesse yoo ta'u , SMOtis haaluma kanaan boqonnaa fi kutaalee walfakkaatan jalatti sirnicha diriirsee jira. Diriirfamni sirnichaa kunis daa'imma[157] ilaalchisee xiyyeeffannaa addaa fi dursaa dantaa fi mirgoota isaaniif barbaachisu mirkaneessuuf gama tokkoon kan yaadame yoo ta'ellee gama kaaniin namoonni calluma jedhamee sirna seeraa haqa qabeessa malee daa'iman isaan irraa hin dhalatiiniis abbaa ta'uuf akka hindirqamne eegumsa seeraa taasisuufis kan barbaachiseedha.

Walumaagalatti, sirni abbummaa mirkaneessuu galma ga'iinsa kaayyoo sanadoota mirga daa'immanii sadarkaa adunyaatti jiranii fi qajeeltoowwan hariiroo maatii irratti Heerri mootummaa tumeef akkasumas waldiddaawwan abbummaa ilaallatan keessatti mirgoota gareewwan adda addaa falmicha keessaa qooda qabanii qixa seeraa fi haqaatiin furuudhaaf barbaachisaa akka ta'e xiinxalaa fi ibsi armaan olitti kenname kaayyoo mojulii kanaaf gahaadha.

2.1.3. Maddaalee Bu'uuraa Abbummaa

Abbummaan akka firii dubbiitti hariiroo firoomaa abbaa fi ilmoo gidduu jiru ykn gidduutti uumamuudha. Haa ta'u malee abbummaan akka firiitti jiru abbummaa seeraan beekamuun tokko ta'uu dhiisuu akka danda'u mata duree xiqqaa "maalummaa abbummaa" ibsu jalatti armaan olitti ilaalamuun ni yaadatama. Abbummaan akka firiitti nama dhuguma daa'imicha dhalche abbaa dhiigaa kan ta'ee fi daa'imicha gidduu firooma (filiation) jiru qofa kan ibsu yoo ta'u abbummaan akka seeraatti immoo abbummaa akka firiitti jiru hammachuus dhiisuus danda'a.[158] Akka moojulii kanaatti, haala addaa fi ifa ta'een yoo ibsame malee, abbummaa akka seeraatti uumamuudha kana xiyyeeffatamu.

[157]Daa'imman ilaalchisee Heerrii (kwt.36 (2)) fi seerris xiyyeeffannaan addaa akka kennamuuf tumuun isaanii qabxii daggatamuu hinqabne ta'us, sirni abbummaa mirkaneessuu gaaffii abbummaa daa'immanii qofa irratti kan daanga'u osoo hin taane gaaffii ga'eessis abbaa ofii murteeffachuuf dhiyeessus kan uwwisu akka ta'e haa hubatamau.

[158] Legally speaking paternity is astatus of father hood aman have over his child so as to create paternal filiation. The man insuch status is a legal father. However, it has to be noted that a legal child afact on the ground. Rather, it could be any person to whom the law attributes paternity over the childf.

Abbummaan akka firiitti kan maddu dhalchuu irraa qofa yoo ta'u akka seeraatti garuu dhalchuu qofa osoo hintaane dhalachuu daa'imaa irraayis madduu ni danda'a. Kunis karaalee gurguddoo sadii irraa dhufuu akka danda'u tumaaleen seera maatii kaahanii jiru. Isaaniis:

- ✓ Abbummaa tilmaama seeraa irraa maddu
- ✓ Abbummaa fedhii irraa maddu
- ✓ Abbummaa mana murtiin murtaa'u / labsamuudha.

Gaafilee Marii

1. Maalummaa abbummaa ilaalchisee garaagarummaan abbummaa akka firiittii fi abbummaa akka seeraatti gidduu jira jettuu? Yoo jira ta'e bu'aan qabatamaa garaagarummaan kun hordofsiisu maaliidha?
2. Heera Mootummaa Federaalaa kwt 36(1(a)) jalatti daa'imni kamiiyyuu mirga abbaafi haadha ofii beekuu akka qabu tumamee jira. SMO kwt. 144 jalatti akka tumametti abbaan mucaadhaa nama biroo ta'uu waraqaan raga dhalootaa kan mul'isu yoo ta'es abbaan daa'imaa dhiirsa haadhaa akka ta'etti tilmaamee jira. Kanarra darbeetis waraqichi bu'uura tilmaama seeraa kanaan sirraa'uu qaba jedha. Tumaan SMO kun tumaa heerichaa waliin walsimaa laata? **Mirga abbaa ofii beekuu** kan jedhu abbaa irraa dhalate jechuu hinfakkaatuu? Tumaan seerichaa immoo abbaa irraa dhalate beeksisuu osoo hintaane ofii isaatii abbaa kan kennuuf hin fakkaatuu?
3. Yeroo ammaa qabatamaan akka hubatamutti haadholiin abbummaa barbaadan abbaa ilma kootiiti jechuun yoo himatan M/Murtiitis yeroo hedduu bu'uruma sanaan abbummaa yoo murteessu mul'ata. Sirni abbummaa mirkaneessuu seera keenya keessatti hammatame namoonni daa'ima namni biroo dhalcheef abbaa ta'uuf akka hindirqamne eegumsi godhe jira jettuu? Yoo jirate hangam gaheedha?
4. Abbummaa mirkaneessifachuu beeksifachuufi dhaaltummaa mirkaneeffachuu gidduu walitti dhufeenyi jiru maalii, walfakkeenyii fi garaagarummaan qaban hoo? Qabatama jirun walibira qabuun ilaalaa?

2.2. Qajeeltoowwanii fi tooftaalee sirna abbummaa mirkaneessuu

Abbummaa mirkaneessuu ilaalchisee falmiiwwan ka'an kan ittiin furaman sirna seeraa of danda'e seerri maatii Oromiyaa kan diriirse ta'uu isaa boqonnaa 1[ffaa] keessatti ilaaluun keenya ni yaadatama. Haata'u malee sirna kana hojii irra oolchuu irratti qabatamaan rakkoon

hanqina hubannoo kan mul'atu ta'uu isaatis seensa boqonnaa ammaa kana keessatti kaasnee jirra. Umaama isaatiin abbummaan dhimma guutumaan guututti beekamu yoo ta'uu baates sirni kun tooftaawwan adda addaa haala sababi qabeessaan nama isa sirrii abbaa ta'uu/jedhamuu danda'u adda baasanii murteessuuf dandeessisan kan hammateedha.

Haata'u malee tooftaalee kanniin gosaa fi tartiiba ykn rogummaa isaanii waliin adda baasanii dhimma barbaachisu irratti raawwachuu irratti qabatamni jiru hanqina akka qabus seensa keessatti kan ibsameedha. Mata duree kana jalattis tooftaalee kanniin rakkoo qabatamaa irratti xiyyeeffachuun dhimmaan deeggarree kan xiinxallu yoo ta'u kallattii furmaataatis agarsiisuuf ni yaalla. Sana dura garuu qabxiin ijoo gamanumaan hubatamuu qabu tokko tooftaan inni kamiiyyuu abbummaa dhiigaa/uumamaa (biological/natural paternity) dhibbaa fi dhibbatti mirkaneessuuf kan gargaaran osoo hin taane **haala sababi qabeessa ta'een tilmaama fudhachiisuu** kan dandeessisan qofa akka ta'eedha. Kunis abbummaa seeraa (legal father) jedhamuun beekama[159].

2.2.1. Abbummaa Tilmaama Seeraan fudhatamu

Seera Maatii Naannoo Oromiyaatiin sirna abbummaa mirkaneessuu ilaalchisee mata duree "waa'ee dhalachuu" jedhuun boqonnaa 9^{ffaa} jalatti kan tume yoo ta'u tooftaalee raawwii isaatis adda baasee diriirsee jira. Haaluma kanaan qajeeltoowwan gurguddoo sadii jalatti tooftaaleewwan kan tume yoo ta'u isaanis, 1^{ffaa} qajeeltoo tilmaama seeraa jalatti tooftaa gaa'ela irratti hundaa'uun abbummaa mirkaneessuu (kwt 142-147), 2^{ffaa} qajeeltoo ilmummaa ofitti fudhachuu jedhu jalatti tooftaa abbummaan fedhiidhaan mirkanaa'u (kwt 148-159) fi, 3^{ffaa} qajeeltoo abbummaa murtiidhaan himuu jedhu jalatti tooftaa haalota adda addaa irratti hundaa'uun abbummaan ittiin mirkanaa'u kaahee jira. Tooftaaleen kunniin akkuma barbaadametti caluma jedhamee tokko irraa tokkotti utaaluudhaan kan hojii irra oolan osoo hin taane qajeeltoowwan ittiin bitaman hordufuudhaan haalaa fi yeroo rogummaa qabu qofa irratti hundaa'uun kan raawwatamaniidha[160].

---

[159]**http://www.chidsupport.wisconsin.gov:** "Paternity" means "legal fatherhood." It is another way of saying thechild's father is the legal parent. The process of making a man the legal father is called "paternity establishment." Establishing paternity (legal fatherhood) allows the father to have his name on his child's birth record.

[160]SMO, kwt 140: tumaaleen seerichaa tooftaalee kanneen diriirsan dirqisiisoo akka ta'an kan tumame waliin walitti haa ilaalamu.

2.2.1.1. Walqunnamtii beekumtii seeraa qabu keessatti kan ulfaa'ame ykn dhalate ilma abbaa warraa ykn dhiira walqunnamtichaati

The well established legal maxim which is invoked in disputes over paternity is Pater est quem nuptiae demonstrant: He is the father whom the marriage indicates. The rights of the child to paternity and legitimacy are protected through a presumption contained in relevant laws.[161]

Tooftaan kun qajeeltoo abbummaa tilmaama seeraa irraa kan maddeedha (SMO kwt 142/1 fi 143). Kunis tooftaan kun hojii irra ooluudhaaf jalqaba walqunnamtiin beekumtii seeraa qabu jiraachuun isaa firii dubbii falmichaa keessa jiraachuu qaba. Karaa biraatiin nama abbaadha jedhamee himatamee fi haadha daa'imaa/himataa gidduu gaa'elli ykn walqunnamtiin gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuu kan ture ta'uun qabxii mirkanaa'uu qabu dha[162]. Kana malees mucichi turtii walqunnamtii kanaa keessatti kan ulfaa'ame ykn dhalate ta'uun isaa qabxii biroo tooftaan kun gaafatu yoo ta'u, haallan kun guutamuun isaanii yoo hubachiifame abbaan warraa ykn namichi walqunnamtii gaa'elaan alaa keessa haadha mucaa waliin ture abbaa akka ta'e tilmaamni seeraa ni fudhatama[163].

Akkaataa olitti ibsameen tooftaan kun haalota qajeeltoon isaa gaafatu hunda guutee yoo mirkaneesse abbummaan tilmaama seeraa kan fudhatamu yoo ta'u, waraqaa ragaa dhaloota mucichaa ykn sanada biroo irrattis abbaan mucichaa nama biroo ta'uun kan ibsame yoo ta'es tilmaamicha diiguun hin danda'amu, abbaan mucichaa bu'uura tilmaama fudhatameen waraqicha ykn sanadicha irrattis akka sirraa'u taasifamuu qaba (SMO kwt 144(2 fi 3)). Akkasumas abbummaa bu'uura tooftaa kanaan mirkanaa'e mormuun kan danda'amu bu'uura *sirna abbummaa haaluu* jedhuun SMO boq, 9^{ffaa} kutaa 4^{ffaa} kutaa xiqqaa 2^{ffaa} kwt 184-196 jalatti diriireen himata haaluu dhiyeessuu qofaan akka ta'es seerichi kwt 184 jalatti qajeeltoo bu'uuraa tumee jiru akka armaan gadiitti mata duree isaa jalatti kan ilaallu ta'a jira.

Gaaffii Marii

Daa'imni gaa'elli hundaa'ee baatii lama booda yoo dhalatee tilmaamni abbummaa ni fudhatamaa?

---

[161]Flavia Agnes (2011) Marriage, Divorce and Matrimonial Litigation, Family Law, Vol. 2 p. 129

[162]Moojulii "Seera Maatii; Gaa'elaa fi Hiikkaa isaa" jedhu boqonnaa 2ffaa keessatti walqunnamtiiwwan kun maal akka ta'anii fi akkamitti akka raawwataman akkasumas bu'aa maal fa'a akka hordofsiisan ilaalamee jira. Bu'aawwan kana keessaa tokko daa'ima horachuu ta'uu danda'a.

[163]SMO kwt 142, 143 fi 145 walitti haa ilaalaman: Ta'us guyyaa dhaloota mucichaa irratti falmiin yoo ka'e daangaan tilmaama yeroo turtii ulfaa seerichaan kwt 145 jalatti tumame kan raawwatamu ta'a. Kunis walqunnamtichi raawwatamee guyyoota 180n booda ykn diigamee guyyoota 300 keessatti mucaan dhalate walqunnamticha keessatti akka ulfaa'ametti tilmaamama. Asirratti bu'uura tilmaama kanaatiin namni abbaadha jedhame dhuguma abbaa mucicha dhalche (biological father) ta'uu dhiisuu akka danda'u haa hubatamu. Seera duratti abbaadha yoo jedhames dhiigaan abbaan mucuchaa nama biraa ta'uu ni mala.

2.2.1.2. Himanni Haaluu Eenyuun, Akkamitti Fi Yoom Akka Dhiyaatu

Tilmaama seeraatiin namni abbaa dha jedhamu tokko himannaa haaluu dhiyeessuudhaan abbummaa isaa mormuun kan danda'amu dha. Bu'uuraan namni tokko abbaa ykn haadha tokko irraa dhalachuu isaatiif Mana Murtiidhaan akka mirkanaa'uuf himannaa dhiyaatu mormuun kan danda'amu sirna diriiree jiruun qofa dha. Karaa abbaa waan jiru mormuun kan danda'amu himannaa haaluu ykn falmiin yeroo ka'utti ta'uu isaa tumaalee SMNO kwt 184 hanga 196 tti jiranirraa kan hubatamu dha. Gaaffii himannaa haaluu eenyutu dhiyeessuu danda'a gaaffii jedhuuf seerichi eenyu akka dhiyeessuu danda'u tarreessee kan jiru dha. Tumaalee SMO kwt 191 fi 193 irraa hubachuun kan danda'amu himannaa haaluu kan dhiyeessu nama abbaa dha jedhameen yoo ta'u inni yoo du'e ykn dandeettii yoo dhabe immoo namoota seerichaan tarreeffaman akkaataa wal duraa duuba isaaniitiin himannaan haaluu akka dhiyeessuu danda'an SMNO kwt 194 jalatti teechifameera. Namoota seerichaan tarreeffamaniin alatti himannaa haaluu dhiyeessuun kan hin danda'amne ta'uu tumaa kanarraa kan hubatamu dha. Himannaa haaluu dhiyeessuu namoonni danda'an hundi akka barbaadaniin lafaa ka'uun mucaan dhalate na hin fakkaatuudhaan himannaa haaluu dhiyeessuu hin danda'an. Asirratti ulaagaan himannaa haaluu dhiyeessuuf taa'e kan biraan dursanii haayyama mana murtii argachuu kan barabaadu ta'uu isaati. Manni Murtii illee waan haayyamni gaafatame qofaaf kan haayyamu osoo hin taane haaloota seerichaan kwt 188(2) fi 189 keessatti tarreeffaman jiraachuu qabu. Kunis, tilmaamni sammuu ykn mallattoon cimaan ragaa quubsaa fi amansiisaa ta'e irraa maddu yoo jiraate qofa dha. Tilmaamni sammuu fi mallattooleen cimaa dha kan jedhamanis abbummaa nama muchichi keeti jedhame wajjiin kan wal hin simne ta'uu isaanii beekumsa saayinsiitiin addaan bahanii kan mull'atan ragaalee qabatamaa dhiyeessuudhaan ta'uu danda'a.

Tilmaama seeraatiin namni abbaadha jedhame tokko abbaa ta'uu akka hin dandeenye haala olitti ibsameen ykn sadarkaa amansiisuu olitti seerichi kaaheen mirkaneeffachuun haaluu akka danda'u kan hubachiisu dha. Himannaa haaluu garuu dhiyeessuuf haayyamni MM haal duree akka ta'e hubatamuu qaba.

Himannaan haaluus yoom dhiyaata kan jedhuuf seerichaan daangaan yeroo kan teechifamee jiru ta'uu SMNO kwt. 193 irraa kan hubatamu dha. Himannaa haaluu dhiyeessuun kan danda'amu dhalachuu mucaa erga beekee kaasee ykn beekuu yeroo qaburraa kaasee guyyoota 180 keessatti dhiyaachuu akka qabu kan hubachiisu dha. Keessattuu ''…guyyaa beekuun irra jiru irraa kaasee…'' gaaleen jedhu kan agarsiisu guyyaa dhalachuu muchichaa

beekuun irra jiru irraa kaasee akka ta’e qabiiyyee keewwatichaa irraa kan hubatamu dha. Gaa’ila keessatti mucaa dhalate abbaan mucichaa abbaa manaa haadha mucichaa akka ta’e tilmaama seeraan fudhatamu tokko himannaa haaluu dhiyeessuudhaaf ulaagaawwan seerichaan taa’an yoom akka dhiyaachuu akka qabu seerichaan sirni diriiree jiru kun hunduu kan hubachiisu, namni kamuu lafaa ka’ee yeroo barbaadutti sababa barbaadu dhiyeessuudhaan himannaa haaluu akka hin dhiyeessineef eegumsa cimaa seerichi gama kanaan taasise kan hubannu dha.

Tumaan seerichaa haala dirqisiisaa ta’een tumamuun isaa fi eegumsi cimaa seerichaan taasisuun sababiin barbaachiseef ijoolleen maatii isaan uummateen sababa fudhatamummaa hin qabaanne tokkoon haalamanii maatii malee akka hin hafneef rakkoo hawaasummaa adda addaa keessatti akka hin kufneef, rakkoon dinagdeef akka hin saaxilamneef wal amantee dhabuu maatii gidduutti uumamu irraan kan ka’e rakkoo hawaasummaa uumamuun miidhaa qaqqabu hambisuuf sirreessuuf sirna uumame akka ta’etti kan amanamu dha.

Himannaa haaluu dhiyeessuuf yeroon seerichaan taa’e guyyaan 180’n darbinsa yeroo akka ittisaatti dhiyaachuu danda’u dha moo dhorkaa seerichaan taa’ee jiru dha? Waantoonni kun lamaan bu’aan seeraa isaan hordofsiisan adda adda waan ta’eef kaasanii ilaaluun barbaachisaadha. Guyyaan 180 kun darbinsa yeroo dha kan jedhamu yoo ta’e akka ittisaatti himatamaan kaasuun kan isarraa eegamu ta’a, kaasuudha yoo baate akka dhiisetti fudhatamee dhimmicha ilaaluun kan itti fufu ta’a.[164] Darbinsa yeroo manni murtii kan ofiin kaasuu hin dandeenye akka ta’es seera Hariiroo Hawaasaatiin kan tumamee jiru dha.

Karaa biraatiin garuu guyyaan 180’n kun daangaa seeraan akka dhorkaatti kaahe dha kan jennu yoo ta’e, himannaa haaluu yeroo kaahame kana dabarsee dhiyaate himatamaan mormuu danda’a yoo mormuu baate illee manni murtii ofiin kaasuun tarkaanfii rogummaa qabu fudhachuu danda’a.

MMWF Dh.Ij.[165] hiikkoo kennee jiruun daangaa yeroo seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa keessa taa’anii jiran falmitootaan kaafamuu baatu illee, manni murtii kaka’umsa mataa isaatiin kan kaasuu qabu yoo ta’u; daangaa yeroo seera hariiroo hawaasaa keessatti taa’anii jiran garuu falmitoonni akka ittisaatti ofiin yoo kaasuu baatan manni murtii kaka’umsa mataa isaatiin kaasuu hin danda’u jechuun hiikkoon kenne jira. Hiikkoon dirqisiisaa kenname kun jiraatu illee ogeeyyiin gama kanaan jiran daangaan yeroo seera hariiroo hawaasaa keessa taa’e mataa isaatiin iddoo lamatti qoodamee akkaataa seerichaan bocamaniin ilaalamuu qabu kanneen jedhan jiru. Fkn’f jedhu, seerichaan ‘‘yeroo akkasii

[164] SHH kwt 1856(2) fi SDFHH kwt 244 ilaallata.
[165] Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 17361

keessatti yoo dhiyaachuu baate darbinsa yerootiin hafaa ta'a'' kan jedhu seera baastuun fayyadameera yoo ta'e falmitootaan akka ittisaatti yoo ka'uu baate manni murtii ofiin kaasuu hin danda'u; gama biraatiin seerichaan ''yeroo akkasii keessatti dhiyaachuu qaba'' kan jedhu seera baastuun fayyadameera yoo ta'e haala dirqisiisaa ta'een tumame waan ta'eef falmitootaan ka'uu baatus manni murtii kaka'umsa mataa isaatiin kaasuu qaba ejjannoo jedhu tarkaanfachiisu.[166]

Haala wal fakkaatuun SMO kwt. 193 jalatti, mucaan kiyya miti kan jedhuhimanni haaluu dhalachuu mucichaa guyyaa beekee ykn beekuu qaburraa kaasee guyyoota 180 keessatti dhiyaachuu qaba jechuun tumamee jira. Haalli itti daangaan yeroo seerichaan taa'e haala dirqisiisaa ta'een seerichaan tumamee jira waan ta'eef falmitoonni ofiin kaasuu baatan illee manni murtii ofiin kaasuu danda'a moo miti kan jedhu leenjifamtoonni caalaatti mariin kan gabbisan akka ta'uuf gaaffii marii keessatti kan ilaalamu ta'eera.

Gaaffiilee Marii

1. SDFHH kwt 244(2,C) jalatti akka mormii sadarkaa duraatti mormii ka'uu danda'an jedhamee tarreeffame keessaa tokko seerichaan addatti himannaa dhiyeessuuf haayyama Mana Murtii dursee barbaada yoo ta'ee fi kun osoo hin guutamiin himannaan yoo dhiyaate akka mormii sadarkaa duraatti akka ka'uu danda'u tumamee jira. Mormii sadarkaa duraa tarreeffaman keessaa haala addaatiin murtii haqaa kennisiisuu kan hin dandeenye yoo ta'een ala mormicha gareen kaasuu qabu jalqaba yoo kaasuu baate boodarra kaasuu akka hin dandeenye ykn mormii kana akka kaasuuf fedhii hin qabaannetti ykn akka dhiisetti kan lakkaa'amu ta'uu tumamee jira. Himannaa haaluun wal qabatee himannaa haaluu dhiyeessuuf dursee haayyama mana murtii argachuu akka qabu olitti ilaallee jirra, haayyama osoo hin arganne himannaa haaluu dhiyaate garee biraatiin mormiin yoo hin kaane Manni Murtii ofiin kaasuu hin danda'u jettuu?
2. Seerri maatii sirna deemsaa dhimma maatiif mijataa ta'e hanga tokko of keessaa kan qabu yoo ta'e illee, gaaffiiwwan deemsaa hundaaf deebii ni kenna jedhamee hin yaadamu. Kanaaf, seerri deemsaa seera maatii keessatti hammatamanii jiran akka eegamanitti ta'ee, seerri deemsa Falmii Hariiroo hawaasaas raawwatinsa ni qabaata. Haala wal fakkaatuun SMNO kwt 121 jalatti Seera Maatii naannoo Oromiyaatiin tumaaleen adeemsaa tumaman akka eegamanitti ta'anii, dhimmoota seera kanaan

[166] Mehaarii Radaa'I (1999) seera Maatii Federaalaa Fooyya'e irratti.

ilaalaman irratti falmiiwwan ka'aniif tumaaleen SDFHH Itoophiyaa fi kan mootummaa Naannichaa raawwatamummaa ni qabaatu jedhu faana yoo ilaalle, himannaa haaluu dhiyeessuuf haayyamni mana murtii dursee jiraachuu dhabuu akka Manni Murtii ofiin hin kaafne taasisaa?

3. Darbinsa yeroo himannaa haaluu dhiyeessuuf SMO keessatti tumamee jiru manni murtii ofiin kaasuu danda'aa?
4. Himannaa haaluu dhiyeessuuf yeroo hunda haayyama mana murtii dursee argachuun kan barbaachisu dha jettuu? Himannaa haaluu dhiyeessuuf haaloonni haayyama mana murtii dursanii argachuu itti hin barbaachifne jiraa?

Dhimma qabxii olitti kaasneef rogummaa qabu tokko asitti kaasnee ilaaluun barbaachisaa waan ta'eef akka armaan gadiitti qindaa'ee dhiyaateera.
Dhimmi Kun Mana Murtii Godina Wallagga Bahaatti aanaa Haroo Limmuutti dhiyaatee galmee lakk 02804 ta'e irratti murtii argatee jiru dha.

Himattuun himannaa gaafa 09/04/2005 barreeffameetiin, waamamaa waliin gaafa 13/03/2005 wal-fuudhanii wajjin jiraataa otoo jiranuu waamamaan gaafa 30/03/2005 manaa ari'ee balbala qollofee waan nyaatuuf dhugdu dhabdee rakkachaa waan jirtuuf himatamaan isa kanaan duraa ishee rakkisaa turetti gaafatamee seera abbaa manaa fi haadha manaatiin akka waliin jiraatan akka naaf ta'u jechuun seerummaa gaafatte.

Himatamaan immoo deebii gaafa guyyaa 16/03/2005 barreeffameetiin iyyattuu waliin guyyaa gaafa 13/03/2005 wal-fuudhuun keenya dhugaadha. Haata'u malee,guyyaa gaafa 30/03/2005 anatu manaa ari'e otoo hin taane isheetu nagattee mana warra ishee gallaan agabuun rakkachaa jira. Gara fuul-duraatti himattuu waliin jiraachuu waan hin barbaanneef gaa'illi keenya akka addaan citu jechuun deebii kennee jira. Falmii afaanii irrattis iyyattuun mana kootitti na deebisee akka waliin jiraannu akka naaf murtaa'u jechuun kan gaafatte yemmuu ta'u, himatamaan immoo gaa'illi akka diigamu gaafatee jira.

Manni Murtichaas bitaa fi mirgi akka araaraman jaarsatti erga qajeelchee booda araaramuu waan didaniif yeroo itti yaaduu kennee guyyaa bu'aan itti yaaduu eeguuf beellamame gaafa 12/06/05 oolerratti waamamaan iyyattuu waliin jiraachuu kan hin barbaanne ta'uu yoo ibsu, waamamtuun immoo mucaa ji'a 1 baadhee mana warra kootitti rakkachaa waan jiruuf mucaa akka narkaa fudhatu jettee jirti. Manni murtiis dhaaddacha gaafa guyyaa 19/06/05 ooleen bitaa fi mirgi Mucaa Ibsaa Shimallis umurii ji'a 1 fi turban 3 kan ta'e kan waliin qaban ta'uu

waan hubatameef hanga yeroon itti yaaduu jiini 2 xumuramutti himatamaan qallaba mucaa qar.200 harka iyyattuuti akka kaffalu murteessee jira. Sana booda akkuma yeroon itti yaaduu xumurameen dhaaddacha gaafa guyyaa 08/09/05 ooleetiin gaa'ila bitaa fi mirgaa murtiin diiguudhaan, qallaba mucaa ilaalchiee himatamaan/abbaan mucaa/ hojjetaa mootummaa waan ta'eef Caamsaa 2005 irraa eegalee ji'a ji'aan qar.200 harka iyyattuuti akka kaffalu jechuun murteesseera.

Booda himatamaan duraa Ob. Shimallis Abbabaa himannaa haaluu galmee lakk. 06889 ta'e irratti gaafa 7/09/2010 dhiyeesseen, himatamtuu Ad.Malkee Bayyanaa irratti himannaa hundeesseen ammaan dura gaafa 13/03/2005 wal-fuunee torban sadii qofa waliin jiraannee gaa'illi keenya gaafa 8/9/2005 galmee 02804 irratti diigamee jira. Haata'u malee himatamtuun otoo natti hin heerumin ulfa baattee dhuftee natti heerumtee deesse, mucaa kan koo ta'uun otoo seeraan natti hin murtaa'in, ykn otoon ofitti hin fudhatiin, himattuunis yemmuu diiggaa gaa'ilaa gaafattu waa'ee mucaa waliin qabna jettee otoo hin kaasin, himata fi deebii keenya irratti otoo waliin hin falmin akka waan mucaan kan koo ta'etti maqaa kootiin moggaafamee waamamaa jira. Akkaataa SMO kwt.145 fi 145(2)tiin gaa'illi hundeessinee guyyaa 180 booda yoo dhalate malee fudhatama hin qabu. Galmee 02804 irratti otoo falmii diiggaa gaa'ilaa irra jirruu umuriin isaa ji'a 1 fi torban sadi jedhamee dhaaddacha gaafa 19/6/2005 ooleen galmaa'ee jira. Kunis, erga gaa'ila keenya guyyaa gaafa 13/03/2005 hundeessinee booda ji'a lama otoo hin guutiin mucaan kan dhalate ta'uu agarsiisa waan ta'eef, abbummaan mucaa kanaa akka narraa haqamu jechuun himannaa haaluu dhiyeessaniiru.

Himatamtuun immoo deebii gaafa 14/09/2010 barreeffameetiin himatamaan yeroo diiggaan gaa'ilaa taasifamutti mucaa jedhame waliin qabaachuu hin falmine isa jedhu sirriidha. Mucaan kan isaa ta'uu beekee erga bara 2005 eegalee har'a waggaa shan qallabaa jiraachuun isaa sirriidha. Mucaan kun kan isaa miti otoo ta'e yeroo sanatti qallabni mucaa yemmuu itti muramutti ol iyyata fudhachuu otoo danda'uu mucaan isaa ta'uu beekee qallabaa turee har'a abbummaan mucaa narraa haaqamu gaaffiin jedhu fudhatama hin qabu. Mucaa kana himataa kanatu narraa godhate malee nama biraaf kanin dahe miti, himataan gaa'ilaan duratti na dirqisiisee gudeedee jennaan yakkaan himadhee jennaan sirriidha natu gudeede jedhee jaarsa natti baasee jennaan ergasii gaa'ila hundeessuun keenya sirriidha waan ta'eef abbummaan isaa beekamee qallaba gahaa akka naaf kaffalu jechuun kaasteetti.

Falmii afaanii taasisaniitiin himataan, galmee duraanii irratti qallabni ani kaffalaa ture seeraan ala dha. Dhimmi abbummaa otoo natti hin murtaa'iin galmee duraanii irratti ol iyyata gaafachuun narraa hin eegamu, ani himatamtuu dirqisiisee gudeedee hin beeku jechuun iyyata isaanii cimsuun kan falman yoo ta'u; himatamtuunis, himataan duraan hin falmine, abbaa mucaa ta'uu beekee qallaba abbummaa itti murtaa'e kaffalaa ture, galmee duraanii irrattis ol iyyata hin gaafanne jechuun falmanii jiru.

Manni Murtichaas xiinxala taasiseen, galmee lakk, galmee duraanii keessatti yeroo himanni diiggaa gaa'ilaa dhiyaatu mucaan hin dhalanne, himata fi deebii irratti waa'een abbummaa mucaa hin falmine. Waliin qabaachuuf dhiisuu irratti himata fi deebii duraanii keessatti wanti ifaan taa'e hin jiru, haata'u malee galmee lakk,02804 ta'erratti dhaaddacha gaafa 19/6/2005 ooleen mucaa baatii 1 fi torban 3 waliin qabaachuu isaanii qofti kan galmaa'ee dha. Kanaaf, diiggaa gaa'ilaa gaafa 8/9/2005 taasifame keessatti waa'een abbummaa mucaa falmii keessa hin turre. Mucaan jedhame gaa'ilaan duratti gudeedamee gaa'ila keessatti dhalate kan jedhu ragaan ibsu hin jiru. Kanaaf gaa'illi bitaa fi mirgaa gaafa 13/03/2005 hundaa'ee ji'a lama otoo hin guutiin mucaan dhalate bu'uura SMO kwt.145tiin gaa'ila keessatti ulfaa'ame hin jechisiisu waan ta'eef, mucaan jedhame kan himataa kanaa miti jechuun abbummaa mucaa haqaniiru.

Gaaffiilee Marii

1. Himannii Haaluu yoom dhiyaata? Himannaa haaluu dhiyeessuuf haal dureewwan seerichaan taa'an guutamuu qaban maal fa'aa mirkaneeffachuun irra ture?
2. Dhimmi kun dhimma yeroo lama dhiyaatee ilaalame dha waanti jechisiisu jiraa? Haala kamiin?
3. Himatamtuun ammaa abbummaan murtiidhaan akka himamuuf gaafachuun isheerra jiraa?
4. Himannaa haaluu dhiyeessuuf darbinsa yeroo SMO kwt 193 jalatti ibsame himatamtuun osoo kaasuu baatte Manni Murtichaa ofiin kaasuu danda'a jettuu?

Dhimma biraa MM Federaala keessaa ka'e tokko dabalataan haa ilaallu, Ka'umsi dhimmichaa MMSD Federaalaatti kan dhiyaate yoo ta'u, Waamamaan ammaa iyyannoo isaa dhiyeesseen, du'aan Ob. Zawudee Besufiqaad haadha isaa deesse Ad. Admaaswarq Xilaahuniin gaa'ila seeraan beekumtii qabu keessa yeroo turanitti kan dhalate ta'uu ibsee, ilma Ob. Zawdee Besufiqaad ta'uun isaa akka mirkanaa'uu fi dhaaltuu ta'uun isaa

murtiidhaan mirkanaa'ee akka ragaan kennamuuf iyyateera. MMSDF waamamaan ammaa ilma Ob. Zawdee ta'uu isaa akkasumas dhaaltuu ta'uu isaa ragaadhaan qulqulleessee murtii kenneera. Kana booddee Iyyattoonni ammaa iyyata Mormii dhiyeessaniin du'aan Ob. Zawdee Besuufiqaad bara 1940 barnootaaf biyya Ameerikaa deemanii waggaa torbaaf kan turan waan ta'eef bara 1945 waamamaa ammaa dhalchuu hin danda'ani, kana malees du'aan ijoolleen isaa iyyattoota 2ffaa 3ffaa fi 4ffaan ala kan biraa hin qabu. Kana ta'uu du'aan dhaamoo gaafa 18/05/1990 taasiseen kan mirkanaa'u dha waan ta'eef murtiin waamamaan ilma Ob. Zawdee Besufiqaadi jedhamee murtaa'e akka haquuf gaafataniiru. Waamamaanis gama isaatiin du'aan bara 1944 haadha manaa isaa jechuunis haadha waamamaa gaafachuuf biyya Ameerikaatii akka dhufe yeroo sanatti akka ulfaa'ame ibsuun falmeera. Kana malees, Iyyattoonni haati kiyya haadha manaa Ob. Zawdee Besuufiqaad ta'uu ishee waan haalan hin qabani jechuun falmeera. MMSDF mormiin dhiyaatefis ragaa bitaa mirgaa dhaggeeffate madaaluun sababiin murtiin duraa itti haqamuuf hin jiru jechuun murtii kenneera.

Iyyattoonni ammaa murtii kana komachuun MMO Federaalaatti dhiyeeffatan illee Manni Murtichaas iyyata dhiyaate kufaa godheera. Komii isaanii MMWF Dh.Ij dhiyeessaniin waamamaan jalqaba du'aan Ob. Zawdee Besufiqaad yeroo biyya Ameerikaa jiranitti akka dhalatan kaasanii iyyatanii, booda immoo jijjiiruun du'aan biyya Ameerikaatii boqonnaaf yeroo dhufetti akka ulfaa'ame fi akka dhalate ibsee dhiyeesse MM fuudhee murtii kennuun isaa hanqina ta'uu, du'aan Ob. Zawdee Bessuufiqaad waamamaa gargaaruuf ykn guddisuuf yaaliin inni taasise jiraachuu isaa osoo hin mirkaneeffanne ta'uu, hundaa olitti immoo dhaamoon du'aan taasise waamamaan akka ilma hin taane ragaa gahaa fi amansiisaa ta'ee osoo jiruu murtiin waamamaan ilma dha jechuun murtaa'e dogoggora bu'uura seeraa qaba jechuun komataniiru.

MMWF Dh.IJ.[167] gama isaatiin, gaa'illi seeraan ragga'e yeroo jirutti mucaa dhalateef abbaan, abbaa manaa haadha mucaa sanaa akka ta'e tilmaama seeraan fudhatamu ta'uu isaa, haati waamamaa immoo du'aa Ob. Zawdee Bessuufiqaad wajjiin gaa'illi seeraan ragga'e isaan gidduu akka hin jirre waanti haalanii falman hin jiru waan ta'eef abbaan waamamaa du'aa akka ta'e tilmaama seeraan fudhatamu dha. Waamamaan ilma Ob. Zawdee Bessuufiqaad akka hin taane mirkaneessuun kan danda'amu sababiiwwan tumaa seeraa Maatii Federaalaa kwt 144 jalatti tarreeffan dhiyeessuun osoo hin taane himannaa haaluu dhiyeessuu qofaani, gareen himannaa haaluu dhiyeessuu danda'anis seerichaan ifatti tarreeffamee jira, bu'uura kanaan haati iyyattoota 2ffaa 3ffaa fi 4ffaa himannaa haaluu dhiyeessuu siruma hin

[167] Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 40624 ta'een Iyyattoota Ad. Mabraat Taaddasaa N4 fi waamamaa Ob. Eefreem Zawdee gidduutti murtii kenname dha. (Jildii 10ffaa)

dandeessu, dhaamoon du'aan taasisaniiru jedhames ilma ta'uu dhabuu waamamaa mirkaneessuuf ragaa gahumsa qabu ta'uu seeraan waanti teechifame fi dirqisiisu hin jiru jechuun murtiin Mana Murtii jalaatiin kenname dogoggora kan hin qabne ta'uu ibsee murteesseera.

Gaaffiilee Marii

1. Gaa'ila seeraan beekumti qabu keessattan dhaladhe namni jedhu tokko ilmummaan koo naaf haa mirkanaa'u iyyannoo jedhu yoo dhiyeesse dhimma Manni Murtii fuudhee keessummeessuu danda'u dha? Sadarkaa firii dubbiitti maaltu mirkanaa'uu qaba?
2. Yeroo kaadhimmachuu keessatti wal qunnamtii uumameen mucaa dhalateef abbummaan bu'uura kamiin murtaa'a jettu?

Akkuma olitti ibsuuf yaalame, manni murtii himannaa haaluu akka dhiyaatuuf haayyama waan gaafatame qofaaf haayyama kenna jechuu miti. Bu'uura sirna abbummaa haaluutinis himanni haaluu dhiyaatu hundee godhachuu kan qabu haallan bu'uuraa tilmaama abbummaa fudhachiisuu dandeessisan kun kan hin jirre ta'uu hubachiisuu yoo ta'e malee duuchamatti abbaadha jedhamuu qofaa kan mormu taanaan hin hayyamamu[168]. Kallattiinis himanni haaluu hayyama argachuudhaaf ijoon irratti hundaa'uu qabu 1^{ffaa} yeroo ulfaa'amuu ykn dhaloota mucichaatti haadha mucaa waliin walqunnamtii seeraa beekumtii qabu kan hin qabne ta'uu (no regular or irregular union with the mother at the time of conceiption or birth of the child) agarsiisuu ykn, 2^{ffaa} walqunnamtichi yoo tures mucichi kan ulfaa'ame yeroo turtii ulfaa'amuu mucichaa seerichi kwt 145 jalatti tilmaama kaahe keessatti akka hin taane hubachiisuun ta'a[169].

[168] SMO kwt 184 fi 188 walitti yemmuu dubbifaman: abbummaa tilmaama seeraan mirkanaa'e mormuun kan danda'amu himata haaluu dhiyeessuun qofa(kwt 184) yoo ta'u himanni haaluu immoo kan dhiyaatu manni murtii yoo hayyame qofaadha(kwt 188)

[169] , daangaan yeroo kunis bu'uura kwt 185 fi 186n akka ibsametti mucaan tokko ulfaa'amee hanga dhalatutti guyyoota 300 (ji'oota 10) giddugalaan kan turu akka ta'e saayinsiin hormaata ilma namaa kan mirkaneessu waan ta'eef kallattiidhaan guyyaan mucichi itti ulfaa'ame guyyaa itti dhalate irraa gara duubaatti guyyaa 300^{ffaa}tti ta'a. Haala kanaan guyyaan kun herreegamee guyyaa ulfaa jedhame sanatti walqunnamtii saalaa haadha mucichaa waliin kan hin raawwanne ta'uu mirkaneessuu irrattiidha himanni haaluu kan bu'uura gochuu qabu. Kunis abbummaa tooftaa tilmaama seeraan ykn murtiin mirkanaa'e haaluuf kan gargaaru yoo ta'u , abbummaa tilmaama seeraan mirkanaa'e mormuudhaaf himanni haaluu dhiyaatu garuu bu'uura kwt 145n walqunnamtichi guyyaa raawwatame/uumame irraa kaasee guyyoota 180 itti aanan keessatti walqunnamtii saalaa haadha wajjiin kan hin raawwatin ta'uu hubachiisuu qaba(kwt 145(1) fi 185(1)). Ykn immoo gaa'elichi diigamee guyyoota 300 booda mucichi dhalachuu hubachiisuunis ni danda'ama, kun immoo daa'imichi kan ulfaa'ame walqunnamtichaan alatti akka ta'e waan mirkaneessuuf.

Fakkeenyota haallan kanaaf seerichi kaahe keessaa guyyaa ulfaa'amuu daa'imichaa haala shakkii uumuun haati kan dhoksite ta'uu ykn eega himanni hiikkaa dhiyaate[170] boodaa fi murtiin hiikkaa hanga kennamutti walfuutonni adda adda bahuun kan jiraatan yoo ta'e yeroo kana keessatti walqunnamtiin saalaa isaan gidduutti akka hin raawwatamin seericha tilmaama[171] waan fudhatuuf guyyaan ulfaa'amuu mucichaa guyyoota dhiyaachuu himata hiikkaa fi kennamuu murtii hiikkaa gidduu jiran keessatti yoo ta'e haallan kunniin manni murtichaa himata haaluu dhiyaate hayyamuudhaaf madaalliiwwanii fi mallattoowwan cimaa bu'uura godhatuudha[172].

Asirratti qabxiin tarii ka'uu danda'u tokko mucaa abbaan isaa tilmaama seeraatiin beekame tokko namni biroo immoo kan kooti, anatu dhalche jechuun gaaffii yoo kaase akkamitti ilaalamu akka qabuudha. Qabxii kana walitti bu'iinsa abbummaa ilaalchisee mata duree biroo jalatti armaan gaditti kan itti deebinu ta'uu gamanumaan ibsaa walumaa galatti bu'uura tooftaa isa jalqabaa kanaan abbummaa mirkaneessuun kan hin danda'amne yoo ta'e ykn akkaatuma dhufaatii dhimmichaa irraa tooftaan kun kan rogummaa hin qabne ta'uun yoo hubatame tooftaalee isaan birootti darbuun dirqamaadha. Kun yoo jedhamu abbummaa bu'ur tooftaa kanaan altokko mirkanaa'e tooftaalee biroo abbummaa mirkaneessaniin faallessuun akka hin danda'amne hubachuun gaariidha.

Bu'uura tooftaa kanaatiin sirnicha hojii irra oolchuun falmii abbummaa furuu irratti rakkoon bal'inaan mula'tu gaa'elaan alatti akka dhiirsaa fi niitiitti walqunnamtii uumamuun daa'ima ulfaa'amu ykn dhalatuuf abbummaa beekuu irratti yoo ta'u, kunis walqunnamtii gaa'ela osoo hin raawwatin akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuu fi hiriyyummaan waliin jiraachuu giddii garaagarummaa bu'uuraa jiruu fi bu'aa garaagarummaan kun gama abbummaa mirkaneessuutiin hordofsiisu of-eeggannoon adda baasuu dhabuun abbummaa dogongoraa murteessuudha.

Asirratti gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuun walqunnamtii beekumtii seeraa qabu yoo ta'u[173], daa'imni walqunnamtii kana irraa ulfaa'amu ykn dhalatu

[170] Himanni hiikkaa dhiyaate waliigalteedhaan ykn gaaffii dhuunfaan ta'uu danda'a.
[171] , SMO kwt 186(1) : haata'u malee gidduu kanattis walfuutonni walqunnamtii saalaa raawwachuu isaanii ragaa kamuu dhiyeessuun tilmaamicha faallessuun ni danda'ama(kwt 186(2)).
[172] , SMO kwt 189. Kanaan alatti haati mucichaa gocha sagaagaltummaa raawwachuu ishee ykn abbaan mucichaa nama biroo ta'uu isaa jechi amantaa kennitu yoo jiraates qofaa isaatti b/ra kwt 189n sababii cimaa ta'uu hin danda'u (kwt 190).
[173] ,SMO boqonnaa 8, kwtota 128-129: Walqunnamtichi haala ittiin uumamuu fi bu'aawwan hordofsiisu akkasumas akkaataa addaan itti citu tumuudhaan seerichi beekumtii laateefii jira.

ilaalchiseetis waa'een abbummaa bu'uura sirna abbummaa mirkaneessuu kanaan kan mirkanaa'u akka ta'e seerichi ifaan tumee jira[174]. Bu'uruma kanaan yeroo daa'imichi ulfaa'amu ykn dhalatu namni haadha daa'imichaa waliin walqunnamtii kanaan jiraatu abbaa daa'imichaa akka ta'e tilmaamni kan fudhatamu ta'uu isaa seerichi kwt 147 jalatti ifaan kan kaahe yoo ta'u kunis gaa'elaan kan walfakkeessuudha.

Hiriyyummaan waliin jiraachuun garuu walqunnamtii seeraan beekamu akka hin taanee fi daa'imni irraa ulfaa'amu ykn dhalatus haadha malee nama biroo hariiroo abbuummaa seeraan beekamu waliin qabu akka hin qabnes seerichi kwt 139(1) fi (2) jalatti kan tume waan ta'eef walqunnamtiiwwan kun lameen garaagarummaa guddaa kan qaban ta'uun hubatamuu qaba.
Rakkoon qabatamaa jirus haallan kana osoo hin hubatin/adda baasuun hin qulqulleessin nama hiriyyummaan haadha daa'imaa waliin ture caluma jedhanii bu'uura tilmaama seeraa kanaan abbaadha jechuun kan murtaa'aa jiru ta'uu isaati. Flmiin abbummaa hariiroo akkanaa keessatti ka'u bu'uura tooftaalee birootiin (abbummaa fedhiin beekamu ykn murtii mana murtiin murtaa'u) yoo mirkanaa'e malee tasumaa tooftaan olitti ka'e kun raawwatiinsa hin qabu. Rakkoo kanas qabatamaan deeggaruudhaaf dhimma tokko asitti haa ilaallu.

Dhimma MMOl'aanaa G/Baaleettii oli'yannoon[175] ilaalame yoo ta'u, MMAanaatti himata abbummaa D/kennituun ammaa dhiyeessiteen ol'iyyataan sin fuudha jechuun hiriyyummaan osoo waliin jiraatan gaa'ela osoo hin raawwatin walqunnamtii saalaa ol'iyyataa waliin raawwachaa turuu fi sababa kanaanis ol'iyyataa irraa daai'ma eega ulfoofte booda ol'iyyataan kan waakkate ta'uu ibsuudhaan ol'iyyataan abbaa daa'imichaa akka ta'e murtiidhaan akka beekamuuf gaafatteerti.
Ol'iyyataan immoo deebii mana murtii Aanaa kanatti kenneen osoo D/kennituudhaan osoo wal hin fuudhiin hiriyyummaan waliin turuu fi yemmuu kanattis walqunnamtii raawwachuu yoo amanes rakkoo uumamaan firii dhiirummaa isaa mudateen dhalchuu akka hin dandeenye eeruudhaan abbaa daa'imichaa ta'uu akka hin dandeenye mormee jira. MMAanichaatis raga birootiin dhimmicha osoo hin qulqulleessin ol'iyyataan abbaadha jedhee kan murteesse yoo ta'u, murtii kenneefis sababiin bu'uura godhate:

---

[174] , SMO kwt, 134: abbummaan daa'imichaa seericha "waa'ee dhalachuu" boqonnaa jedhu jalatti tumaalee jiraniin mirkanaa'a.
[175]Galmee Ol'iyyannoo lakk, Mana Murtii Ol'aanaa G/Baalee,(2003): Leenjifamtoota leenjii hojii irraa dheeraa marsaa 4[ffaa] leenjii seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa kutaa ol'iyyannoo fi raawwii irratti kenname irratti muxannoo Abbootiin seeraa kaasan keessaa kan fudhatame.

...himatamaan kun himattuu haadha daa'imaa waliin gaa'ela kan hin raawwanne yo ta'es gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuu isaanii amanee jira. Akkasumas daa'imni falmii kanaaf sababa ta'es kan ulfaa'e osoo inni haadha daa'imaa waliin walqunnamtii kana keessa jiru akka ta'es osoo hin haalin amaneera. Haallan yemmuu jiranitti seerri maatii Oromiyaa kwt 147(2) jalatti himatamaan abbaa akka ta'e tilmaamni kan fudhatamu ta'uu waan tumee jiruuf ragaa biroo dhagahuu osoo hin barbaachisin bu'uruma tilmaama seerichaa kanaan himatamaan abbaadha jedhee murteessee jira
kan jedhuudha.Haata'u malee murtiin kun yemmuu xiinxalamu, 1ffaa walfalmitoonni kun hiriyyummaan yemmuu waliin jiraachaa turan keessatti walqunnamtii saalaa raawwachaa turaniin daa'imni kun kan ulfaa'ame ta'uu malee hariiroon kun gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuu seeraan beekumtiin kennameef ta'uu isaa himattuunis wanti gaafatte hin jiru manni murtichaatis wanti qulqulleesse kan hin jirre ta'uun isaa bu'uura SMO kwt 136n walqunnamtichi adda bahee osoo hin mirkanaa'in[176] bu'uura seericha kwt 147(2) caqasuun abbummaa tilmaama seeraan fudhatamu murteessuun seera qabeessa ta'ee hin mul'atu.

Kana malees, 2ffaa daa'imni jedhame kan ulfaa'e yeroo walfalmitoonni hiriyyummaan waliin jiraachaa walqunnamtii saalaa raawwatan keessatti ta'uun qofa himatamaa abbaadha jechuuf kan hindandeessifne yoo ta'u otuu ta'ellee dhimmichi bu'uura SMO kwt 160(d) tiin ilaalamuudhaan walfalmitoonni kun yeroo ulfaa'amuu daa'imaa seeraan kaaham e(SMO kwt 185) keesstti osoo addaan hin kutin itti fuufinsaan walqunnamtii saalaa raawwachaa kan turan ta'uun isaan dursee mirkanaa'uu qaba ture. Akkasumas mormiin himatamaan uumaman dhalchuu hin danda'u jechuun dhiyeessessi ragaa rogummaa qabuun qulqullaa'uu qaba ture.

Dhumarratti garuu ol'iyyannoon mana murtii ol'aanaatti dhimmichi yemmuu ilaalamu mormiin ol'iyyataan dhalchuu akka hindandeenye jalatti kaasee ture karaa hospitaala rogummaa qabuutiin kan qulqull'e yoo ta'u, bu'aa dhiyaateenis dhuguma ol'iyyataan uumamaan dhalchuu akka hin dandeenye mirkanaa'uun murtiin jalaa diigamee jira. Haata'u malee asirratti wanti hubatamuu qabu tokko silaa daa'imichi walqunnamtii seeraan beekumti qabu keessattikan ulfaa'ame ta'ee mormiin ol'iyyataa kun abbummaa tilmaama seeraan irratti

[176]Walqunnamtiin beekumtii seeraa qabu jiraachuu fi mucaan jedhames walqunnamtii kana keessatti walqunnamtichi eega uumamee guyyoota 180 booda ykn walqunnamtichi diigamee guyyoota 300 keessatti (SMO kwt 145) kana dhalate ta'uu ragaan sirritti mirkaneessuu akka qabu dagatamuu hin qabu; murtiin dhaddachi ijibb, federaalawaa gama kannaan kennes kanuma cimsa: Galmee IJibb, lakk,44612, MMWF Dha, IJibb, (2002), Murtiilee Ijibbaataa Giildii 10**,** ff, 21-23

mirkanaa'u ykn himata bu'uura kanaan dhiyaate haaluudhaaf kan isa hin dandeessifne ykn hin hayyamneef ta'uu isaati.

Yemmuu kanas ol'iyyataan bu'uura seericha kwt 184n himata haaluu kan of danda'e dhiyeessuun mormii isaa kanas kwt 185n himata isaa kanaaf bu'uura godhachuun qofa ta'a. Kunis MMWF Dh Ijibbaataa dhimma walfakkaatu irratti murtii dhumaa kenneen kan mirkanaa'eedha[177]. Gama biraatiin ammas rakkoon qabatamaa mul'atu kan biroo akkuma olitti ibsuuf yaalame abbummaa bu'uura qajeeltoo tilmaama seeraa kanaan beekame mormuun ykn haquun kan danda'amu himata haaluu dhiyeessuu qofaan akka ta'e seerichi ifaan yoo tumellee kanarraa maquudhaan hojmaatni raawwatamu jiraachuu isaati. Asirrattis mee dhimma itti aanu haa ilaalluu.

M/MW/Oromiyaa dhaddacha Bahaatti dhimma oliyyannoon dhiyaate[178] tokko irratti, ol'iyyataan murtii M/M/Jalaa kennan kan komate yoo ta'u, firiin dubbii dhimmichaatis gabaabinaan akkas ture: Ol'iyyataan kun namni obboo Kabbadaa Jufaar jedhamu abbaa isaa ta'uu fi du'aan kan boqate ta'uu ibsuudhaan abbummaan beekameefi mirgi dhaltummaa mirkanaa'uun ragaan akka kennamuuf iyyata M/M/A/Loomeetti dhiyeeffatee bakka namni mormu hin jirretti ragsiisuudhaan murtaa'eefii ragaan dhaaltummaas kennameefii jira.

Sana booda D/kennaan ammaa[179] haala kana yemmuu baru ol'iyyataan kun abbaan isa dhalche osoo lubbuun jiru qabeenya du'aa abbaa kiyyaa seeraan ala dhaaluudhaaf jecha M/M/dogongorsuudhaan sobaan dhaaltummaa mirkaneeffatee ragaa dhaaltummaa kan fudhate ta'uu ibsee, akkasumas namni oboo kabbadaa Jufaar jedhamu D/kennaa malee ilma biroo kan hinqabnee fi abbaan ol'iyyataa dhalche nama seyfuu Gadaa jedhamu kan lubbuun jiru ta'uu eeruudhaan ilmummaan isaa haqamee ragaan dhaltummaa ol'iyyataaf kenname akka diigamu himata mormii dhiyeesse. MMAanaadhaa, falmii afaanii eega dhagahe booda ragaa bitaa fi mirgaa osoo hin caqasin abbummaan fi ragaan dhaaltummaa bakka gareen mormu hin jirretti ol'iyyataaf kenname sirrii miti jechuudhaan mirga abbummaa ol'iyyataan mana murtii aangoo qabutti irra deebi'ee akka mirkaneeffatu jechuun murtii duraan kenne kaasuudhaan ragaa dhaaltummaa kennames haqee kan murteesse yoo ta'u, MMOl'aanaa ol'iyyanni dhiyaateefis komii dhiyaate kufaa godheera.

---

[177]Galmee Ijibb, Lakk, 40624; MMWF Dh, Ijibbaataa (2002), Murtiilee MMWF Dh, Ijibbaataa, Giildii 10ffaa, F, 10

[178]Abbaba Kabbada fi Tolasa Kabbada gid. Glmee ol'iyyannoo lakk, 76319, MMWO, 2002

[179]D/kennaan kun gama isaatiin galmee biroo irratti dhaaltuu du'aa obboo Kabadaa Jufaar ta'uu mirkaneeffatee jira.

MMWO Dhaddachi Bahaa immoo dhimmicha ol'iyyannoo 2ffaan ilaalee murtii kenneen m/murtii jalaa mormii dhiyaate irratti haadha ol'iyyataatis waamee falmitti makuudhaan ragaa bitaa fi mirgaan dhiyaate dhagahee galmee ragaan dhaaltummaa mormiin irratti ka'e kun ittiin kenname fi qabxii abbummaa beeksisuutis dabalee galmee mormii kanaan walqabsiisee ilaaluun eega qulqulleesse booda murtii kennuu osoo qabu himata mormii dhiyaate qofaan ragaa dhaaltummaa kennamee ture kufaa gochuun isaa sirrii miti, jedhee murtii jalaa diiguudhaan dhimmicha gad-deebiseera.

Egaa dhimma kana keessattis himata dhaaltummaa fi kan abbummaa bakka tokkotti simatuun murteessuudhaaf bu'urri seeraa hayyamu jiraa laata qabxiin jedhu mariidhaan kan ilaalamu ta'ee ijoo xiinxalaa kaafnee turre irratti xiyyeeffachuun yemmuu madaallu haati ol'iyyataa deessee fi namni falmiin abbummaa irratti ka'e obbo Kabbada Jufaar gaa'elaan osoo waliin jiranuuol'iyyataan kun dhalachuun isaa himata ol'iyyataan jalqaba dhiyeessee fi falmii geggeeffame keessattis kan ibsame ta'uu fi mormiin firii kanarratti dhiyaates kan hin jirre ta'uu garagalchii galmee MM jalaa ni agarsiisa.

MMAanaa murtii jalqaba kenne keessatti tumaa seeraa bu'uura godhate ifaan caqasuu yoo hafes abbummaa tilmaama seeraan kan beeke akka ta'e ni hubatama. D/kennaanis himata mormii boodarra dhiyeesse keessattis ta'ee falmii geggeesse irratti ijoo himata isaa kan godhate abbaan ol'iyyataadhaa nama biroo ta'uu fi du'aan d/kennaa malee ilma biroo kan hin qabne ta'uu kan ibsu malee du'aa fi haati ol'iyyataa gaa'elaan kan waliin hin jiraatin ta'uu ykn ol'iyyataan yemmuu jarri kun gaa'elaan waliin turan keessatti kan hin ulfaa'in ykn hin dhalatin ta'uu wanti falme ykn morme hin jiru.

Haala olitti ibsameen keessatti tarii ragaan dhaaltummaa kennamee ture haqamuun seeraan kan hayyamamu ta'uu yoo males abbummaa tilmaama seeraan beekame murtiidhaan diiguun adeemsa sirna seeraa kan hordofe ta'ee hin mul'atu. Akkuma dura asii olitti ibsame osoo ta'ellee himata haaluu bu'uura kwt 184 fi itti aananiin dhiyeessuun abbummaa kana haaluun danda'ama malee himata mormii dhaaltummaatiin abbummaa mormuun sirrii miti. MMWO Dhaddachi Bahaatis dhimmicha ol'iyyannoon eega ilaale booda murtii kenneen dhimma dhaalaa fi dhimma abbummaa walitti qabsiisuun MMjalaa haadha ol'iyyataatis itti dabalee

irra deebi'ee qulqulleessuun akka murteessu kan ajaje abbummaa tilmaama seeraa irratti adeemsaa fi falmii sirna abbummaa mirkaneessuun ala ta'eetti qajeelchuu ta'ee mul'ata[180].

Dhimma MMWO Dh.Ij murtaa'e tokko asitti kaasnee ilaaluun barbaachisaa waan ta'eef akka armaan gadiitti dhiyaatee jiru haa ilaallu.

Ka'umsi dhimma kanaa, waamamtuun ammaa mucaa Obbo Tujoo Badhaadhaa ta'uun kiyya naaf mirkanaa'ee ragaan dhaaltummaa akka naaf kennamu jechuun gaafattee jirturraa ka'e. Iyyataan ammaa immoo waamamtuun gaa'ela haadha iyyattuu fi Wadaajoo Gabiree keessatti kan dhalatte waan ta'eef, waamamtuun kan Wadaajoo Gabireeti malee kan Tujoo Badhaadhaa miti jechuun falmeera. Dabalataan Iyyataan ammaa falmii gidduu seenuun falmii dhiyeesseen, Tujoo Badhaadhaa abbaa waamamtuu ammaa waan hin taaneef, nan morma. Haati himattuu jalaa abbaan ishii Tujoo Badhaadhaa ta'uu haati hin beeksifne. Obbo Tujoo Badhaadhaas waamamtuun ammaa mucaakooti jedhee hin beeksifne. Abbaan iyyattuu dhugaan Wadaajoo Gabiree kan jedhamu ta'ee obbolaan ishee Galaanee Wadaajoo fi Biraanuu Wadaajoo jedhamu gidduutti kan dhalatte dha.

Manni Murtii Aanaa bitaa fi mirga falmisiisuun dhimmicha ragaan qulqulleeffadheera jedhee waamamtuun dhaaltuu sadarkaa 1ffaa Tujoo Badhaadhaa ta'uun waan mirkanaa'eef, ragaan dhaaltummaa haa kennamuuf jechuun murtii kenneera. Iyyataan ammaa murtii Aanaa kana komachuun ol'iyyata isaa Mana Murtii Ol'aanaatti kan dhiyeeffate yoo ta'u, Manni Murtii Ol'aanaa bitaa fi mirga falmisiisuun Murtii Mana Murtii Aanaa diiguun waamamtuun dhaaltuu du'aa Obbo Tujoo Badhaadhaa miti jechuun murteesseera.

Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa immoo Murtii Mana Murtii Ol'aanaa diiguun Murtii Mana Murtii Aanaa cimsuun murteesseera.

Komii ishee MMWO Dh.Ij dhiyeesseen, Iyyatni dhiyaates gabaabinaan kan jedhu, waamamtuun gaa'ela keessatti abbaa biroo irraa kan dhalatte ta'ee osoo jiruu akka waan akaakayyuu kiyyaaf dhalatteetti murtiin kenname dogoggora. Mucaa gaa'ela keessatti dhalateef abbaan dhirsa haadhaa ta'uu seera maatii irratti osoo tumamee jiruu bira darbuun murtiin kenname dogoggora. Dura kan ilaalamu tilmaamni seerri kaa'e yoo ta'u, ofitti fudhachuun abbummaan kan mirkanaa'u, tilmaama seerri kaa'een abbummaan kan hin beekamne yoo ta'e dha. Abbummaa ofitti fudhachuun ulaagaa mataa ofii kan qabuu fi qaama

[180] Haa ta'u malee MMWF Dh, Ijibbaataa galmee lakk 40624 ta'erratti murtii kenneen abbummaan tilmaama seeraa walqunnamtiin gaa'elaa ykn gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jirachuu fi walqunnamtii kana keessatti ulfaa'amuu ykn dhalachuu qofaan tilmaamicha fudhachiisuuf gahaa akka ta'anii fi tilmaama abbummaa bu'uura kanaan fudhatames kan mormuun danda'amu namoota seeraan ifatti ibsamaniin himata haaluu dhiyeessuu qofaan akka ta'es jala muree kaahee jira. Xiinxalli murtii kanaa kunis SMO kwt 143 fi 144f hiikkoo dirqisiisaa ta'ee kan hojjatuudha.

dhimmi ilaalu birattis kan galmaa'uu qabu yoo ta'u, dhimma ammaa kana irratti garuu ulaagaan akkasii osoo hin guutamin murtiin kenname dogoggoora akka naaf jedhamu.

Komii dhiyaate irratti deebiin dhiyaates, karaa abbummaan itti mirkanaa'u keessaa ofitti fudhachuun isa tokko akka ta'e tumamee jira. Abbaan kiyyaas mucaa kiyya jedhee ofitti ana fudhatee waan abbaa tokko irraa barbaachisu naaf raawwataa tureen na heerumsiisuuni fi na guddisuun isaa mirkanaa'ee jira. Karaa gandaa fi afoosha adda addaa irrattis maqaa Tujoo Badhaadhaan galmaa'ee jira. Yeroo haati tiyyaa abbaa manaa ishee duraa irraa gargar baatee erga waggaa sadii warra ishee teessee walquunnamtii Obbo Tujoo Badhaadhaa waliin raawwatteen kanan dhaladhe waan ta'eef dhugummaan ani kan Tujoo Badhaadhaa ti. Dhaamoon abbaan kiyyaa lafa magaalaa irratti naaf taasisee du'ee fi waraqaan abbaa qabiyyee illee kanuma kan mirkaneessu dha. Yoo barbaachisaa ta'ee argame DNAn koo fi iyyataa baasii iyyataan naaf haa qoratamu. Abbaan kiyya yeroo lubbuun jiru mil'uu na waamee lafa naaf kennee kanan qotachaa ture dha. Ani osoo seerri maatii hin bahin kanan dhaladhe waan ta'eef bu'uura seera duraan dhimmi kiyya akka naaf ilaalamu.

MMWO Dh.Ij.[181] xiinxala taasiseen, Sadarkaa firii dubbiitti waamamtuun ammaa kan dhalatte yeroo haati waamamtuu gaa'elaan nama Wadaajoo Gabiree jedhamu waliin turtetti ta'uun falmisiisaa miti. Falmiin jiru haati waamamtuu yeroo gaa'elaan Wadaajoo Gabiree waliin turtetti yeroof abbaa manaa ishee kana irraa adda baatee mana maatii ishee yeroo turtetti nama Tujoo Gammachuu jedhamu waliin walquunnamtii saalaa taasisuun waamamtuun Tujoo Badhaadhaa irraa dhalatteetti kan jedhu dha. Akka qajeeltootti abbummaan nama tokkoo kan beekamuu danda'u tilmaama seeraan, abbummaa ofitti fudhachuun yookiin mucaa kooti jechuun ofitti fudhachuuni fi murtii Mana Murtiin akka ta'e Seera Maatii Oromiyaa keewwata 142 jalatti tumamee jira. Jalqaba irratti abbummaan kan beekamu tilmaama seeraan akka ta'e Seera Maatii Oromiyaa keewwata 143 jalatti tumamee jira. Bu'uura tumaa seeraa kanaan fuudha fi heeruma keessatti mucaa ulfaa'amee dhalateef abbaa dha kan jedhamu abbaa manaa haadha mucichaati. Tilmaamni seeraa kunis hafuu kan danda'u himata haaluu dhiyeessuun akka ta'e seeruma kana keewwata 184 jalatti tumamee jira.

Waamamtuun yeroo haati ishee nama Wadaajoo Gabiree jedhamu waliin gaa'elaan turtetti kan dhalatte ta'uun falmisiisaa miti. Haala kanaan immoo bu'uura tumaalee seeraa olitti ibsameen abbaa waamamtuu ta'ee kan tilmaamamu Wadaajoo Gabireeti. Yeroo waamamtuun ulfaa'amtetti haati waamamtuu abbaa manaa ishee waliin adda deemteetti kan jedhu

[181] Murtii MMWO Dh.Ij. Lakk.Galmee 337073 ta'e irratti Iyyataan:- Indaalaa Makonnin fi waamamaa Boggaalee Tujjoo gidduutti murtii argate dha. (jildii 9ffaa, murtii barsiisoo maxxanfame irraa)

ilaalchisees haati iyyattuu yeroo jedhame keessatti abbaa manaa ishee biraa deemuunis ta'e yeroo ulfi turu jedhamee seeraan taa'e keessatti haati waamamtuu nama Tujoo Badhaadhaa jedhamu waliin walquunnamtii saala raawwachuun waamamtuunis yeroo jedhame keessati kan ulfaa'amte ta'uun firii dubbii ragaan mirkkanaa'e akka hin taane galmee keessaa hubanneerra. Haala kanaan immoo tilmaamni abbaan waamamtuu Wadaajoo Gabireeti jedhu wanti hambisu hin jiraatu.

Kanaaf abbummaan iyyattuu tilmaama seeraan kan beekame dha iyyuu malee osuma ta'ee illee, haala du'aan waamamtuu mucummaa ishee amanee ofitti fudhateera jedhuun yookaan immoo ulaagaa Mana Murtiin abbummaa murteessuuf barbaachisan keessaa guddisa waamamtuu irratti

hirmaachuu Obbo Tujoo Badhaadhaa firii dubbii ragaan mirkanaa'e akka hin taane galmee keessaa ni hubatama.

Gaaffiilee Marii

1. Tilmaama seeraatiin abbaadha namni jedhame gama isaatiin tilmaama seerichaan taa'ee jiru faallessuu kan danda'u himannaa haaluun bakka hin dhiyaannetti waamamtuun abbaan koo Ob. Tuujoo Badhaadhaa irraan dhaladhe jechuun himannaa dhalattummaa dhiyeessuun ykn ragaa ijoollummaa ishee ibsu dhiyeessuun tilmaama seeraa taa'ee jiruun waan wal faallessu dhiyeessuu dandeessii? Gaaffiin seerummaa dhalattummaa dha osoo ta'e murtiin isin kennitan maal ta'uu danda'a? Dhalattummaan tooftaan ittiin mirkanaa'uu fi abbummaan tooftaan ittiin mirkanaa'u garaagarummaa isaa maali? Tilmaama seerichaan abbaadha namni jedhamuu danda'u osoo jiruu, dhalattummaan koo naaf haa mirkanaa'u seerummaan jedhu yoo dhiyaate murtiin isin kennuu dandeessan maal ta'uu danda'a? Bu'aan gaaffiin seerummaa lamaan kun hordofsiisan maal ta'a? Mirga abbaa dhugumaan uummate beekuuf ykn barbaaddachuuf mirga qabdu haala kamiin mirkaneeffachuu ykn fala argachuu dandeeessi jettanii yaaddu? s
2. Murtii MMWO Dh.Ij. kenneen kutaa xiinxal isaa keessatti ibse; ''abbummaan iyyattuu tilmaama seeraan kan beekame dha iyyuu malee osuma ta'ee illee, haala du'aan waamamtuu mucummaa ishee amanee ofitti fudhateera jedhuun yookaan immoo ulaagaa Mana Murtiin abbummaa murteessuuf barbaachisan keessaa guddisa waamamtuu irratti hirmaachuu Obbo Tujoo Badhaadhaa firii dubbii ragaan mirkanaa'e akka hin taane galmee keessaa ni hubatama'' jechuun ibsame sadarkaa

firii dubbiitti waanti kun osoo mirkanaa'ee abbaan waamamtuu Ob.Tuujoo Badhaadhaati jechuun hin danda'amaa?

3. Xiinxala MMWO Dh.Ij. taasise keessaa kan biraa ''Yeroo waamamtuun ulfaa'amtetti haati waamamtuu abbaa manaa ishee waliin adda deemteetti kan jedhu ilaalchisees haati iyyattuu yeroo jedhame keessatti abbaa manaa ishee biraa deemuunis ta'e yeroo ulfi turu jedhamee seeraan taa'e keessatti haati waamamtuu nama Tujoo Badhaadhaa jedhamu waliin walquunnamtii saala raawwachuun waamamtuunis yeroo jedhame keessati kan ulfaa'amte ta'uun firii dubbii ragaan mirkkanaa'e akka hin taane galmee keessaa hubanneerra.'' Jechuun ibseera osoo firiin dubbii kun mirkanaa'era ta'e tilmaama seeraa abbummaan itti fudhatamu kan hambisu danda'u turee?

Mee dhimma biraa MMSDF irraa ka'e tokko dabalataan haa ilaallu. Dhimmichi MMSD Federaalaatti kan jalqabe yoo ta'u waamamtuun ammaa iyyannoo dhiyeessaniin, haati na deesse Ad. Chaayinaa Kabbadaa du'aa Fiwtaawraarii Kidaanee Haayilee waliin gaa'ilaan ala dhaabbiin waliin wal qunnamtii qabaniin bara 1971 kan dhalatte ta'uu ishee, yeroon ani ulfaa'amee fi dhaladhetti haati koo fi du'aan waliin mana tokko keessa jiraachaa turan ta'uu isaa, du'aan yeroo lubbuun turetti karaa haadha koo bifa qallabaatiin qr. 200 kanfalaa akka turan ta'uu ibsuun du'aa Fiwtaawraari Kidaanee Haayilee irraa dhalachuun ishee mirkanaa'ee ragaan akka isheef kennamu seerummaa gaafattee jirtu dha.

Iyyattuun ammaa jidduu lixxummaan akka falmituuf haayyamameefii falmii dhiyeessiteen, haati ishee Ad Chaayinaan wal qunnamtii seeraan beekamu du'aa faana qabaachuu isaanii ittiin murteessifatan ragaa agarsiisu hin dhiyeeffanne, waamamtuun guyyaa fi ji'a itti dhalatani illee hin ibsine, du'aan haadha waamamtuu faana guyyaa tokkoofillee kan waliin jiraatanii beekan miti, qallabas kuteefii hin beeku, qr. 200's abbaan dhala ofiif waan gochuu qabu waliin yeroo madaalamu madaallii kamiinuu dhala isaa gargaaraa jira kan jechisiisu miti, yoom akka waliin mana tokko keessa jiraatanis waan ibsite hin qabdu waan ta'eef iyyanni ishee akka kufaa ta'u falmiteetti.

MMSD Federaalaas, ragaa bitaa mirgaa erga dhaggeeffateen booddee waamamtuun akkaataa iyyannoo isaaniitiin hariiroon seeraan beekumtii qabu du'aa fi haadha ishee gidduu jiraachuu hin mirkaneessine, yoom akka dhalatte hin mirkaneessine, jechi ragaas kan wal dhahu dha jechuun iyyata ishee kufaa gochuun murteesseera.

MM Ol'aanaa Federaalaa immoo ragaan jechi ragaa guyyaa adda addaa himuun isaanii turtii irraan kan ka'e uumamuu akka danda'u ibsee ragaan qabiiyyee guutummaa isaatu madaalamuu qaba jechuun SMF kwt 106(1) fi 125 ibsuun murtii mana murtii jalaa diiguun

abbaa isheeti jechuun murtii kenneera. Murtii kenname kanarraa Iyyattuun komachuun komii ishee MMWF tti dhiyeessitu illee iyyanni ishee kufaa ta'eera.

MMWF Dh.Ij. gama isaatiin tilmaama seeraatiin abbummaan kan beekamu, al kallattiin gaa'illi ykn gaa'ilaan ala akka abbaa manaa fi haadha manaatti waliin jiraachuu mirkaneessuudhaan ta'a, bu'uura kanaan tumaa seerichaa rogummaa qabu qabiiyyee isaa irraa dhiirri tokkoo fi dubartiin tokko hariiroo ykn wal qunnamtii seeraan beekamu keessa jiraachuu isaanii fi yoom akka waliin jiraatan mirkaneessuun tilmaama keessa galuu akka qabu hubachiisa. Kanaaf, mucaan ykn ilmi tilmaama seeraatiin fayyadamu gaa'ila keessatti ykn gaa'illi osoo hin raawwatamiin akka abbaa warraa fi haadha warraatti jiraachaa turuu isaanii, yeroo seerichaan taa'e keessatti kan ulfeeffame ykn dhalate dha. Kunis, bu'uura SMF fooyya'e kwt 128(1) tiin gaa'illi erga raawwatameen booddee guyyaa 180 booda ykn gaa'illi diigamee guyyaa 300 keessatti yoo dhalate dha. Haaluma wal fakkaatuun tilmaamni seeraa kwt 128 jalatti ibsame gaa'ilaan namoota qunnamtii qaban qofaaf osoo hin taane, gaa'illi osoo hin raawwatamiin akka abbaa warraa fi haadha warraatti namoota jiraatan irratti illee raawwatinsa kan qabu ta'uu hubachiisa. Seerichi haaloota kana erga kaahee, ragaan dhimmicharratti dhiyaatu illee haalaan dubartii fi dhiira sana gidduu hariiroon seeraan beekumtii qabu jiraachuu isaa gosa hariiroo isaanii, turtii yeroo ulfaa, guyyaa dhalootaa mirkaneessuun dirqama ta'a. SMF kwt 1/1/ fi /2/, 98 ilaallata

Dhimma qabamee jiru kanaanis ragoonni waamamtuu hariiroon haati ishee fi Fitaawraarii Kidaanee Haayilee gidduu jiru haala namoota wal fuudhanii kan agarsiisaa turan ta'uu, firrii fi hawaasnis akka namoota wal fuudhaniitti kan waliin jiraataniiti jedhanii kan isaan tilmaamaa turan ta'uu, yeroo waliin jiraataa turan jedhamee ibsamee fi waamamtuun dhalatan yeroon jedhamee ibsame jecha raga irraa garaagarummaan bakka ibsamee jirutti waamamtuun mucaa Fitaawraarii Kidaanee Haayileeti jechuun hin danda'amu jechuun murtii mana murtii Sadrkaa duraa cimsuun kan manneen murtii ol'aanaa fi kan MMW diigee jira.

Gaaffii Marii

Dhimma olitti ilaalameen, ragoonni waamamtuu namni lama Fitaawraarii Kidaaneen bifa qallabaatiin qr. 200 ji'atti mucaa dhalatteef akka kanfalaa turan ibsameera, abbummaa karaa sadiin akka mirkanaa'u seerichaan taa'e keessaa inni tokko yoo jiraachuu baate isa lammaffaatiin ykn isa sadaffaatiin murtii kennuun hin danda'amu? Waamamtuun iyyanni ishee kufaa ta'e irra deebiin abbummaan akka murtiidhaan beekamuuf gaafachuu dandeessi?

2.2.2. Ilmummaa fedhee kan fudhate abbaadha

Tooftaan inni kun immoo qajeeltoo mucaan kan kooti jechuun ilmummaa ofitti fudhachuu jedhu irratti kan hundaa'e yoo ta'u raawwatiinsa kan qabaatus bu'uura tooftaa isa jalqabaatiin abbummaan beekamuu yoo baateedha (SMO kwt 148). Bu'uura kanaan namni tokko fedhii ofiitiin mucaa ulfaa'ame ykn dhalate tokko ilma isaa ta'uu amanee ofitti fudhachuudhaan jecha amantaa isaa Itti Gaafatamaa Galmeessa Haala Hawaasummaa duratti ykn dhaamoo barreeffameen ykn sanada abbaa taaytaa aangoon kennameef kamiiniiyyuu mirkanaa'een abbaa ta'uu ibsee ilmummaa fudhachuu ni danda'a[182].

Tumaalee seerichaa irraa akka hubatamutti abbummaan tooftaa kanaan kan beekamu fedhiin ilmummaa ofitti fudhachuu barreeffamaan kan ibsame yoo ta'eedha (SMO kwt, 150). Abbummaan fedhiin fudhatamu kunis seera duratti kan fudhatama argatu haati muchaa/daa'imaa yoo itti amante qofaa yoo ta'u kunis nama kamiiyyuu caalaa abbaan daa'imaa inni dhugaa eenyu akka ta'e kan beekuu danda'u haadha akka taate yaad-rimee qajeelchu seerichi bu'uura kan godhate fakkaata. Qajeelfama Raawwii Galmeessa Ragaa Bu'uura Hawaasummaa Naannoo Oromiyaa Lakk—7/2010 kwt 88 jalatti tumamee jiruunis, Abbaan dhalche fuula qondaala galmee kabajaa duratti dhiyaatee mucaa kooti jedhee jecha isaa akka kennuu qabu; gaaffiin kun dhiyaatee guyyaa 30 keessatti haati mucaa mormii ishee yoo hin dhiyeessiin akka abbaa mucaa fudhatetti kan galmaahu ta'uu isaa tumameera. Yaada haadha mucaa osoo hin dhagahiin qondaalli galmeessa ragaa fi bu'uura hawaasummaa abbuummaa fudhatame galmeessuu akka hin qabne tumu illee haati yaada kennuuf fedhii yoo dhabde ykn yoo hin mormiin maal akka ta'uu qabu illee qajeelfamni kun tarreeffamaan kaahee jira waan ta'eef labsii galmeessa ragaa fi bu'uura Hawaasummaa Federaalaa Lakk 760/2009 waliin ilaaluun foormiin addatti seerichaan barbaadamu yeroo jirutti isuma hordofuun barbaachisaa akka ta'e**.** Qajeelfami kun fedhiin ilmummaa fudhachuun mucaa kootii jedhee jecha isaa kennuu kan danda'uu abbaa qofaa akka ta'e bifa waliigalaan ibsee haaloota addaatiin namni biraa bakka isaa bu'ee jecha kennuu danda'an tarreesseera. Haala adda ta'een Karaa Bakka bu'aa isaa jechaa isaa kan kennuu yoo ta'ee ragaan bakka bu'uumaa addaa mana murtitiin ragaa'e dhiyaateen jecha abbummaa amanuu galmeessisuun kan danda'amu ta'uu taa'eera. Bakka bu'ummaa addaatiin jecha ilmummaa amanuu qondaala fuulduratti kennamuu haala danda'amuun seerichaan taa'uun isaa lammiilee biyya alaa jiran qaamaan dhiyaatanii qoondaala taatee kana galmeessu biratti jecha ofii kennuu hin

[182]SMO kwt 149 fi 150 walitti dubbisuudhaan abbummaa fedhiidhaan kan mirkanaa'u adeemsaa fi ulaagaalee tooftaa kanaan gaafataman yoo guuteedha.

dandeenyeef bakka bu'ummaa addaatiin jecha abbummaa amanuun abbummaa beekuun rakkoo dhaqqabamummaa tajaajilaa jiru furuuf iddoo ol'aanaa qabaata.[183]

Hanga danda'ametti abbummaan kamiiyyuu bu'uura qajeeltoo kanaan fedhiidhaan haalli itti beekamu osoo jiraatee tooftaalee kaan caalaa salphaa fi hedduu kan filatamu akka ta'e yaadonni hedduun ni gorsu[184]. Haala kanaanis namni fedhiidhaan abbummaa fudhatu kan hin jirre taanaan dhimmichi tooftaa isa saddaffaan ilaalamuun kan murtaa'u ta'a. Seerri maatii ilma isaa ta'uu fedhee yeroo fudhatu jecha kamuu osoo hin taane **jecha foormii ykn sirna addaatiin** kennamu ta'uun isaa, jechi qaama aangoo qabu biratti kennamuun of eeggannoon akka taasifamu seerichi barbaaderraa ilmummaa amanee fudhachuun foormii addaa kan barbaadu ta'uu isaatu hubatama. Gama biraatiin sanada abbaa taayitaa aangoon kennameef biratti namni tokko sanada kan akka foormii qaxarrii irratti, sooroma irratti abbaa ta'uu isaa amanee fudhate[185]; dhaamoo barreeffamaa taasise keessatti dhala kiyya jedhee yoo guute fi sanadoota kanneen biroo kanneen ibsaman fakkaatu irratti abbaa ta'uu isaa fedhee fudhachuu isaa sanadoota ykn ragaa agarsiisanidha jechuu dandeenya.

Gaaffiilee Marii

1) Xalayaan ykn barreeffama eloctrooniksii ykn ergaa elektrooniksiidhaan haaloota abbaa ta'uu isaa agarsiisu osoo dhiyaate abbaa ta'uu isaa fedhee fudhachuu isaatiif ragaa gahaa ta'uu fi dhabuu manni murtii madaalee murteessuu danda'a jettuu? Moo tasuma ragaan akkasii fudhatamummaadhuma hin qabu jettu?
2) Afoosha keessatti akka dhala ofiitti galmeessisuun abbummaa fedhaan fudhachuuf jecha isaa akka kennetti kan fudhachuu dandeenyu taasisaa?
3) Dhaamoo barreeffamaan ilmummaa fedhaan fudhachuu akka danda'amu seerichaan taa'ee jiru, dhaamoo gosa kamiin ibsaa jira? Dhaamoo harka dhaammataan barreeffamu moo dhaamoo ifaatiin taasifamu ibsaa jira? Foormiin dhaamoo isa kamiin guutamuu qaba jettu?

2.2.3. Abbummaa Murtii Mana Murtiin Beekamu

[183] Seera Maatii Naannoo Oromiyaa kwt 152, 153 fi 155 ilaallata

[184] **http://childsupport.wisconsin.gov:** If both the mother and the man are 18 or older and are sure that the man is the father, the easiest way to establish paternity is with the *Voluntary Paternity Acknowledgment* form.

[185] Hateta Seera Maatii Federaalaaf taasifame fuula 38,

Tooftaan kun qajeeltoo SMO kwt 160 jalatti tumameen kan kan qajeelfamu yoo ta'u kallattiin rakkoon qabatamaan kan irratti yeroo hedduu mul'atu tumaalee kwtichaa 160 (d) fi (e) jalatti haallan tumaman kan ilaallatu waan ta'eef xiyyeeffannaan keenyas isaan irratti ta'a. Bu'uruma kanaan haallan seericha kwt 160(d) jalatti ibsaman yeroo ulfaa jedhamee seeraan (kwt 185) tumame keessatti haala itti fuufinsa qabuun walqunnamtiin saalaa nama abbaadha jedhamee fi haadha mucaa giddutti walqunnamtii seeraan beekamu osoo hin qabaatiin kan raawwatame yoo ta'e kan jedhan yemmuu ta'an kwt 160(e) jalatti immoo haalli abbummaa mucichaa fi nama abbaadha jedhame gidduu jiraachuu hubachiisuudha. Qabxiilee kanniin tokko tokkoon dhimmaan deeggaruun xinxalaa furmaata agarsiisuu danda'u akeekuun waan barbaachisuuf mata duree of danda'e jalatti gurmeessuun tooftaalee gama kanaan gargaaran waliin xiinxaluun caalatti bu'a qabeessa ta'ee mul'ata.

2.2.3.1. Tooftaalee abbummaan murtiin beekuuf gargaaran

Qajeeltoowwan sirna abbummaa mirkaneessuu qajeelchaan sadeen armaan olitti ilaalaman keessaa inni yeroo hedduu qabatamaan mudatuu fi akkasumas walxaxaa fi rakkisaan abbummaa murtii mana murtiitiin beekuudha. Kunis haallan murtii abbummaa kennisiisuuf dandeessisan hedduun isaanii hiikkoo adda addaaf kan affeeranii fi gosa ragaa hawaasa bal'aa keessatti dhaqabamaa[186] ta'een mirkaneessuuf baay'ee rakkisaa waan ta'aniif nama abbaa hin taane abbaadha jechuun ykn isuma dhugaadhaan abbaa ta'e immoo abbaa miti jechuun murtii dogongoraa irra akkuma laayyotti gahuudhaaf kan saaxilaniidha.

Kanaaf akkuma olitti gabaabinaan eerame haallan kanniin keessaa isaan ijoo ta'an irratti xiyyeeffachuun tooftaalee qajeeltoo haallan kana bitu akkaataa rakkoo jedhame kana dhiphisuun danda'amuun raawwachiisuuf gargaaran asitti xiinxaluun filatamaa ta'ee argama.

2.2.3.1.1. Gocha dogoggorsiisuu haadha mucaa irratti raawwatamu (SMO, kwt 160 (b)

Bu'uura tumaa seerichaa kwt 160 (b'n) abbummaa murteessuudhaaf haallan guutamuu ykn jiraachuu isaanii manni murtii qulqulleeffachuun ykn mirkaneessuu qabu; 1ffaa namni abbaa dha jedhame haadha mucaa deesse sanarratti gochoota gidiraa raawwachuun isaa, aangoo qabuun gar malee fayyadamee gochoota gidiraa ykn gowwomsuu raawwachuun mirkanaa'uu qaba, sin fuudha jechuun jechoota abdii kennuudhaan gocha gowwomsuu raawwachuun isaa mirkanaa'uu qaba, karaa wal fakkaataa birootiin haadha mucaa irratti gocha dogoggorsuu

[186]Haala qabatama hawaasa biyya ykn naannoo keenyaatti ragaan gama kanaan yeroo hedduu dhaqqabamaa fi baratamaa ta'e ragaa namaa yoo ta'u haallan abbummaa murtiin beekuuf akka madaalliitti seerichaan kaahaman immoo ragaa namaatiin mirkaneessuuf baay'ee kan ulfaataniidha. Sirnuma seera ragaa keessattuu ragaan namaa yeroo hedduu sadarkaa duraatti kan filatamuu miti.

raawwachuun nama sanaa ragaadhaan mirkanaa'uu qaba. Gochi dogoggorsuu kun kan raawwatame yeroo mucaan ulfaa'ame keessatti ta'uu akka qabu fi firiiwwan dubbii tumaa seerichaa kana keessatti tarreeffaman ragaadhaan mirkanaa'ee jennaan abbaa mucaati jechuun murtiidhaan akka beekamu Manni Murtii murteessuu danda'a. Fkn'f, dhimma olitti ilaalleen himattuun himannaa ishee keessatti firii dubbii ibsite keessaa, himatamaan sinfuudha jechuun abdii sobaa kennuun walqunnamtii saalaa raawwataniin mucaa ulfooftee Hagayya gaafa 27 bara 1992 kan deesseef ta'uu yoo ibsite illee gochoota dogoggorsuu himatamaan isheerratti raawwate ragaadhaan mirkanaa'uu baannaan abbummaan murtiidhaan himuun kan rakkisu ta'a.

Gaaffii marii

Abbummaa murtiidhaan murteessisuuf daangaan yeroo himanni itti dhiyaatu jiraa? SHH kwt 2143 dhimma kanaaf raawwatinsa qabaataa? Kwt. 2035 hoo?

2.2.3.1.2. Yeroo ulfaa seeraan kaa'ame keessatti walqunnamtii saalaa itti fuufinsaan raawwachuun (SMO kwt 160(d))

Bu'uura tumaa seerichaa kwt 160(d)n abbummaa murteessuudhaaf haalla guutamuu ykn jiraachuu isaanii manni murtii qulqulleeffachuun mirkaneessuu qabu; 1^{ffaa} haadha mucaa fi nama abbaadha jedhame gidduu walqunnamtiin jiraachuu fi walqunnamtiin kunis kan seeraan beekamu akka hin taaneedha. Kana jechuun walqunnamtichi bu'uura tumaalee seeraa ilaallataniin walqunnamtii fuudhaa fi heerumaa ykn gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuudha jedhamuu kan hin dandeenye ta'uu qaba. Haalli kun ifa yoo ta'uu baate ykn shakkisiisaa yoo ta'e manni murtichaa murtii kennuuf ariifachuun dura of eeggannoon qulqulleessuun dirqama ta'a.

Gama kanaan seerichi …*walqunnamtii beekumtii seeraa hin qabne biroo*…waan jedhuuf kan qulqullaa'uu qabus walqunnamtii kam akka ta'e osoo hin taane gaa'elli ykn gaa'elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuun haadhaa fi namichi gidduu kan hin jirre ta'uudha. Sababiin isaatis walqunnamtichi kanneen lamaan keessaa tokko yoo ta'e qajeeltoon abbummaa mirkaneessuuf roggummaa qabu kan biraa (tilmaama seeraa kwt 143 fi 144) waan ta'eef isa kanaan hin bitamu.

2^{ffaa} hariiroo haala 1^{ffaa} jalatti ibsameen yemmuu waliin jiraatan haati mucaa fi namni abbaadha jedhame kun walqunnamtii saalaa kan raawwatan ta'uun mirkanaa'uu qaba. Kana jechuun waliin jireenyi kun seeran waan hin beekamneef jarri waliin jiraachuun isaanii qofa

(fkn, hiriyyummaan ykn jaalalaan) walqunnamtii saalaa akka raawwatanitti tilmaama[187] kan hin fudhachiifne akka ta'e hubatamuu qaba. Kanaaf, walqunnamtiin saalaa jarreen giddutti raawwatamuu isaa ragaan mirkaneessuu akka qabu dagatamuu hin qabu. Kun yoo hin jirre haala(firii) isa 3^{ffaa} tti darbuun barbaachisaa hin ta'u, bu'uura tooftaa tumaa kwt 160(d)nis murtiin abbummaa kennamu hin jiru.

Haaluma walfakkaatuun, 3^{ffaa} raawwiin walqunnamtii saalaa firii 2^{ffaa} jalatti ibsame kun yeroo ulfaa seeraan kaa'ame keessatti haalaa addaan hin cinneen itti fuufinsaan kan raawwatame ta'uudha. Kunis yeroo turtii ulfaa jedhamee kan tumame SMO kwt 185 jalatti kan ibsame yoo ta'u innis mucaan osoo hin dhalatin dura guyyaa 300^{ffaa} fi 180^{ffaa} gidduu guyyoota jiran ta'uu isaati. Yeroon kun kan lakkaa'amus guyyaa mucichi itti dhalate irraa eegalee gara duubaatti guyyoota 300(ji'oota 10) lakkaa'uudhaan guyyaan 300^{ffaa} n argamu xumura turtii yeroo ulfaa yoo ta'u, guyyaa dhalate irraa gara duubaatti guyyoota 180(ji'oota 6) lakkaa'uudhaan guyyaan 180^{ffaa}n argamu ka'uumsa yeroo ulfaa ta'a jechuudha. Bu'uura kanaan guyyoota xumura yeroo turtii ulfaatii achi jiran irraa guyyoota ka'uumsa isaatii as jiran hir'isuudhaan yeroon ulfaa jedhame kun guyyoota meeqaaf akka turu adda baafachuun beekuun ni danda'ama (300-180=120 or ji'oota 10 - ji'oota 6 = ji'oota 4 yoo ta'u kunis: ji'oota 4 = guyyoota 120).

Kanaaf daa'imni tokko kallattiidhaan guyyaan itti ulfaa'ame jedhamu guyyaa itti dhalate irraa gara duubaatti lakkaa'uun guyyaa 300^{ffaa} argamu akka ta'e yoo ta'u hangam yoo ariifates ulfi tokko ji'a jaha (6) dura nama ta'ee dhalachuu haalli itti danda'u kan hin jirre ta'uu saayinsiin hormaata namaa kan amanu waan ta'eef guyyaan ulfaa kun yoo xiqqaate gara duubaatti guyyaa 180^{ffaa} dhaloota daa'imichaa (ji'a 6tti kan dhalate yoo ta'e) jechuudha[188].

Waan ta'eefis, ulfi tokko hangame yoo tures giddugaleessaan guyyoota 300(ji'a 10)ni ol, hangam yoo ariifates guyyoota 180(ji'a 6) gadi waan hin taaneef garaagarummaan gidduu kana jiru yeroon guyyoota 120(ji'a 4) yeroo ulfaa jedhamee seeraan kan tumame yoo ta'u yeroo kana keessatti walqunnamtiin saalaa itti fuufinsaan kan raawwatame ta'uun mirkanaa'uu qaba. Egaa haallan sadeen[189] olitti ibsaman kun tokko tokkoon guutamuun isaanii haala quubsaa fi amansiisaa ta'een yoo mirkanaa'e namichi abbaadha jedhamee

[187]Walqunnamtichi gaa'ela ykn gaa'elaan ala dhiirsaa fi niitummaan waliin jiraachuu yoo ta'e walqunnamtiin saalaa akka raawwatamu(e) seerichi tilmaama ni fudhata: SMO kwt 69(2) fi 129(1) walitti haa ilaalaman

[188]Kara Altshuler and et al, **Critical Periods in Development,**OCHP Paper Series on Children's Health and the Environment, 2003 pp 5-8

[189]Qaxiilee/haallan kanneen ilaalchisee xiinxalli manni murtii waliigala federaalawaa murtii dhimma walfakkaatu irratti kenne tokko keessatti godhe yaaduma olitti ilaalle kan cimsuudha: **Galmee Ijibb, lakk 42682 , MMWF Dh, Ijib,(2002), murtiilee Ijibbaataa Giildii 10,** ff 8-9

himanni irratti dhiyaate bu'uura kwt 160(d) n abbaa mucichaati jedhamee murtiidhaan beekama. Asirratti dhimma tokko mee haa ilaallu.

Dhimmi kun MMWO Dhaddacha Bahaatti ol'iyyannoon ilaalamee kan murtaa'e[190] yoo ta'u, kan jalqabes G/H/Bahaa MMA Qarsaatti himata haati mucaa Osaam Saamii jedhamuu himatamaa Saamii Toofiq jedhamu irratti dhiyeessiteen ture. Himanni isheetis kan jedhu himatamaa waliin yeroo dheeraaf hiriyyummaan(jaalalaan) kan turanii fi bara 1991 keessa sinfuudha jechuun abdii sobaa kennuun walqunnamtii saalaa raawwataniin mucaa Osaam jedhamu kana ulfooftee Hagayya gaafa 27 bara 1992 kan deesseef ta'uu yemmuu ibsitu himatamaanis waan waakkateef abbummaan seeraan naaf itti haa murtaa'u kan jedhuudha.

Himatamaanis deebii kenneen himattuu waliin walqunnamtiin saalaa raawwate kan hin jirre ta'uu fi daa'ima jedhames kan hin beekne ta'uu ibsuudhaan himanni ishee kufaa akka ta'u yoo gaafates manni murtii ragaa himmattuu dhagahuudhaan himatamaan abbaa daa'ima Osaam jedhamuuti jedhee murteesse. Ragoonni himattuu jechi kennan garagalcha galmee keessaa akka hubatamutti himatamaa fi himattuun bara 1987-1990tti hiriyyummaan kan waliin turan ta'uu akka beekan yoo ibsan kana malee jarri walqunnamtii saalaa raawwachuu isaaniis ta'ee daa'imicha walirraa dhaluu kan hin beekne akka ta'e ragan. Kana booda himatamaan beellamarraa bade murtiin b/hin jirretti kennamee ture bu'uura SDFS kwt 78n murtichi ka'ee falmitti akka deebi'u iyyata dhiyeesseen manni murtichaa murtii duraan kenne kaasuun ragaa himatamaa eega dhagahe booda himatamaan abbaa miti jechuun murtii haaraa kan kenne yoo ta'u MMOG/H/Bahaa dhimmichi ol'iyyannoon dhiyaateef immoo murtii boodaa haquudhaan himatamaan abbaadha jedhee murtii MMjalaa jalqaba kenne diiguun murteesse.

Murtii kana komachuun ol'iyyannoo himatamaan MMWO dhaddaha Bahaatti kan dhiyeeffate yoo ta'u Dhaddachi Bahaa kunis ragaa jalatti dhagahame qofaan murtii seeraa fi haqa qabeessa kennuun rakkisaa ta'uu ibsuudhaan ragaa dabalataa barbaacha gara dhaabbata Laabiraatorii Arshoo jedhamutti ajaja barreesseen DNA ol'iyyataa fi daa'imichaa kan qorachiise yemmuu ta'u, DNAnis biyya Afrikaa Kibbaatti qoratamee bu'aa dhiyaateen DNAn daa'imichaa kan himatamaa waliin dhibbantaa 99.99% tokko ta'uu fi kunis akka saayinsii isaatti himatamaan abbaa dhugaa daa'imichaa (biological father) akka ta'e ibsuun Dhaddachichaaf deebisee jira. Bu'uruma kanaan Dhaddachi Bahaatis himatamaan abbaa daa'ima Osaam ta'uu mirkaneessuun murtii MMOl'aanaa mirkaneesse.

[190]Galmee ol'iyyannoo lakk, 120069: MMWO Dhaddacha Bahaa(2004)

Dhimma kana keessatti abbummaan daa'imichaa karaa tooftaa qorannoo DNAn mirkanaa'uun haa murtaa'u malee ragaalee gara biroo dhagahuudhaan murtiin kennaman shakkiin kan guuttamanii fi *ta'innaa* laata (rule of thumb) bifa jedhuun kan murtaa'an akka ta'e dhimmi kun ifaan agarsiisa. Fakkeenyaaf MM Aanichaa murtiin abbummaa ittiin beeke yemmuu xiinxalamu jecha ragoota namaa bu'uura gochuun yoo ta'u jechi ragaa kun garuu galmee keessaa akka mul'atutti himatamaa fi himattuun hiriyyummaan waliin jiraachuu isaanii malee firiiwwan dubbii/haallan 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} asii olitti ilaalle tokkooyyuu wanti beekan hin jiru.

Manni Murtii Ol'aanaanis qabxiilee kanneen osoo hin qulqulleessin himatamaan abbaadha jechuun kan mirkaneesse bu'uura seeraa kan qabu ta'ee hin mul'atu. Dhaddachi Kibbaa bu'uura ragaa DNAn murtii MM Ol'aanaa mirkaneessuun isaa akka carraa kan ta'e malee dhuguma murtiin jalaa sun seeraa fi haqa qabeessa waan ta'eef miti.

Gaaffii Marii

Manni murtii kaka'umsa mataasaatiin DNA ajajauu danda'aa? Mirga namni qaama isaa qoratamuu dhabuu waliin akakmin ilaalama? Manni murtii agarsiiftuuwwan jiraachuu ilaalee ajaja moo lafuma ka'ee ajaja? Baasii DNA eenyutu haguuga? Gaaffiiwwan jedhu irratti marii taasisaa!

2.2.3.1.3. Haallan abbummaa ibsan jiraachuu (SMO kwt 160(e))

Bu'uura tooftaa kanaan abbummaan murtiidhaan beekamuu kan danda'u namni abbaadha jedhame mucaa ilma isaati jedhame waliin hariiroo qabu sakatta'uudhaan yemmuu ta'u kunis akka barbaadame bal'isuudhaan hariiroo isa kamiiyyuu akka hammatutti hiikuuf akka hin affeerre gochaawwan hariiroo/haalli kun jiraachuu agarsiisan seerichaan ifaan taa'an keessaa tokko yoo guutamee argameedha. Haallan kunis seericha kwt 160(e) jalatti ifaan kan tarraa'an yemmuu ta'u isaanis; namni abbaadha jedhame kunuunsuu ykn guddisuu ykn barsiisuu mucichaa irratti kan hirmaate yoo ta'eedha.

Kanaan walqabatee gochoota akkamiittu kunuunsu ykn guddisuu akka jedhaman seerichi yoo ibsuu baates daa'ima tokkoof abbaan gochuu wanti qabu bu'uura seeraa ykn aadaa baratamaa hawaasichaa irratti hundaa'uudhaan madaallii sababi qabeessan kan hiikamuu qabu malee tokko lama jedhanii tarreessuuf hin danda'amu. Asirratti gonkumaa ilaalcha keessa galuu hin qabu jedhamuu yoo baates hariiroon namichaa fi haadha daa'imaa gidduu jiru/ture akka qabxii madaallii tumaa kanaatti kan fudhatamu osoo hin taane walqunnamtii namichi

daa'imma waliin qabu keessatti kunuunsa ykn guddisa ykn barnoota daa'imichaaf godhe mirkaneessuu keessatti rogummaa qabutu xiyyeeffatama.

Gama biraatiin namni tokko waan abbaa ta'eef osoo hin taane namummaa qofaan ykn tola ooltummaan kunuunsa ykn guddisa ykn barnoota daa'imichaaf gargaarsa gochuu waan maluuf (qabatamaan hawaasicha keessaas kan jiruudha) madaalliin kun of eegganoo cimaan raawwatamuutu irra jira. Rakkoon qabatamaa gama kanaan jirus kanumaan kan walqabatuudha. Mee dhimmoota muraasa asitti haa ilaalluu.

Dhimmichi MMWF Dhaddacha Ijibbaataatti kan murtaa'e[191] yoo ta'u waamamtuun dhaddacha kanaan himata MM sadarkaa jalqabaa federaalaatti dhiyeessiteen daa'ima Hannaa Taadiyoos jedhamtu du'aa obboo Taadiyoos irraa kan dhalte ta'uu ibsuudhaan abbummaan murtiin akka beekamuuf kan gaafatte ka'uumsa dhimmichaa ture. Bu'uruma kanaan bakka gareen mormu hin jirretti manni murtichaa dhimmicha ilaalee abbummaa gaafatame kan murteesse yoo ta'u iyyattoon Dhaddacha Ijibbaataa kunis murtii kun miga isaanii kan miidhuu ta'uu ibsuudhaan bu'uura SDFS kwt 358n keessa galanii falmachuuf iyyata mana murtii sadarkaa duraa murticha kennee turetti yemmuu dhiyeeffatan. Ijoon mormii isaaniitis kan ture wraqaan raga dhalootaa akka ragaatti dhiyaate du'aan obbo Taadiyoos eega du'e kan kenname ta'uun alattis inni irratti hin mallatteessine, jechi ragoota namaa dhagahames bu'uura tumaa seeraa dhimmicha ilaaluun maddaallii gafatamu kan hin kan hin mirkaneessine waan ta'eef fudhatama hin qabu kan jedhuudha.

Waamamtuunis waraqaan ragaa dhalootaa du'a obboo Taadiyoos booda bahuun isaa adeemsa baratamaa ta'uu fi akkasumas du'aan yeroo lubbuun jiru daa'ima Hanan jedhamte tana abbummaadhaan kan kunuunsaa fi guddisaa ture ta'uu isaa ragoonni namaa jecha kennaniin kan mirkaneessan ta'uu ibsitee mormiin iyyattoota ammatis akka kufaa ta'u yoo gaafattes manni murtichaa garuu dhimmicha qoratee murtii kenneen ragaan dhiyaate du'aan abbaa daa'ima Haanan ta'uu isaa qixa qajeeltoowwan sirna abbummaa mirkaneessuu gaafataniin hin mirkaneessine jechuun du'aan abbaa daa'ima Haananii miti jedhee murtii duraan kennee ture haquun murteesse.

Murtii kanarratti waamamtuun ol'iyyannoo MMOl'aanaa federaalaatti dhiyeeffachuun manni murtichaatis komii ishee fuudhee iyyattoota ammatis waamuu bitaa fi mirga falmisiisee ragaa waamamtuu ammaatis irra deebi'uun eega dhagahe booda *du'aan daa'ima jedhamte tana*

[191]Galmee Ijibbaataa lakk, 42569 ,MMWF Dha, Ijibb, (2002): Murtiilee Dhaddacha Ijibbaataa, Giildii 10, ff, 27-29

guddisaa fi barsiisaa turuu isaa ragaan dhagahame qixa madaallii seerichi gaafatuun kan mirkaneesseen gamattis waraqaan ragaa dhalootaa dhiyaates du'a obboo Taadiyos booda bahuun isaa seeran ala jechuun qaamni aangoo qabu bakka hin haqinitti seera qabeessa waan ta'eef walumatti du'aan abbaa daa'ima jedhamtee ta'uu haala quubsaa fi amansiisaa ta'een mirkanaa'ee jira, kanaaf du'aan abbaa daa'ima Haanan Taadiyoosiiti jechuun murtii jalaa diigee murteessee jira.

Iyyattoonni ammaatis murtii kana komachuun MMWFtti komii yoo dhiyeeffatanis manni murtichaa garuu komii isaanii gamanumaan hin dhiyeessisu jedhee kufaa waan godheef iyyata isaanii dhaddacha ijibbaataa kanatti dhiyeeffachuun dogongora seeraa raawwatame jedhan akka sirraa'uuf gaafatan. Dhaddachi ijibbaataatis iyyata fuudhee waamamtuu deebii itti kennisiisuudhaan dhimmicha kan qorate yemmuu ta'u murtii dhumaa kenneenis:

du'aan abbaa daa'ima waamamtuu ta'uun isaa ragaa sanadaatii fi namaatiin kan mirkanaa'e ta'uu isaa jechi ragaan sanadaa kuni du'aan booda kan kennames ta'u qaama angoo qabuun kan haqame waan hin taaneef seera qabeessaa fi du'aanis abbaa daa'ima Haanan ta'uu kan mirkaneessuudha, akkasumas ragoonni namaatis du'aan waamamtuu waliin waliin jiraachaa kan turee fi daa'imas kunuunsuun guddisaa kan ture ta'uu raganii jiru jechuun akkaataan MMOl'aanaan ragaa itti fuudhe bu'uura seera ragaatiin yemmuu ilaalamu dogongora raawwate hin qabu, haala kanaanis ragaa fuudhe madaalee du'aan abbaa ta'uu madaalliin ragaa mirkaneessuu isaa fi murtichis ta'ee komiin dhiyaate immoo madaallii ragaa irratti kan hundaa'e ta'uu galmee jalaa fi iyyata dhiyaate irraa hubannee jirra, ta'us dhaddachi kun madaallii ragaa ilaaluuf angoo kan hin qabneedha, kanaaf walumaagalatti haala olitti ibsame kanaan manni murtii ol'aanaa du'aan abbaa daa'ima waamamtuu ta'uu bu'uura SMF kwt 153(e)tiin(SMO kwt 160(e)) *murtii kenneen dogongorri seeraa raawwate hin jiru,* jechuun murtii MMOF cimse.

Dhimma kana keessatti murtiileen sadarkaa adda addaatti kennaman akka agarsiisanitti bu'uura kwt 160(e)tiin murtii abbummaa kennuudhaaf gochoonni/haallan hirmaannaa daa'ima guddisuu, kunuunsuu ykn barsiisuu irratti namni abbaadha jedhame godhe ibsan walqunnamtii inni haadha daa'imaa waliin gochaa turee waliin walqabsiisuun kan hiikamaa jiru ta'uun ni hubatama(murtii MMsadarkaa duraa kenne ilaalaa).

Haata'u malee murtiin MMOl'aanaa fi Dhaddachi Ijibbaataa kennan keessatti xiinxala godhan irraa kan hubatamu walqunnamtiin namichi haadha daa'imaa waliin gochaa ture ykn qabu haallan kwt 160(e) jalatti tarreeffaman kun jiraachuu isaanii kan deeggaru ykn cimsu

yoo ta’e ilaalcha keessa galuu akka qabuu fi kan hin jirre yoo ta’e garuu madaallii haalla tumaa kwt kanaatiif akka dirqamaatti ykn ulaagaa tokkootti ilaalamuu kan hin qabne ta’uu isaati. Akkasumas xiinxala murtii Dhaddacha Ijibbaataa irraa ammas qabxiin biroo hubatamu ilmummaan tooftaalee ittiin mirkanaa’u keessaa inni duraa waraqaa ragaa dhalootaa akka ta’e(SMO kwt 171), yeroo waraqaan ragaa dhalootaa hin jirre immoo haalli ilmummaa jiraachuu hubachiisuun akka ta’ee(kwt 172-173) fi haalli ilmummaa kan hin jirre yoo ta’e immoo bu’uura qajeeltoowwan armaan olitti ilaalleen tooftaawwan diriiraniin ta’uu(kwt 140-170) isaati.

Dhimma biroo walfakkaatu MMWO Dhaddacha Bahaatti murtaa’een[192] ol’iyyattuun MMA Adaamaattii himata d/kennaa irratti dhiyeessiteenis d/kennaa waliin walqunnamtii saalaa raawwataniin daa’ima Efraataa jedhamtu d/kennaa irraa dahuu ibsuudhaan abbummaa daa’imaa d/kennaan waan waakkateef murtiidhaan akka beekamuuf gaafachuudhaan ragoota haala kana naaf beekan jette namoota lama dhiyeeffachuun dhageessifatte jirti. D/kennaan garuu deebii kenneen ol’iyyattuu waliin walqunnamtiin qabuu fi qunnamtiin saalaa raawwates kan hin jirre ta’uu ibsuudhaan daa’ima jedhamtes ani hin dhalchine, hin beeku jechuun waakkatuu isaa galmee ni agarsiisa.

Bu’uruma waakkii isaatiin manni murtii Aanaa Adaamaa ragoota ol’iyyattuu yemmuu dhagahu ragoonni lamaanuu d/kennaan yeroo daa’ima Efraataa Geetahun bira dhufu arguu isaanii, yeroo ol’iyyattuun daa’ima kan deessee ciiftus mana isheen jirtutti dhufee gaafachuu isaa fi gargaarsa qarshiitis godhuufii isaa kan beekan ta’uu jechi ragummaa kennan galmee keessaa ni hubachiisa. Manni murtiitis jechuma ragoota ol’iyyattuu kanarratti hundaa’uun d/kennaan abbaa daa’ima Efraataa Geetahun ta’uu isaa kan murteesse yoo ta’u murtii kana komachuudhaan dhimmicha d/kennaan ammaa kun MMOl’aanaa G/A/Addaamaatti dhiyeeffatee.

MMOG/Adda Adaamaatis komii isaa fuudhee ol’iyyattuu ammaa waaamee deebii itti kennisiisuudhaan bitaa fi mirga eega falmisiise booda dhimmicha qoratee murtii keenne keessatti xiinxala kaa’een; *walfalmitoonni walqunnamtii gaa’elaan alatti raawwataniin daa’imni tun kan dhalatte ta’uu himatni (ol’iyyattuu ammaa) jalatti dhiyaatee fi falmiin geggeeffame ni agarsiisa, haata’u malee yeroo jedhametti gaa’elaan ala akka dhiirsaa fi niitiitti waliin jiraachuu isaanii fi daa’imnis yeroo kana keessatti dhalachuu ishii akka SMO kwt 147(1) fi (2)tiin ragaan agarsiisu tokkos hin jiru, bu’uura kwt 160 (d)tiinis osoo walirraa*

[192] , Galmee Ol’iyyannoo Lakk, 107657, (2003); Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Bahaa

hin citin yeroo ulfaa seeraan kaa'ame keessatti waliin turuun isaanii wanti mirkanaa'e tokko hin jiru, yeroo isheen deessee ciiftu dhufee qarshii kenneefi jechuun ragoonni yoo dubbatanis jechi kun qofaan abbaadha kan jechisiisuu miti, kanaaf ol'iyyataan(d/kennaan ammaa) abbaa ta'uun osoo hin mirkanaa'in abbaadha jechuun murtiin MMAanaa kenne sirrii miti jedhee diiguudhaan d/kennaan abbaa daa'ima Efraataa ta'uun kan hin mirkanaa'in ta'uu ibsee abbaa akka hin taane murteesse.

MMWO Dhaddachi Bahaatis dhimmicha ol'iyyannoon kan ilaalee yoo ta'u akka ilaalettis d/kennaan abbaa ta'uu fi dhiisuu isaa murteessuuf ragaan jalatti dhagahame kan hin dandeessifne ta'uu hubachuudhaan bu'uruma ol'iyyattuun falmii fi komii ishii keessatti gaafatteen DNAn akka qoratamu ajaja dhaabbata laabiraatorii Arshoo International jedhamutti kenneen dhaabbatichis wanta (sample) qoratamuu qabu gara biyya alaatti(Afrikaa Kibbaa) ergee qorachiisuudhaan bu'aan dhaddacha kanaaf deebise galmeen walitti qabatee argama.

Akka bu'aa argameettis DNAn daa'ima Efraataa jedhamtuu kan d/kennaa waliin dhibbantaa 99.99%n tokko akka ta'ee fi kunis abbaan dhugaadhaan daa'ima tana dhalche d/kennaa ta'uu isaa bu'uura saayinsiin sirna DNAtiin kan mirkanaa'e akka ta'e ogeessichi ibsee jira. Dhaddachi bahaatis kanarraa ka'uudhaan murtii kenneen bu'aan qorannoo DNA irraa argame jecha ragoota ol'iyyattuu jalatti dhagahameen walitti yemmuu madaalamu d/kennaan abbaa daa'ima Efraataa Geetahun akka ta'e ni mirkaneessa jechuun murtii MMOl'aanaa diigee kan MMAanaa cimsuun murteesse.

Qabxiilee Marii

1, Dhimma MMWO Dhaddacha Bahaatti murtaa'e kana keessatti murtiilee Manneen Murtii jalaa kennaan bu'uura seeraa qabaachuu isaanii madaalaa.

2, Dhimma kana keessatti ragoonni oliyyattuu mana murtii Aanaatti dhagahaman jecha ragummaa kennaniin *d/kennaan daa'ima bira dhufuu, yeroo ol'iyyattuu deessee ciiftus dhufee gaafachuu fi qarshiis kennuufii isaa ni beekna,* kan jedhan bu'uura seericha kwt 160(e)tiin haallan ibsaman sanneen ni mirkaneessa jettuu? Osoo qorannoon DNA godhamuu baate ta'ee murtiin Dhaddachi Kibbaa kennu kan MMOl'aanaa irraa adda ta'uu danda'aa?

3, Yeroo qorannoon DNA dhaqabamaa hin taane maaltu godhamuu qaba? Fkn, manneen murtii dhimma kana sadarkaa adda addaatti ilaalan maal gochuu qaban ture?

4, Haallan seericha kwt 160(e) jalatti tumaman isaan (d) fi (b) jalatti tumaman irraa maaltu adda godha? Akka waliigalaattis muxannoon qabatamaa qabdan maal akka fakkaatu kaasuun mari'adhaa.

5, Abbummaa akka tilmaama seeraatti beekkamuu fi abbummaa murtii mana murtiin beekamu gidduu garaagarummaan bu'uuraa jiru maal fa'a akka ta'an adda baasuun ibsaa, qabatama gama kanaan jirus agarsiisaa.

6, Himannaa haaluu abbummaa murtiidhaan himamee fi abbummaa fedhee fudhate irratti dhiyeessuun ni danda'amaa?

2.3. Abbummaa Murteessuu Irratti Walitti Bu'insa Seeraa Jiraatu Smo Kwt 163

Uumamamaan mucaan tokko kan dhalachuu danda'u abbaa tokko qofarraa ta'a. karaa biraatiin, namni tokko uumamaan abbaa tokko kan qabu ta'un beekama dha. Uumamaan mucaa tokkoof abbaa ta'uu kan danda'u nama tokko ta'uun kan beekamu yoo ta'e illee, abbummaan karaa tilmaama seeraatiin beekamu garuu uwwisni tilmaama seeraa ball'aa waan ta'eef abbaan mucaa tokkoo tilmaama seeraatiin carraan dhiirri tokkoo olii abbaa dha itti jedhamuu danda'au uumamuu danda'a. kanaaf, walitti bu'insa seerichi uumama faana qabu walitti araarsuun akka danda'amuuf sirna diriire dha.

Walitti bu'insi seeraa kan dhufu sirna tilmaama seeraatin abbummaa beekuu iratti dha. Kunis mucaan yeroo ulfaa'amutti haati mucichaa gaa'ila duraa keessa kan jirtu fi yeroo dhalatutti gaa'ila 2ffaa keessa kan jirtu yoo ta'e mucaan kan dhirsa duraati moo? kan isa lammatati? kan jedhu gaaffii uumuu danda'a. Seera maatii Oromiyaa kew. 165 jalatti yeroo walitti bu'insi akkanaa uumametti waliigaltee murtii abbummaa namoota sadiin mirkanaa'en walitti bu'insi kan hiikamu hin dandeenye yoo ta'e tilmaamni seeraa kaa'amera. Inni duraa nama akka dhirsaatti haadha mucaa wajiin ture irra dhirsi haadhaa kan filatamu ta'u isaati. Kunis kan argisiisu seerichi gaa'ilaf iddoo ol'aanaa kennuu isaati. Gara biran immoo, nama yeroo mucaan ulfaa'amu dhirsa haadhaa ture yookiin akka dhirsatti haadha wajjin ture irra nama yeroo mucaan dhalatu haadha wajjin jiraatu abbaa mucichaa akka ta'u qabu tumameera. As irattis kan hubatamu kununsa daa'imaf jecha namni yeroo ulfaa haadha walin turerra erga daa'imini dhalatee nama haadha wajjin jiraatuf seerri mirga yookiin dirqama abbaa ta'u kan laate ta'u isaati.

Tumaalee seeraa abbaa mucaa murteessuuf seeraan taa'an keessaa mucaa tokkoo abbaa tokkoo olitti ni qaba kan jechisiisu yeroo ta'utti haala kamiin abbummaan mucichaa murtii argata kan jedhu. FKn'tilmaama seeraatiin abbaan mucaa tokkoo olitti yeroo ta'ee argamu, abbaan mucaa akkamitti murtaa'a kan jedhu ilaalchisee SMO kwt 163 fi keewwattoota itti aananii jiraniin furmaata kan argatu ta'a.

Mucaan tokko abbootii tokkoo olii ni qaba yeroo jedhamutti, abbummaan mucichaa namoota seeraan kennamuuf gidduutti waliigaltee godhamuun murtaa'uu danda'a jechuun SMO kwt 163 jalatti tumamee jira. Haala walfakkaatuun, kwt 166 jalatti abbummaa waliigalteedhaan dabarsuu jedhu jalatti, mucaan kan dhalate erga fuudhaa heerumni raawwateen ykn fuudhaa heerumni osoo hin raawwatiin akka abbaa warraa fi haadha warraatti wajjiin jiraachuun erga jalqabe irraa kaasee guyyaa 210 keessatti yoo ta'e, dhirsi ykn dubartittii wajjiin akka dhirsaatti namni wajjiin jiraatu abbaan mucichaa ana nama jedhu kan birootiif waliigalteedhaan abbummaa dabarsuufii danda'a jechuun tumamee jira. Tumaalee lachuu haala wal fakkaatuun sirna abbummaan itti nama kan biraaf itti darbu diriirsanii jiru. Walitti bu'insa abbummaa murteessuuf seerichaan diriiree jiruun, karaa tokko tilmaama seeraatiin namoota abbaadha jedhaman gidduutti wal ta'insa isaan gidduutti taasifamuun inni tokko isa biraaf sirna ykn karaa abbummaa isaa gadhiisu ykn dabarsuuf yoo ta'u; yoo kun milkaa'uu baate immoo seerichi tilmaama seeraa biraa kaahuun walitti bu'insa abbummaan wal qabatee jiru hiikuuf seerichi sirna diriirsee jira.

Gaaffii Marii

Garaagarummaan tumaalee SMO kwt 163 fi 166 abbummaa waliigalteen murteessuu fi abbummaa waliigalteen dabarsuu maalidha jettu?

MADDA

SEERA

- Heera Mootummaa Riipaablika Dimookraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa bara 1987
- Konveenshinii Mirga Daa'immanii akka lakkoofsa Awrooppaatti bara 1990 hojiirra oole biyyattiin bara 1984 mirkaneessite.
- Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lak. 46/1994
- Seera Yakkaa Ripaabliika Federaala Dimookraatawaa Itoophiyaa lakk 414/1996, bara 1997 hojiirra oole
- Seera Harooroo Hawaasaa bara 1952 bahe
- Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa bara 1958 bahe
- Seera Maatii Federaalaa fooyya'e lakkoofsa 213/1992
- Seera Maatii Naannoo Oromiyaa fooyyessuuf bahe 83/96
- Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa 130/1999
- Danbii Bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa lakk 151/2005
- Labsii Mana Murtii Federaalaa hundeessuuf bahe lakk 1234/2013
- Seera Daldalaa Federaala Dimookraatawaa Ripaabliika Itoophiyaa fooyya'e lakk. 1243/2013
- Labsii sooroma hojjattoota mootummaa lakkoofsa 345/1995

BARRUULEE

- Hatetaa Seera Maatii Ripaabiliika Dimookraatawaa Federaala Itoophiyaa
- Flavia Agnes (2011) Marriage, divorce and matrimonial litigation, Family Law Vol. 2, p.65 Oxford University Press, ISBN-13: 978-0-19-807220-1, ISBN-10: 0-19-807220-1 ; II (2008) DMC 167 SC
- John Witte Jr. and Don S. Browning, Christian Marriage and Modern Marriage Law (Cambridge: Cambridge University Press);
- Joel A. Nichols (ed. 2012) Marriage and Divorce in a Multicultural Context Multi-Tiered Marriage and the Boundaries of Civil Law and Religion, Cambridge university press,

- Mehaarii Redaa'I (1995) Seera Maatii Federaalaa Fooyya'e irratti barreeffama dhiyaate,jildii 1ffaa fi 2ffaa
- Robert Kroney, Classification of Marital Property in Texas, Planning with the failed marriage in mind, where is my property, Dallas Estate Planning Council (2006)
- Women Living Under Muslim Laws, Knowing our rights, women, family, laws and customs in the Muslim world (2006)
- Ray Liaw, Women's Land Rights In Rural China, Transforming the existing laws (2008)
- Nancy Bara La, Family Law Reforms In Kenya (2009) Kenya Law Reform Commission
- Jerry A.Kasneretal, An Overview of Community Property Law (1999)
- Kenneth W. Kingma, Property Division at Divorce (2009)
- Lucy-Ann Buckley, Matrimonial Property and Irish Law, a case for Community? (2009)
- Ronald B. Standler, Prenuptial and Postnaptional Contarct Law in USA (2009)
- Nathasha Bhkt, Arbitration Using Shari'a Law, Muslims Journal Of Human Rights (2004)
- Washington Courts; family Law Handbook, Understanding the legal Implications of Marriage and Divorce in Washington State(2009)
- Ruth Pilkinton, The Law Hand Book, Your Practical Guide to the Law in New South Wales, 11th (ed. 2009)
- The Texas Young lawyers' Association, Pro Se Divorce Hand Book, Representing Yourself in Court (2010)

DHIMMOOTA

- MMWF Dh. Ij. Lakkoofsa galmee 152968 ta'een Iyyattuu Sister Haamziyaa Suleemaan fi waamamaa Ob. Ayyaalew Baqqalaa gidduutti murtii argate dha. (Jildii 23ffaa)
- Mana Maree Federeeshinii, (2012) lakk gal 50/10 Bara hojii Paarlaamaa 5ffaa wal gahii Idilee isaa 1ffaa irratti Dhimma Falmii Ad. Qalamuwaa Tafarraa fi Waamamaa Ob. Fissahaa Damissee gidduutti hiikkoo kenneeru ilaallata.

- Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 135902 irratti Iyyattuu A/d Maskaram Caakkaa fi waamamaa Ob. Akliiluu Shifarraaw gidduutti murtii kenne ilaallata. (Jildii 22ffaa)
- MMWF Dh/Ij. Lakkoofsa galmee 101552 Iyyattuu Ad/ Tirungoo Mokonniin fi waamamaa Ob. Mulugeetaa Mekuaanint gidduutti murtii argatee jiru dha. (Jildii 18ffaa)
- MMWO Dh.Ij. lakkoofsa galmee 333726 ta'e irratti iyyattoota Ad. Sinqee Hedataa N3 fi Waamamaa Dammalaash Dinqiisaa N 6 gidduutti murtii argate dha. (2013)
- Murtii MMMWO Dh.Ij. lakkoofsa galmee 320880 ta'een Iyyataan:- Ayyalachi Zallaqaa fi Waamamtootni:- Xaasoo Ayyaalewu N3 gidduutti murtii argatee jiru dha. (2012)
- Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 114279 irratti murtii argate (jildii 20ffaa)
- Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 120844 ta'e irratti iyyattoota Ob. Handegbaa Shukuur fi waamamtuu A/d Alemtee Ibraahiim gidduutti murtii kenname kan ilaallatu dha. (jildii 20ffaa)
- Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 114279 ta'e irratti Iyyattuu Ad. Dastaa Taakkalaa fi waamamaa Ob. Tsaggaa Taadiyoos gidduutti murtii argate dha. (jildii 20ffaa)
- Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 45548 ta'e irratti Iyyattuu Ad. Amiinaat Alii fi waamamtoota Ad. Faaxumaa Wubet N2 gidduutti dhimma murtii argatedha. (jildii 13ffaa)
- Murtii MMWF Dh.IJ. lakkoofsa galmee 50489 ta'e irratti Iyyattuu Ad. Zaynabaa Kaliifaa fi Waamamtuu Ad. Kadijjaa Siraaj gidduutti murtii argate dha. (jildii 11ffaa)
- Hiikoo Manni Maree Federeeshinii bara Paarlaamaa 5ffaa waggaa 4ffaa yaa'ii 1ffaatiin gaafa 29/01/2011 iyyattuu Ad. Shawaayyee Mulaatuu fi waamamaa Ad. Araggaash Baadhii gidduutti hiikoo Heeraa kenname ilaallata.
- Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 138286 ta'een Iyyattoota Caalumee Mulla'taa fi waamamaa Ad. Caalashii Qalbeessaa (Jildii 22ffaa)
- Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 114279 ta'e irratti Iyyattuu Ad. Dastaa Taakkalaa fi waamamaa Ob. Tsaggaa Taadiyoos gidduutti murtii argate dha. (jildii 20ffaa)

- Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 113002 ta’e irratti Iyyataa Ob. Baalchaa Abbabaa fi Waamamtuu Ad. Almaaz Alii gidduutti murtii argate ilaallata. (jildii 20ffaa)
- Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 61357 ta’e irratti Iyyataa Ob. Fiqrasillaase Isheetee fi waamamtuu Ad. Waagaayee Gaayim gidduutti murtii kenne ilaallata. (jildii 13ffaa)
- Murtii Manni Murtii Aanaa Shaashamannee lakkoofsa galmee 38484 ta’e irratti Himataa Ob. ‘X’ fi Himatamtuu Ad. ‘Z’ gidduutti murtii argatee jiru dha. (Nageenyaa fi **haamilee namoota dhuunfaaf maqaan osoo hin ibsamiin hafe dha.**)
- Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 95680 ta’e irratti Iyyattuu Ad. Yashii Tashoomaa fi Waamamaa Ob. Masfin Haayluu gidduutti murtii kenname irraa kan hubatamu dha. (jildii 17ffaa)
- Murtii MMWF Dh.Ij. lakkoofsa galmee 65708 ta’e irratti Iyyataan Ob. Arraagaaw Abbabaa fi Waamamtuu Ad. Raaheel Wubisheet gidduutti murtii argatee jiru dha. (jildii 13ffaa)